



# Barnoota Lammummaa

Fi

Amala Gaarii



Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Kitaaba Barataa Kutaa 8



Kutaa  
8

Kitaaba Barataa



Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa Rippaablikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

ISBN 978-99944-2-064-3  
Gatii Qr. 20.40



Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa Rippaablikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa



## የኢትዮጵያ ሲዘም መዝሙር

የኢትዮጵያ ከሰር በኢትዮጵያዊነት ወንጀ:  
ታይ ሁኔታዎች የሸጻ ለሰነድር በርቅ::  
ለስላም፣ ለፍትህ ለአገልግሎት ነገስት::  
በኢትዮጵያ በፍቅር ቅመናል የንድነት::  
መሠረት ድን ሰብዳሪን ያልሸጋን::  
ሻጠባች ጽን ለሥራ ለሥራ የጥርጋ::  
ደንቅ የባህል መድረሻ የኢትዮ ቅርቡ  
በለበት::  
የተፈጥሩ ብቻ የቃጥና ሂሳብ እናት::  
እንጠቀቷለን አለብን አደራ::  
ኢትዮጵያዊነት እና እናም ባንቃ እንከብ::

## Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa Handhuura Oromoottaa galma sirna Gadaa Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa Badhaatu, gabbattuu magarsituu hundaa; Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee Gammannee gammadii bokkuu deebifannee; Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa Ummatoottaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa Wabii jirenyaatiif goonee kaayyoo cimaa; Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

## KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABUU QABDA



- Kitaaba kana haala gaariin qabuu qabda.
- Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetiiti.
- Kana gochuuf qabxilleen kurnan (10) armaan gaditti tarreefaman ilaali.

1. Kitaaba kana wantoota akka plastikii, gaazeexaa fi k.k.f niin ufisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana iddo gogaa kaauu qabda.
3. Yeroo kitaaba kanatti fayyadamtu harki kee qulquulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaa irraattis ta'ee fuula irratti barreessu hin qabdu.
5. Kitaaba kana mallattoo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo ykn kaardii itti fayyadami.
6. Fikkii fuula kitaaba kanaa irra jiru hunda gonkumaa kutuu hin qabdu.
7. Kitaabni kun yoo akka tasaa tarsa'e battaluma sanatti hapheen ykn 'maastishiin' qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin teessoo kitaabaa irra kaa'uu qabda.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'ee; fudhattu eeggannoo gochuuf qabda.
10. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtu fuula jal qabaa suuta saaquu qaba. Erga saaqte booda suuta jedhii dugda isaa gadi qabi akka hin cinnetti. Kunis qola kitaaba kana haal gaariin qabuuf gargaara.



# Barnoota Lammummaa

## Fi Amala Gaarii



### KITAABA BARATAA

#### Kutaa 8

**Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

**Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- ❧ Tamasgeen Lammeessaa
- ❧ Gammadaa Kumaa

**Gulaalaan:**

- ❧ Darajjee Mokonnin
- ❧ Tsahaay Addunyaa
- ❧ Sirnaa Dabalaa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa  
Rippabilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

## **Galata**

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta’u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta’insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeeri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta’e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

**© Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii**

**Itoophiyaa, bara 2003**

**ISBN 978-99944-2-064-3**

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta’insa

**Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinalii**

**Lakk Sanduqa Poostaa 100767**

**Finfinnee,**

**Itoophiyaa**

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa’ysiun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda’ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta’ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaanmi mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda’a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**

**Lakk. Sanduqa Poostaa 1367**

**Finfinnee,**

**Itoophiyaa**

# Baafata

<i>Qabiyyee</i>	<i>Fuula</i>
<b>Boqonnaa 1. Sirna Dimookiraatawaa .....</b>	<b>1</b>
<b>Boqonnaa 2. Olaantummaa Seeraa .....</b>	<b>19</b>
<b>Boqonnaa 3. Walqixxummaa .....</b>	<b>37</b>
<b>Boqonnaa 4. Haqummaa .....</b>	<b>51</b>
<b>Boqonnaa 5. Jaalala Biyyaa .....</b>	<b>68</b>
<b>Boqonnaa 6. Miira Itti Gaafatamummaa .....</b>	<b>86</b>
<b>Boqonnaa 7. Aadaa Hojii Cimaa .....</b>	<b>99</b>
<b>Boqonnaa 8. Of Danda'uu .....</b>	<b>116</b>
<b>Boqonnaa 9. Aadaa Qusannaa .....</b>	<b>131</b>
<b>Boqonnaa 10. Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa .....</b>	<b>144</b>
<b>Boqonnaa 11. Beekumsa Fedhuu .....</b>	<b>160</b>

# BOQONNAA TOKKO

## SIRNA DIMOOKIRAATAWAA

Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Malummaa ijaarsa sirna dimookiraasii ni qayyabatta.
- Mirga namummaa fi dimookiraasii lammilee ni hubatta.
- Barbaachisummaa dhaabbilee dimookiraasii ni qayabatta.
- Faayidaa garaagarummaa keessatti waldanda'anii jiraachuu ni hubata.
- Tokkummaa fi garaagarummaa Mootummaa Fedaraalaa fi Mootummoota Naannoolee ni beekta.

### 1.1 Ijaarsa Sirna Dimookiraasii

#### 1.1.1 Maalummaa Ijaarsa Sirna Dimookiraasii

*Leenjii miseensota gumii BLAG*



*Fakkii 1.1 Miseensonni Gumii Barnoota  
Lammummaa fi Amala Gaarii leenjii irratti  
yeroo hirmaatan.*

Fakkii armaan olii bu'uura godhach-uudhaan maalummaa ijaarsa dimookiraasii ibsaa.

Ijaarsi sirna dimookiraasii irra jir-eessaan lammilee dimokiraatawaa ta'an qaruunii fi aadaa dimookiraasii dagagaasun dimmoota ijoo adeemsichi of keessatti hammatuudha.

Lammii dimookiraatawaa ta'e horach-uun lammilee amaloota armaan gadii qaban horachuu jechuudha.

A. Mirga namummaa fi mirga dimookiraasii lammilee kan beekan, kan kabajan fi, kan kabachiisan, akkasumas dirqama isaanii haalaan kan beekanii fi kan bahatan.

B. Garaagarummaan ijaarsa dimokiraaifiif barbaachisaa ta'uu isaa amananiii kan fudhatan.

C. Kaayyoo bu'uraa dimookiraasii faayidaa isaa ummataa sanyiidhaan, amantiidhaan, afaaniin, ilaalchaa fi kan kana fakkaataniin addaa addummaa qaban giduutti, garaagarummaan kun akkuma jirutti ta'ee kaayyoo waliin qaban irratti waldanda'uun nagaa fi jaalalaan jiraachuu akka danda'an ta'uu isaa hubatee kan beeku.

- D.Olaantummaa seeraatti kan amanu.  
E.Kaka'umsa hojii fi jaalala biyyaa kan qabu.

Aadaa dimookiraasii gabbisuun amaloota hedduu qaba. Kanneen gurguddoo ta'an kan armaan gadiiti:

1. Namoonni ilaalchaanis ta'e fedhiidhaan addaa addummaa akka qaban haalan beekuu,
2. yaadaa fi ilaalcha namoota biroo kabajuu fi obsaan fudhachuu.
3. Waldhabiinsa karaa marii nagaa fi walamantaadhaan hiikuu.
4. Walitti bu'iinsa mariin hiikuu hin dan-deenyee yoo mudatu, mana murtiitti dhiyeessuu fi murtii sagalee caalmaan kenname amananii fudhachuun hojiirra oolchuu.

Sirni dimookiraasii, sirna mirgi namummaa fi mirgi dimookiraasii lammilee akkasumas mirgi walqixxummaa sabootaa, sablemmoottaa fi uummatootaa kan keessatti kabajamuudha. Ummanni hoogantoota filat-een kan hoogganamu, hoogantoota filate irratti yeroo amantaa dhabu, karaa nageenyaan kan buusu, kan biroo filatee fi kan bakka buusudha. Kanaafuu, sirni dimokiraasii abbaan aangoo ummata ta'uun isaa kan ittiin

## Gilgaala 1

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Ijaarsa sirna dimookiraasii jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya afur dhiyeessuu ibsi.
2. Lammii dimokiraatawaa ta'e hora-chuun kan danda'amu akkamitti? Irratti mari'adhaa.
3. Aadaa dimokiraasii dagaagsuun kan danda'amu akkamitti? Irratti mari'adhaa.

### Hojii Garee

Ijaarsa sirna dimokiraasii ilaachisee biyya keenyatti hojiuwwaan raawatamaa jiran madda adda addaarraa odeeffanno funaantuudhaan barreeffama fuula lama kan hin caalleen dhiyeessaa.

### 1.1.2 Bu'uuraalee Ijaarsa Sirna Dimokiraasii

Mirga walgahuu fi yaada bilisaan ibsachuu

Mirga hiriira nagaa gochuu

Mirga filuu fi filatamuu

Mirgoota walqixxummaa

Qajeelfamoota olaantummaa seeraaf bitamuu

Mirga afaan ofiitti fayyadamuu

Hirmaannaa lammilee si'aayinaa fi cimina qabu

Mirgoota lammilee fi wal kabaja ummatootaa

*Chaartuu 1.1 Bu'uuraalee ijaarsa sirna dimookiraasii*

- Tarreffama armaan oliirraa maal hubattan?
- Sirna dimookiraasii ijaaruuf akka dhakaa bu'uuraa ta'uun kan tajaajilaan maalfaa akka ta'an tarreessaa.

Bu'uraaleen ijaarsa sirna dimookiraasii baay'eedha. Isaan keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

#### **A. Olaantummaa Seeraaf Bitamuu**

Yaadbu'urri olaantummaa seeraaf bitamuu ijaarsa sirna dimookiraasiif bu'ura ijoodha. Kana kan jechisiisuu danda'an sababonni hedduun kan jiran ta'ee sababonni gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

Yaadbu'urri kun aangoon karaa dimookiraatawaa ta'e qofaan akka qabatamuuf wabii ni kenna. Yaadni olaantummaa seeraaf bitamuu hojiirra yommuu oolu, waldorgommii siyaasaa dhiibbaa fi waliin dhahuu irraa bilistaumaatni ta'een, fedhii ummataa fi filannoo bilisa ta'een aangoo qabchuun ni danda'ama. Sababiin kan biroo, yaadbu'urri kun mirgi namummaa fi mirgi dimookiraasii lammilee, akkasumas mirgi walqixxummaa sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa akka kabajamaniif wabii waan kenuufi.

#### **B. Jaalalaan Waliin Jiraachuu Uummatootaa fi Mirgoonni Lammilee Kabajamuu**

Bakka jaalalli ummatootaa hin jirretti sirni dimookiraasii ijaaramuu hin danda'u. Sababni isaas ummanni sanyiin, amantiin, afaniinti ilaalchaan garaagar ta'e garaagaruummaa kana waldanda'uun dhaan jaalalaani fi nagaan waliin jiraachuu kan danda'u, yoo waljaallachuun ummataa jiraatedha. Garaagarummaa hiikuufis ta'e gara-

agarummaa keessatti tokkummaad-haan waldanda'uun jiraachuuf walitti dhiyaatanii dubbachuu, mari'a-chuu fi yaada ofii bilisaan ibsuun barbaachisaadha.

Kanaaf immoo mirga namummaa fi mirga dimookiraasii lammilee dirqama kabajamuu irraa eegama. Mirgoonni kunniin kabajamuun garaagartummaa hiikuufis ta'e waldanda'uuf gahee gud-daa qaba.

#### **C. Kabajamuu Mirgoota Walqixxummaa**

Biyyoota saboonnii fi sablammoonni waliin jiraatan keessatti mirgi walqixxummaa akka kabajamu, walsimachuu fi nagaa fi jaalalli akka jiraatuuf fayyada. Mirgi walqixxummaa kabajamuun garaagartummaa hiikuufis ta'e garaagartummaa keessatti tokkummaan waldanda'anii jiraachuuf gargaara.

#### **D. Kabajamuu Mirga Filatamuu fi Filuu**

Kabajaamuun mirgga kanaa uummanni ijaarsa sirna dimookirasiif gochaa-wwan murteessoo kanneen armaan gadii keessatti dammaqinaan akka hirmaatu fi abbaa aangoo akka ta'u isa dandeessisa.

A. Lammuin kamiyyuu umriin isaa'ishii filuu fi filatamuu gahee /sse naga-qabeessa kan ta'e / taate saalaan, sabummaan, afaniin, amantii fi kan kana fakkaataniin addaa addummaa osoo hin uumiin bilisaan akka hirmaatu/ttu,

B. Ummanni kan filateen akka bulu,

C.Dhaabbilee siyaasaa keessatti kallattiin yookin bakka bu'aa isaatiin akka hirmaatu taasisa.

Ummanni loogii malee filuufis ta'e filatamuuf, filannoo dhiyaateef madaalee murteessuuf, namoota biroo waliin mari'achuu fi falmuu dandeenyaan ijaarsi sirna dimookiraasii gabbachaa deemuu isaa agarsiisa. Sababni isaas goc-haawwan akkasii ibsitoota aadaa dim-ookiraasii waan ta'aniifi.

### **E. Kabajamuu Mirga Afaan Ofiin Fayydamuu**

Sababiin kabajamuu mirga afaan ofiin fayyadamuu ijaarsa dimookiraasiif bu'uura ta'uu danda'e, ummanni dhimma isaa murteeffachuu irratti nama afaan hiikuuf osoo hin barbaachisiin ofumaa dhimma bahachuu waan danda'uufi . Ummanni afaan isaan fayyadamee aadaa fi seenaan isaa kabajamee, jaalalaan waliigalee walkabajuunii fi waljaallachuun namoota biroo waliin jiraachuu danda'a. Kabajamuun mirga afaan ofiin fayyadamuu ijaarsa dimookiraasiif murteessaa fi bu'uura biroo kan ta'e hirmaanna hawaasaa si'aayina qabuuumuuf gahee guddaa waan qabuufi.

### **D. Hirmaanna Hawaasaa Si'aayaa fi Cimaa**

Sirni dimookiraasii hirmaanna si'aayaa fi cimaa ta'een ala carraaqqii qama murtaa'een qofa ijaaramuu hin danda'u. Ijaarsi dimookiraasii akka saffisu yoo barbaadame, ummanni hundi sochii ijaarsa dimookiraasii keessatti kallattiidhaanii fi bal'inaan

hirmaachuu qaba. Kanaafis sochii guy-yuu taasisu keessatti kallattii dhaan hirmaachuu fi hirmaanna isaarrraa caalmatti barachuu, hir'ina sirreessa deemuu fi cimina jiru guddisaa deemuu, ijaarsa dimookiraasichaa daran guddachaa deema.

### **F. Kabajamuu Mirgoota Gurmaa'uu, Walgahuu, Dubbachuu fi Barr-eessuu**

Kabajamuun mirgoota kanneenii dhaabbileen siyaasaa ciccimoon akka hundeeffamanii fi si'aayinaan akka socho'aniif haala mijawaa uuma. Dhaabbileen siyaasaa adda addaa ciccimoon yoo jiraatanii fi si'aayinaan socho'u yoo danda'an, ummataaf filannoona adda addaa akka dhiyaatuuf carraa uuma. Yeroo baay'ee, amalli dimokiraasii dhugaa, sirna dhaabbileen siyaasaa baay'een keessatti hirmaantaniidha.

Paartileen yaadaa fi ilaalcha ummata kutaa adda addaa bu'uura godhac-huun dhaabbilee siyaasaa hundeeffamaniidha. Lammilee ilaalchaa fi fedhii walfakkaataa qaban miseensa taasifatu. Sagantaa issaanii qopheeffachuun yoo filataman hojiwwan hujjetan ummataaf ibsu. Kanaan ummataaf filannoo fooyee qabu (siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaa fi kan kana fakkataniin) akka dhiyaatu taasisa. Kuni immoo sirni dimokiraasii daran akka dagaagu taasisa

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.


- Kabajamuun mirga lammilee fi waljalallii ummatootaa bu'uura ijaarsa dimookiraasiti kanjedh-amaniif sababni isaa maali? Fak-keenyaan ibsaa.
- Mirga walgahuu, dubbachuu fi barreessuu bu'uura ijaarsa sirna **dimookiraasii kan** jedhaman maalifi? Irratti mari-'adhaa.

### Hojii Garee

Mataduree armaan oliit barattan jalatti kan tarreeffaman bu'uurri dimookiraasii biyya keenya Itoophiyaa keessatti sadarkaa kamirra akka jiran ragaalee madda adda addaarraa funaanuudhaan madaalaatii dhiyeessaa.

## 1.2 Mirga Namummaa fi Mirga Dimookiraasii Babal'isuuf Barbaachisummaa

### Jaarmiyaalee Dimookiraasii



*Chaartii 1.2 Jaarmiyaalee dimookiraasii mirga namummaa fi mirga dimookiraasii babaldhisuu dandeessisan*

Chaartii armaan olii bu'uura godhac-huu dhaan jaarmiyaaleen dimookiraasii mirga namummaa fi mirgadimook-iraasii babaldhisuuuf faayidaa maalii akka qab-an ibsi. Mirga namummaa fi mirga dimookiraasiif eegumsa gochun kan barbaachiseef kaayyoolee hed-

duun jiru. Isaan keessaa gurguddoon kanneenarmaangadiit

A. Mirgoonni heerri mootummaa bee-kamtii kenneef adeemsa hiika itt-ikennuu fi karaa adda addaas akka hin jallannee fi haalaan akka hojii irra oolan taasisuufi

B. Mirgoonni, barmaatilee hawaasaa bakka kamittuu argamaniin akka hin dhiitamnee fi barmaatileen tumaataalee heera mootummaa waliin faallaa yoo ta'e akka hin raa-wwanne taasisuufi. Kaayyoolee kanneen galmaan gahuuf mirga namummaa fi mirga dimookiraasii babaldhisuu kan danda'an jaarmiyaaleen dimookiraasii jiraachuun isaanii barbaachisaadha. Jaarmiyaaleen dimookiraasii kan mirga namummaa fi mirga dimookiraasii babaldhiisuu danda'an jaarmiyaalee mootummaa fi mitimootummaatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Jaarmiyaaleen dimookiraasii kan mootummaa ta'an manneen murtii, poolisii, abbagaar, komiish- inii mirga namummaa, komiishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa fi dhaabbilee sabq-unnamtii mootummaati.

Jaarmiyaaleen dimookiraasii mitimootummaa biyya keenya keessatti hojetan dhaabbilee siivikii idiladdunyaa, dhaabbilee siivikii biyya keessaa fi dhaabbilee sabqunnamtii ummataa mootummaa jala hin jirre dabalata.

Walumaagalatti, jaarmiyaaleen dimookiraasii mirgi namummaa fi mirgi dimookiraasii kabajamee ummanni mirgota kanatti akka fayyadamaa ta'uun danda'uuf haala mijeessuun baay'ee barba achisaadha.

Manneen murtii, jaarmiyaalee mirga eegsisan kamiyyu caalaa adda durummaadhaan olaantummaa seeraa kan kabachiisuu danda'aniidha. Manneen murtii walfalmitoota giduutti\_kan ka'an falmiwwan ilaalanii, fedhii walfalmitootaan osoo hin qajeelfamiin, seera bu'uura godhachuudhaan loogii yookin jibbiinsa kamirraayyuu bilisa ta'uun murtii haqaa qabu akka kennaniif heera mootummaatiin kan hunde-effamanidha. Bu'urri murtichaa "Namni kamiyyuu seera fuulduratti wal-qixa" kan jedhuudha. Akkaataa hojiimaata manneen murtiitti sabummaan, bifaan, saalan, afaaniin amantiin, siyaasaanii fi kan kana fakkaataniin loogiin hin taasifamu.

Poolisiin, mirga namummaa fi mirga dimookiraasii heera mootummaatiin mirkanaa'e osoo hin hir'isiin kabajuu fi qaamolee biroonis akka kabajan gochuum jaarmiyaa nagaa fi tasgabbii ummataa mirkaneessuudha. Kaayyoon poolisii inni guddaan heera mootum-maa biyyaa fi seerota kan biroo kabajuu fi hirmaanna ummataa bu'uura godhachuun yakka ittisuun nagaa Jirenyaa ummataa fi tasgabbii eegsi-suudha.

Koomishiniin mirgoota namummaa, jaarmiyaa mirgi namummaa akka hin sarbamneef eegumsa gochuun alatti, namoota mirgi namummaa isaanii sarbamuu ibsuun iyyaata dhiyeeffatan

irraa komii fuudhee erga sakkata'ee booda murtii kan itti kennu jaarmiyaa mirgaaegsisiuudha. Seeronni, dambiilee fi qajeelfamoonni mootummaadhaan bahan mirga namummaa lammilee kan hin faallesine ta'uu isaa ni mirkan-eefata. Dhimmoota mana murtiitti ilaalamaa jiranirraa kan hafe, sarbmuu mirga namummaa ilaalchisee iyyata dhiyaatu kaffaltii tokko malee sakata'a.

Jaarmiyaan abbagaar, jaarmiyaa namoota mana hojii mootummaa keessatti roorroon narra gaheera jedhanii iyyataniif iyyata sakata'ee murtii kennuun mirga eegsisiuudha. Jaarmiyaan kun qondaaltonnii fi hojjettoonni aangoo seerri isaaniif eeyyamuun ala hojjechuu isaanii fi karaa seera qabeessan gochaalee raawwatamuu hojjechuu isaanii kan hordofuudha. Kaa-yoon jaarmiyaa kanaa inni guddaan mirgaa fi faayidaa lammilee seeraan mirkanaa'an qaama raawwachisuun kabajamuu isaanii mirkaneessuun, bulchiinsi mootummaa gaariin olaantummaa seeraa bu'uura godhatee, si'aayinaa fi iftoomina qabu akka diri-ru kan taasisuudha.

Koomishiniin naamusaa fi farra malaamaltummaa federaalaa, jaarmiyaa hawaasa amala gaarii qabu,

malaammaltummaa kan jibuu fi si'aayinaan irratti kan qabsaahu uumuuf kan socho'uudha. Jaarmiyichi barum-

sa naamusaa fi farra malaammaltummaa baabal'isuu, yakka malaammaltummaa fi hojimaata gadhee ittisuu, saaxila baasuu, sakatta'uu fi gochaalee kana fakkaataan raawata.

Dhaabbileen siivikii gurmaa'ina mootummaatii alatti lammilee dammaqoo fi itti gaafatamummaan ittidhagahamuun fedhii fi kaka'umsa mataa isaanitiin kan hundeffaman jaarmiyaalee biyya keessaa fi biyya alaati.

Dhaabbileen gocha gaarii, dhaabbileen hawaasummaa, dinagdee, aadaa fi kan kana fakkaatan, dhaabbileen siivikii kanneen akka fakkeenyaaatti eeramaniidha.

Dhaabbileen siivikii iftoominna, ittigaafatamummaa fi hirmaannaa si'aayaa dagaagsuun hawaasni rakkoo isaa ofisaa furmaata itti kennuun kan dandeessisu dandeettii waliigalaa akka qabaatu taasisuu dabalatee, hawaasni hojimaata mootummaa irratti to'anno akka taasisuuf dandeettii hawaasaa ijaaru.

Sabqunnamtiin ummataa walumaagalatti, jaarmiyaa bilisaa fi walqixaan haala qabatamaa jiru ummata beeksisuu fi barsiisuu, akkasumas ummanni dhimma biyyaa hundarratti murtii beekumsa bu'uura godhate kennuu akka danda'u ragaa sirrii fi kan yeroo waliin deemu ummataaf kan dhiyeessaniidha. Kana caalaas sabqunnamtiin

ummataa, jaarmiyaalee hojimaata dhaabbilee mootummaa kan biroo akka abbagaar ta'anii kan hojjetaniidha.

Tamsaasni Raadiyoo fi Televiijinii, maxxansi gaazeexaa fi kitaabolee bab-al'achaa yeroo deeman, mirgoonni lammilee akka kabajamaniif gahee isaan bahan olaanaa tahaa deema.

Walumaagalatti, qaamni adda addaa beek-uudhanis ta'e osoo hin beekin mirga sarbuu danda'a. Qondaaltonni mootummaa aangoo isaanii dahoo godhachuun mirga lammilee sarbuu danda'u; namoonni dhuunfaa walitti bu'iinsaanis ta'e sababa biroon mirga naamotoa biroo sarbuu danda'u. Lammileen beekumsa dhabuu irraan kan ka'e sarbamuu mirga isaaniitiif sababa ta'uu danda'u. Ejjennoon

mirgi koo tuqamee, mirgi koo sarbame jedhu hubannoo irraa kan argamu waan ta'eef, beekumsi kun yoo hin jiraanne mirgoonni isaanii sarbamuu hubachuun hin danda'amu. Kanaaf rakkoo kana hundaa salphisuu fi mirgi namummaa fi mirgi dimookiraasii lammilee haalaan kan keessatti kabajamu sirna dimookiraasii ariifachiisuuf mirga namummaa fi mirga dimookiraasii kabachiisuu kan dandeesisan jaarmiyaaleen adda addaa gahee guddaa qabu.

### Gilgaala 3

**Gaaffilee armaan gadiitif deebpii kenna.**

1. Kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasif maaliif eeg-umsi taasifsma? Irratti mari'adhaa.
2. Naanno keessanitti jaarmiyaaleen kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasitiif hojjetan jiru. Maqaa isaanii fi kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimo-Ookiraasiif tokkoon tokkoon isaanii gochaalee isaan hojjetan barreeffamaan dhiyeessaa.

### **Gareedhaan tahaatii gocha armaan gaditti dhiyaate hojjedhaa.**

Mataduree armaan olitti barattan jalatti kan eeraman kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasii akka babal'atu taasisuu kan danda'an jaarmiyaalee dimookiraasii keessaa carraadhaan kan garee keessan dhaqqabe biyya keenya Itoophiyaa keessatti sadarkaa akkamiira akka jiru (jaarmiyaan kun naanno keessan jira yoo ta'e deemuudhaan, yoo hin jiru ta'e immoo madda odeeffannoo adda addaarraa ragaa walitti qabuun) madaalaatii dhiyeessaa.

### **1.3 Garaagarummaa (Waldiddaa) Karaatti Nageenyaan Hiikamu**



- Fakkii armaan olii ilaaluun barattoonni maal gochaa akka jiran tilmaamaa.**
- Hiriya keessan waliin yaadaan yoo walhabdaan yookin walddaan yoo uumame walhabdee yookin walddidaa kana hiikuuf maal gootu?**

### Hiriyoota Sadan

Barattoota kutaa 8ffaa ‘B’ kan ta’an Abiraheet, Asaammarechii fi Kuulaniin barattoota kutaa tokkoo ta’uurra darbanii walitti dhiyaatu. Kan jiraatan naannoo tokko keessa. Sanbaa fi Dilbata waliin qayyabachuuf sagantaa baafachuuf waliigalani. Sagantichas qopheessuuf qubeessaa fi waraqaa fudhatanii taa’anii haasawuu jalqaban. Haata’u malee, fedhiin isaanii garaagar waan ta’eef, sagantaa irratti waliigaluu dadhaban.

Jalqaba maal haaqayyabannu kan jedhu tarreessuuf Abiraheet, heerega jennaan, Kuulaniin immoo Afaan Ingilizii jette. Asaammarechi immoo saayinsii ta’uu qaba jette. Haala kanaan sagantaa qayyabanna guyyaa Sambataa fi Dilbata qopheessuun hafee gara lolaatti akka hin deemne soda-achisa.

### Gilgaala 4

Akka dubbisichaatti gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Isin barattoota sadan osoo taatanii, agarummaa kana akkamitti hiiktu?
2. Sagantaa qayyabanna sadan isaanii wiliagalchuu danda’u qophe-essuu dandeessuu?

Garaagarummaa yookiin waldiddaa karaa nagaan hiikuuf dhimmoonni bu’uraa barbaachisoo ta’an kanneen armaan gadiiti:

#### **A. Marii**

Waldiddaan kamiyyuu yogguu uumamu gara waliigalteetti geessuuf mariin baay’ee barbaachisaadha. Mariin, namoonni lamaa fi isaa ol ta’an qaamaan walitti dhiyaatanii dhimma garaagarummaa, waldiddaa yookin walitti bu’iinsa isaan gidduuf ka’umsa ta’uu danda’uuf furmaata qaama hundaan fudhatama qabu dhiyeessanii hiikuuf adeemsa yaalii godhuudha.

Mariin furmaata barbaaduu fi waliigaltee uumuuf jecha kan rawwatamu waan ta’eef, hirmaattonni ejennoo isaanii ibsuurra darbee yaada nama biroo naamusaa dhaggeeffachuu irraa eegama. Kaayyoon marii galma akka ga’uuf jechuunis garaagarummaaf yookiin waliddaaaf furmaata garee lamaanuun fudhatama qabu dhiyeessanii karaa nagaan hiikuuf waldanda’uun baay’ee barbaachisaadha.

#### **B. Waldhaggeeffachuu**

Waldhaggeeffachuu, yeroo mariatan namni tokko yaada nama biroo obsaan, qajeelaa fi tasgabbiin dhaggeeffachuu, kan dubbachuu barbaade yookiin barbaadde dubbatee osoo hin fixiin keessa seenuudhaan addaan kutuurraa of eeguu fi kanneen kana fakkaatan dabalata.

### C. Waldanda'uu

Waldanda'uun immoo hirmaattonni waliin mari'atan miira waliigaltee gaarii fi hiriyyummaa uumuun wakabajuun rincicuu, mataa jabaachuu fi dheekkamuu hambisuu ilaallata. Kanarra darbees, waldanda'uun ejjannoo ofii laaffisanii waliigaluuf qophaa'aa ta'uu, inni tokko miiraa fi ilaalcha nama biroo hubachuuf yaaluu, qaamni lamaanuu walfalmii gogaa fi walyakkuu irraa fagaatanii waliigaltee waliin fudhatan irra gahuuf, furmaata gargaaru walitti fiduuf yaaluu fi kan kana fakkaatan dabalata.

### Gilgaala 5

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Garaagarummaa fi waldiddaa yeroo fi bakkaan uumaman karaa nagaan hiikuuf maalgochuutu nu irraa eegama? Irratti mari'adhaa.
2. Mari'achuun, waldhaggeeffachuunii fi waldanda'uun garaagarummaa fi waldiddaa karaa nagaan hiikuuf shoora isaan qaban fakkeenya dhiyeessuun ibsa kennaa.

### 1.4 Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee

#### 1.4.1 Tokkummaa fi Garaagarummaa

- **Dhimmoota tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee agarsiisan ibsaa.**

### Tokkummaa

Mootummaan Federaalaa Dimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa, Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoolee waliin caaseffamuun isaa tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoolee kan ibsuudha. Qabxiin kan biroo tokko isaan taasisu qaamoleen aangoo caaseffama walfakkaatu qabaachuu isaati. Mootummaan Federaalaa kan mataa isaa kan ta'e qaama seera tumu, seera raa-wachiisuu fi seera hiiku kan qabuu yoo ta'u, haala walfakkaatuun mootummooni naannoolee kan mataa isaanii qaama seera tumu, seera raa-wachiisuu fi seera hiiku qabu.

Kana malees, tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoolee kan ibsu mootummonni lamaanuu Heera Mootummaa Federaalaa kabajuu fi eeguun hojii isaanii isa olaanaa ta'uun isaati.

### Garaagarummaa

Mootummaan Federaalaa fi Mootummooni Naannoolee hanguma walfakkeenya qaban garaagarummaas qabu. Garaagarummaan inni jalqabaa wanta naannoleerra hin jiree fi sadarkaa Mootummaa Federaalaatti qaamolee aangoo sadan keessatti kan hin ramadamne Manni Marii Federeeshinii jiraachuu isaati. Manni Marii Federeeshinii, mana marii miseensonni baka bu'oota sabootaa, sablamootaa fi

ummattoota biyyattii keessatti argaman keessatti hirmaataniidha.

Garaagarummaan bu'uuraa kan biroon Mootummaan Federaalaa dhimmoota sadarkaa biyyaatti (maallaqa maxxansii suu, humna ittisaa ijaaruu, walqunnamtii biyya alaa taasisuu fi kan kana fakkaatan) kan raawwa-chiisuu yommuu ta'u, naannoleen immoo aangoo ofin of bulchuu qabu.

## Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Ibsitooni tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naa-nnolee maal fa'a?
2. Ibsitooni garaagarummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee maal faadha?

### 1.4.2 Aangoo Waliinii

- **Aangoo waliinii kan Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota**

Naannoleeti jettanii tilmaamtan lama eeraa. Qoodinsi aangoo Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee gidduu yoo jiraateyyuu, aangoo waliinii qabu. Bu'uura kanaan Mootummaan Federaalaa fi Mootummonni Naannolee Heera Mootummaa boqonnaa 11, keeyyata 98 irratti ifaan kan ta'an aangoo waliinii qabu. Isaanis kanneen armaan gadiiti:

1. Mootummaan Federaalaa fi Naannoleen dhaabbilee misoomaa waliin hundeessan irratti gibira bu'aa

daldalaa, gibira hojii fi ashuuraa gurgurtaa fi eksaayisii waliin ramadu, waliin sassaabu.

2. Bu'aa dhaabbilee daldalaa fi gahee bu'aa abbootii aksiyoonii irratti ashuuraa fi gibira gurgurtaa ni buusu ni funaanu.
3. Dalagaalee guguddaa kan albuudaa fi dalagaalee peetiroliyeemii fi gaazii kamiyyuuirratti galii gibiraa fi kaffaltii rooyaalitii waliin buusu, waliin funaanu.

## Gilgaala 7

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Aango waliinii Mootummaa Fed-eraalaa fi Mootummoota Naannolee tarreessaa.
2. Aangoowwan waliinii kanneen, maa-liif kan Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee ta'an? Irratti mari'adhaa.

### 1.4.3 Dalagaawwaan Gurguddoo Bulchiinsa Magaalotaa

- **Ittiwaamamni isaanii Mootummaa Federaalaaf kan ta'e bulchiinsi magaalotaa eenyufaadha?**

Mootummaa Federaalaa kan hundeessan Mootummoota Naannolee saglan malee dabalataan bulchiinsi magaalotaa lama jiru: Bulchinsa Magaalaa Addis Ababaa fi B.M. Dirree Dawaan. Bulchiinsi Magaalotaa aangoo hedduu qabu. Bulchiinsi Magaalotaa kunniin dhimmoota ijoo rawwatan (Labsii Lakk. 87/1999 Chaartarii Addis Ababaa fi

Labsii Lakkoofsa 4/6/1996 Chaartarii Dirree Dawaatiin kan ibsaman kanneen armaan gadiiti:

- A. Madda galii isaaniif kennname irratti gibiraa fi qaraxa buusuu fi funaanuu.
- B. Sagantaa misooma dinagdee fi hawaasummaa karoorsuu fi raawwachiisuu.
- C. Baajeta mataa isaanii mirkaneessuu fi bulchuu, akkasumas madda mallaqa biyya keessaa irraa liqeeffachuu.
- D. Lafaa fi qabeenya uumamaa naannoo bulchiinsa magaalotaa keessatti argaman bulchuu.
- E. Nagaa fi tasgabbii ummata magaallicha eegsissuu kan danda'u humna poolisii hundeessuu.
- F. Waajjiraa fi jaarmiyaalee mootummaa akkasumas dhaabbilee misomaa bulchiinsa magaalotaa hundeessuu fi aangoo fi dalagaalee isaanii murteessuu.
- G. Bulchiinsaa fi haala hojii hojjettoota bulchiinsa magaalotaa murteessuu.
- H. Dhimmoota aangoo isaanii keessatti argaman irratti dambiilee fi qajefamoota baasuu fi raawwachiisuu.
- I. Magaalota biyyoota alaa waliin dhimmoota teekinikaa, dinagdee fi aadaa irratti waliigaltee pirootokoolii mallatteessuu.
- J. Qaamolee fi jaarmiyaalee Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota

Naannolee biyyattii waliin walqunnamtii uumuu fi waliigaltee taasisuu.

## Gilgaala 8

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Dalagaalee gurguddoo bulchiinsa magaalaa keessaa yoo xiqqaate shan tarreessi.
2. Dalagaalee bulchiinsa magaalaa tarreesite dalagaalee Mootummoota Naannolee waliin kan walfakkatanii fi adda kan taasisu adda baasuun irratti mari'adhaa.

### 1.4 Walqunnamtii Alaa Itoophiyaa

#### 1.4.1 Walqunnamtii Itoophiyaan Biyyoota Addunyaa Waliin Qabdu



**Fakkii 1.3 Itoophiyaan biyyoota addunyaa addaa addaa waliin hariiroo gaarii qabdi.**

- **Kaartaa armaan olii ilaaluun Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin dhimmoota maal maaliin walqunnamtii akka gootu eeri.**

Walqunnamtii Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin qabdu bara dheeraa ta'eera. Akka Lakkoofsa Awurooppaatti bara 1945, Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii yeroo hundaahu, Itoophiyaan biyyoota dhaabbaticha hundeessan keessaa ishii tokko turte. Yeroo ammaa kana immoo qunnamtiin kun

cimuurratti argama. Akka fakkeenyatti abbootiin qabeenya Giddugaleessa Bahaa, Eeshiyaa, Awuroophaa fi Ameerikaa haala mijaaawaa Itoophiyaa keessatti uumameen carraa investimentiitti fayyadamuun bal'inaan socho'anii hojii misoomaa baay'ee gaggeessaa jiru.

Biyyoota Eeshiyaa ilaachisee waldeegarsi biyya Hindii, Chaayinaa fi Jaappan waliin jiru kan nama jajjabeessuudha. Dhimmi qunnamtii biyyoota Bahaa fi Kibba Baha Eeshiyaa waliin jiru jajjabeessuu, dhimma daldalaa fi investimentii babal'isuu fi jajjabeessuu waan ta'eef, xiyyefannoon itti kennamera. Walumaagalatti, qunnamtiin biyyoota adduunyaa waliin Itoophiyaan qabdu ijaarsa sirna dimookiraasii fi misooma ishee saffisiisuu fi deeggaruu irratti kan bu'uureffate akka ta'u gochuu irratti argamti.

### Gilgaala 9

#### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Itoophiyaan biyyoota addunyaa keessaa irracala qunnamtii kantaasistu eenyufaa waliini? Biyyoota sa-dii eeraa.
2. Qunnamtii Itoophiyaan biyyoota eer-tan waliin qabdu haala kamirratti argama? Fakkenya dhiyeessuun ibsaa.

#### 1.5.2 Faayidaa Itoophiyaan Biyyoota Addunyaa Waliin Waqunnamtii Gochuun Argattu

- **Walqunnamtii Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin gootu irraa faayidaa maalii argatti?**

Kaayyoon Imaammata Biyya Alaa inni tokko sirna dimookiraasichaa jabeesuu, misooma ariifachiisaa dhugoomsuuf kan dandeessisu haala mijaaawaa uumuudha. Kanaaf sababa guddaan ka'umsii fi galmi walqunnamtii alaa biyyattii misoomaa fi dimookiraasii dhugoomsuudha. Misoomaa fi dimookiraasii dhugoomsuuf haala mijaaawaa uumuu, jechuunis carraa gabaa, investimentii, liqii fi deegarsa gargaarsaa fi teekinikaargachuufi.

Gama kanaan Itoophiyaan walqunnamtii biyyoota addunyaa waliin qabdu dhugoomsuuf kan dandeessisu carraa gabaa, investimentii fi teekinikaan deegarsa argachuuf fayyada. Akkasumas misoomaaq kan ta'u deeggarsa liqii fi gargaarsaa argachuuf ishee fayyada. Kanarra darbees dimookiraasii babal'isuu jaarmiyaalee bulchiinsa dimookiraasii uumuu fi jajjabeessuu deeggarsa bal'aa gama teekinikaan fi faayinaansiin argachuuf dandeessisa.

### Gilgaala 10

#### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Itoophiyaan walqunnamtii biyyoota addunyaa waliin taasistuuun faayidaa argattu irratti mari'adhaa.
2. Gareedhaan ta'uun biyyoota addu-nyaag aagaraa fudhachuun biyyoota kanneen waliin Itoophiyaan walqunnamtii gochuun bu'aa isheen argate kutaaf dhiyeessaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

*Sirni dimookiraasii, mirgi namummaa fi mirgi dimookiraasii lammilee akkasumas mirgi walqixxummaa sabootaa, sablammoottaa fi ummatootaa kan keessatti kabajamuudha. Ijaarsi sirna dimookiraasii, sirni dimookiraasii akka babal'atuu fi akka gabbatu kan gargaaran lammilee dimookiraatawaa uumuu fi aadaan dimookiraasii akka gabbatu kan gargaran dalagaalee murtessoo ta'an raawwachuu kan gaa-fatuudha. Walumaagalatti, ijaarsi dimookiraasiilammii dimookiraatawaa horachuu fi aadaa dimookiraasii gabbiisun bulchiinsa ummaataaf wayyuu fi mijaawu babaldhisuudha.*

Bu'uuraaleen ijaarsa sirna dimookiraasii olaantummaan seeraa jiraachuu, jaalalaan waliin jiraachuu ummataa, kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasii lammilee, mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, akkasumas kabajamuu mirgoota walqixxummaa, afaan ofiin fayyadamuu fi filuu fi filatamuuti.

Kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasii mirkaneessuuf kan dandeessisu jaarmiyaaleen dimookiraasii kan mootummaa fi mit-mootummaa jiraachuun barbaachisaadha. Jaarmiyaaleen dimookiraasii kan mootummaa mana murtii, poolisii, abbagar, komishinii mirga namummaa, komiishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa

fi dhaabbilee sabqunnamtii ummataa mootummaa jala jiraniidha. Jaarmiyaaleen dimookiraasii kan mitimootummaa dhaabbilee hawaasa siivikii akkasumas sabqunnamtii ummataa qaamolee dhuunfaa jala jiraniidha.

Garaagarummaa yookiin waldiddaa karaa nagaan hiikuuf kan barbaachisan wantoonni bu'uura ta'an marii fi yeroo marii waldhaggeeffachuu fi waldanda'uudha.

Ibsitoota garaagarummaa fi tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee agarsiisan keessaa inni tokko, Mootummaan Federaalaa Dimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa fi Naannoleen waliin hundaahuu isaaniiti. Kan biroon lachanuu kan mataa isasanii kan ta'an qaamolee seera tumu, seera raawwachiisuu fi seera hiiku kan qaban yennaa ta'u, dabatalaan lachanuuuf aangoo olaanaa kan tahan keessaa heeera mootummaa eeguu fi ittisa gochuu waan ta'eef tokkummaa isaanii agarsiisa.

Garaagarummaan isaanii immoo aangoon Mootummaa Federaalaa dhimmota biyyolessaa (maallaqa maxxansiiusu, humna ittisaa ijaaruu, walqunnamtii alaa taasisuu) ilaallatan yoo ta'u, aangoon naannolee immoo irra jireessaan ofiin of bulchuu kan ilaallataniidha.

Aangoon waliinii jiran immoo Mootummaan Federaalaa fi Naannoleen dhaabbilee misoomaa waliin hundeessaanii fi hojii guguddaa albuuda misoomsuu fi kan akka peetiroliyemii fi boba'aa ilaallatan irratti gibira bu'aa daldala, gibira hojii, ashuraa gurgurtaa fi aksiyoonii, gibira galii fi kaffaltiwwan rooyaalitii waliin buusuu fi sassaabuudha.

Aangoowwan gurguddoon bulchiinsa magaalotaa, madda galii isaaniif kenne name irratti gibiraa fi ashuraa buusu fi funaanuu, bulchiinsa magaalotaa keessatti kan argaman lafaa fi qabeenya uumamaa bulchuu, nagaa fi tasgabbii ummataa eegsisuuf humna poolisii hundeessuu, dhimmoota aangoo isaanii jala jiran irratti danbiilee fi qajeelfamoota baasuu fi raawwachiisuu, magaalota biyya alaa waliin waliigaltee teekinikaa, dinagdee fi aadaa irratti pirootokolii mallatteesuudha.

Itoophiyaan walqunnamtii biyyoota alaa waliin qabdu cimsuu irratti argamti. Walqunnamtii Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin qabdu misooma dhu-goomsuuf kan dandeessisu carraa gabaa bal'aa sochii msoomaa deegaru, sirna dimookiraatawaa dagaagsuu fi babal'isuun jaarmiyaalee bulchiinsa dimookiraasii uumuu fi jajjabeessuuf kan gargaaru, liqii fi gargaarsa akksumas deeggarsa teekinikaa argachuu akka dandeessuuf gargaareera. Walumaagalatti, walqunnamtiin alaa Itoophiyaa sirna dimookiraasii biyyatti jabeessuu fi gama misooma ariifataa mirkaneessuutiin bu'aa guddaa agarsiisaa jira.

## JECHOOTA FURTUU

**Waliigaltee pirootokolii:** Waliigaltee biyyoota gidduutti gama barnootaa, aadaa fi dinagdeetiin mallatteeffamuudha.

**Dhaaba siyaasaa:** Qaamni hawaasaa adda addaa walitti qabamanii bilisummaa yookin faayidaa hawaasummaa fi dinagdee eegsifachuuf kanaafis akka gargaaru dorgommii bilisaan aangoo qabachuuf kan hundeffamuudha.

**Kaffaltii rooyaalitii:** Barreessaan /situun (kitaabaa, muuziqaa, meeshaa bocamaa fi kan kana fakkaatan) tokko/takka bu'aa hojii qopheessee/ssitee yoo gurguraman yookiin irra deebi'amani dhiyaatan, kaffaltii kaffalamuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "Dhugaa", dogoggora yoo ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Ijaarsi sirna dimookiraasii lammilee dimookiraatawaa horachuun aadaa dimokiraasii gabbisuudha.
2. Bu'uuraaleen ijaarsa dimookiraasii jaalalaan waliin jiraanya ummataa fi kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasii lammileeti.
3. Komiishiniin mirga namummaa jaarmiyaalee mirga kabachiisan kamirayyuu adda durummaadhaan jaarmiyaa olaantummaa seeraa kabachiisuudha.
4. Qunnamtii nageenyaa Itoophiyaan biyyoota addunya biroo waliin taasiftu, misoomaa fi ijaarsa sirna dimookiraasiif kan barbaachisu deegarsa kamiyyuu argachuuf ishee fayyada.
5. Hojii guguddaa misooma albuudaa fi hojii peetiroliyeemii fi boba'aa kamirattuu galii gibiraaf fi kaffaltiawan rooyaalitii waliin buusuun aangoo Mootummaa Federaalati.

**II. Kanneen "A" jalatti tarreeffaman waliin kan deeman roga "B" jalatti kan tarreefaman keessaa filadhaa walitti firoomsaa.**

**A**

1. Jaarmiyaa mirga dimookiraasii fi namummaa kabachiisuuf hojjetu.
2. Jaarmiyaa seeronni, dambiilee fi qajeelfamoonni bahan mirgoota lammilee akka hin faallessine mirkaneeffatu.
3. Mirgoonnii fi faayyidaaleen lammilee seeraan murtaaahan qaama raawachiisuun hojiirra ooluu isaanii jaarmiyaa hordofu.
4. Jaarmiyaa iftoomina, ittigaafat-amummaa fi hirmaanna hawaasaa dagaagsuuf hojjetu.
5. Jaarmiyaa raga dhugaa fi kan yeroo ummataaf dhiyeessu.

**B**

- A. Subqunamtii
- B. Hawaasa siivikii
- C. Abba-Gaar
- D. Komishinii Mirga Namummaa
- E. Komishinii Naamusaa fi Fara mmaltummaa Federaalaa
- F. Poolisii

**III. Bakka duwwaa armaan gadii dubbisuudhaan bakka duwaa kana jecha yookiin gaalee sirriin guutaa.**

1. \_\_\_\_\_ gurmaa'ina mootummatiin ala lammiilee fi si'aayina qabanii fi ittigaafatamummaan itti dhagahamuun kaka'umsa mataa isaanitiin jaarmiyaa hundeessaniidha
2. \_\_\_\_\_ karaa mana hojii mootummaa miidhaan narra gaa'eera jechuun namoota komii qaban iyyannoo isaanii sakkatta'uun murtii kan kennu jaarmiyaa mirga kabachiisuudha.
3. Garaagartummaa yookan waldiddaa karaa nagaan hiikuuf wantoonni bu'uuraa barbaachisoo ta'an \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

**IV. Gaaffilee armaan gaadiif deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Ijaarsa sirna dimookiraasiif bu'urri guddaan yaad-bu'uura olantummaa seeraan bitamuudha kan jedhamuuf maaliifi?
  - A. Yaadbu'urri kun aangoon karaa dimookiraatawwaa ta'e qofaan akka qabatamuuff wabii waan kennuuf.
  - B. Yaadbu'urri kun mirgi namummaa fi mirgi di mokiraasiif lammiilee akka kabajamuuf wabii waan kennuuf.
  - C. Yaadbu'urri kun mirgi walqixxummaa sabootaa, sablammootaa fi uummatootaa akka kabajamuuf wabii waan kennuuf.
  - D. Hundumtuu sirriidha.
2. Kanneen armaan gadii keessaa amala lammii dimookiraatawaa kan hin taane isa kami?
  - A. Mirga namummaa fi mirga dimookirasii lammiilee hubatee beeka.
  - B. Garaagartummaan bu'uura dimookiraasiif ta'uu isaa ni amana.
  - C. Mirga namummaa fi mirga dimookiraasiif haalaan ni kabaja, ni kabachiisa.
  - D. Deebiin hin kennamne.
3. Ijaarsi dimookiraasiif dagaagera jechuuf kan danda'amu yoo maal taheedha?
  - A. Namoota biroo kabajuu fi obsaan fudhachuun yennaa danda'amu
  - B. Waldiddaan marii nagaa fi walamanuun yoo hiikame.
  - C. Walitti bu'iinsi mariidhaan hiikamuu hin dandeenye yeroo mudatu, mana murtiitti dhiyeessuu fi murtii ummataa obsaan fudhachuun fi hojiirra oolchuun yennaa danda'amu.
  - D. Hundumtuu sirriidha.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

- a. Bu'uuraalee ijaarsa sirna dimookiraasiif keessaa yoo xiqlaate sadii eeruun tokko tokkoon isaanii bu'uura akka ta'an raga agarsiisu dhiyeessaa.
- b. Kabajamuu mirga namummaa fi mirga dimookiraasiif jaarmiyaalee hojjettan keessaa yoo xiqlaate lama eeruudhaan kaayyoo isaanii ibsaa.
- c. Garaagarummaa fi tokkummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee ibsaa.

# BOQONNAA LAMA

## OLAANTUMMAA SEERAAM

Kaayyoolee Boqonnichaa Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Tokkummaa fi garaagarummaa heera Mootummaa Federaalaa fi heera Mootummoota Naannolee gidduu jiru beekta.
- Barbaachisummaa daangaa aangoo ni hubatta.
- Naamusaa sirraa eegamu qayyabatta.
- Rakkoowwan malaammaltummaan geessisu hubatta.

- Tokkummaa fi garaagarummaan heerawwan fakkicharratti muldhatan maal isinitti fakkaatu?

**Kanatti aane heera MFDRI fi seensa heera Sabaoottaa, Sablamootaa fi Ummattoota Naanno Kibbaa keessaa yaadawwan murasni dhiyaataniiru. Gareen ta'uun yaadawwan dhiyaatan kannneen walbira qabuun gaaffilee dhiyataniif deebii barreffamaan dhiyeessaa.**

### 2.1 Heera

#### 2.1.1 Tokkummaa fi Garaagarumma Heera MFDRI fi Heerawwan Mootummoota Naannolee



*Fakkii 2.1 Heerawwan*

Seensa Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookira-atawaa Rippabilika Itoophiyaa	Heera Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattoota Naan-noo Kibbaa bara 1994 fooya'e.
Nuyi saboonni, sablammoonnii fi ummattoonni Itoophiyaa;  Biyya keenya Itoophiyaa keessatti nageenya itti fufaa, dimookiraasii walabummaa qabu mirkan-eessuun, guddina dinagdee fi hawaasummaa keenya ariifachiisuuf, mirga hiree ofii ofiin murt-eeffachuutti fayyadamuun, fedhii keenyaan olaa-ntummaa seeraa fi fedha keenya irratti kan hundaa'e hawaasa siyaasa tokko waliin ijaaruuf murannoona ka'uun,	Nuyi Saboonni, Sablammoonnii fi Ummat-toonni Kibbaa;  Waliin taanee jaalalaa fi walqixxummaan naan-noo hundeessine keessatti olaantummaan see-raa akka mirkanaa'uuf, guddina dinagdee fi hawaasummaa keenya ariifachiisuuf, mirga hiree ofii ofiin murt-eeffachuutti fayyadamuun Afaan, aadaa fi tokkummaa keenya caalmaatti cimsuuf, eenyummaan keenya kabajamee wald-haansoo fi wareegama kaffalleen dimookiraasii fi nageenya itti fufinsaan mirkaneessuuf,
Kaayyoo kanas galmaan ga'uuf, kabajamuu mirgoota bu'uuraa nama dhuunfaa, sabaa fi sablammootaa, walqixxummaan saalaa mirkanaa'uun, garaagarummaa tokko malee aada-awwanii fi amantiwwan akka tarkaanfatu gochuun ejennoo amantaa keenyaa waan ta'eef,	Naanno keenyatti kaayyoo kana galmaan ga'uuf kabajamuu mirgoota bu'uuraa nama dhuunfaa, sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa, walqixxummaan saalaa mirkanaa'uun, garaagarummaa tokko malee aadaawwanii fi amantiwwan walqixxummaan akka tarkaanfatu ejennoo amantaa keenyaa waan ta'eef,
Biyyi keenya Itoophiyaan aadaa boonsaa fi teessuma lafaa kan qabnu, saboonni sablammoonnii fi ummattoonni walitti dhufeenyaa fi quunnamtii sadarkaa adda addaa irratti waliin kan irra jiraannee fi jiraachaa jirru waan taateef, ilaalchaa fi bu'aa waliin horanne qabna jennee waan amannuuf,	Saboonni, sablammoonnii fi ummattoonni aadaa boonsaa fi teessuma lafaa kan qabnu walitti dhufeenyaa fi quunnamtii sadarkaa adda addaa irratti waliin kan irra jiraannee fi jiraachaa jirru naanno keenya waan taateef, ilaalchaa fi bu'aa waliin horanne qabna jennee waan amannuuf,
Heerri kun kaayyowanii fi amantaawan armaan olitti ibsaman kakuu akka nuuf ta'uuf karaa bakka bu'ota filannee ergannee yaa'ii heeraatiin har'a Sadaasa 29, bara 1987 mirkanaa'eera.	Egaa har'a Sadaasa 2, bara 1994 Magaalaa Hawaasaatti walga'ii ariifachiisaa 2ffaa mana marii naannoona geggeeffameen wixinee heera fooya'ee kan bara 1994 saboota, sablammootaa fi ummattoota kibbaa irratti walmari'annee mirkaneessineerra.

## Gilgaala 1

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Tokkummaa seensi heerawan dhi-yaatan kunniin qaban tarreessaa.
2. Garaagarummaa seensi heerawan dhiyaatan kunniin qaban tarreessaa.
3. Heerri naannichaa heera Federaalawaa ka'-umsa godhachuu fi akk-asumas kan hin faallessine ta'uu isaa yaadawan agarsiisan walbira qabuun dhiyeessaa.
4. Haaluma walfakkaatuun naannoo keessa jiraattan ykn kan naannoo biroo keessaa tokko filachuun see-nsa isaa heera Federaalaa waliin walmadaalchisuun tokkummaa fi garaag-arummaa isaanii irratti mari'achuun agarsiisaa.

Heerri federaalaa karaa bakka bu'oota saboonni, sablammoonni fi ummatooni Itoophiyaa filatanii erganiin kan mirkanaa'e waan ta'eef, seerota biyyattii hundaaf ka'umsaa fi seera olaanaadha. Heerawan naannolees karaa bakka bu'ootaa ummanni naannichaa filatee erge mana marii naannichaatiin mirkanaa'u. Kun ta'uu isaatiin seeronni naannicha keessatti argaman hundaaf seera olaanaadha. Kanumarraa ka'uun seeronni kun lamaan (heerri federaalaa fi heerawan naannolee) karaa bakka bu'oota ummatootaan filatamaniin kan mirkanaa'u ta'uu isaanii hubanna. Kaayyoon heera Federaalaa inni gud-daan aangoo fi itti gaafatatummaa qaamolee mootummaa adda addaa daangessuu, mirgoota bu'uraa fi bilisummaa lammilee murteessuu yoo

ta'u, kaayyoon heera naannoo immoo aangoo fi ittigaafatatummaa qaamolee mootummaa adda addaa naannicha keessatti argaman daangessuu, mirgoota bu'uraa fi bilisummaa ummatooni naannichaa qaban murtees-suudha. Seerota, dambiiwanii fi hojmaata biroo hundaaf olaanaa kan ta'e heericha Federaalaa waliin akkuma hin faallessine, naannolee keessatti seeronni, dambiiwanii fi hojmaatonni heera naannichaa waliin kan walfaallessu hin ta'an.

Kanaafuu, seeronni lamaanuu fedhii ummatootaa guutuun kan mirkan-aa'an sadarkaa isaaniitti seera olaanaa ta'uun isaanii amala tokko akka qaban agarsiisa. Kana jechuun heerichi federaalaa sadarkaa biyyaatti seera olaanaa yommuu ta'u, heerawan naannoo immoo naannoleetti seerota olaanoodha. Garaagarummaan isaanii immoo heerichi federaalaa guutummaa biyyatti seera olaanaa yommuu ta'u, heerawan naannolee immoo sadarkaa naannoo isaaniitti seera olaanaa ta'uudha. Kana waan ta'eefis heericha federaalaa kan faallessu heerri ykn seerri naannoleetti tumamuu hin danda'an.

## Gilgaala 2

Gaaffilee armaan gadii dubbisuun ka'umsa yaadannoo armaan olitti dhiyaateen afaniin deebisaa.

1. Heerri Federaalaa fi heerri naannoo kan mirkanaa'u haala kamiini?
2. Heerri Federaalaa fi heerawwan naannolee seera seerotaan olii ta'uun isaanii haala kamiin akka ta'e ibsaa
3. Qabxiwwan heera federaalaa fi naannoolee walfakkeessanii fi adda adda taasisan eeraa.

### 2.2 Naamusa

#### 2.2.1 Sadarkaa Biyyaatti Naamusa Barataa Irraa

##### Eegamu

Yaadbu'uuraaleen naamusaa mana hojii mootummaa keessatti argaman haqummaa, amanamummaa, qajeelummaa, iccitii eeguu, gaaffii ummataaf deebii kennuu, itti gaafatatummaa, alloogummaa, aangootti seeraan fayyadamuu, seera kabajuu fi fakkeenya ta'uu faadha.

- **Yaadbu'uuraalee kanneen hojjet-toonni akka beekan gochuun bu'-aa maalii kan qabu isinitti fakkaata?**

#### Nan Dhaladha

*Haati koo akkuma na baattee teessutti dabare eeggataa jirti. "Maal dhibamtee mana yaalaa dhufte?" jedheen gafadhe akka tasaa. "Osoo dubbannuu, ati eenyu?" jetee na gaafatte.*

*"Daa'ima keeti. Eenyun sitti fakkaadhe?" jedheen caalmaatti amansiisuu barbaade, gadameessa ishee keessa*

jiraachuu koo akka mir-kaneeffattuuf al lama gaggaragalee. "Mirga kooti dhimmd ati dhufteef dhaga'uun!" "Siin ofirraa baasuuf!" "Akkan hin dhalanneef moo?" "Eeyyee." Sagalee koo ol kaaseen "Nan dhaladha" jedhe.

Egaa nan dhaladha, biyya koo fi lammii koof muldhata fiixaan ba'insa gaarii irraan gahu waanan qabuuf. Namoonni hunduu hammaatoodha kan jedhu amantaa hin qabu.

Cubbamootaaf akkuma qulqullooni jiran, sobduudhaaf dhugaqabeessi; gantuudhaaf amanamaan; oftuultuudhaaf gaariin; hamaadhaaf tolaan; kan araada qabuuf gameessi; salp-hoodhaaf ulfinaqabeessi; walitti naqaadhaaf ararsituun uumameera. Kanaafuu, ammaa eegalee nama gaarii arguun hawwii kooti. Keessumattuu, hiriya gaariin hinaaffaan kan hin miine, hojii hiriya isaa ajaa'ibsiisaa isa bira boqote kan kooti kan hin jenne, yeroo rakkoo dafee kan dhaqqabu, dubbii afaanii osoo hin taane gochatti kan amanu, hiriya garaa kootii qabaachuun barbaada. Biyya isaaf haqaan kan hojjetu, biirokira-asummaan kan hin xaxamne, kan hin saamne, malaammaltummaa irratti qabsaa'ee akka irratti qabsaa'amu kan taasisu; guddina, badhaadhummaa fi nageenya lammilee isaaf nuffii malee kan hojjetu, ilaalcha biyya ambaatiin kan hin boorofne, aadaa ummataas kan ofii isaas kan gabbisu, lammii Itoophiyaa gaarii

arguuf ariifadheera. Fakkeenyummaa isaas warra hamootti agarsiisee dogoggora isaanii irra akka baratan gochuun barbaada. Hayyoota hedduu akka hin dhabneef ulfa baasuu nan balaaleffadha. Karooraan da'uu garuu ittan amana. Geggeessaa biyyaa fi biyya diina irraa kan baraaru loltuu goota arguun barbaada.

Kanaafuu, nan dhaladha.

(Masfiin Habte Maariyaam, **Iffitaa**, 1993, Ittiin barsiisuuf akka ta'uuf muraasni fudhatame.)

### Gilgaala 3

#### Guaffilee araan gadii deebisaa.

1. Yaadawan dubbisa olii keessatti eeraman keessaar barattoota irraa kan eegaman isa kami isinitti fak-kaata? Sababa keessan ibsaa.
2. Yaadawan dubbisa keessatti eeraman keessaar barattooni dhiisuu qabu kan jettan adda baasuun sababa isaa ibsaa.

Olaantummaa seeraaf bitamuun sirna kabajamuun mirgootaa fi bu'aawwan hundaaf utubaa dhaabbataadha. Naamusni gaariin immoo olaantummaa seeraaf bitamuuf furtuudha. Kun ta'uun isaatiin sadarkaa biyyaatti naamusna gaarii hedduutu barattoota irraa eegama.

Tokkoon tokkoon lammif mirgi ofii isaa kabajamuun akkuma gammachiisu hunda, mirgi lammii biroo kabajamuun ni gammachiisa waan ta'eef, mirga nama biroo kabajuu fi kabachiisuun qajeelfama jireenyaa

ta'uun qaba. Akkasumas mirga isaa humaan osoo hin taane seera kabajuu qofaan itti fayyadamuu akka qabu onnee isaa irraa amanuu fi hojiitti jijiiruu qaba. Seerri na adaba ykn bu'aa addaan argadha jechuun osoo hin yaadin, seera hordofanii socho'uun ibsitoota naamusaa isa olaanaadha.

Hawaasni afaan garaagaraa, amantiawan, ibsitoota aadaa biroo qaban tokkummaan akka amantaa isaaniitti, aadaa fi jirenya isaaniitiin waliigalanii fi waliin ta'uun kan jiraatan waldanda'uudhaani. Kanaafuu, yaadbu'urri waldanda'uu naamusna barattoota irraa eegamuudha.

Barattooni dargaggoon dhimma biyyas ta'ee dhimma naannoo irratti dam-aqinaan hirmaachuuf jaalala biyyaa qabaachuu qabu. Kana yoo ta'uun batate, garee muraasaan bu'aan isaanii tuqamuu, mirgi isaanii dhiitamuun kan hin oolle ta'a. Kanaafuu, dhimma biyyas ta'ee naannoo irratti kaka'umsa ofiin hirmaachuun gaarii ta'a.

Biyyi dargaggeeyyiin ishee haqaqabeessa akka ta'aniif barbaaddi. Haqa dubbachuu fi gochuu keessatti adda addummaan kan hin jire yommuu ta'u, ibsitoota adda addaa qaba. Kanneen keessaas sobuu dhiisuu, waliin dhahuu dhiisuu, hatuu dhiisuu, fi kkf keessatti argamu. Kanaafuu, dargaggooni haqaqabeessa ta'uun qabu.

Dhumarrattis barattooni jaalala fi kabaja hojii qabaachuu qabuu. "Namoonni hojii isaaniitti gammadan, namoota jirenya isaaniitti gammadani,"akkuma jedhamu hojiin itti qaana'amu hojjechuu dhiisuudha mallee, hojii hojjennu sanaan ta'uu hin qabu. Hojii walcaalchisuun, tuffachuuun mallatoo boodatti hafummaa ta'-uu isaa hubachuu qabna. Waluma-agalatti, garaagarummaa amantaan fudhachuu, waldanda'anii jiraachuu, hojii kamiyyuu bu'uura seeraatiin raawwachuu, biyya jaallachuu, dhugaa tarkaanfachiisuu, nama biroo miidhanii faayidaa addaa barbaaduu dhiiusu, cimanii barachuun galma yaadan irra ga'uu fi biyyaa fi lammileef hojiawan barbaachisoo ta'an raawwachuu, keessattuu ibsitooni naamusa gaarii barattoota irraa kan eegamani.

#### Gilgaala 4

##### Gaaffilee armaan gadii hojiiedhaa.

haqa qabeessa	jaalala biyyaa
obsa	jaalala hojii
mirga kabajuu fi kabachiisuu	
waldanda'uu	

A. Saanduqa armaan olii keessatti kan kennamman muldhistoota naamusaa himoota kanaa gaditti dhiyaatan keessatti irra caalaa deebii ta'a jettu bakka duwwaatti guuti.

1. Dargaggoonni naannoo Diinaafaa hordoftoota amantii garaagaraa ta'-aniyuu \_\_\_\_\_ waliin jiraatu.
2. Takollaan faa kan ofii isaanii hin tuqsiisan, kan birottis hin bu'an, keessumattuu mirgoonni namoota biroo seeraan ala yoo sarbaman hin callisan waan ta'eef, naannichatti \_\_\_\_\_ fakkeenyummaa qabu.
3. Daanchaan dargaggeessa daldalaa yoo ta'uyyuu, bu'aa seeraan alaaf jedhee jecha isaa hin jijiiru. Kan-aafuu, naannichatti \_\_\_\_\_ jedhamee beekama.
4. Shamarreen bu'aa ba'ii hedduu keessa obsaan dabartee sadarkaa gaarii irra ga'uu isheef namoonni naannoo ishee akkuma maqaa keetii ati \_\_\_\_\_ ittiin jedhuun.
5. Har'a hojii xiqqoo fakkaattu osoo hin tuffatiin kan hojjetaan dargaggoonni \_\_\_\_\_ qaban boru abbaa kaampaanii ta'un namoota hedduu akka bulchan haqa dhokachuu hin dandeenyeedha .
6. Dargaggeessa \_\_\_\_\_ qabu walkabajuu fi waqixxummaan kan keessa jiraatu ,weerara biyyatti dhufu ofirraa dhorkuuf dadamm-aqsuu hin barbaachisu.

B. Sadarkaa biyyaatti ibsitoota naamusaa barattoota irraa eegamu keessaa muraasa isaanii eeruun ibsaa.

## 2.3 Daangaa Aangoo

### 2.3.1 Aangoon Daangaa Dhabuu Irraan Kan Ka'e Rakkoowwan Uumamuu Danda'an

- Abbaan taayitaa tokko mana hojii mootummaa kam keessattuu aangoo kennameef daangaa malee kan itti fayyadamu yoo ta'e, rakkoo akkamiitu uumamuu danda'a?**

#### Qaaniidha

Obbo Shiibashiin lafa mooraa isaanii cinaa jiru irratti suuqii ijaaruu barbaadanii, namicha naamusa kabachiisu kan ollaa isaanii jiraatu tokko waliin mari'atan. Namichis, "Rakkoo hin qabu, yoo haa diigamu jedhames anuu jiraa," jedheen. Haaluma kanaan Obbo Shiibashiin suuqicha ijaare. Haata'u malee, ji'a sadii osoo itti hin fayyadamin daandiin bakkicha irra waan ba'uuf, atattamaan akka diigan itti himame. Isaan garuu "Namicha ollaa koo naamusa eegsisu eeyyamsiiseera waanan ta'eef hin diigu," jedhan. Akkasumas abbaa taayitaa beekan tokkoof matta'aa keennuun miseensota koree naamusaa hunda akka hidhaman (to'ataman) taasisan.

#### Hojii Garee

Dhimma kana keessatti nama balleesse, taayitaa qabutti daangaa malee kan Fayyadame, sababa kanaan rakkoo uumame, akkasumas adeemsa kana keessatti waan ta'uun irra turee fi ta'uu qabu irratti gareen mari'achuun yaada keessan barreffamaan dhiveessaa.

Ibsitoota olaantummaa seeraa kan ta'an keessaa tokko aangoo bulchiinsaa daangessuu fi to'achuu kan dandessisu tooftaan jiraachuudha. Aangoon daangadhabeessa yoo ta'e, seerri waan cabuuf hunduu seeraa ol ta'uun olaantummaan seeraa hiika waan dhabuuf rakkooowwan hedduun uumamuu danda'u.

Aangoon daangadhabeessa yoo ta'e, sirna dhabeessummaan babaldhac-huun mirgoonni lammilee hojmaata seera dhabeessaan srbamu. Aangoon qaamolee tajaajila kennuu yoo daanga'uu baate, mirgoonni fi dirqamoonni tajaajilamtootaa ni srbamu. Kanum-arraa ka'uun tajaajilamaan tokko mirga isaa karaa seera qabeessa ta'e kabachiisurra matta'aa fi keettoo (abbaltuu) fayyadamuu daandii filatamaa godhee fudhata; haluma kanaan malaam maltummaan bakka fudhata. Aangoon daangadhabeessa yommuu ta'u, iftoominii fi itti gaafata-mummaan hin jiru. Kun ta'uu isaatiin abbootiin taayitaa seera cabsuu fi dhiisuun isaanii ifatti hin beekamu. Kanaafuu, namichi miidhaames taan-aan miidhamuu isaa ifatti hin beeku. Miidhameera jedhee yoo dhiyeffates, haalli itti komii isaa dhiyeffachuu danda'u hin uumamu. Akkasumas qaamolee bulchiinsa mootummaa adda addaa fi miseensonni isaanii akka barbaadan waan hojetaniif, mirgoonni lammilee akka cabuuf sababa ta'eera.

Fakkeenyaaf namni kamiyyuu adabamuu kan danda'u ifatti kan dhor-kameef, seera yoo cabsee argamee fi karaa seera qabeessa ta'een himatamee mana murtiitti yoo dhiyaate qofadha. Haa ta'u malee, daangaan aangoo yoo hin jiru ta'e namni tokko seera osoo hin cabsin, karaa seera qabeessa ta'een osoo hin himatamin akkasumas osoo itti hin murtaa'in abbaa taayitaa aangoon isaa daangadhabeessa ta'een adabamuu danda'a. Adeemsi akka kanaa yoo jiraate, mirgi murtii haqaa argachuu lammileen qaban waan sarbamuuf naanna'ee, naanna'ee biyya miidha. Kanaafuu, daangaan aangoo jiraachuun dhimma baay'ee barbaachisaa ta'eedha.

## Gilgaala 5

**Gaaffiiwan armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Daangaan aangoo dhabamuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti akkamitti gufuu ta'uu danda'a?
2. Daangaan aangoo yoo hin jiraanne rakkoon uumamuu danda'u maali?
3. Lammileen miidhamuu fi miidhamuu dhiisuu haala isaan itti beekuu hin dandeenye hojmaanni akkamii yoo jiraateedha?
4. Heera Itoophiyaa keeyyata 12 irra kan jiru dubbisuun, daangaan aangoo jiraachuun bu'aa inni qabu maal akka ta'e ibsaa.

## 2.4 Iccitii

### 2.4.1 Iccitii Eeguuf Of Eegganno Ta'uu Qabu

- **Naannoo keessan iccitiin eegamuuf akka qabu kan ibsanii fi dubbatan jiruu? Mee ibsaa.**

- **Iccitii eeguuf of eegganno fud-hatamuu qaban maal fa'a?**

## Maanguddaayi

Obbo Maanguddaayi hojjetaa mana hojii tokkooti. Barreessituun takkaa fi qulqulleessituun takka isaaniif ramadamani hojjetu. Yeroo baay'ee boqonaa shayiif ba'an waajjira isaanii hin cufan. Waraqaa wixinee irratti wixineessanis osoo hin cirin guuboo kosii keessa buusu. Barreessituttiinis kompiitara ishee osoo hin cufin gadiba'uu jaallatti. Kompiitarichattis hiriyoota ishee alaa dhufantu itti fayyadamu. Egaa yeroo tokko Obbo Maanguddaayi hojjettoota haaraa qacaramuuf ka'aniif qorumsa akka qopheessan ajajaman. Haata'u malee, namni hin eegamne tokko qorumsicha hunda waan argateef, qorumsichi ba'uu akka hin oolle shakkameera. Mee isinis ...

## Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii bu'uura dubbisichaatiin deebisaa.**

1. Qorumsichi akkamitti akka ba'uu danda'e,
2. Haalli qorumsichi itti ba'uu danda'u yoo jiraate, haalichi akka hin uumamneef of eegganno godhamuu irra ture bifa gabaasaatiin barreessuun dhiyeessaa.

Dhimmoonni iccitii ta'an iccitummaan isaanii yoo eegamuuf baate nama dhuunfaa, maatii fi biyya irratti miidhaa cimaa geessisuu danda'u. Kun ta'uu isaatiin iccitiin akka eegamuuf of eegganno guddaan taasifamuu qaba.

Yeroo baay'ee beekaniis ta'ee osoo hin beekin namoonni iccitii baasan, sababa iccitii sanaatiin miidhaa isaan irra ga'e ilaaluun "Osoo dubbachuun natti hafeera ta'ee, arrabni koo osoo cite ta'ee" jechuudhaan gaabbii guddaan yommuu namatti dhagahamu argama. Ta'uuyuu, iccitii eeguuf ofeegganno akkamiiitu ta'uu qaba?

Iccitii eeguuf ofeegganno jalqaba ta'uu qabu, dhimmoota iccitii ta'an adda baasanii beekuu dha. Yeroo tokko tokko dhimmoota iccitii ta'an adda baasuu dhabuu irraan kan ka'e iccitoonni ba'uu danda'u. Kanaafi dhimmooni iccitii jedhaman manneen hojii keessatti dambiiwan naamusaa irratti tarreffamanii kan taa'niif.

Icciticha eeguufis naamusaa gaarii barbaachisa. Namoonni naamusaa gaarii qaban dhimmoota iccitii ta'an akka hin tamasaasneef amanamoto. Karaa biroon namoonni naamusaa gaarii hin qabne, faayidaa dhuunfaa isaaniif jecha iccitii baasuu danda'u. Fakkeenyaaaf waajjira iccitiin keessa jiru osoo hin cufin deemuu, kompiitara icitiin irratti barreffamaa jiru osoo hin cufin dee-muu, ykn namoonni biroon akka itti fayyadaman eeyyamuu; waajjira tokko erga gaddhiisanii booda akka tasaa iccitii dura beekan sana yommuu baasantu muldhata. Kun ta'uu isaatiin, maal nadhibdee balleessuun, ofeegganno iccitii eeguuf taasifamu keesaa isa olaanaadha.

## Gilgaala 7

### Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebisaa.

1. Dhimmoonni iccitii ta'an dambii naamusaa irratti ibsamuur iccitiin akka eegamuuf akkamitti fayyada? Irratti mari'adhaa?
2. Naamusa gaarii gabbisuun iccitii eeguuf akkamitti gargaara?
3. Sababa maal nadhibdeedhaan haalawwan itti iccitiin ba'u akkamitti dhorkuun danda'ama?

### Hojii Garee

#### *Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan gareen hojjechuun gabaasdhiyeessaa.*

1. *Mana barumsaa keessanitti dhimmoonni iccitii jedhaman maal fa'a? Iccitoota sana eeguufis of-eegganno akkamiiitu godhamuu qaba?*
2. *Manneen hojii naannoo keessan jiran keessaa tokko filachuun mana hojii sanatti dhimmoonni iccitii jedhaman maal maal akka ta'an, iccitoota sana eeguuf ofeegganno maal maaltu akka godhaman gaafachuun gab-aasa barreffamaan dhiyeessaa.*

#### 2.4.2 Iccitii Eeguu Dhiisuun Rakkoowwan Inni Biyya Irraan Gahu

- **Iccitii eeguu dhiisuun miidhaa maalii biyya irraan ga'uu danda'a?**

Iccitii eeguu dhiisuun biyya irratti miidhaawwan hedduu dhaqqabsiisuu danda'a. Iccitoonni murteessoo ta'an kan daangaan biyyaa ittiin eegaman dhokfamanii harka diinaa yoo seenan, haala salphaa ta'een biyyi weeraramuu dandeessi. Kanaafi biyyoonni wayitii waraanaa basaastota isaanii gara dii-

nota isaaniitti erguudhaan iccitii jiru hundaa addaan baasanii beekuuf yaalii guddaa kan taasisaniif.

Karaa biraatiin immoo sababa iccitiin eegamuu hafuutiin qabeenyi biyyaa lakkofsa hinqamnee fi hagana hin jedhamne qisaasa'uu, saamamuu fi barbadaa'u danda'u. Fakkeenyaaf namni malaammaltummaadhaan mallaqa hedduu saame tokko saaxilamuu isaa yoo beeke biyya gad dhiisee ba'u danda'a. Kanaafuu, kan saaxiles ta'ee kan dhimmicha dhaga'e sun iccitii eeguu qabu. Akkasumas mana murtii fi poolisiidhaan iccitooni qabaman haala salphaa ta'een kan tamsa'an yoo ta'e, yakkamtooni akka jalaa miliqan waan taasisuuf haala kanaanis lammileen mootummaa isaanii irraa amantaa dhabuu danda'u. Kanuma irraa ka'uudhaan biyyi saamamuu, barbadaa'u, lammileenis maal nadhibe jechuun irra darbuu fi qabeenyi biyyaa qisaasa'uu danda'a.

## Gilgaala 8

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Iccitiin eegamuu hafuutiin biyya irratti rakkoo akkamii geessisuu danda'a?
2. Faranjii daawwannaaf biyya keenya dhufe waliin akka tasaa walbarree waan jiruu fi hin jirre osoon itti odeessuu, hiriyaan kiyya dhaga'ee natti dheekkame. "Maal taate, iccitii biyyaa baay'ee dubbatte, gaarii miti naan jedhe." Animmoo namichi lammii biyya alaa waan ta'ef rakkoo hin qabu yaada jedhuun qaba; dhugumayyu rakkoo maal qaba? Isin maal jettu?

- Dhimmoota lamaan armaan olitti dhiyaatan keessaa tokko filachuun icciin eegamuu hafuu fi iccitii baasuutiin biyya irraatti rakkoo uumamuu danda'u sakatta'aatii gareen gabaasa

## 2.5 Toof taalee Ittisa Malaammaltummaa

### 2.5.1 Malaammaltummaa Ittisuuf Barbaachisummaa Dhaabbilee Dimookiraataawaa



**Fakkii 2.2 Malaammaltummaa ittisuuf dhaa-bbileen farra malaammaltummaa murteesso-odha**

(barruu Sinamigibaar Hidhaa 2 Lakk . 4, 1995)

- **Kiyyoo fi adurreen maal bakka bu'uu isinitti fakkaata?**
- **Kaartunii fakkii dhiyaate keessatti waan fakkiiwan bakka bu'an erga ibsitanii booda, malaammaltummaa ittisuuf keessatti fakkeenyummaa inni qabu ibsaa.**

## Eenyutu Sirriidha?

Usmaan malaammaltummaa ittisuuf keessatti ejjennoo humni poolisii gah-aadha jedhu kan qabu yommuu ta'u, Mihirat garuu ejjennoo addaa qaba. Walamansiisuuf marii isaan geg-

eessan akka armaan gadiitti dhiy-aateera:

**Mihirat:** Yakki malaammaltummaa yakkawan amaleeffatamaa irraa adda ta'uu isaa hubattaa?

**Usamaan:** Hubannoo addaa maal barbaada? Yakki, yakka.

**Mihirat:** Isa eenyutu miti jedha? Yakki malaammaltummaa garuu yakkawan biroo waliin yommuu ilaalamu amaloota addaa waan qabuuf xiyyeeffannoo addaa barbaada.

**Usmaan:** Haata'u! Amaloonni kun maal fa'a?

**Mihirat:** Tooftaan raawwannaayakka malaammaltummaa yeroo baay'ee akka feeteetti ykn caallisamee miti; gochi isaa caalmaatti haala gaariin itti yaadamee of-eeggannooguddaan kan raawwatamuudha. Ta'us yakkawan amaleeffataman biroo waliin yommuu madaalamu, walxaxaa fi miidhaan isaas baay'ee jibbamaa isa taasisa. Kanaafuu, gochicha ittisuufis hojmaata gurmaa'aa gaafata.

**Mihirat:** Kan biroos siifan dabala.

**Usmaan:** Eenyutu jibba. Ittifufi.

**Mihirat:** Dabalataan yakka malaammaltummaatiin kan miidhamu hawaasa mara. Yakkaan ani mii-dhameera kan jedhu, dhimmichaafis abbummaa kan fudhatu atattamaan hin dhiyaatu. Yakkawan amaleeffatamoon garuu

nama dhuunfaa ykn maatii mii-dhuu danda'u. Namichi ykn maatiin miidhame dhimmicha gara mana murtiitti yoo dhiyeeffate yakkichaaf furmaanni argamuu danda'a. Qabixiwwan biroo kaasuunis ni danda'ama.

**Mihirat:** Egaa qabxiileen kunnin yaka malaammaltummaa adda hin taasisan jettaa?

**Usmaan:** Dubbichi erga akkanaa ta'ee ibsi anaaf kennite gaariidha; ammas taanaan ejjennoonqabu kan na jijiirsisu miti.

**Mihirat:** Kanneenii fi dhimmoota biro-ofis ejjennoon kiyya garuu amalli malaammaltummaa adda waan ta'ef dhimmicha abbummaanfudhatee hordofuu kan danda'u dhaabbileen farra malaammaltummaa ijaaruun barbaachisaa fi murteessaadha kan jedhuudha. N hubattee?

**Usmaan:** Sirriitti kanan hubadhe yoo jiraate, yaada ati amma anatti him-te ilaalcha kee ta'uu isaati.

## Gilgaala 9

**Waliin marii armaan olitti dhiyaate bu'uura godhachuun gaaffilee itti fufanii argaman irratti mari'adhaa.**

1. Isinoo yaada eenyuutu sirriidha jettu?  
Sababoota dhiyeessuun waliin mari'adhaa.

Malaanmalatummaa hadheeffatanii ittisuu fi hundee issaatii balleessuun hawaasa malaammaltummaa irraa quqlua'e uumuun dhimma boriif hin kaa'amneedha.

Malaammaltummaa irratti hadheefatanii qabsaa'uu fi balleessuun sababoони barbaachisaniif hedduun yoo jiraateyyuu hangafoota kan ta'an akka armaan gadiitti kan dhiyataniidha.

Malaammaltummaan sirna dimookir-aasii fi bulchiinsa gaarii kan diig-uudha. Humnoonni malaammaltummaa keessa galan, sirni hojmaata iftoominaa fi itti gaafatamummaa akka jiraatu hin barbaadan. Sababni isaas saaxilamuu fi ittigaafatamuu waan danda'aniif. Sirni iftoominaa fi itti gaafatamummaa yoo jiraachuudhaa baate immoo olaantummaa seeraatiif bitam-uun ni bada. Olaantummaan seeraa yoo dhabame mirgoonni lammilee haala hin taaneen ni dhiitamu. Kana ta'uu isaatiin malaammaltummaa ittisuuf sirni iftoominaa fi ittigaafatamummaa jiraachuu filannoo hin qabu.

Malaammaltummaan misooma biyyaa boodatti kan deebisu yakka farra guddina ummataa fi jirenya gaarii kan ta'eedha. Kunis guddinaaf farra kan ta'e yakki malaammaltummaa keesumattuu ummatoota biyyoota hiyyeeyyii garmalee miidha. Sababni isaas maallaqni mootummaan lammilee irraa sassabee misooma hawaasummaa fi dinagdeef oolchuu qabu abbootii taayitaa ofittummee muraasaan saamamuun misoomni akka hin ariifanne taasisa. Kana ta'uu isaatiin malaammaltummaan kan ittifamuun irra jiru, gafuu misoomaa fi yakka jibisiisaadha.

Yakki malaammaltummaa walxaxaa fi yeroo baay'ee immoo abbootii taayitaa in raawwatamu waan ta'eef, yak-kawan biroo irraa yakkicha adda taasisa. Haala kanaan malaammaltummaa labsiwwanii fi dambiiwwan baasuu qofaan ittisuuf fi dhorkuun hin danda'amu. Kanaafuu, biyyoonnii fi mootummooni yakka ulfaataa kana irratti dhaabbilee qabsaa'uu qaban hundeessu.


Biyya keenyatti komiishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa federaalaa fi naannoo malaammaltummaa ittisuuf waajjiralee labsiin hundeefamaniidha. Waajjirichi barumsa naamusaa kenuun, waajjiraalee keessattis hojmaata malaammaltummaaf saaxilaman sirreessuun, akkasumas yakkamtoota malaammaltummaa raawwatan seeratti dhiyeessuun malaammaltummaa ittisuuf.

## Gilgaala 10

**Gaaffilee armaan gadii dubbisuun irratti mari'adhaa.**

1. Malaammaltummaan haala kamiin bulchiinsa gaariif gafuu ta'a?
2. Malaammaltummaan misoomaaf gafuu kan ta'u akkamitti ?
3. Yakka malaammaltummaa ittisuuf waldhaansoo cimaa kan ba rbaachiseef maaliif?
4. Biyya keenyatti malaammaltummaa ittisuuf dhaabbileen hundeeffaman hojjin isaanii maal fa'a?

## 2.5.2 Malaammaltummaa Ittisuu Keessatti Gahee Qaamolee Haqaa



Fakkii 2.3 Malaammaltummaa haa ittisnu



Fakkii 2.4 Malaammaltummaa ittisuun  
haqa haa mirkaneessinu.

- Ergaa tokkoon tokkoon fakkii dabarsu ibsaa.
- Gama malaammaltummaa ittisuutiiin gahee qaamolee haqaa ilaa-lchisee fakkeenyummaa fakkichaa ibsaa.

Qaamoleen haqaa kan akka poolisii, mana murtii, abbaa alangaa fi kkf malaammaltummaa ittisuu keessatti qaamolee aangoo olaanaa qabanidha. Qaamoleen haqaa kunniin namoota seeraa ala ta'an (yakkamtoota) hordofuun kan sirreessanii fi adabuudhaan kabajamuu olaantummaa seeraatiif gahee guddaa qabu. Malaammaltummaan akkumma yakka ta'e malaammaltuu kan ta'e kami irrattuu

qaamoleen haqaa kunniin hordofanii bu'uura seerri ajajuun tarkaanfii sirreessaa fudhatu.

Biyya keenyattis malaammaltummaan yakka waan ta'eef seera adaba yakkaa keessatti tumameera. Kanaafuu, kanneen akka poolisii, mana murtii fi abbaa alangaa ta'an qaamoleen haqaa yakkamtoota qabuun, gara murtiitti dhiyeessuurra darbees bu'uura seeraatiin qaamolee adabuu danda'aniidha.


### Gilgaala 11

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Dhaabbileen qaamolee haqaa jedhaman kanneen akkamii faadha?
2. Karaa qaamoleen haqaa malaammaltummaa ittisan maal faa'aa?

## 2.5.3 Malaammaltummaa Ittisuu Keessatti Gahee Hawaasaa

- Waldhaansoon farra malaammaltummaa ummata hirmaachise bu'aa barbaadamu kan argamsiisu isinitti fakkaataa?
- Qabsoo farra malaammaltummaa kee-ssatti ummata hirmaachisuun akkamitti danda'ama?



**Fakkii 2.4 Malaammaltummaa ittisuu ittigaafatummaa lammilee hundaati. Madda KNFMF (Komiishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa)**

Fakkii armaan olitti dhiyaate bu'uura godhachuudhaan gaaffilee kanatti aanan deebisaa.

- **Ergaan tokkoon tokkoon fakkii kanaa dabarsu maal isinitti fakkaata?**
- **Lakkoofsi 988 jedhu maal isinitti fakkaata? Faayidaan isaa maali?**
- **Ergaa fakkiwwan kunniin dabsanii walbira qabnee yommuu**

**ilaallu, malaammaltummaa ittisuu gaheen hawaasaa maal ta'uu qaba jettu?**

### Daadhii Abbaa Masxat

Jiraataa naannoo Kurtummee kan ta'e Daa-dimoos qarshii dhibba shaniin ittigaafatamaa kutaa qabeenyaa waa-jjira tokko ta'ee qacarame. Erga qacaramee yeroo gubaabaa keessatti of jiji-iiruu irra dabree maatiin isaa rakkattoota ta'aa jirenya boohaarsaa (bashannanaa) akka jiraatan taasise. Obboleessa isaa quxisuuf (eegoof) konkolaataa xiqqaa (minibus) biteeraaf, rakkattootaa fi jaarsolii ollaatti argaman hunda ni gargaara. Wayita ayyana waggaad dadhaboota ollaa isaa jiraniif hoolaa fi lukkuu bita. Sababa kanaan baay'isee jaallatamaa ta'eera. Hiriyota isaas hooteela isaan organii hin beekne geessuun ni bashanansiisa, ijoolee ganda sana jiraatan keessaa kan akka isaa jaallatamaan hin jiru. Egaa gariin waan kun malaammaltummaa ta'uu hin hafu, mucicha gorsuu qabna yommuu jedhan, kanneen biroon immoo qaamolee farra malaammaltummaatti eeruu qabna jedhu. Warri garee sadaffaan immoo waan barbaadeyyuu yoo hojjete mucaa waan gaarii raawwatu kana eebbisuu malee ceepha'u hin qabnu jedhu. Mee isin dhimma kana ilaachissee maal jettu?

## Gilgaala 12

### Hojii Garee

- Dhimma armaan olitti dhiyaate bu'ur-effachuun gareen ta'uun ofii keessan akka Daadimoos ta'uun waan raawwachuuun isinirra jiru barreeffamaan gabaasa dhiyeessaa.

Malaammalatummaan sirna dimook-iraasii kan diigu, bulchiinsa gaarii kan booreessu, haqummaa kan maqsu guddina dinagdee fi hawa-asummaa boodatti kan harkisu waan ta'eef hawaasni dhimma hadheeffatee itti qabsaa'uu qabu dha. Gama kanaan hawaasni shoora hedduu taphachuu danda'a.

Namoonni malaammalatummaa raawwatan rakkatanii osoo hin taane, fedha ofittummaa'aa isaanii irraa kan madduu fi dafanii duroomuuf jecha aangoo fi ittigaafatamummaa isaanii dahoo godhachuun yakka guddaa raawwatamu waan ta'eef, hawaasni haala gaariin hubachuutu irra jira. Kanaafuu, malaammalatummaan hawaasa balaaf kan saaxilu, diina adda duree waan ta'eef, hubannoон ittisuuf murannoo qabaa-chuun hawaasa irraa eegama.

Karaa seeraa ala ta'een faayidaaleen argaman muraasas ta'ee hedduun malaammalatum-maadha. Waan ta'eefis faayidaa akkamiiyyuu karaa seeraa ala ta'ee argachuuf yaaduu dhiisuu, akkasumas ciiga'uun hawaasarraa eegama.

Malaammalatummaan guddina dimook-iraasiitii fi bulchiinsa gaariif balaa

waan ta'eef namoota hirmaattuu gocha kanaa ta'an seeraan akka gaafataman taasisuuf hawaasni ittigaafat-amummaa olaanaa qaba. Akkasumas, gochawwan malaammalatummaa yeroo fi bakka kamittiyuu ittisuudhaan malaamattoonni akka saaxilaman, qaama ilaallatuuf eeruun gocha hawwaasarraa eegamuudha.

Dhumarrattis bakka deemnu hundatti malaammalatummaaf sababa ta'u jennee kan tilmaamnu hojmaata badaa eeruun dhimma biroo hawaasarraa eegamuudha."Goondaan walqabattee galaana ceeti," akkuma jedhamu hawaasni walta'ee malaammalatummaa ittisu, akkasumas bu'uuraan balleessuuuf haalli itti danda'amu waan jiruuf, malaammalatummaan dhaabuun ni danda'ama.

## Gilgaala 13

### Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Malaammalatummaa balleessuu keessatti gah-een hawaasaa maal akka ta'e mari'adhaa.
2. "Malaammalatummaa balleessuuun ni danda'ama" ykn "malaammalatummaa balleessuu osoo hin taanee xiqqeessuutu danda'ama" yaada jedhu lamaan irratti mari'adhaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Heerri MFDRI fi Heeronni naannolee karaa bakka bu'ootaa uummanni filee ergateen dokumentii mirkanaa'edha. Heerri Federaalaa ummattooni biy-yattii keessa jiran filatee kan ergateen bakka bu'oontti walmari'atanii kan mirkanaa'e yoo ta'u, Heeronni naannolee ummattoota naannoo keessa jiraatuu kan filatee miseensonni manneen marii naannoo walmari'atee sanadoota mirkanaa'aniidha.

Olaantummaan seeraa mirkanaa'uuf naamusni gaariin furtuu akkuma ta'e sadarkaa biyyaatti barattoota irraa naamusawan gaarii hedduutu eegamu. Kanneen keessaa namni tokko yoo dubbate waldhaggeeffachuu, waldanda'u, waldhabinsa karaa nag-aa hiikuu, jaalala biyyaa fi kkf keessatti argamu.

Daangaa aangoo murteessuun, olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gumacha eeyyantaa akkuma qabu hundaa, daangadhabeessummaan aangoo akka olaantummaan seera hin jiraanne gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Keessumattuu, daangaan aangoo dhibuun hojmaanni iftoominaa fi ittig-aafatamummaa akka hin jiraannne gochuun namoonni aangoo isaanii

daangaa ala baasuun akka hojjetanii fi sarbamuu mirgoota bu'uuraa lammileef sababa ta'u danda'u.

Iccitii eeguu dhiisuun rakkowwan hedduu sadarkaa biyyaatti uumuu waan danda'uuf, iccitii eeguuuf ofee-ggannoobarbaachisaa ta'u malu gochuu qabna. Odeeffannoo fudhatamuu qabu keessaa dhimmoota iccitii ta'an adda baasnee beekuu fi amanummaa fi ofeeggannoon eegu-un isaan angafoota.

Malaammaltummaan olaantummaa seeraaf balaadha. Malaammaltummaan, yakka hawaasni hadheeffatee kan itti qabsaa'u yommuu ta'u, gama birootiin dhaabbilee malaammaltu-mmaa ittisu fi qaamoleen haqaa ni barbaachisu.

Komiishiniin naamusaa fi farra malaammaltummaa dhaabbata malaammaltummaa ittisu yoo ta'u poolisiin, abbaan alangaa fi abbootiin seeraa immoo malaammaltummaa ittisuuf qaamolee haqaati. Dhaabbileen kunniinii fi qaamoleen haqaa qofaan malaammaltummaa ittisuuf ga'aadha jechuu miti. Kanaafuu, hawaasni malaanmaltoota eeruun, ajaa'ibsifachuurrra saaxiluu fi kkf ittigaafatamummaa lammu-mmaa isaanii bahuu qabu.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun sirrii kan ta'e "dhugaa", dogoggoraa kan ta'e "soba" jechuun deebisaa.**

1. Malaammaltummaa ittisuuf poolisiin qofti ga'aadha.
2. Iccitiin biyyaa kan eegamu abbootii taayitaa olaanaa qofaani.
3. Daangaan aangoo yoo hin jiru ta'e iftoominii fi ittigaafatatummaan hin jiru
4. Sadarkaa mana barumsaatti malee sadarkaa biyyaatti naamusni barataa irraa eegamu hin jiru.
5. Heerri federaalaa fi heerronni naannolee bifaanis qabiyyeedhaanis garaagarummaa hin qaban.

**II. Armaan gaditti ittigaafatatummaa jiran waliin walitti firoomsaa.**

**A.**

1. Barumsa naamusaa fi farra malaammaltummaa banal'isuu
2. Yakkamaa qabuu
3. Yakkamaa seeraan adabuu
4. Qoranna sirna hojmaataa geggeessuu, hojii irra olmaa isaa hordofuu

**B.**

- A. Abbaa alangaa
- B. Komishinii naamusaa fi farra malaammaltumma
- C. Mana Murtii
- D. Poolisii

**III. Bakka duwwaa armaan gadii jechoota ykn gaaleewwan kanatti aananii jiraniin guutaa.**

- Dhaabbilee farra malaammaltummaa
- Heera mootummaa federaalaa
- Mootummoota Naannolee
- Komiishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa
- Mootummoota naannolee
- Komiishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannolee
- Heera Federaalaa
- Olaantummaa seeraa
- Malaammaltummaan
- Manneen murtii

1. Mana marii naannootiin kan mirkanaa'u heera \_\_\_\_\_ ti.
2. \_\_\_\_\_ qaamolee haqaa malaammaltummaa ittisan dha
3. \_\_\_\_\_ malaammaltummaa ittisuuf sadarkaa biyyaatti dhaabbata labsiidha hundeffameedha.
4. Qaamoleen haqaa namoota seeraa ala ta'an sirreessuu fi adabuun \_\_\_\_\_ akka kanajan taasisa.
5. \_\_\_\_\_ n yakka.

#### **IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Maqaa heera federaalawaa sirrii ta'e kan qabu isa kami?
  - A. Heera Diimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa
  - B. Heera Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa
  - C. Heera Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
  - D. Heera Federaalawaa, Dimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa
2. Yaada qajeelaa (sirrii) kan qabate isa kami?
  - A. Heerri naannolee seerota biyyaa hundaaf seerota olaanaadha.
  - B. Heerri naannolee seera olaanaa naannichaati
  - C. Heerri naannolee karaa Mana Mamaree Federaalaatiin kan mirkanaa'edha.
  - D. Heerri naanno darbee darbee heera federaalaa waliin walfaalleessa
3. Faayidaa aangoon daangaa qabaachuu kan agarsiisu isa kami?
  - A. Olaantummaan seeraa mirkanaa'uu
  - B. Hoj-maanni iftoomaa fi itti gaafatamummaa akka jiraatu gochuuf
  - C. Seer-dhabummaan akka hin moone gochuuf
  - D. Hunduu deebii ta'u.
4. Kanneen armaan gadii keessaa daandii ittisa malaammaltummaa kan hin taane isa kami?
  - A. Barsiisuu
  - B. Hoj-maata badaa malaammaltummaaf saaxilamu sirreessuu
  - C. Malaanmaltoota seeratti dhiyeessuu
  - D. Hunduu deebii ta'u.

#### **IV. Gaaffilee dhiyaataniif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Wayita daangaan aangoo hinjiraannetti iftoominii fi ittigaafatamummaan hin jiraatu jechuun maal jechuudha?
2. Hoj-maata malaammaltummaaf saaxila baasuu danda'an keessaa sadii eeraa.
3. Iccitii eeguuf of eegganno ta'u malu keessaa inni jalqabaa dhimmoota iccitii ta'an adda baasanii beekuudha yoo jedhamu maal jechuudha?

# BOQONNAA SADII

## WALQIXXUMMAA

Kaayyoolee Boqonnichaa Boqonnaa  
kana barattee yeroo xumurtu:

- Mirgoota sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraataa Rippabilika Itoophiyaa keessatti tumame beekta.
- Walqixxummaan sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa fi mirgi walqixa fayyadamuu yoo kabajamuu baate miidhaa inni geessisu hubatta.
- Walqixxummaan dubartootaa fi dhiirotaa haala kamiyyuu keessatti kabajamuu isaanii qayyabatta.
- Mirgoonni qaama miidhamtootaa kabajamuu akka qabu qayyabatta.

### 3.1 Mirga Ofiin Of Bulchuu Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa

- **Mirga ofiin of bulchuu ummatootaa biyya keenya keessatti kabajamuun faayidaalee maal, maali kan kenuu isinitti fakkaata?**

Sirna dimookiraasii keessatti beekamtiin mirgoota walqixxummaa ummattootaaaf kennamuun kabajamu. Ka'uumsuwa kanaan saboonni, sablammoonnii fi ummattooni ofiin of bulchuu danda'uun ibsituu sirna dim-

ookiraasii keessaa isa tokko. Sirna dimookiraasii biyya keenyatti ijaaramaa jiruun mirgoonni sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa mirkanaa'uu danda'eera. Saboonni, sablammoonnii fi ummattooni gulantaa bulchiinsaa hundatti hirmattuu fi abbaa aangoo mootummaa ta'uu dandaaniiru. Sochiiwwan misoomaa naannoolee isaanii geggeeffamu keessatti miira abbummaatiin hirmaattuu taasisseera. Mirgi ofiin of bulchuu sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa mirkanaa'un sirna dimookiraasichaa kan cimsu waan ta'eef, lammilee gidduutti walqixxummaan akka dagaagu taasisa.

### Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Mirgoonni walqixxummaa ummattootaa beekamtii argachuun faayidaalee inni gonfachiisu ibsaa.
2. Mirgoonni ofiin of bulchuu u mmattootaa yoo hin kab ajamne miidhaa inni geessisu maal ta'uu danda'a?

**3.1.1 Birbaachisummaa Naannoo Ofii Waliin  
Misoomsuu fi Mirga Walqixxummaan Itti  
Fayyadamuu Sobootaa, Sablammootaa fi  
Ummattootaa**



*Fakkii 3.1. Dhaabbilee misoomaa adda addaa ummattoonni waliin irraa fayyadaman*

- **Fakkichi maal agarsiisa?**
- **Dhaabbilee misoomaa naannoo Keessanitti argamantarreessuun ibsaa.**
- **Dhaabbilee misoomaa tajaajila kennan kana uummanni haala atta-miin ittifayyadamaa jira?**

**Gaaffii Misoomaa Kan Ummata Gan-dichaa**

Obbo Hirphaan ganda jiraatanitti bishaan qulqulluun, ibsaa fi tajaajilli bilbilaa haala ga'aa ta'ee ummata

walhin geenye. Tajaajiloonni muraasni jiranis loogummaa fi hojmaata iftomina hinqabneen ummata qhaqqabu. Ka'umsa kanaan uummanni hedduun miidhaa olaanaa isa qaqqab kana hadheeffachaa jira. Hojii raawwachiftuun gandichaas bu'uura heeraatiin dirqama itti kenname hin baane. Ummanni garuu gama misoomaatiin rakkolee mudatan hiikuu fi dammaqinaan hirmaattuu ta'uuf fedhii olaanaa qaba. Bu'uruma kanaan bakka bu'oonti ummataa qaamolee bulchiinsaaf deddeebi'anii ibsaniiru. Dhaabbileen tajaajila hawaasummaa kennan kun humna ummata gandichaan misoomsuu fi walqixa itti fayyadamuuf gaaffii dhiyeessaniiru. Haata'u malee, deebii quubsaa hin arganne. Ta'eyyuu, geggeessitoonni gandichaa nuyi bakka bu'ota keessan waan taaneef hojii nu fayyada jennu hojjenna. Isinis waan nuyi jennu fudhachuun raawwachiisuu fi ittifayyadamuu qabdu jechuun ibsaniiruuf.

**Gilgaala 2**

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Geggeessitoonni ganda Obbo Hirphaan keessa jiraatu gaaffii misoomaa ummataatiif deebii seera qabeessa kennan jettuu?  
Maaliif?
2. Ummatichi ittifufinsaan rakkoo isaa hiikuuf maal gochuu qaba jettu? Irratti mari'adhaa.
3. Ummatichi dandeettii gandichi qabuu fi deggarsa ofii dhiyeessuun waliin irraa fayyadamaa jedhee gaafachuun dogoggoraa?  
Maaliif?

4. Naannoo keessan haalli akka kanaa jira? Yoo jiraate fuula duratti maal hojjechuu fi jijiiruu yaaddu?

**Naannolee Misooma Biyyaarraa Walqixa Fayyadamtoota Taasisuuf,  
Nageenya Mirkaneessuu fi Misooma Ariifachiisuu**

Walqixxummaan sabootaa, sablammoottaa fi ummattootaa kabajamuun ittig-aafatatummaan hawaasa bal'aa waan mirkanaa'uuf, lammileen naannoo isaanii misoomsuuf ga'ee olaanaa qabu. Mirgoonni walqixxummaa ummattootaa yoo mirkanaa'u haala waliin jiraachuu fi waldanda'uun ummattootaa ni uumama. Yoo kana ta'e ummanni qabeenyaa biyyas ta'ee naannootti walqixa fayyadamaa ta'uu danda'a. Llammileen misoomaarraa walqixa fayyadamtoota ta'uun hiyyummaa fi boodatti hafummaa balleessuuf onnee isaanii guutuun waliin hirmaatu.

Saboонни, sablammoonni fi ummattoonni Itoophiyaa qabeenyaa fi misooma naannoo isaaniis ta'e biyyaatti walqixa fayyadamoo ta'uun isaanii tokkummaa biyyaa cimsa. Waliin misoomuus ta'ee waliin hojjechuuf caalmaatti kakaasa. Misooma ariifachiisa. Misoomni ariifataan yoo mirkanaa'u waraanarra nagaan, diigamuurra tokkummaan, boodatti hafummaarra guddinni kan dhugooman ta'u.

**Gilgaala 3**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

- Ummanni misooma naannoo isaaniiirraa walqixa fayyadamaa akka ta'anu hawaasarraas ta'ee isin irraa maaltu eegama?
- Guddina waliif faayidaaleen waliin hojjechuun argamsiisu tarreessaa.
- Biyya walqixa fayyadamuun hin jirre keessatti maaltu uumamuu danda'a?

**3.2 Walqixxummaan Fayyadamuun Yoo Hin Jirre Miidhaa Inni Geessisu**

- Mirgi walqixxummaan fayyadamuu yoo kabajamuu hafe, miidhaa maalii geessisu akka danda'u ibsaa.**

Akka yaadaa fi sirna diimookiraa-tawaatti, mirgi akka mirgummaa isaatti kabajamuu qaba. Mirga kabajuu dhisuun, lammilee gidduutti hariiroon olaantummaa fi gadaantummaa akka jiraatu taasisa. Kunis hawaasa keessatti waliddaan akka uumamuuf sababa ta'a. Haaluma kanaan uummanni mirgisaa hin beekamnee fi hin kabajamneef mirgasaa dhabee taa'uu waan hin dandeenyef qabsaa'ee mirga isaa kabachiisuuf dirqama. Waraanni sosocho'uu fi nageenyis boora'uu danda'a. Haaluma kanaan guddinni (misoomni) hafee badiisni duubaan hordofuu danda'a.

Keessumattuu, biyya akka keenya saboонни, sablammoonni fi ummatt-

oonti hedduun keessa jiraatan keessatti walqixxummaan fayyadamuun ummataa yoo kabajamuu hafe sirna dimookiraasii ijaaruun hin danda'amu. Waan kana ta'eef, mirga ummataa beekuu fi kabajuun mirga lammileen qaban kamiyyuu kabajuudha.

Waldeggaranii misoomuu fi misoomni ittifufiinsa akka qabaatu gochuuf, mirgoonni osoo hincaccabin kabajamuu qabu. Kunis walqixxummaa, mirgaa fi faayidaa lammilee kabachiisuuf gargaara.

Dimookiraasii → Walqixxummaa → Nagaa →

Hojii → Misooma → Badhaadhina

#### Gilgaala 4

##### Yaadawan araan gadii irratti mari'adhaa.

1. "Walqixxummaa malee dimookira-asii, dimookiraasii malee nagaa, nagaa malee hojii, hojii malee misooma, misooma malee badhaadhumaan hin argamu. Waan kana ta'eefis biyya walqixxummaan hin jirretti naanna'ee, naanna'ee badiisaa fi kufaatiin jiraachuun ifaadha."
2. Ummanni misoomaa fi guddina waliif waliin akka yaadan mirga walqix-xummaatti fayyadamuun faayidaa inni qabu baldhinaan ibsaa.
3. Biyya keenyatti sirna dimookiraasii cimaa ijaaruuf mootummaa fi tokkoon tokkoon lammii irraa maaltu eegama?
4. Saboonni, sablammoonnii fi ummatt-oonni walqixxummaa fi migootatti walqixa fayyadamuu yoo fudhachuu fi kabujuu dhiisan, rakkolee maal maal uumuu danda'a?

### 3.3 Walqixxummaa Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa

#### 3.3.1 Bu'aa Kabajamuun Afaanotaa fi Ibsitoota Aadaa Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa



*Fakkii 3.2 Itoophiyaan biyya argama ummatoota adda addaa*

- **Waan fakkicharraa hubattan hiriyoota daree keessaniif ibsaa.**

Ibsitoota mirga walqixxummaa ummatootaa kan ta'an keessaa tokko afaan sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa, akkasumas ibsitooni aadaa biroon kabajamuudha. Ibsituu eenyummamaa ummataa kan ta'e afaan, kan biroos ibsitooni aadaa fi kkf, tokko kan biroo gadi ta'uu ykn caaluu hin danda'u. Hunduu akka aadaa isaatti walqixxummaan kaayyoo waliitiif waliigalteen jiraachuu danda'u. Bu'uura kanaan biyya keenyatti afaan adda addaa, ibsitooni aadaa biroon jiraachuun akka rakkotti osoo hin taane ibsitoota miidhaginaa waan ta'aniif, akka badhaadhumaatti ilaalamuutu barbaachisaadha.

Tokkoon tokkoon namaa afaan ofisaatti gargaaramuu, aadaa isaatti boonuu fi guddisuu akkuma danda'u, haala walfakkaatuun mirga nama biroo fudhachuu fi kabajuun ibsituu qaroominaati. Mirgaa fi bilisummaan kun haala kamiinuu daangeffamuus ta'ee dirqisiisanii dhorkuun hin danda'amu. Kunis Heera keessatti keeyyata 27 irratti ifaan tumamee argama. Namni kamiyyuu, bilisummaa yaaduu, ilaal-chaa fi amantii waan qabuuf, tokko mirga biroo kabajee mirga ofisaa mir-kaneeffachuutu irraa eegama. Namni kamiyyuu inni tokko olaanaa, kan biroon immoo gadiaanaa akka ta'etti ilaalamuu hin qabu. Hunduu walqixa. Walumaagalatti, afaan lammilee fi ibsitoonni aadaa biroon walqixxummaan kabajamuu yoo baate, loogummaatu hordofa. Haalli loogummaa fi cunqursaa kun immoo lammileehunda kan miidhudha. Kan-aafuu, afaan kabajamuun mirgoota wlqixxummaa, ibsitoota aadaa biroon sirna dimookiraatawaa ijaaruu fi bu'uura tokkummaa cimsuuf baay'ee barbaachis-aadha. Waan kana ta'eef, lammuin ka-miyyuu ibsitoonni aadaa ofii isaa akka kabajamuuf, hamma barbaachisetti kan biroo kabajuu fi walqixxummaa isaaniifis cimee dhaabbachuutu irra jira.

## Gilgaala 5

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Afanis ta'ee ibsituu aadaa walqixxummaan haa kabajaman yoo jedhamu dhimoota maalfaa'a hammata?
2. Afan garaagaraa, amantiiwanii fi ibsitoonni aadaa biroon jiraachuun ibsitoota tokkummaa keenyaati yoo jedhamu maal jechuudha?

## 3.4 Walqixxummaa Saalaa

- **Walqixxummaan saalaa kabajamuun faayidaalee maal maal argamsiisa?**

### “Wixinee Seera Maatii Haaraa”

Manni marii naannoo tokko seera maatii haaraa wixineessuu irratti argama. Kaayyoon wixinee seerichaa tokko qabeenya maatii seeraan dhaluu kan ilaallatuudha. Bu'uruma kanaan keeyyatoota wixinee seerichaa keessaa tokko mirgi dhaaltummaa ijoollota dhiiraa qofaaf murteessa. Miseensonni mana marii naannichaa hedduun akka duudhaan aadaa naannoo isaanii eeyyamutti fudhachuun wixinee keeyyatichaa deggaruudhaan falmaniiru.

*Madda: Barumsa Mirga Namummaa Bab-aldisuu, 1990*

## Gilgaala 6

**Bu'uura dubbisa olitti dhiyaateen gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Bu'uura Heera MFDRI keeyyata 35 wixineen seeraa kun fudhatama qabaa?
2. “Dubartiin qabeenya fi meeshaa horachuu fi abbummaa qabaachuuf, qabeenya fi horata horatte sana waan birootti dabarsuu fi dhaalchisuuf mirga qabdi,” kan jedhu maal jechuu isinitti fakkaata? Mari'adhaa.

Walqixxummaa saalaa yommuu jedhamu mirgoota dimookiraasi, mirgoota namummaa, heerichaa fi seera duratti mirgoota biroo beekamtii argatan hunduu dubartoonni dhiirotaan waliin walqixa jechuudha. Walqixxummaan dubartootaa, dubartoonni dhiirotaan walqixa ilaalcha isaanitti fakaate qabachuu fi tarkaanfachiisuu, gaa'eelaa fi qabeenya irratti walqixa murteessuu, mirga filuu fi filatamu, gocha miidhaa fi boodatti hafaa namummaa isaanii xureessu irraa bilista'uuf mirgoota qabu.

Walqixxummaan dubartootaa yoo kabajame, guddinaa fi badhaadhina biyyaatiif dhirotaa gadi kan hin taane ga'oo isaanii gumaachuu danda'u. Sababa kanaafis biyya keenyatti misooma ariifachiisuu fi itti fufiinsaan amansiisaa gochuun ni danda'ama. Walaakkaan ummata biyya keenyaa, dubartoonni dhibbantaa shantama. Kanaafuu, sirni mirga lammilee hundaa kabachiisu jira jechuun kan dandaamu mirgi walqixxummaa dubartootaa yoo kabajame qofa. Sirni mirga ummataa walakkaaa ta'u dhiitu yoo jiraate sirni kun gama kamiiniyyuu sirna dimookiraatawaa ta'uun hin danda'u.

Walqixxummaan dubartootaa yoo kabajamu hafe, kan miidhamu dubartoota qofaa osoo hin ta'in hawaasicha mara. Kunis kana ta'uuf walakkaa

humna hawaasichaa (dandeettii fi humna dubartootaa) waan miidhuu fi waan qisaasesuufi. Dimookiraasiidhaan mirga dubartootaa kabajamuun sadarkaa inni qabu hubachuun dhiimma kana araarsuuf (hiikuuf) heericha keessatti dhimma walqixxummaa saalaa irratti xiyyeffannoo guddaan kennemeera.

Bu'uruma kanaan mirgoota dubartootaa heericha keessatti eeraman akka itti aanutti dhiyataniiru.

- A. Mirgootaa fi eegumsa heerichaan mirkanaa'e hunda dhirotaan walqixa itti fayyadamuu.
- B. Qabeenya horachuu, bulchuu, to'achuu, ittifayyadamuu fi dabarsuu.
- C. Hojii walqixaaf walqixa dorgomuu fi kanfaltii walqixa argachuu.
- D. Gaa'ela keessatti dhirota waliin mirga walqixa argachuu fi fedhii ishee qofaan warroomuu.
- E. Gochaa fi barsiifata boodatti hafaa, dubartoota miidhanii fi xureessan irraa bilisa ta'uuf mirga qabaachuu fi kkf.

Waan kana ta'eefis dubartoota gad-aantummaatti kan ilaaluu fi mirgoota isaanii kan miidhu haalli kamiyyuu jiraatu dhalaa, dhiira jechuun osoo adda hin baasin mormuu fi itti qabsaa'uun barbaachisaadha. Dubartoonni mirgoota isaanitti fayyadamuu waldaan gurmaa'u, dhiironnis cinaa isaanii dhaabbachuu deggarsa goch-

uun ilaalchaa fi gocha walqixxummaa dubartootaa mormu irratti waliin qabsaa'uutu eegamu.

**Mirga walqxummaa dubartootaa kabachiisuuf dhiironni itti gaafata-mummaa qabu.**

## Gilgaala 7

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'achuun waliin murtii tokorra ga'aa.**

1. Mirgoota walqixxummaa saalaa yoo jennu dhimmoota maal maal hammata?
2. "Mirga dubartootaa kabachiisuun, mirga hawa-asaa kabachiisuudha." kan jedhameef maa-liif?
3. "Hojii walqixaaf kanfaltii walqixa" yaadni jedhu maal agarsiisa?
4. Hirmaanna dubartootaa malee sochiin misoomaa geggeessamu, "Harka tokko walitti rukutuu yaal-uudha."

### 3.5 Qaama Miidhamtummaa

#### 3.5.1 Mirgoonni Qaama Miidhamtootaa Kabajamuun Bu'aa Inni Qabu



**Fakkii 3.3 Deeggersi barbaachisaan yoo taasifameef qaama miidhamtooti hojii bu'aa qabeessa hojjechu ni danda'u.**

- **Fakkicharraa waan qayyabbattan daree keessanitti hiriyoota kees-satti himaa.**
- **Qaama miidhamtoonni akkuma namoota qaama guutuu gocha kamiyyuu raawwachuu kan danda'an isinitti fakkaatuu?**

### Gaaffii fi Deebii Barataa Biliilaa fi Obbo Zakkaariyaas

**Barataa Biliilaa:** Gaaffii fi deebii kanaaf tole jechuu keessaniif baay'een isin galateeffadha.

**Obbo Zakkaariyaas:** Annis carraa argachuu koof nan galateeffadha.

**Barataa Biliilaa:** Eessatti dhalatan? Haalli isin ittiguddatan hoo?

**Obbo Zakkariyaas:** Bakki dhaloota koo akka maqaa duraatti kutaa biyya Walloo kan jedhamu Mag-aalaa Daseeti. Kanan guddadhes mana haadhaa fi abbaa kootti, obbolaa dhiiraa lamaa fi obboleeyyan dubaraa lama waliini.

**Barataa Biliilaa:** Akkamitti gara kana, bakka ammaa jiraattan dhufuu dandeessan?

**Obbo Zakkaariyaas:** Gara kana kanan dhufe ijoollummaatti akka tasaa balaakonkolaataatiin ergan miila koo lamaan dhabee yeroo yartuu booda, dabdalataan yaalamuun waan narra tureefi. Kana caalaa garuu maatii koos ta'ee hawaasni naannoo ergan miidh-amree booda, ilaalcha isaan naaf qaban yaraa waan tureef haall

rakkisaan na mudhate. Namni kamiyyuu akka na hin arginee fi quba natti hin qabneef jecha ma-na keessa na dhoksaa turan.

**Barataa Biliilaa:** Erga asi dhuftan booda hawaasa biratti qaama miidhamtootaafilaalcha akkamiitu ture?

**Obbo Zakkaariyaas:** Dhugaa dubb-achuuf yoo ta'e, naannoон irraa dhufe caalaa fooyya'aa ta'e hin argine. Bakka hedduutti walfak-kaataadha. Wayita jalqabaa kan ofitti na butu dhabuun balbala bataskaanaa fi daa-ndii cinaa ciisuu dabalatee rakkoo dabarse-era. Kana yommuun siin jedhu gama biroon namoonni gaariin baay'een anaaf gadduun ana gargaaraa akka turan himuun barbaada.

**Barataa Biliilaa:** Wayita ammaa maal hojjetaa jirtu?

**Obbo Zakkaariyaas:** Amma soorama ba'eera. Duraan warshaa shurr-aabaa keessa hojii kutaa oomi-shaa irratti bobba'ee waggoota 30 ol tajaajileera. Maashinoota soc-hoosuu fi suphuu irrattis bobba'ee hojjedheera. Hojii kootiinis baay'isee gammachuu olaanaa argadheera. Hanga humna koo dhama'uу dhiisee osoon hojii tuffadhee kadhachuu filadhe ta'-ee, kana hundaa hin argus hin argadhus ture.

**Barataa Biliilaa:** Isin qaama miidhamoo ta'uun osoo isin hin daangessin hojii ulfaatoon osoo hin hafin hojjechuun bu'a qabeessa taataniittu. Namoota biroo gorsitu.

**Obbo Zakkaariyaas:** Yeroon qacarame osoo hin tuffatin mindaa xiqqoon ture, kadhaa fi harka namaa kaje-eluu irra fooyye qaba jechuun ofii koo amansiiseen dha. Kanaafuu, qaama miidhamaa jechuun kan hojii hin hojenne, kadhataa fi harka namaa ilaaltota jechuu miti. Keessumattuu ofitti amantumm-aa yoo gabbifate, ilaalcha isaa yoo sirreeffate deggarsi yoo godhameef, hojii guddaa dhaloota gargaaru hojjechuu danda'a. Fuuldurattis haalawwan mijawoon dhufuu waan danda'uuf bakka jiraann-utti osoo hojii hin tuffatin hanga dandeettii keenyaa hojjechuu qabna.

**Barataa Biliilaa:** Wayita boqonnaa keessanii hojii maal maal raaw-wattu?

**Obbo Zakkaariyaas:** Ammas taanaan hangan danda'u nan hojjedha. Fakkeenyaaaf boroo kiyya kuduraa nan dhaaba; lukkuu nan horsiisa, wayitan boqonnaa argadhu kitaaboleen dubbisa, ispoortii, keesumattuu istaadiyeemii seenee kubbaa miilaa dabalatee nan hordofa.

**Barataa Biliilaa:** Isinan galatee-ffadha.

**Obbo Zakkaariyaas:** Anis sin galat-eeffadha.

## Gilagaala 8

**Bu'uura gaaffiideebii armaan olitti dhiyaateen gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Jirenya Obbo Zakkaariyaas irraa waan gaarii maal barattan? Hir-iyoota keessaniif ibsaa.
2. Obbo Zakkaariyaas "Qama miidh-amaa jechuun kadhataa fi harka namaa kan kajeelu jechuu miti!" jecdhani yommuu ibsan maal jechuu akka ta'e waan hubbattan irratti mari'adhaa.
3. Obbo Zakkaariyaas, qaamni isaanii kan miidhame sababa maaliin ture? Balaa akkanaa xiqqeessuu fi hambisuuf maal gochuutu isin irraa eegama?

Qaama miidhamtoonni akkuma nama qaama guutuu kamiyyuu hojjetanii jiraachuu, ofijijiiruu, misoomaa fi guddinaaf bu'aa olaanaa buusuu danda'u. Waan kana ta'eef, qaama miidhamt-oonni nama taanii waan dhalatan qofaaf bifa guutuu ta'een mirgoonni namummaa isaanii kabajamuufii mala. Mirgoonni namummaa immoo ga'umsa qaamaa, umrii, eenyummaa fi kkf osoo hin daangessin mirgoota namoota hundaati. Waan kana ta'eef, qaama miidhamtoonni ulfina dhala namaa kamiyyuu qabu. Mirgoonni kunniin guutummaan kabajamuufii qabu.

Mirgoota qaama miidhamtootaa guutummaan kabajuun miira isaan walqixxummaa fi jaalala biyyaaf qaban gabbisa. Miirri walqixxummaa fi jaalala biyyaa isaan qaban yoo cime immoo gumaachi isaan misooma biyyaaf buusan akka guddifatan dand-

eessisa. Kanaafuu, mirgoota qaama miidhamtootaa kabajuu fi kabachiisuuun ittigaafatamummaa lammii hundaat ta'uutu irra jira.

## Gilagaala 9

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Mirgoonni qaama miidhamtootaa guutummaan kabajamuun faayidaalee isaan argamsiisan tarreessaa.
  2. Naannoo keessanitti qaama miidhamtootaaf kunuunsa godhamaa jiran adda baasuun barreeffamaan dhiyeessaa.
  3. Naannoo keessanitti qaama miidhamtoota hojiirratti bobba'an barba-addanii argachuun gaaffi deebii taasisuun,
- A. Hojii akkamii irratti akka bobba'an;  
 B. Haala maatii isaanii;  
 C. Deggarsaa fi kabajamuufiin kan ta'uufii qabu, mirgoota ta'uufii malu ilaachisee barreeffama gabaabaa qopheessuuun daree keessatti dhiyeessaa.

### **3.6 Mirgi Walqixxummaa Amantii Yoo Kabajamu Baate Miidhaa Inni Geessisu**

#### **A. Sadarkaa Nama Dhuunfaatti**

Lammii tokko amantiin ofii isaa hammuma gammachiisu, kan biroos amantii mataa isaatti gammachuu akka argatu beekuutu irra jira. Amantii nama biroo xureessuu dhiisuu fi walqixa akka ta'etti ilaaluun tokkoon tokkoon lammii irraa eegama. Dabalataanis amantii ofiisaa nama biroo irratti humnaan fe'uu yaaluun sirrii akka hin taane hubachuutu barbaachisaadha.

Haata'u malee, lammiin hunduu kana hubachuun mirgoota nama biroo kabajuu fi kabachiisuu mala. Lammiin

tokko amantii ofii isaa qabatee hiriyaan isaa biroo ykn ollaa isaa waliin nagaan jiraachuu danda'a. Garaagarummaan amantii mataan isaa dhimma gara lolaa fi waldhabuutti nama geessu miti. Haata'u malee, hordoftuun amantii tokkoo amantii nama biroo yommuu xureessan, arrabsan akka gadaantummaatti yommuu ilaalanii fi kkf waldhabdee uumu. Kunis gara walitti bu'insaa, mormii fi lolaatti qajeelchuun jirenyaa waliinii namoota dhuunfaa booreessuu danda'a. Waan kana ta'eef, mirga walqixxummaa amantii kabajuu dhabuun namoota dhuunfaafis mii-dhaa olaanaa qaba.

### **B. Sadarkaa Biyyaatti**

Biyya keenya Itoophiyaatti mootummaan amantii waan tureef hordoftoota amantii biroo irratti miidhaa kan dhaqqabsiisee fi walqixxummaan amantii biyyattiitti akka hin mirkanofne kan taasiseedha. Heerri MF-DRI guyyaa mirkanaa'ee eegalee garuu Itoophiyaa keessatti mootummaa fi amantiin adda ba'anii qooda hojii isaanii qabatanii akka socho'an ta'eera. Kanuma ilaachisee heericha keessaa keeyyata 11 irratti

1. Mootummaa fi amantiin garaagara.
2. Mootummaan amantii hin jiraatu.
3. Mootummaan dhimma amantii keessa hin galu. Amantiinis dhimma mootummaa keessaa hin galu jechuun tumameera.

Amantii tokko gofti kan kabajamuu fi olaantummaan kan ilaalamu, amantiin biroommoo kan tuffatamuu fi gad-aantummaatti kan ilaalamu yoo ta'e, mirgoonni lammilee haala guutummaa qabuun raawwatamuu danda'u jec-huun rakkisaadha. Sarbamuun mirgaa, cunqursaa fi loogiin yoo jira-atemmoor lammilee mirga isaanii dhorkamanii taa'uu (callisuu) waan hin dandeenyef, mirga isaaniif jecha gara qabsootti seenu. Haaluma kanaan waraanni walii waliinii ni uumama, nageenyi ummataa ni boora'a. Bakka walitti bu'insii fi waraanni jirutti misoomaa fi badhaadhummaan biyyaa kan hin yaadamne waan ta'uuf, hiyyummaarraa adda ba'un kan hin danda'amne ta'a. Waan kana ta'eef, lammilee ijaarsa dimookiraasi fi sochii misoomaa keessatti hirmaannaa olaanaa akka taasisaniif walqixxummaan amantii kabajamuu mala.

### Gilgaala 10

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Mirgi walqixxummaa amantii yoo kabajamuu hafe dhuunfaattis ta'ee sadarkaa biyyaatti miidhaa maalii geessisa?
2. Mootummaa fi amantiin tokko kan biroo keessa yoo seenuu baate faayidaa maalii kenna?

## Cuunfaa Boqonnichaa

Mirgoonni walqixxummaa beekamtii argachuu fi kabajamuun sirna dimo- okiraasichaa cimsuuf dhimma furtuu- dha. Saboонни, sablammoonni fi umm- attoонни biyya keenyatti argaman mirgoонни isaanii kabajamuun walq- ixxummaa isaanii mirkaneeffachuuf dandeessisa. Kakuu ittiin bultoomaa kan ta'e bu'uura heeraatiin mirgoонни walqixxummaatti mirkanaa'uun waliin tokkummaauumuun waldanda'anii jiraachuu dandeessisa. Rakkolee fi waldhabdeen yommuu uumamu karaa nagaa hiikuu danda'uiirayyuu miso- oma naannoo isaaniitti dammaqinaan hirmaattota akka ta'an haala mijawaa uuma.

Sirnoota darban keessatti afaan, amantiwwanii fi ibsitoota aadaa biroo sabootaa, sablammootaa fi umma- ttootaa kan isa tokkoo akka olaan- aatti, kan biroo akka gadaanaatti ilaaluun kan tureedha. Haata'u malee, sirni dimookiraasii biyya keenyatti ijaaramaa jiru ibsitooni aadaa umm- ataa heericha irratti beekamtii argat- aniiru. Lammuin biyya keenyaa kamiyyuu afaan isaatti gargaaramu; amantii ofii isaa hordofuuf mirga qaba. Kana cinaattis afaanota, amantiwwanii fi ibsitoota aadaa kan namoota biroos haala seera qabeessa ta'een kabajuun dirqama lammii hundaati. Kana yoo ta'u abdiin misoomaa fi badhaa-dhu- mmaan ummattootaa ifaa ta'a.

Sirnoota siyaasaa Itoophiyaa kanneen duraa keessatti dhiironni ol-aant- ummaatti, dubartoonni gad-aantum- maatti ilaalamaa turan. Haata'u malee, kun dimookiraatawaa kan hin taane ilaalchi gartummaa fi jibbisiisan kun yeroo ammaa fooyya'aa dhufuu irratti argama. Kun kan ta'eefis biyya keenyatti mirga nama hundaaf beekamtii kan kenne heerri dimookiraatawaan mirkanaa'ee hojii irratti waan argamuufi. Waan kana ta'eef, "Dubartoonni dhiirotaan walqixa mirgaa fi kabaja guutuu qabu!" yaadni jedhu hawaasa keessatti hubannoo baldhifachaa dhu- feera. Haata'uutti ammas taanaan mirgoota walqixxummaa dubartootaa guutummaadhaan kabachiisuf dubar- toota, dhiirota, hawaasaa fi waliigalatti mootummaa irraa gargaarsi godhamu cimee itti fufuu qaba.

Qaama miidhamtooni mirgootaa fi bilisummaa dhalli namaa kamiyyuu qabu hundaa argachuu qabu. Kanaaf mirgoонни namummaa fi bilisummaan isaanii guutummaatti kabajamuu ma- la.

Mirgoонни namummaa fi bilisummaan isaanii yoo kabajameef, qaama miidhamtooni akkkuma nama tokkoo hoijetanii jiraachuu, jirenya isaanii fooyyessuu, misoomaa fi guddina biyy- aaf gumaacha olaanaa gochuu dan- da'u. Waan kana ta'eef, mirgoонни qaa- ma miidhamtootaa guutummaatti akka kabajaman gochuun ittigaafatamum- maa lammii hundaati.

## **JECHOOTA FURTUU**

**Bulchiinsa:** Bakka bu'aa ummata naannoo tokkoo ykn qaama bulchu

**Faayidaa :** Bu'aa, gumaacha

**Shoora:** Gahee

**Kadhattuu:** Gargaaramtuu, harka namaa kan eeggattu

## Gaaffilee Keessa Deebii

### I. *Gaaffilee gadii dubbisuun sirrii kan ta'an "dhugaa", dogoggora kan ta'an "soba" jechuun deebisaa.*

1. Kabajamuun mirga ofiin of-bulchuu sabootaa, sablamootaa fi ummatootaa ibsituu sirna dimookiraatawaa isa guddaa dha.
2. Ummatoonni misooma naannoo fi biyyaarraa walqixxummaan yoo fayyadamuu dhabaniyyuu, fedhii isaanii guutuun ummatoota biroo waliin tokkummaan jiraachuu filatu.
3. Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaatti dubartiin qabeenya/ horata horachuu fi abbummaa qabaachuu , dabarsuu fi dhaalchisuuf mirga qabdi.
4. Mirgi walqixxummaa dubartootaa kabajamuu dhabuun kan dubartoota qofa miidhuudha.
5. Mirgoota qaama miidhamtootaa guutummaan kabajuun walqixxummaa fi miira jaalala biyyaa hir'isa.

### II. *Roga "A" jalatti kan tarreffaman, roga "B" waliin walitti firoomsaa.*

#### A

- 1.Bu'aa fi dirqama walqixa hirmaachuun jiraachuu
- 2.Lolaa fi walirraa fagaachuu kan uumu
- 3.Ummata naannoo tokkoo kan geggeessu

#### B

- A. Bulchiinsa
- B. Walqixxummaan fayyadamuu dhabuu
- C. Bu'uura tokkummaa

### III. *Bakka duwwaa armaan gadii "jecha" ykn "gaalee" sirrii ta'een guutaa.*

1. Sirni Federaalawaa Itoophiyaa miseensa mootummoota naannolee \_\_\_\_\_ qaba.
2. Garaagarummaa fi walta'insi tokkummaan sabootaa, sablamootaa fi ummatoota biyya keenyaaf \_\_\_\_\_ dha.

### IV. *Gaffilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.*

1. Saboонни, sablammoonnii fi ummattoonni ofiin of bulchuu irraa faayidaa isaan argatan keessatti kan hin hammatamne isa kami?
  - A. Hiree ofii ofiin murteeffachuu fi mirga mootummaa ofii hundeessuu.
  - B. Olaantummaa fi gad-aantummaa jedhamee hacuucamuu fi jibbiinsa.
  - C. Fedhii isaanii qofaan akka barbaadan murteessuu.
  - D. Nagaa, misoomaa fi walkabajanii jiraachuu

2. Kanneen armaan gadii keessaa sababa mirga walqixa fayyadamuu dhabamuun rakkoon uumamu:
  - A. Hiyyummaa fi boodatti hafummaadha.
  - B. Waldhabiinsaa fi waraana.
  - C. Guddinaan boodatti harkifamuudha.
  - D. Hunduu deebii ta'u.
3. Kanneen kanatti aananii dhiyaatan keessaa himni sirrii hin taane isa kami?
  - A. Yaad-bu'uura waldanda'uu fi walii yaaduu ummanni walqixxummaan qabaachuun bu'aa guddaa qaba.
  - B. Biyya walqixxummaan hin jirretti nageenyii fi misoomni jiraachuu ni danda'u.
  - C. Tokkummaa ummataa amansiisaa ta'ee fi ittifufiinsa qabu akka dhufu yoo barbaadame mirga walqixaan fayyadamuu kabajuun dirqama ta'a.
  - D. Amantii tokko akka olaanaatti, kan biroo immoo akka gad-aanaatti kan jedhu jiraachuu hin qabu.
4. Mirga dubartootaa ilaalchisee yaadni dogoggoraan isa kami?
  - A. Dubartiin heerumtes kan hin heerumnes mirga walqixa qabdi.
  - B. Walakkaan ummata biyya keenyaa dubartoota.
  - C. Mirga walqixxummaa dubartootaa kabachiisuuf dhiironni ittgaafatamummaa hin qaban.
  - D. Mirga dubartootaa kabachiisuun mirga hawaasaa kabachiisuudha.
5. Mirgoota qaama miidhamtootaa kabajamuun bu'aa inni kenuu,
  - A. Loogii qaama miidhamtoтарра ga'u hambisuuf gargaara.
  - B. Miira gargaaramtummaa fi eeggattummaa irraa bilisa akka ta'an taasisa.
  - C. Miira walqixxummaa fi jaalala biyyaa guddifachuun misooma ariifachiisa.
  - D. Hunduu sirriidha.

#### **V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Heera MFDRI keessatti kan tumaman mirgoota saboota, sablamootaa fi ummatootaa tarreessaa.
2. Walqixxummaan saalaa dhimmoota maalfaa hammata?
3. Mirgoonni qaama miidhamtootaa akka kabajamuuf sirraa maaltu eegama? Hawaasaa fi mootummaarraa hoo?

# BOQONNAA AFUR

## HAQUMMAA

### Kaayyoolee Boqonnichaaa

#### Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Hojimaanni loogii baduu akka qaban ni hubatta.
- Hanqinni haqummaa rakkoo inni fidu ni beekta.
- Hojimmaataa qaamaan haqaa ni hubatta.
- Lammileen hundi tajaajila hawaasummaatti haqaan fayyadamuu akka qaban ni hubatta.
- Sadarkaa biyyaatti faayidaa gibiraan ni hubatta.

### 4.1 Loogumma

#### 4.1.1 Hojimaanni Loogummaa Karaa Ittiin Baduu Danda'u

- **Bakka adda addaatti hojimaata loogummaa raawwataman akkamitti ittisuun danda'ama?**

#### Shoolee Meedaan Eenyuufi?

Yeroo dhiyootii as jiraattonni shoolee meedaa dhaabbata nannoo saanitti hundeffameen rakkoon dacha dachaan irra gahaa jira. Rakkoo isaanii jaarmiyaa haqaa dhimmi kun ilaaliatutti yoo beksisanniyuu qaamni rakkoo isaaniif furmaata argachuun hafee qaamni xiyyeefannaa itti kenne

hin jiru. Rakkoo jirenya isaaniirra gaheef sababni guddaan bu'uura jirenya isaanii kan ta'e Shoolee Meedaan to'annoo nama dhuunfaa jala galuu isaati. Shoolee Meedaan bakka nyaanni horii yookiin okaan haamamu, bishaan dhugaatii burquu fi oomishni kuduraa waggaan waggaan bakka funaanamu naannoo lalisaadha. Jiraattonni gurma'anii karaa seera qabeessa ta'een misoomsuuf deddeebi'anii gaaffii dhiyeessaniif deebpii osoo hin argatiin haala qajeelfamaa fi dambii cabseen haala loogummaa qabuun namni dhuunfaan kun mooraa itti naanneesee ijaaruun isaa baay'ee isaanii gaddisiiseera. "Cophxoo irratti fanxoo" akkuma jedhamu hawaasa kana garmalee kan dheekamsiise suuta suutaan bakka jirenya isaaniirraa kaasuuf sadoon hojjetama jiraachuu isaa beeckuu isaaniiti. "Ani biyyaa fi ummataaf jedheen maallaqa kanan dhangalaasu. Kanaafuu, eenyuyyuu natti dubbac-huun hin ta'uuf" kan jedhu abbaan qabeenyaa qaamolee haqaa naannoo waliin faayidaan kan walitti hidhatan ta'uun ni dubbatama.

## Gilgaala 1

### Rakkinicha dhabamsiisuuf jiraatoota

muraasaan filannoowwan dhiyaatan ilaalaatii gaaffilee armaan gaditti tarreefaman deebisaa.

**Obbo Ingidaawu:** Nuyi rakkoo keenya qaamolee haqaa naannoo keenyatti dhiyeeffannus furmaata argachuu hin dandeenye. Garafuulduraattis dhimmicha qaamolee haqaa olaanaatti dhiyeeffannus kanarraa murtii adda ta'e kan argannu natti hin fakkaatu. Bu'aan isaa akkasumaan dhama'uu fi olii fi gad qabamuudha. Akkuma inni numiidhe nutis haaloo baana.

**Obbo Ojuluu:** Lakkii akkas miti; kan wayyu qarshii baasnee qaamolee haqaa olaanaaf matta'aa kennudha. Kanas kan haala mijessu haa barbaannu. Kana gochuu yoo dadhabne adabannee taa'uu fi kan dhufu eeggachuu nuu wayyaa.

**Aadde Makkiyaa:** Yeroodhaaf yoo milkaahuu baatellee rakkicha jaarmiyaa haqaa adda addaatti beeksisaa jirra. Ammas taanaan abdii osoo hin kutatiin qaama haqaa olaanatti beeksisuu qabna. Kanaaf maallaqni, humnii fi yeroon badu nu aaarsuu hinqabu. Kana yoo gochuudhaa baan-ne garuu nurras ta'e kan biroorratti miidhaan kannarra hammaatu ni gaha.

**Obbo Baabuloo:** Homaa miti rakkoon nurra gahaa jiru; abbaan qabeenyaa ifaan akka nu gargaaru haagoonu. Takkaa walgeenyee mariisisuuf haayaallu. Innis sammuu qaba. Kana booda akka dhuunfaattis ta'e gareedhaan tarkaanfii fudhannu murteesina.

### Filannoowwan armaan olitti dhiyat tan keessaa,

1. Karaa sirriidha kan jettaan isa /isaan kam isinitti fakkaata? Sababa isaa ibsaa.
2. Filannoon sirrii hin taanehoo? Maaliif sirrii akka hin taane ibsa kennaa.
3. Filannoo isaan kamitu nageenyaaf, haqaa fi badhaadhinaf faayidaa qabu? Akkamiin?

Hojimaata loogummaa hawaasa keessatti raawwatan ittisuuf lammileerra ittigaafatamummaa olaanaan jira. Karaa kana ittigaafatamtoonni, hojjetttonni fi hawaasichi ittigaafatamummaa bahachuu qaban keessaa kanneen armaan gadii ni eeramu.

### Ittigaafatamummaa Gaggeessitoota Hojji fi Hojjetootaa

**Seeraan qofa hojjechuu:** Qondaalttonni mootummaa fi hojjettoonni seera kan kabajanii fi seeraaf kan bitaman ta'uu qabu. Aangoo isaaniif kenname tajaajila hojji isaaniif oolchuu malee aangoo daangaa malee ittifayyadamuun isaaniif hin

ta'u. Gochaawwan akka kanaa hojimaata loogiif sababoota olaanaadha. Kanaaf, ittigaafatamummaa isaanii yennaa bahatan haala seeroota dambiilee fi qajeelfamoota bu'urra godhateen ta'uu qaba. Dabalataanis, hojjettoonni fi hoggantoonni mana hojii seerri otoo cabuu arganii callisuudhaan darbuu hin qaban. Hanga danda'ametti rakkicha qaama ilaallatutti beeksisuu qabu.

### ***Garaa qulqulluu fi amanamum-***

maan hojii isaanii raawwachuu: Hojimaata loogii kan ittisan keessaa qulqullummaa fi amanamummaan dursanii eeramu. Qulqullummaan ejjennoo hin raafamneen, haqummaadhaan gocha dhugaa ta'aniin ibsama. Bu'uura kanaan hojjettoonni hundi humna isaanii hojiif kan oolchan, hojii isaanii kan jaallatan, ittigaafatamummaa isaanii ga'umsaa fi qulqullinaan kan raawwatan ta'uu qabu. Biyya isaanii, hojii isaanii fi tajaajila-mtootaaf kan amanamanuu fi jecha isaanii kan kabajan ta'uu qabu.

***Lammilee walqixa ilaaluu:*** Loogii balleessuuf yaadbu'uuraalee hojjettoonni hojiirra oolchuu qaban keessaa tokko lammilee ija tokkoon ilaaluudha. Namoota walqixa ilaaluu jechuun loogii gochuu dhiisuu, yookiin namoota gidduutti garaag-

arummaa uumuu dhiisuu jechuudha.

### **Gilgaala 2**

#### **Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Hojjettoonni mootummaa hawaasaaf tajaajila barbaachisaa ta'e kennuuf amala gaarii hor-dofuu qaban tarreessaa.
2. Maatii keessan gaafadhaatii mana hojii mootummaa naannoo keessanitti argamu keessaa kenninsa tajaajila walqabateen rakko-olee mul'atan tarreessaa.

### **4.2 Haqummaan Dhabamuu**

#### **4.2.1 Haqummaan Dhabamuun Dhibbaa Inni Ijaarsa Sirna Dimookiraasii fi Misooma Irratti Qabu**

Sadarkaa biyyooleessaatti haqummaan dhabamuun rakkoo inni geessisuu danda'a jettu tarreessi.

"Shoolee Meedaan haqummaa jal'ise, ummannis miidhame." Haqummaan Shoolee Meedaatti jal'ate rakkolee hawaasummaa fi dinagdee adda addaa geessisuun isaa hin hafne.

Akka fakkeenyaatti dhangala'aa fi xiraa'aan bakka kana keessaa yaa'u fayyaa hawaasichaa jeequu fi beeladoota irratti rakkoo geessiseera. Kana caalaas, oomishinni beeladarraa fi fuduraarraa argamu daraan waan hir'ateef bu'urri jirenya hawaasichaa jeeqameera. Hanqinni oomisha beeldaa fi fuduraa waan uumameef, naannoo isaaniirratti gatiin dabala jira. Kanarraa kan ka'e qaamni hawaasichaa naannoo kan jiraatu rakkichaa quodd-

achaa jira. Loogiin gochaa qaamolee haqaan raawatame ummata baay'ee gaddisiiseera. Amantaan hawaasichi jaarmiyaalee mootummaarratti qabu daran hirdhateera.

Ummatichi akka duraanii ergaa jaarmiyaalee mootummaatiin darbu fudha-chuuufis ta'e dhaggeeffachuuf fedhii guddaa hin qabu. Seera kabajuun, seeraaf bitamuun laafaa jira. Nagaa fi tasgabbiin naannoorraa fagaateera. Namoonni tokko tokko "Seerri waan hin jirreef waan barbaanne humnaan kabachiifanna" hanga jechuutti gahan-iiru.

### Gilgaala 3

**Dubbisa armaan oliiratti hundaahuudhaan gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Sababa hojii loogii Shoolee Meedaatti mul-dhateen rakkolee dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa mudachuu danda'u jettan tarree-ssaa.
2. Jiraattonni rakkoo qaama olaanaaf dhiy-eeffatanii furmaata yoo dhaban maal gochuu qabu? Miidhaa akkamiitu mudachuu danda'a?

### **Hir'inni Haqummaa Rakkowwaan Armaan Gadii Geessisa. Sirna dimookiraasirratti amantii dhabuu:**

Ummaticha kan miidhan dhabiinsi haqummaa baay'een kan raawwataman jaarmiyaa mootummaa keessatti. Naannoolee kanatti hojiin loogummaa raawwatamu utubaa dimokiraasii isaan gurguddoo ta'an, haqummaa, olantuuma seeraa fi hojimaata walqixummaa laaffisu. Loogiidhaan kan

raawwataman sarbamuu mirgaa, lammileen mootummaa iaaniirratti amantaa akka hin godhanne sir-nicharratti akka ka'u fi jeequmsi akka babal'atuuf sababa ta'a.

Hir'inni haqummaa mirga lammilee hojii misoomaarratti walabaa fi walqixxummaan hirmaachuu waan gufachiisuuuf miidhaa inni guddina misooma biyyaarratti geessisu hamaadha.

Gahee lammummaa bahachuuf fedhii dhabuu hojimaanni haqaa dha bamuuun gocha lo ogii babal'isuuf sababa guddaadha. Kanarraa kan ka'e, biyyi kan hawaasaa osoo hin ta'in kan namoota muraasa filatamoo ta'an qofti akka keessa jiraatanitti fudhatama. Kanaaf ummanni baay'een alagummaa fi miira adda of baasuu waan itti dhagahamuuf biyya isaaniif kakka'umsaan gahee isaanii gumachuu hin qabani. Kana malees, hawaasicha keessa miira maaltu nagalchee fi maal nadhibee akka babal'atuuf sababa guddaa ta'a. Kunis sirni dimookir-aasichaa akka hin guddatneefi bulchiinsi gaariin akka hin dhugoomne taasisa. Kuni immoo biyyaa fi ummata miidha.

### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Haqummaan hir'achuun rakkoo inni geessisa jettan tarreessaa.
2. Dhaabbata naanno keessanitti argaman keessaa hir'inni haqummaa olaanaan keessatti mul'ata kan jettan adda baasuun rakkoo inni geessisu eeraa. Qaphxiilee ka'umsa rakk-inichaati jettan tarreessaa.

## 4.3 Qaamolee Haqaa

### 4.3.1 Hojimaata Qaamolee Haqaa



*Fakkii 4.1 Manneen murtii haqa mirk-aneessuu keessatti shoora olaanaa taphatu*

#### • Hojimaanni qaamolee haqaa maal ta'uu qaba jettu?

Manneen murtii hojiimaata haqaa mirkaneessuuuf ittigaafatmummaa olaanaa akkasumas aangoo gabu. Manneen murtii adeemsa haqummaa mirkaneessuu keessatti ittigaafatamummaa itti kennae gahumsaan bahachuu kan danda'an yaadolee bu'uuraa arm-aan gadii yoo hordofanidha. Isaan keessaas walabummaa abbaaseerummaa fi qaama kamirraayyuu walaba ta'uu danda'uu kan jedhanidha.

**Walabummaa abbaa seeraa manneen murtii:** Manneen murtii yeroo murtii kennan dhiibbaa qaama kamirraayyuu walaba ta'uu qabu. Hojimaata manneen murtii keessa een-

yuyyuu seenuu hin qabu. Yaada biraatiin abbootiin seeraa seerarraa kan hafe karaa kan bira qajeelfamuu hin qaban. Kanaafuu, adeemsa murtii haqaa kamiyyuu keessatti manneen murtii walabummaan jaarmiyaa isaanii kan kabajame ta'uu qaba. Manneen murtii kana kan mirkaneessu hoji-imaata abbaaseeraa yoo hordofan, adeemsi sirni haqummaa kan sirraahe taha jechuudha.

Haqummaa kennuun aantummaa garree irraa kan qulqullaa'e ta'uu qaba.

Manneen murtii adeemsa murtii kennuun isaanii keessatti lammilee gidduutti jiru gargaartummaa uumuu hin qaban. Abbaa aango olaanaas ta'e lammuin kamiyyuu seera fuuldurratti walqixa waan ta'aniif hojiimaata kana qabatamaa taasisuu qabu. Manneen murtii garummaa siyaasaa, sanyii, afaan, amantii fi kkf irraa fagaachuu qabu. Murtii yeroo kennan seeraa fi dambii akkasumas naamusa hojii bu'uura godhachuun ta'uu qaba.

Gama kanaan heerri Mootummaa Federaalaa walabummaa abbaa-seeraa haala armaan gadiitti ibsa.

"Federaalattis ta'e Naannootti aangoon abbaaseerummaa kan mana murtii qofaadha. Sadarkaa kamittuu kan argamu abbaan seeraa qaama mootummaa kamirraayyuu qaama aangoo kamirraas ta'e dhibbaa qaama kan birooraa walaba. Abbootiin seeraa hojii abbaaseerummaa isaanii walabummaa guutuun raawwatu. Seerarraa kan hafe haala kan biraan hin qajeelfamani. (Keeyyata 79)

## Gilgaala 5

Hojimaata manneen murtii lamaan armaan gadirratti hundaahudhaan gaafilee jalatti tarreeffaman gaaffilee deebsaa.

Mana Murtii A	Mana Murtii B
<ul style="list-style-type: none"> <li>Murtii osoo hin kennin duraa ogeesota adda addaa fi abbootii amantiirra yaada fudhata.</li> <li>Yeroo barbaachisaa ta'u ajaja hooggantoota siyaasaa ni eega.</li> <li>Murtiin kan kennamu abbootii seeraa muraasa hawaasaan filataman qofaani.</li> <li>Gochaa seeraan alaa adda addaa waldan deessisuun furmaata kenna.</li> <li>Lammileen murtii kenname fudhachuuf ni dirqamu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Qajeelfamaa fi dambiilee hubatee hojjeta.</li> <li>Abbootii seeraa ogummaa sanaan leenjifamaniin murtiin kennama.</li> <li>Ragaa fi dhuga baatota hordofa.</li> <li>Naaf haagaluu fi mormii dhagaha.</li> <li>To'annaa seeraa jala kan jiraniif pirezidaantiin biyyatti dhiifama godhu.</li> <li>Gochaawwan yakkaa jedhamanii seera yakkaa biyyattiitiin murtaahan mad-aalee murtii kenna.</li> </ul>

1. Mana murtii kam keessatti walabummaan abbaan seeraa kan mul-dhatu? Walabummaan abbaa seeraa manni murtiin keessatti hin mul-dhanne isa kamidha? Akkamiin?
2. Mana murtii isa kamtu sirna dimookiraasii fi guddina biyyaaf fayyada jettu?

### 4.3.2 Mirga Haqa Argachuu

- Hojimaata qaamolee haqaa haqa-qabeessa gochuu keessatti, lammileen shoora akkamii bahachu qabu jettu?**

Haqummaa kabachiisuu keessatti gaheen mootummaa olaanaa akka ta'e beekamaadha. Gamakanaan mootummaan seera baasa. Qaamolee haqaa ni

hundeessa. Ogeeyyi barbaachisoo ta'an ni ramada, hojimaata isaaniis ni hordofa. Haata'u malee, kana hundumaan yoo godheyuu hojimaanni qamaan haqaa hirmaanna hawaasa si'aayina qabuun yoo hin deeggaramne bu'aa hin qabu.

Adeemsa haqummaa mirkaneessuu keessatti gaheen lammileen qaban maali? yaada jedhu haala barbaachisaa ta'een hubachuun barbaachisaadha. Walumaagalatti, lammileen haqummaa mirkaneessuu keessatti shoora gumaachaa keessaa kanneen armaan gadii kan eeramanidha.

**Haqa sirrii argachuuf qabsaahuu:** Jaarmiyaaleen sirna dimookiraasii

ummata tajaajiluuf kan hundeffam-anidha. Kanaaf lammileen yeroo kamittis ta'e bakka fedhetti waliin dha-hiinsi haqaa yoo isaan mudatu call-isanii ilaaluu hin qabani. Mirgi yeroo sarbam carraa isaanii yookiin Rabbiin hadheeffachuu osoo hin ta'iin qaamni mirga sarbe hojiimaata isaa akka sir-reessuu fi sarbamiinsa mirgaa akka hanbisuuf falmuu, qabsaahuu, osoo hin nuffiin irra deddeebi'uun gaafachuu, karaa nagaa dhiibbaa gochuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaaf qaama mirga dhiitee fi gochaa isaa karaa sabqunnamtii ummataa akka dubbatamu gochuun, karaa qaamni balleessaa raawwate akka sirraahuu tti taasifamuudha.

***Haqummaan yeroo dabu seeraan kabachiisuu:*** Dhuunfaadhaan yaaliin mirga kabachiifachuu galma gahuu yoo baate, lammileen mirga dhaban yookin dhiibbaan irra gahe qarshiin yookin fira fi kan kana fakkaataniin kabachiifachuu yaalii gochuun hin qaban. Haqa dabe sirreessuuf qaamolee haqaa dhimmichi ilaallatutti beeksisu, iyyannoo dhiyyeefachuu, akkasumas naaf haagaluu haqarratti hundaa'e seeraan dhiyeeffayyachuun irraa eegama. Adeemsi seeraan furmaata barbaaduu yoomiyuu filatamaa fi bu'a qabeeessa ta'uu isaa hubachuun barbaac-his-aadha.

## Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Bakkee addaa addatti haqni yeroo dabu tarkaanfii fudhachuu dand-eessan ibsaa.
2. Manneen murtii dhiibbaa qaama kamirraayyuu bilisa ta'uun isaanii bu'aanii qabu tarreessaa.
3. Walabummaa abbaa seerummaa jechuun maal jechuudha?

### 4.4 Taajaajila Hawaasummaa

#### 4.4.1 Tajaajila Hawaasummaa fi Barbaachis-ummaa Isaanii

- **Tajaajilli hawaasummaa ummataaf faayidaa akkamii kenna?**

#### Hawaasa Waanzaa fi Dhaabbilee Hawaasummaa

Hawaasni Waanzaa yeroo adda addaatti naannoo isaaniitti ijaaramuuf kan yaalaman dhaabbileen tajaajila hawaasummaa kennan gufachaa turaniiru. Dhaabbilee hawaasummaa hundeffamanii turanis taaanaan tajaajila kennaa hin turre. Hawaasichi manni barumsaa ijoollee keenya amala balleessa, aadaa keenyaa xureessa jechuun tajaajila hawaasummaratti jibba gud-daa qabu. Manni yaalaa hammayyaan sanyii keenya balleessuuf yaalii taasifamuudha jedhanii amanu.

Karaa fi bu'uuraaleen misoomaa yoo diriiran jireenyi ni qaalah, aadaan walgargaarsaa qabnu ni badu jedhu tarani. Ilaalcha kanarraan kan ka'e hawaasichi yeroo dheeraaf hawaasa kan biroo biraa gara boodaatti kan hafan turani. Yeroo booda garuu jij-

iiramaa fi guddina naannoo birootti dhufe arganii gaabbuu jalqabaniiru. Hawaasni kan biroo fayyaan isaanii kan eegame, ijoolleen isaanii baratanii itti gaafatamummaa guddaarratti yogguu ramadaman, isaan garuu dhukkubaan guddisanii rakkachaa, ijoolleen isaanii kan hin barrannee fi ittigaafatamummaa waa'ee baasurratti kan hin ramadamne ta'uun isaanii isaan yellaasisaa dhuufeera.

Naannoo isaaniiti tajaajilli karaa bishaanii, ibsaa fi kan kana fakkaatan dhibamuun isaa yeroodhaa gara yerootti itti dhagahamaa dhufe. Hawaasni Waanzaa dhimmoota kanneen irratti mari'achaa jiru. Maal gochuuf yaadaniiti ta'a?

## Gilgaala 7

### Akka dubbisichaatti gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Tajaajilli hawaasummaa, hawaasa guddisuuf faayidaa isaan qaban tarreessaa.
2. Dhaabbilee hawaasummaa babal'is-uu irratti haallan gufuu ta'an tarreessaa.

Dhaabbileen tajaajila fayyaa, barnootaa, qonnaa fi kan biroo dhiyeessan, dhaabbilee tajaajila hawaasummaa kennan jedhamanii beekamu. Dhaabbileen kunniin mootummaadhaan yookin hawaasaan kan ijaaraman yoo ta'u, bilisaan yookin gatii xiqlaatiin hawaasaaf tajaajila kennu. Dhaabbileen hawaasummaa guddina hawaasaaf barbaachisaa fi dhimmoota bu'uuraati.

Dhaabbileen hawaasummaa fayyaa fi jirenya hawaasaa foyyeessuudhaan guddina biyyaaf shoora guddaa gum-aachu. Fakkeenyaaaf barnoonni lamm-iilee wallaalammaa fi boodatti hafii-nsarrraa gadhiisisuun meeshaa gud-dinaa kan ta'e lammii barate horachuuf dandeessisa. Akkasumas dhaabbileen fayyaa haala gahaa ta'een yoo babal'-atan lammii fayya-qabeessa ta'ee fi oomishuu danda'u horachuun danda'ama.

### 4.4.2 Tajaajila Hawaasummaa Haqaan Kenuun Faayidaa Inni Qabu

- **Naannoo keessanitti tajaajilli hawaasummaa kennamu loogii irraa kan qulqullaa'ee?**

### Yaadbu'ura Kenninsa Tajaajilaa

Hawaasni Waanzaa barbaachisummaa fi faayidaa tajaajila hawaasummaa haalaan hubate. Dhaabbilee ijaaruuf ittigaafatamummaa adda addaarra kan jiran qaamni hawaasichaa hawaasa barsiisuu fi amansiisuun hojji hojjetani. Dabalataanis dhaabbileen hawaasummaa danbii ittiin hooganaman qopheessani. Hawaasichis akka beeku taasifame. Dambiilee kana keessaa dhaabbileen kuni hawaasicha gara-agartummaa tokko malee walqixaa fi loogii malee akka keessummeessu kan jedhu keessatti argama. Kanatti dabalees sadarkaa jalqabaarratti kan ijaaraman bakka ummanni baay'een jiratuu fi bakka giddugaleessatti akka ta'u murtaahe. Suuta suutaanis dha-

abbilee kanneen hojiin naannoo bir-ootti babal'isuu akka hojjetaman waliigalme. Yeroodhaaf tooftaan tajaajilli sirriin ittiin walga'u bahe. Dhuma irrattis gaaffiin deebii hatattamaa barbaachisu dhiyaate. Kunis, "Dhaabbilee tajaajila kennan hojjechuun ittigaafatamummaan isaa kan eenyuti?" kan jedhu ture.

## Gilgaala 8

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Oduu armaan olii keessaa hoj-imaata haqaqabeessa tarreessaa.
2. Hojimaanni loogii irraa qulqullaa'e maal fayyada?
3. Taajajila hawaasummaa hundumaaf loogii malee kenuun faayidaa inni kenu tareessaa.

Lammileen tajaajila barbaachisaa ta'e argachuu kan danda'an dhaabbilee tajaajila hawaasummaa keessatti hojimaanni loogiirraa bilisa ta'e yoo mirkanaa'edha.

Kenninsi tajaajilaa loogiirraa qulqullaah muldhistuu sirna dimookirasii kan akka mirga wal qixxummaa mirkaneessa. Haala kanaan olaantummaan lammileen fi miira quuqamuu dagaagsa. Hojimaanni loogiirraa qulqullaah mootummaa fi ummata walitti dhiyeessuun sirna dimookiraasii ni dagaagsa.

### 4.4.3 Mootummaa fi Hawaasni Taajaajila Hawaasummaa Walin Gahuu Irratti Shoora Isaan Qaban

- **Shoorri mootummaa fi lammileen tajaajila hawaasummaa walin gahuu irratti qaban maali?**

### Goondaan Walqabattee Laga Ceeti

Hawaasni Waanzaa yaada ittigaafatamummaan dhaabbilee hawaasummaa babal'isuu kan eenyuu ta'u qaba jedhurratti falmii keessa galuun kan hafe miti. Namoonni tokko tokko "Itti gaafatamummaan dhaabbilee kana babal'isuu kan mootummaa ta'u qaba. Mootummaan hanga yoonaatti naannoo keenyatti hojii kana jedhamu waan hin hojjetneef, ittigaafatamummaa kana fudhachuun isaaf ta'a" yaada jedhu qabu.

Karaa bira garuu ittigaafatamummaa tajaajila hawaasummaa guddaa akka qabu ni beekama. Haata'u malee, nuyiis hirmaannaa si'aayina qabu maallaqaan, humnaa fi meeshaadhaan deegarsa keenya gumaachuu qaba," yaadni jedhu deegarsa namoota baay'ee argate. Hojichaaf deegarsa adda addaa walitti qabuuf sagantaa diriisuuf walii galan. Kanas kan hojjetu koreen hundeffame. Kanaan deeggarsa walini fi walgargaaruun wagaa muraasa keessatti naannoo isaaniitti manneen barnootaa, kilinikni ijaarame, karaa fi sararri bilbilaa diriirfame. Hawaasichis dhaabbilee kanarraa tajaajila argachuu danda'e. Jirenya fooya'aa jiraachuuf

faayidaa dhaabbileen hawasummaa qaban haalaan hubatan.

## Gilgaala 9

**Gaaffilee araan gadii deebisaa.**

1. Dubbisicha keessatti ilaalcha lama mul'atan keessaanisa kam deegartu? Maaliif?
2. Ijaarsa dhaabbilee tajaajila hawaasummaa keessatti faayidaa hirmaannaan hawaasummaa qabu tarreessaa.

Tajaajila hawaasummaa babal'isuuf qaamolee ittigaafatatumummaa olaanaa qaban keessaan mootummaan adda durummaadhaan waamama. Fedhii meeshaa fi afuuraa ummataa guutuuf Mootummaan dirqama qaba. Haata'u malee,mootummaan qoofaa isaatti hojii kana hundaa babal'isuufi ijaaruu hin danda'u. Sochiin mootummaa hirmaanna hawaasaa si'aayina qabuun deegaramuu qaba. Kanaaf dhaabbilee kana babal'isuu keessatti hawaasichi dhuunfaanis ta'e gareedhaan deegarsa humnaa, maallaqaa fi kanneen kana fakkaataniin taasisuuf ittigaafatatumummaa qaba.

### **Hojii Garee**

*Dhaabbilee hawaasummaa naannoo keessanitti argamanirratti xiyyeefac-huun qabxiilee araan gadiirratti daree keessaniif gabaasa dhiyyeessaa.*

- A. Dhaabbilee hawaasummaa barbaachisoodha jettan
- B. Hojicharratti qaama hirmaachuu danda'an
- C. Dalagaalee hojjechuu danda'an

## 4.5 Gibira

- **Gibirri guddina dinagdee biyyaa-rratti gaheen inni gumaachu maali?**

### **Sagantaa marii Gumii Lammummaa fi Amala Gaarii Iwuqet Faanaa**

Gumiin Lammummaa fi Amala Gaarii Mana Barumsaa Iwuqet Faanaa dalagaalee raawwatu keessaan tokko mata duree adda addaarratti sagantaa marii qopheessuudha. Mariin har'aa kan irratti xiyyeeffatu gibira fi misooma, aangoo gibira buusuu fi hirmaachuu, Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee irratti ta'a. Hawaasni mana barumsichaa fi barattooni kutaa 8ffaa hirmaattota sagantichaa turan. Yaada kanarratti ibsa akka kennaniif kan afeeramaniin, itti gaafatamtootaa fi ogeessotaan ibis kenname akka araan gadiitti dhiyaatera.

**Kutaa tokko: “Gibiraa fi Investimentiin fuula lamaan saantima tokkooti.”**

- **Guddina investimentiif gahee gibirri qabu**

“Gibirri adeemsa investimentiibabal'isuu kan ta'u mootummaan galii gibirarraa argatuun bu'uura misoomaa babal'isa. Kana jechuun daandii ijaara, ibsaa diriisa, riqaa, madda humnaa fi kan kana fakkaatan ijaara. Bu'urri misoomaa kunniin hamma babal'atan haalli waan isaaniif mijawuuf abootiin qabeenyaa biyya alaa inves-

timentii adda addaarratti bobba'u. Karaa biraan investimentiin yoo babal'-atu, maddi gibiraa sadarkaama sanaan guddata. Kanaaf gibirrii fi investimentiin dalagaalee waldeegaraniidha jechuudha.

## Gilgaala 10

**Gaaffilee armaan gadiirratti mari'adhaa.**

1. Investimenti babal'isuun gibira gud-disuuf faayidaa maalii qaba?
2. Investimenti guddisuun guddina biyyaaf faayidaa maalii qaba?

**Kutaa lama: “Guddina haqa qabeessa naannolee irratti gahee gibirri qabu”**

“Caasaa Mootummaa Federaalawaatti sadarkaan qabeenyaa fi maddi gibiraa naannolee walfakkaataa ta'uu dhisuu danda'a. Haata'u maalee, hundi isaaniiyuu qaamolee mootummaa tokkoon kan bulanidha. Hundaa olimmoo ummatooni naannolee hunda keessa jiraatan lammilee biyya tokkoti. Lammiileen immoo mirga qabeenyaa biyya isaanii keessa jirutti karaa haqa qabeessa ta'een itti fayyadamuu fi hirmaachuu qabu. Garaagarummaan naannolee gidduutti mul'atu galii gibiraa qofaan osoo hin ta'iin sadarkaa misoomaas dabalateeti. Keessumaa immoo naannoleen giddugaleessa biyyaarraa baay'ee fagaatanii jiran rakkoleen isaan qaban kan hidda gad fageeffataniidha. Kanaaf sadarkaa biyyaatti guddina walgitu fiduuf haala haqa

qabeessa ta'een gibira naannoleef qooduun barbaachisaadha. Bu'uura kanaan naannoleen galii gibiraa qaban naannolee madda galii xiqqoo qabaniif haalatti hiruufiin danda'amu hojimaata dandeesisu hojiirra oolchuun amala addaa sirna mootummaa federaalawaatti. Hojimaanni kun naannolee gidduutti aadaa waliif yaaduu dagaagisu dhaan sadarkaa biyyaatti guddina walitti dhiyaataa tahe uumuuf dandeesisa.

## Hojii Garee

Armaan olitti akkuma ibsame haqummaan gibiratti fayyadamuun bu'uura godhachuun dhimma armaan gadiirratti mari'adhaa. Biyyi federaalawaan naannolee torbatti goodame haalli funaansa gibiraa bifaa armaan gadii qaba ture.

Naannoleen lama galii mootummaa federaalaan walitti qabamurraa gidduu galeessaan gargaarsi qarshii miliyonii dhibba lamaa ni godhamaaf. Mootummaan giddugaleessaa naannolee sadan irraa tokkoon tokkoo isaaniirraa waggaatti gibira biliyoona tokko walitti qaba. Naannoleen kan biroo lama immoo mataa isaanii wan danda'aniif, gargaarsi addaa homtiyyuu hin godhamuuf. Garuu mataa isaaniirra darbanii mootummaa giddugaleessaaf waan kennana hin qabani. Darbee darbee haalli gibirri walitti qabamuu fi qoodamu mormii fi walitti bu'iinsa osoo

uumuu hubatama. Garaagarummaan yaadaa ka'an qabiyee armaan gadii qabu ture. Naannoleen sadan gibirri naannoo keenyaa walitti qabamu faayidaa keenya qofaaf ooluu qaba yaada jedhu tarkaanfachiisu. Mataa isaanii kan danda'an naannoleen lamaan immoo yoo mataa isaanii danda'anillee naannolee biroof akkuma godhamu nuufis mootummaan federaalaa gargaarsa nuuf gochuu qaba jedhu. Mootummaan gidduugaleessaas hojimaata nuyi hordofnu sirriidha jehhee amana.

### Gilgaala 11

**Dhimma armaan olii bu'ura godhachuudhan gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Yaada sadan armaan olitti eeraman keessaa isa kamiin waliigaltu? Maaliif? Sababa kan jettan tarreessaa.
2. Yaada sirrii ta'e hawaasa keessa galchuuf hojiin akkamii yoo hojjetame wayya jettu?

**Kutaa sadii: “Gosoota galii federaala fi naannolee”**

Amalli bulchiinsa mootummaa federaalaa adda taasisu aangoon mootummaa federaalaa fi mootummoota naannolee giddutti qoodamuudha.

Bu'uura qoodinsa aangoo kanaan qaamoleen lamaan bakkeewwaan irraa gibira walitti qaban addaan bahanii tarreeffamu. Qaamoleen lamaanuu karaa karaa isaanii bakkeewwaan irraa gibira walitti qaban akkuma jiran gibirri waliin qooddatanis ni jirag Gosoonni Gibiraa waliin walitti qabaman kunniin gibira waliinii jedhamanii waamamu. Bu'uura kanaan biyya keenyatti Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoleef qofa qofaattii fi waliin kan kennameef gosooni galii heera Mootummaa keessatti bifaa armaan gadiin tarreefamaniiru.

<b>• Maddoota galii olaanaa Mootummaa Federaalaa (keeyyata 96)</b>	<b>• Maddoota galii olaanaa bulchiinsa Mootummoota Naannolee (keeyyata 97)</b>	<b>Maddoota galii waliinii Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee (keeyyata 98)</b>
<ul style="list-style-type: none"> <li>Meeshaalee biyya alaatti ergamanii fi gara biyyaatti galan irratti ashuuraa fi gibira buusamu</li> <li>Gibira hojii mootummaa federaala fi dhaabbilee idiladdunyaa keessatti qacaraman irraa kan walitti qabamu</li> <li>Dhaabbilee abbummaan mootummaa federaalaatiin bulan irraa gibira galii, bu'aa, taaksii dabalataa fi taaksii aksiyoonii</li> <li>Lootorii biyyooleessa fi yaalii carraa kan biroo irraa, geejjiba xiyyaraa fi baaburaa irraa taaksii walitti qabamu fi kan kana fakkaatan irratti gibira buufamuudha.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Hojjettoota naannolee irraa kan walitti qabamu</li> <li>Faayidaa lafaa irraa kan walitti qabamu</li> <li>Daldaltoota naannolee keessatti argaman irraa</li> <li>Manneenii fi qabeenya kan biroo namoota dhuunfaa jala jiran irraa</li> <li>Abbummaan bulchiinsa naannolee jalatti kan argaman dhaabbilee misoomaa naannicha keessatti argaman geejjiba bishaanii fi kan kana fakkaatan irratti gibira buufamuudha.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Mootummaan federaalaa fi mootummooni naannolee dhaabbilee misoomaa waliin hundeessan irraa gibira walitti qabamu.</li> <li>Dhaabbilee daldalaa dhuunfaa irraa, abbooti aksiyoonii irraa gibira funaanamu</li> <li>Hojii albuudha olaanarraa,</li> <li>Gibira peetirooliyeemii fi bo-ba'aa kamirraayyuu gibira walitti qabamu.</li> <li>Kaffaltii rooyaaliitii irraa.</li> </ul>

### **Hojii Garee**

*Manneen hojii gibira walitti qaban kan naanno keessanitti argaman deem-aatii,*

- A. Gosoota gibira olaanaa fi akkamitti akka walitti qabaman
- B. Adeemsa gibira funaanuu keessatti rakkooowwan mudatan
- C. Gibirri walitti qabamu hojii akkamiif akka oolu gaafachuun gabaasaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Haawaasaa fi biyya tokko irratti mii-dhaa guddaa kan geessisan keessaa hojiin loogummaa adda durummaaratti argama. Hojimaanni loogummaa rakkolee adda addaa geesisa. Fakkeenyaaaf ijaarsa sirna dimokiraasii gufachiisa. Lammileen itti gaafatamummaa isaanirraa eegamu haala barbaachisaa ta'een akka hin bahanne taasisa. Kanaafuu, haala kamiinuu lenjii oogummaa raawwatamu cimsanii ittisuu fi mormuun barbaachisaadha. Gochaawan loogii adda addaa ittis-uudhaaf abbaa aangoos haata'u, lamiin kamiyyuu seeraaf bitamaa ta'u, seera kan kabajuu fi kan kabachiisu nama hundaa walqixa kan keessummeesuu fi hojii isaatiinis qajeelaa fi kan amanamu ta'u qaba. Haqummaan akka mirkanaahu kan taasisan jaarmiyaalee haqaa keessaa manneen murtii adda durummaan waamamu. Qaamoleen kunniin dhiibbaa kami-raayyuu bilisa ta'anii walabummaan abbaa seerummaa isaanii kabajamuufii qaba. Kana malees, murtii qaamolee haqaa seera bu'uura godhate kan taasisan gartummaaraa fi loogiirraa hojimaata qulqullaa'e kan hordofan ta'u qabu. Karaa biraammoo loogummaa dhorkuudhaan lammileen gahee guddaa qabu. Lammileen haqa sirrii argachuuf dhuunfaan dhama'uu fi kunis osoo fiixaan hin bahiin akka hin hafneef, mirga isaanii seeraan

qofaa kabachiifachuu akka qaban gadfaggeenyaan hubachuun isaaniif ta'a.

Dhaabbileen tajaajila hawaasummaa jirenyi lammilee fooya'aa akka ta'u gochuuf barbaachisoodha. Kanarraa kan ka'e tajaajila loogummaarraa qulqullaa'e walgeesisuun isaan irra jira. Dhimmi dhaabbilee kanneen babal'isuu ittigaafatamummaa mootummaa qofaa tahee ilaalamu hin qabu. Dabalataan lammileen sochii dhaabbilee hawaasummaa babal'isuu keessatti shoora olaanaa gumaachuu qabu.

Gibirri investimenti babal'isuu fi guddina naannolee haqa qabeessa taasisuu keessatti gahee inni qabu olaanaadha. Kanaafuu, galiin gibirarraa walitti qabamu karaa haqa qabeessa ta'een naannolee hundaaf hiruu kan dandeessiisu qajeelfama diriirsuun biyya sirna federaalawaatiin bulturraa hojimaata eegamudha. Mootummaa Federaalaa fi Naannolee gidduutti gibira walitti qabuu fi hiruun hojimaata akka feetedhaan kan raa-wwatuu osoo hin ta'iin, seera kan hordofee fi heera mootummaa bu'uura kan godhatedha. Deemee deemee garuu lammileen faayidaa waliigalaa gibiraa haalan hubatanii gibira yeroodhaan kaffaluufi funaansa gibiraarratti deegarsa barbaachisaa ta'e gochuun irraa eegama.

## JECHOOTA FURTUU

**Taaksii:** Gibira gosa kamiinuu mootummaaf walitti qabamu

**Taaksii dabalataa:** Sochii daldala murtaa'aa keessaa dhibbeentaa dhibba keessaa harka kudha shan galii dabalaataa mootummaaf kaffalamudha.

**Ashuura:** Guyyaa guyyaatti sochii deddeebisuu daldalarraa galii walitti qabamudha.

**Yaad-bu'uura:** Qajeelfama hojii

**Sona:** Amaloota sirrii fi dogoggora addaan baasee kan agarsiisu

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. *Himoota armaan gadii dubbisuudhaan yoo sirri ta'e "Dhugaa", dogogora yoo ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.***

1. Hojimaata loogii ittisuu malee guutummaa guutuutti hambisuun rakkisaa dha.
2. Yeroo tokko tokko hojii loogummaa balleessuuf humna fayyadamuun barbaachisaadha.
3. Hojimaanni loogii darbee darbee guddina dimookiraasii fi misoomaa faayidaa qaba.
4. Dhaabbilee hawaasummaa babal'isuu keessatti hirmaannaan hawaasummaa kan barbaachisu yoo mootummaan hojjechuu dadhabedha.
5. Gibirri garaagarrtummaa adeemsa guddina misoomaa naannolee gidduutti mul'atu walitti fiduuf faayidaa olaanaa qaba.

**II. *Kanneen roga "A" jalatti tarreeffaman kanneen roga "B" jala jiran filachuun walitti firoomsaa.***

**A**

1. Gibra naannoolee fi mootummaa federaalaan walitti qabaman
2. Naannoolee gidduutti guddina wal gitaa ta'e kan ittiin ijaaramu ta'e.
3. Loogummaa balleessuuf tarkaanfii lammileen fudhachuu qaban
4. Dhaabbilee hawaasummaa
5. Dhiibbaa qaama kimirraayyu walaba ta'u qaba.

**B**

- A. Mana barumsaa
- B. Galii waliinii
- C. Seera kabajuu
- D. Qoodinsa gibiraa haqa qabeessa
- E. Mana murtii

**III. *Bakka duwwaa armaan gadii jecha yookin gaalee sirriidhaan guutaa.***

1. Caasseffama mootummaa federaalawaatti qoodinsi gibiraa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ gidduutti kan raawwatamuudha.
2. Qajeelfamni bu'uuraa hojimaataa mana murtii \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.
3. Lammileen murtii mana murtii gadaanatti kennname mormuudhaan sirni mana murtii olaanaatti iyyatan \_\_\_\_\_ jedhamuutiin beekama.

**IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa tokko karaa ittiin hojiimaanni haqadhabeeessa ta'e dhabamsiifamu miti.
  - A. Seeraatti fayyadamu
  - B. Miidhaa namarra gahe callisanii dabarsuu
  - C. Himata dhiyeessuu
  - D. A fi Bn deebiidha.
  
2. Qajeelfamni bu'uuraa qaamoleen haqaa hordofuu qaban \_\_\_\_\_
  - A. fedhii fi miira isaaniin gaggeefamuu dhiisuu
  - B. gartummaarraa walaba ta'uu
  - C. qajeelfamoota hojiirra oolchuu
  - D. Hunduu deebii ta'u.
  
3. Qaama kamiinuu olitti hojimaata loogii ittisuuf ittigaafatatummaa kan qabu isa kami?
 

A. mootummaa	C. hawaasa sivilii
B. dhaabbilee amantii	D. Waldaalee
  
4. Dhaabbileen hawaasummaa \_\_\_\_\_
  - A. guddina hawaasaatiif barbaachisoodha.
  - B. hojimaata loogiirraa kan qulqullaahan ta'uu qabu.
  - C. mootummaa qofaan hojjetamu.
  - D. A fi B deebiidha
  
5. Bu'aa hojimaata loogii kan hin taane kami?
  - A. miirri kaka'umsaa qabbanaahuu
  - B. haqa kabachiisuu
  - C. sirni dimookiraasi laafuu
  - D. hundii deebii ta'u.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Haqummaan hir'achuun rakkoo inni geessisuu danda'u tarreessaa.
2. Gibirri misooma biyyaa fi guddina naannolee walgituuf ta'eef faayidaa inni qabu tarreessaa.

# BOQONNAA SHAN

## JAAALALA BIYYAA

Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Seenaa sabootaa, sablammootaa fi umm-attootaa beekuun faayidaa inni kennu qayabatta.
- Meeshaalee waliiniti of-eeggannoon akka fayyadamuu qabnu hubatta.
- Hiyummaa fi boodatti hafummaa irratti qabsaa'uun barbaachisaa akka ta'e hubatta.
- Kabajamuun mirga lammummaa miira jaalala biyyaa akka gabbisu hubatta.
- Jaalala biyyaa cimsuu keessatti gumaacha alaabaa fi faaruun biyyoolessaa qabu hubatta.

### 5.1 Seenaa fi Aada Biyyaa, Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa Sirrii Ta'e Beekuun Miira Jaalala Biyyaa Haaraa Ijaaruuf Faayidaa Inni Qabu

- **Seenaaawwanii fi aadaawwan sabootaa, sablammootaa fi ummottootaa beekuun faayidaa maalii akka qabu tarreessaa.**

#### Dargaggoota Ganda doorqaa faa

Dargaggooni ganda Doorqaa faa fakkeenyummaa ittiin beekaman waan hedduu raawwatu. Karaa waldaa dargaggoota ganda isaaniitiin gumiiwwan adda addaa dhaabaniiru. Gumiin maqaan isaa "Goda Hambaa sablammootaa

fi qindeessaa sagantaa biyya kee beeki" jedhamee beekamu gumiiwwa keessaa isa tokko. Doorqaa fi hiriyooni ishee miseensota gumichaati. Gumiin isaanii aadaa fi seenaa sablammoota biyya keenyaa agarsiisuu kan danda'u uffannaa aadaa adda addaa fi meeshaalee aadaa hedduu walitti qabeera. Yeroo adda addaa sagantaa daawwannaan kan biyya kee beeki jedhu miseensotichaaf qopheesseera. Doorqaan ittigaafatamtuu gumichaa yommuu taatu, yeroo yerootti miseensota koree gumichaa waliin qophii garaagaraa qindeessuun shamarre beekamtudha. Keessumatuu karaa miseensota gumichaatiin agarsiisni aadaa fi seenaa sablammootaa dhiyaatu sagantaa ummanni naannic-haa hawwiidhaan eeggtuudha. Ibsi aadaa fi seenaa sablammootaa kan geggeeffamu karaa bakka bu'ota dargaggoota gareen ijaaramanii uffata aadaa uffachuundhaan, wantoota aadaa sassabuu fi seenaa sabichaa haala gaariin ibsuudha. Sagantaan kun ummata Qacanee fi naannoo isheetti argamtu biratti fudhatama olaanaa argachuun namoonni baay'een kan ajaa'ibs-iifa-taniidha.

## Gilgaala 1

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Sochii gumii Doorqaa faa irraa maal hubattan?
2. Seenaa fi aadaawwan sablammootaa beekuuun jirenya lammilee keessatti jijiirama inni fidu maal fa'a?
3. Meeshaalee ibstiuu aadaa naannoo fi mana keessan keessatti argaman tarreessuun saba kamiin akka bakka bu'u hiriyoota daree keessaaf ibsi.

Itoophiyaan biyya argama sabootaa, sablammootaa fi ummattoota hedduuti. Hayyoonni baay'een biyya keenyaa "God-Hambaa sablammootaa" jechuun waamu. Miidhagina biyya keenyaa kan muldhisanis sablammoonni hedduun aadaawwanii fi afaan 80 oli qabaachuu isaaniiti. Biyyi keenya ulfina bilisummaa ishee eeggattee kan jiraatte wareegama olaanaa saboonti, sablammoonnii fi ummattooni ishee kan-falaniidha. Seenaa ummattootaa beekamaan kun yeroo tokko tokko barr-eessitoota seenaa biyya alaa fi biyya keessaa muraasaan jal'atee yommuu dhiyaatu argama. Akkasumas aadaawwan isaaniitti xiyyeffannoona ta'uu qabu osoo itti hin kennamin jiraateera. Amma garuu adeemsa sirna dimookiraasii biyyi keenya geggeessaa jirtuun seenaan sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa sirrii ta'e loogii malee barreffamaa fi aadaawwan isaaniis kabaja argatee jira. Adeemsi kun cimee itti fufee jechuun miirri jaalala biyyaa

tokko tokkoo lammii keessatti haala gaariin dagaaga jechuudha. Seenaa fi aadaawwan sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa haala gaariin beekuu fi qo'achuun guutummaatti miira jaalala biyyaa jabeessa. Guutummaan miira jaalala biyyaatiin dhaloonti gonfame immoo birmadummaa biyyaa eegsisa, seena beela biyyattiin sadarkaa addunyaatti ittiin beekamtu jijiiruufis ni carraaqa.

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii hojjedhaa.

1. Sablammoota biyya keenyaa keessaa ham-mam akka beektan gabatee kana dabatara keessan irratti hojjechuun fakkeenyaa kennameen bakka duwwaa guutaa.

Lakk	Maqaa sabaa, sablammii fi ummatichaa	Afaan dubbatu	Naannoo itti argamu
1	Meeloo	Afaan Meeloo	Naannoo SSU Kibbaa

2. Biyyi keenya seenaa boonsaa dura qabdu eeggataa akka turtuuf lammilee hunda irraa maaltu eegama?
3. Miirri jaalala biyyaa haaraan akka gabbatuuf ga'oont keessan maal ta'uu qaba?
4. Miirri jaalala biyyaa haarawaan, rakkolee biyyolessaa gurguddoona baduun irra jiru tarreessaa.

## 5.2 Mirgoonni Walqixxummaa Sabootaa, Sablamootaa fi Ummattootaa Kaba-jamuun Gumaacha Inni Jaalala Biyyaa Gabbisuu Keessatti Qabu



*Fakkii 5:1 Bu'aa kabajamuu walqixxummaa ummattootaa*

- **Suuricha irraa maal hubattan?**

### Hariiroo Ummataaf Ummataa Fakk-eenyummaa Qabu

Barattooni naannoo adda addaa biyyattii irraa dhufan dhaabbata barnoota olaanaa tokko keessatti barumsa hordofaa turan. Akka carraa ta'ee barattoota kanneen keessaa Naannoo Sabootaa, Sablamootaa fi Ummattoota Kibbaa Kafichoo fi Shakkachoo fi Naannoo Beenishaangul Gumuz sablammii Booro Shinaashaa keessaa barattooni dhufan walbaran. Walitti dhufeenyi isaanii cimaa deemuun waa'-ee dhimmoota adda addaa walmariisisuun iccitii qaban walii hiruu jalqaban.

Marii isaanii keessaa guyyaa tokko wa'a'ee eenyummaa isaanii, aadaa, afaanii fi seenaa irratti osoo mari'atanii waan hin yaadamnee fi ajaa'ibsiisaan

uumame. Dhimmichi akkas ture. Walumaagalatti, waggoota dhibba afur dur-a ummattoota Goongaa jedhamuun beekaman Kafachoo fi Shakkichoo, Booro Shinaashaa, Hinnaariyaa, Boo-shoo fi Bushaashee keessaa Kafachoo fi Shakkachoon Naannoo Sabootaa, Sablamootaa fi Ummattoota Kibbaatti kan argaman yoo ta'u, ummattooni Booro Shinaashaa immoo Naannoo Benishaangul Gumuz qabatanii argamu.

Ummattooni kunniin mootummoota darbaniin dhiibamanii carraa barnootaa dhabuun jiraachaa turan. Yeroo ammaa mirga walqixxummaa heerri MFDRI mirkaneesseef itti Fayyadamuun saboota, sablamootaa fi ummattoota biroo waliin jiraatu. Carraa barnoota olaanaa ijoolleen isaanii argatan kunniin aadaa, afaanii fi tokkummaa seenaa ummattoota isaanii adeemsa seenaa keessatti dagatamee ture beekuu isaanitiin baay'ee itti gammadan. Carraa argame kanatti fayyadamuun gara fuulduraatti qo'anoo gadfageenyaan geggeessuu fi walitti dhufeenyi isaanii caalmaatti cimsuuf waadaa seenan. Hariiroo ummataaf ummataa caalamaan akka itti fufuuf hunduu waadaa seenan. (Barrulee Hibire Biheer, jedhu Mana Marii Federeeshiniitiin kan maxx-anfamu, Sadaasa bara 2000, fuula33 irraa kutaa kanaaf akka mijawutti fooyya'ee kan fudhatame)

### Gilgaala 3

**Seenaa armaan olitti dhiyaate bu'uura god-hachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Dhimmoonni sablammoota kanneen walfakkeessu maal faa'aa?
2. Barattooni kanniin osoo waliin hin mari'annta'ee seenaa isaanii beekuu danda'u turee?  
Seenicha ka'umsa godhachuun ajandaa biyyolessaa irratti waliin mari'achuun bu'aa inni qabu irratti gareen mari'adhaa.

Sirnoota darban keessatti seenaa fi aadaa saboota, sablammootaa fi ummattroota Itoophiyaaf xiyyeffannoona ta'-uu malu kan kennameef hin turre. Haalli dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa sirnichaa loogii fi hacuuccaan kan keessatti dagaage ture. Sun ta'eeyuu bilisummaa fi birmadummaa biyyattii booreessuuf gita bittootaa fi weerartoota dhufan tokkummaan ittisuun qabsoo seena qabeessa galm-eessisaniiru.

Wayita kana eenyummaan sabootaa, sablammootaa fi ummattroota kabajamsee ofiin of bulchuu danda'aniiru. Mirgoonni aadaa isaanii guddiifachuu fi afaan isaaniitti fayyadamuu kabajamaniiruuf. Itti fayyadaminni nageenyaa, misoomaa fi dimookiraasi fi waan mirkanaa'eef, walqixxummaa fi walkabajuu irratti karaa hundaa'een hawaasa siyaasaa fi dinagdee cimaa qabu tokko uumuuf waadaa seeneera.

Dimookiraasiin kana fakkaatu cimee akka ittifufuuuf tokkoon tokkoon lammii qoodaa fi itti gaafatamummaa qaba.

Mirgoonni sabootaa, sablammootaa fi ummattroota walqixxummaan yommuu kabajamu, lammiileen biyya isaanifi jaalala hundeqabeeessa horatu. Lammiin jaalala biyyaatiin ijaarame immoo beela, waraanaa fi dhumaatiin fakkeenya taatee addunyaa alaatti cinaachi gadhummaa ishee qofti bee-kamee kan ture biyyattii keenya kana waliin hojjechuun seenaa ishee jijiira.

Hojiwwan misoomaa, dimookiraasi fi bulchiinsi gaariin jalqabame akka cimuu fi nageenyi itti fufaan akka mirkanaa'u gochuun, muldhannii fi ergamni biyyolessaa akka milkaa'uuf ga'ee murteessaa qaban bahuuf saboonni, sablammoonni fi ummatt-oonni qooda olaanaa qabu.

### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Mirgi sablammootaa osoo hin kab-ajamin waa'ee jaalala biyyaa dubbachuun ni danda'amaa? Maaliif?
2. Guiddinni biyya keenyaa kabaja-muun mirga sablammootaa waliin walqabataadha kan jedhamuuf maaliif?

### 5.3 Meeshaalee Tajaajila Waliigalaa Of Eggannoq Qabuu Dhiisun Sadarkaa Biyyaatti Miidhaa Inni Geessisu



*Fakkii 5.3 Meeshaalee ofeggannoq qabuu miidhaman*

- **Fakkicha irraa maal hubattan?**
- **Rakkoo fakkicha irraa hubattaniif furmaanni isaa maali jettu?**

#### Ibiddaa fi Bishaan

Ibiddaa fi bishaan sangaa fi meeshaalee qonnaa bitachuun walgaragaaruun ittifayyadamaa turan jedhama. Guyyaa tokko hattuun sangicha hattee jalaa qalatte. Obbo Ibiddi yeroo kana baay'ee dheekkamee Bishaaniin akkas jedhe. "Obbo Bishaanii, sangaan qabeenya keenya ta'e waan hatameef baay'ee aareen jira. Diina keenya haaloo ba'uufis waanan murteesseef bosonas, margas, manas waan hundumaayyuu gubeen hattuu sangaa keenyaa balleessa," jedhee mariisise. Bishaanis "Obboleessa koo, Obbo Ibiddaa akka kana yaaduun maaliif? Nama hates isa nagaas waliin gubuun seeraa? Akkasumas kanneen ati gub-

een barbadeessa jettu kunniin uumama hundaa loogii malee kan fayyadan qabeenya waliinii mitii? Balleessituu tokkoof jecha meeshaalee (horata) uumamni hunduu waliin ittifayyadamu balleessuun seeraa? Hatticha tooftaadhaan qabuun danda'ama mitii? Rakkoon hin jiru, ogummaa keenyaan hatticha to'annoo jala ni oolchina. Nyaata bilcheeffachuu kan barbaadu sibira, huuccu fi meeshaa miicuu kan barbaadu immoo ana bira dhufuun isaa hin oolaa? Yeroo sana hatticha tooftaan qabnee gara seeraatti dhiyeessina malee waan waliin itti jiraannu irratti karaa seeraa ala ta'ee fi tarkaanfii hubannoona alaa fudhachuu hin qabnu," jedhee Ibidda tasgabeeesse.

Dhugumayyuu kana irratti haasawani. Yeroo yartuu booda hattichi tokkoffaan foon sangaa qalate waadee nyaachuuf waan dharra'eef ibidda barbaacha ariitiin dhufe. Hattichi inni lammaffaan immoo garaacha sangaa miicuuf baatee gara lagaa bu'e. Wayita kana Bishaanii fi Iibiddi walcaqasuun hattoonni jara ta'uu isaanii ragaadhaan erga mirkaneeffatanii booda to'annaa jala oolchanii seeratti dhiyeessan. Ibiddis ogummaa Bishaanii ajaa'ibsifachuu muttiin inni jalqaba murteesse dogoggora ta'uu isaa hubatee hiriyaan isaa dhiifama gaafate. Wantoota tajaajila waliigalaatiif oolan ariitiin barbaadeessuuf murteessuutti gaabbee dogo-

ggora kana fakkaatutti akka hin deebine murteesesse.

(*Inqilfi Laminee, Bilaatteen Geetaa Maahitama Sillaasee Walda Masqal, bara 1952, fuula 63 irraa fooyya'ee kan fudh-atame.*)

### Gilgaala 5

**Seenaa armaan olitti dhiyaate bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Amalawwan ibiddaa fi bishaanii irraa maal hubattan?
2. Akkuma dhaadate ibiddi meeshaalee tajaajila waliigalaa aaree osoo balleesseera ta'ee bu'aan isaa maal ta'a ture?
3. Sababoota adda addatiin namoonni mee-shaalee tajaajila waliigalaa barbadeessan seenaa kana waliin akkamitti hubattu?
4. Seenicha irraa barnoota maalii akka argattan irratti mari'adhaa.

Meeshaaleen tajaajila waliigalaa mootummaa fi ummataa fakkeenyaaaf, riqi-chawwan, daandilee fi dhabbilee humna ibsaa burqisiisan, sararoota ibsaa, ujummoon bishaanii fi bilbilli ummataa qabeenya qaama tokkoo osoo hin taane qabeenya waliinii kan lammilee hundaati. Maallaqa lammilee irraa walitti qabameen kan ijaaramaniidha. Tajaajilicha irraas fayyadamaan mataa isaa ummaticha. Kanaafuu, tokkoon tokkoon lammii meeshaaleen tajaajila mootummaa fi ummataa qabeenya walее kan lammilee hundaa ta'uun isaanii beekee nageenya isaanif eegumsa gochuun barbaachisaadha. Qabeenya mootummaa fi ummataaf of eegganno gochuun dhiisuun kan miidhamu lammilee hundadha. Meeshaaleen tajaajila

waliigalaa, qabeenya lammilee hundaa waan ta'aniif akka hin qisaasofne, hin bannee fi hin hatamne eegamuu qabu. Fakkeenyaaaf, sararoonni bilbilaa namoota dhuunfaan osoo muramuu fi manca'uu, ujummoon bishaanii garmalee osoo dhangalaasuu fi kkf arganii qaamolee dhimmichi ilaalu beeksisuu dhiisuun, lammii itti gaafatatummaa qabu tokkorraa kan eegamu miti. Meeshaalee tajaajila waliinii namni of eegganno gochuun dhiisuun kan balleessu, kan barbadeessu ykn kan qisaasessu seera duratti ittigaafatamaa akka ta'e hub-anoo qabachuu qaba.

### Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Meeshaaleen tajaajila waliigalaa, qabeenya ummataati kan jedhamuuf maaliif?
2. Qabeenyi tajaajila waliigalaa osoo qisaasa'uun ykn osoo baduu callisuun, ana hin galchu yoo jenne itti gaafatatummaa jalaa ba'uu ni dandeenyaa?
3. Naannoo keessanitti qabeenya umm-anni waliin itti tajaajilamu tarreessuun of eegganno godhamuu qabu ilaachisee ibsa gabaabaa kennaa.

### 5.4 Gochaawan Nageenya Waliinii Ummataa Sodaai Irraa Buusan

#### 5.4.1 Gochaawan Nageenya Waliinii Ummataa Sodaai Irraa Buusan Balleessuuf Carraaqqii Godhamuu Qabu

- **Gochaawan farra nageenyaa ball-eessuuf isin irraa maaltu eegama?**

## “Nageenya Waliif Waardiyyaa Dhaabbachuu”

Guutummaa addunyaatti jeequmsaa fi lolli waliin walii lubbuu lammilee, dinagdee fi nageenya biyyaa irratti miidhaa hedduu osoo geessisanii agarra. Mirgi dhuunfaa koo anaaf hin kabajamne jedhee kan mufatu, bulchiinsi biyyichaa kan hin gammachiisne, gosaan, amantiinii fi sanyiin ykn falaasama isaatiin kan gaddhiifate hundi ololli, goolii fi jeequmsi biyya irratti akka kaka'uuf sababa yommuu ta'u hubanna. Jeequmsi, olollii fi waraanni deebi'ee isaanuma mataa isaanii uuma malee, nageenya hin fidan. Bara ammaa keessa jirannu tooftaa hammeenya hubatamuu hin dandeenye kallattiin raawwachiisuu danda'u hundi uumameera. Meeshaaleen waraanaa hin muldhanne dhukaatonni fi ifaa ta'an oomishamaniiru. Bakka kamittuu taanaan badiisaa fi hammeenyi kan uumamu salphaatti. Dhukaafamaan lubbuu fi qabeenya namaa barbadeessuun salphaa ta'aa dhufeera. Miidhaa fi badiisaaf wantoonni hunduu mijawoo fakkaatu.

Mufanna dhuunfaas ta'ee bulchiinsa mootummaa jibbuun morkaachuun, tarkaanfii humnaa fi hammeenya raa-wwachuun ummata miidhuu irraa bu'aan argamu hin jiru. Gochichi caalmaattuu rakkoo fi kufaatii kan babaldhisu ta'uu danda'a.

Gocha hammeenya biyya irratti agg-aamamu kamiyyuu ittisuuf lammii hundi ittigaafatummaa qaba. Lammileen nageenya biyyaa, badhaadhummaa fi guddina ummataaf yaadan gochaalee akka kana farra misoomaa ta'an kun raawwatamuun dursa balaa-leffachuu fi ittisuutu mala.

(*Yederreskuubbetin Yegilli Taarikinnaa Tizzitaawoochi, Maammo Wuddinee 1997, fuula 524 irraa fooyya'ee kan fudhatame.*)

### Gilgaala 7

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Barreeffamni armaan olitti dhiyaate ergaa guddaa inni dabarsuu barbaade maali?
2. Yaada “Jeequmsi, olollii fi waraanni deebi'ee isaanuma mataa isaanii uumu malee nageenya hin fidan,” jedhu irratti gareen mari'adhaa.
3. “Gocha hammeenya biyya irratti aggaamamu kamiyyuu ittisuuf lammii hundi itti gaafatummaa qabu, jechuun maal jechuudha?

Gochaawan badii nagaa fi nageenya booreessuu danda'an yeroo kamiyyuu uumamuu danda'u. Fakkeenyaaaf ummata keessa olola sobaa tamsaasuu, saboota, sablamootaa fi ummattoota walitti buusuu, kaayyoo siyaasa gatii dhabe tarkaanfachiisuuf jecha dhaabiblee hawaasaaf tajaajila kennuu fi konkolaattota irratti dhuka'aa dhoosuu, adeemsa baruubarsiisuu nageenya qabu gufachiisuun, gochawwan diiggaa ta'an keessaa muraasa. Bu'aan gochaawan badii irraa argamu umm-

ata miidha malee faayidaa tokkoyyuu hin qabu. Kanaafuu, yaaddoowwan nageenya waliinii sadarkaa kamittuu uumamuu danda'u adda baasanii bee-kuu fi ittisuuf lammii tokko irraa nam-usa gaarii fi miira ibsitoota ittig-aafatamummaati.

Gochaawwan farraa biyyaa fi ummata irraa ga'u miidhaan isaa yeroo gabaabaaf osoo hin taane itti fufinsaan kan itti fufuu danda'uudha. Kanaafuu, gochaawwan badii akka kanaa irraa tokko tokkoon lammii of eeguu qaba. Mataa isaa badiisa irraa oolchuu qofa osoo hin taane gochaawwan badii kanatti qabsaa'uun lammii biyya koo fi ummata koo nan jaalldha jedhu hundarrraa eegama.

## Gilgaala 8

### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Gochaawwan farraa biyyaa fi ummata irratti miidhaa geessisuu danda'u jettan tarreessuun irratti mari'adhaa.
2. Gochaawwan farraa nageenya wal-iinii yaaddoo irra buusuu danda'u balleessuuf itti gaafatamummaa lammilee irraa eegamu tarreessaa.
3. Yaada "Gochaawwan farraa biyyaa fi ummata irra ga'an yeroof qofa osoo hin taane ittififiinsas qaba," jedhu akkamitti hubattan?

### 5.5 Hiyummaa fi Boodatti Hafummaa Injifachuuf Qabsaawuu

**5.5.1 Hiyummaa fi Boodatti Hafummaa Injifachuuf Imaammatootaa fi Tarsiimoowwan Misoomaa Karoofaman Raawwachuu Dirqamoota Mootummaa fi Lammilee Irraa Eegamu**

- **Misooma biyya keenyaaf imaa-mattootaa fi tarsiimoowwan gur-guddoo mootummaan qiyyafaman tarreessaa.**

### Tarsiisoomoon Misoomaa Sirrii Ta'uun Hojiin Yoo Mirkanan'a'u

Biyya keenyaatti wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu fi hiyummaa mo'achuuf caalmaatti kallattiin qonnaa akka furmaata dursaatti eerama. Mootummaan tarsiimoo fi imammati misooma qonnaa fudhatamni isaa mirkanan'a'e qiyyaasee sochii raawwii keessa galuun guddina dinagdee biyya keenyaaf shoora olaanaa akka qabaatu dandeessiseera.

Kanas kan mirkaneessu jireenyi qonnaan bulaa haala gaariin jiji-iramuu danda'uudha. Qonnaan bultonni eksiteenshin paakeejii mootummaadhaan qiyyafame hojiirra oolchuu lafa qonnaa muraasa qabu keessatti itti fayyadamaa oomisha garaagaraa ta'eera. Sababa kanaaf waggaatti kan itti fayyadaman irra darbee jireenyi isaanii haalaan jijiirameera. Tarsiimoon misooma qonnaa mootummaan qiyyaase jirenya qonnaan bulaa jijiiruu irra dabree guddinichi haala kana-

an kan itti fufu yoo ta'e, biyyi keenya yeroo gabaabaatti biyyoota galii giddu galeessa qaban waliin hiriiruu akka dandeessu qorannoowwan ni mirkan-eessu. Kana cinaattis tarsiimoowwanii fi imaammattoonni biroon hojiirra oolaa jiran misooma biyya keenyaaf gumaacha gochuurratti argamu.

(*Gaazeexaa Addis Zemen, Ebla 21, 2000  
Fuula 3 irraa fooyya'ee kan fudhatame.*)

### Gilgaala 9

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adha.**

1. Imaammanni misooma qonnaa jirenya qonnaan bulaa keessatti bu'aa olaanaa gal-meessisiisuu kan danda'e akkamitti?
2. Ekisteenshin paakeejiin caalmaatti qonnaan bultoota fayyadamoo taasisuu isaa barsiisaa keessan waliin mari'adhaa.

Hiyyummaa fi boodatti hafummaan biyyi keenya ittiin beekamtu balleessuuf mootummaan imaammattootaa fi tarsiimoowwan kallattii adda addaan qiyyaasee hojiirra oolcheera. Fakkeenyaaf, imaammataa fi tarsiimoo misooma baadiyyaa, tarsiimoo misooma industirii, tarsiimmoon humna raawwachiisuu adda durummaan eeramu. Tarsiimoowwan misoomaa kunis, imaammannii fi tarsiimoowwan hojiirra oolmaan isaanii itti fufinsa yoo dhabe karoori karoorfame bu'aa barbaadamu fiduu dhiisuu danda'a. Keessumattuu lammileen nageenya keenyaaf rakkolee gufuu ta'an balleessuuf raawwii imaammatichaa fi tooftaa misoom-

ichaaf harka walqabatani yoo dhaabbachuu baatan hiyyummaan oduu fi hawwii qofaan baduu hin danda'u.

Raawwatamuu fi bu'aa imaammatichaa fi tarsiimochaaf, jalqaba aadaan hojii keenya gabbachuu qaba. Hiyyummaa balleessuuf lammiin hojii adda addaarratti bobba'e hundi milkaa'u qaba. Hiyyummaa fi boodatti hafummaa keenyaaf sababooni seenawaan heddu eeraman yoo jiraateyyuu dogoggorri kanneen akka hin dabalamne lammii hundi dhuunfaa isaatti murteessuu qaba.

### Gilgaala 10

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Ka'umsaa fi rakkolee hiyyummaa fi boodatti hafummaa keenya ballees-suuf qabxilee furmaata ta'u jettan irratti mai'adhaa.
2. Imaammannii fi tarsiimoowwan misoomaa qiyyaafaman hojiitti hiikuuf mootummaa fi ummata irraa maaltu eegama? Mari'adhaa.

#### 5.5.2 Hiyyummaa fi Booda-tti Hafummaa Injifachuuf Barbaachisummaa Tajaajila Gocha Gaarii Irratti Hirmaachuu



**Fakki 5.4 Dargagooti yommuu biqiltuu dhaaban**

- **Fakkicha irraa maal hubbattan?**

### **Qabsoo Bara Dheeraa Golgaa**

#### **Hiyyeessaa Jalatti**

Waggaa kurnaffaa isheetii eegaltee jaalalaan hiyyeessotatti dhiyaattee tajajilaa turte. Fakkeenyaaf Abbulee kan jedhamu dargaggeessi qaro-dha-beessi tokko karaa cinaa bakka inni bulu deemtee nyaataa fi saantima kennitiif, gargaartee daandii ceesisiti. Guyyaa tokko Abbuleen kadhatee saantima waan dhabeef, mardhummaan isaa beelaan maramee bakka inni kufe deemuun akkas jette.

“Abbulee har'a hin milkoofnee?”

“Eeyye, har'a hin milkoofne.”

Boorsaa ishee keessa harka galchitee saantima baaste, saantimichas harka Abbulee irratti naqxe. Abbuleenis saantima guyyaa guutuu dhama'ullee hin arganne harkatti galfatee, “Eessa fidde?” jedhee daa'imattii gaafate. Ishleenis “Haati kiyyaa baasii kootiif qarshii naaf kennite,” jette. Ani yoo ta'es, karameellaan bitadha. Siif garuu irbaata ittiin bitattee dhandhamuuf ta'a.” Abbuleen ifa keessoo fi hubannaadaa'a'imattii, bilichina yaadaa ishee ajaa'ibsiifate.

Mucattiin waggaa kudhanii sun har'a guddattee ayyaanqabeettii taatee ulfina manguddummaa argateetti. Daa'imni gara laafettiin sun har'a Doktor Jambar Tafarraa tan jedhamaniidha.

Dr. Jambar Tafarraa tajaajila tolaa isaan waggaa kurnaffaa isaaniitti eeg-

alan ija godhatee har'a namoota fakkeenyummaa gaariitiin beekaman keessaa tokko ta'uun danda'aniiru. Pir-ojektii "Misooma magaalaa tooftaa hundaan qindaa'e" jedhamee kan waamamu karaa dhaabbata isaanii naannoo magaalaa Finfinnee bakka gar-aagaraatti hojiwwan hedduu raawwachaa jiru. Kanneen keessaa buufata aaragalfii maanguddootaa, tajaajila waldaa gamtaa, bu'uura kunuunsa fayyaa fi misooma naannoo kan jedhuufaadha.

Dr. Jambar Tafarraa hojii gaarii isaan hanga har'atti raawwatan keessaa keessumattuu buufata ogummaa dargagoottaa fi manneen dubbisaa, manneen barumsa sadarkaa tokkoffaa fi sadarkaa lammaffaa, ijaarsawwan kel-laafayyaa, ujummoo bishaanii, manneen baay'ee dulloomanii fi jieenya dhala namaaf hin taane diiganii haaromsuu, ijaarsawwan manneen nyaanni itti bilchaatuu fi manneen fincaanii fakkeenyummaan kan eeramaniidha. Hojii tolaa Dr. Jambar Tafarraa raawwatan kana kan ilaalan jiraattonni naannoo “Golga hiyyeesaa” jedhanii waamu. Har'a umriin Dr. Jambar Tafarraa waggaah jahatama ga'eera. Tajaajila gocha gaarii kana xumuruuf har'as umriin isaan hin daangessine.

#### **(Dammaaqoochuu Tsahaayaate**

**Leelit, Salamoon Xilaahunii fi Simiret Gabre Maariyaam, bara 2000, fuula 283-304 irraa fooyya'ee kan fudhatame.)**

## Gilgaala 11

Dubbisa armaan olii bu'uura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Ijoollummaa fi manguddummaan tajaajila gocha gaarii fedhaan kenuu akka nama hin dhorkine seenaa Dr. Jambar Tafarraa irraa maal hubattan?
2. Imaammannii fi tarsiimoon misooma mootummaa raawwatamaa osoo jiruu lammileen kan akka Dr. Jambar Tafarraa fedhiin tajaajila gocha gaarii kennan dabalataan maaliif barbaachise?
3. Mataduree "Hiyyummaa fi boodatti hafummaa tajaajila gocha gaarii mo'achuuf qooda narraa eegamu" kan jedhu irratti barreffama gabaabaa qopheessuun hiriyoota keessaniif dubbisaa.

Tajaajilli gocha gaarii lammilee ittidabalame malee sochiin mootummaan taasisu kamiyyuu bu'aa eegame fiduu hin danda'u. Keessumattu kan akka Itoophiyaa hiyyummaa injifachuun badhaadhummaa fiduu biyyoonni dhama'an lammileen baldhinaan hirmaachuu qabu.

Fedhiin hirmaachuun gocha tuttuqqaa fi ajaajaan raawwatamu osoo hin taane kaka'umsa ofiitiin gocha raawwatamuudha. Fakkeenaaf dargaggoonni barattoota quxisuu isaanii naannoo isaanitti argaman qo'achiisuun qabxii gaarii akka fidaniif yoo gargaaran, barattoota ga'umsa qaban horachuu kan dandeessisu imaammata barnootaaaf deggarsa kennan jechuudha.

Namoonni naannoo tokkoo gareen gurmaa'anii namoota gargaarsa dhaban, dhukkubsattoota "HIV AIDS" dhukkubsattoota sammuu fi sababa garaagaraatiin daa'imman maatii hin qabne yoo kunuunsan, qulqullina naannoo yoo eegan, dhaabbilee oomishaa fi raabsaatti argamuun tajaajila humnaa tola yoo kennan, malaammaltummaa yoo waliin ittisan, rakkolee hawaasummaa hamma tokko dhabamsiisuuf gumaacha taasisaa jiru jechuudha. Lammilee tajaajila akka kanaa kennan guddina (misooma) biyyaaf gumaacha taasisan cinaatti naamusa isaaniitiin fakkeenya gaarii ta'uu akka danda'an yaaduun gaarii ta'a.

## Gilgaala 12

Gareen ta'uudhaan gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Hirmaanna lammileetiin karoorri misoomaa hin deggaramne tokko bu'aa barbaadamu fiduu hin dand-a'u kan jedhamuuf maaliifi?
2. Fedhiin tajaajila gocha gaarii kenuun ajaja mootummaatiin kan hin raawwtamneef maaliif?
3. Fedhiin tajaajila gocha gaarii kenuun ittigaafatamummaa jaalala qofaa osoo hin taane dirqama lammummaati maaliif jedhama?
4. Tajaajila tolaa /gocha gaarii naannoo keessanitti taasisuu qabdan irratti gareen mari'achuun gabaasa dhiyeessaa.

## 5.6 Lammummaa

### 5.6.1 Bu'aa Mirga Lammilee Kabajuun Jaalala Biyyaa Gabbisuuf Qabu

- Mirga lammilee kabajuun jaalala biyyaa gabbisuuf bu'aa maalii qaba?**

#### Gahee Lammummaa Bahuu

Lammilee hundi mirgi namummaa fi dimookiraasii kabajameefii biyya isaanii iitti bilisummaan jiraachuuf mirga qabu. Tokkoon tokkoon namaa ilaalcha mataa isaa, ejjennoo siyaasaa, amantii fi falaasama qabaachuu danda'a. Namni kamiyyuu mirga nama biroos hanga hin tuqnee fi yaada koo qofa fudhaa jedhee hanga hin dirqisiisnetti karaa nagaa ta'een ilaalchaa fi ejjennoo isaa bilisummaan ibsuuf hin dhorkamu. Dhorkamuus hinmalu. Gama birootiin garuu tokkoon tokkoon lammii mirgi namummaa fi diimookiraasii ofii isaa kabajamuufii akkuma barbaadu mirga biroos akkasuma kabajuutu irraa eegama.

Biyyi keenya biyya sobootaa, sablamootaa fi ummattoota hedduuti. Sabooneeni, sablamoonnii fi ummattooni kuniin immoo afaan, aadaa fi amantii ofii isaanii qabu. Sababa kanaaf namni kamiyyuu saba aadaa fi afaan waliin walitti dhufeenyaa addaa waan qabuuf, eenyummaa isaa kan ibsu mirgi isaa osoo hin hir'atin kabajamuufii qaba. Mirgi namummaa fi dimookiraasii lammilee sirriitti kan kabajamu yoo ta'e, biyyaa fi ummataa isaaniitti boon-

uu fi ga'ee lammummaa isaanii ba'uudanda'u. Haalli kun immoo miira jaalala biyyaa guddisuuf shoora olaanaa qaba.

#### Gilgaala 13

##### Gaaffilee armaan gadii hojjedhaa.

- Barreeffamni olitti dhiyaate waa'ee eegumsa mirga lammileen qaban ergaa maal dabarsa?
- Mirgoonni namummaa fi dimookiraasii lammilee yoo kabajamu baate, lammummaa isaaniitti boonuu danda'uu?
- Kabajamuun mirga lammilee walitti dhufeenyii inni jaalala biyyaa waliin qabu attamitti ibsama?

Miidhaginni biyya tokkoo lammilee isheeti. Lammileen mirgi isaanii heeraan mirkanaa'ee kabajameef biyya isaanii misoomsuu fi birmadummaa biyyaaf waardiyyaa dhaabbachuuf yeroo hundaa qophaa'uu qabu. Namni mirgi lammummaa hin kabajamneef miiri jaalala biyyaa inni qabu cimaa hin ta'u. Namni lammummaa isaatti leeyya'u (qaana'uu) gammachuu sammuu fi boqonnaa hin qabu. Misooma biyyaatti hirmaatee hiyyummaa balleessuuf yaalii godhu keessatti dammaaqinaan hirmaattuu hin ta'u.

Heerri biyya keenyaa mirgi tokkoon tokkoon lammii akka eegamu wabii waan kenneef namoonni hedduun dhimma biyyaarratti dammaqinaan osso hirmaatanii muldhatus. Kan qabeenya qabu qabeenya isaa dhangalaasee misoomaan biyya ijaaraa jira. Sababa

garragaraatiin Itoophiyaanонни biyya biroo keessa jiraatan yeroo ammaa gara biyyaatti deebi'uun hojiiwwan misoomaa irratti hirmaannaa o'aa taa-sisaa jiru. Hayyoonnii fi abbootiin qabeenyaa hedduun haala mijawaa uumametti fayyadamuun gara biyyaatti deebi'uun kallattii ogummaa qabaniin biyya isaanii tajaajiluu irratti argamu. Haalli kunis kan agarsiisu mirgoonni lammilee osoo irraa hin hir'atin kabajamuu fi mirgi namummaa tokko tokkoo namaaf yoo kabajame ham-muma sana miirri jaalala biyyummaa isaa gabbachaa adeemuu agrsiisa. Karaa jaalalli biyyaa ittiin ibsamu keessaa muraasni:

- Aadaa hojii cimaa qabaachuun bu'aa qabatamaa galmeessisiisuu,
- Dimookiraasi fi bulchiinsa gaarii gabbisuuf ga'ee ofii ba'uu,
- Dhimoota naannoo fi biyyooleessa irratti tuttuqqaa malee hirmaachuu,
- Nageenya waliinii mirkaneessuuf ittigaafatamummaa lammummaa ba'uu, kan jedhaman adda durummaan eeramu. Hojiiwwan kunniin yommuu raawwataman badhaadh-ummaan biyyaa ni dhugoomu. Seenaan hiyyummaa biyya keenyaa ni jijiirama.

## Gilgaala 14

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Namni mirgi lammummaa isaa hin kaba-jamneef biyya isaa onneerraaj aallachaa, ga'ee isaa ba'uu danda'aa?
2. Lammuin biyyasaa jaallatu hojin inni raaw-wachuu qabu keessaa sadii tarreessi.

## 5.7 Alaabaa Biyyooleessa

### 5.7.1 Alaabaa fi Faaruun Biyyooleessa Jaalala Biyyaa Gabbisuuf Gumaacha Isaan qaban



**Fakkii 5.5 Gootota Atleetota keenya**

- **Fakkii armaan olii irraa maal hubattan?**

### Faaruu Alaabaa Biyyooleessa Ummattoota Itoophiya

Yezeeeginnet kibir beItiyophiyaachin tsantoo,  
Taayyee hizbbaawwinnet daar iske daar bartoo,  
Lasalaam lafitihi lahizboochi natsaannet,  
Bekkulinnet befiqir qoomeenaal baandinnet,  
Meserete tsinuu sibi'innaan yaalshaarni,  
Hizboochi nen lesiraa besiraa yenoorni,  
Dinqi yebaahil medrek ye'akurii qirsi baalebeet,

Yetefexiroo tsaggaa yejagnaa hizbi innaat,  
Inxebbiqiishaallen aalleebbin adaraa,  
Itiyoophiyaachin kurii inyaam baanchii innikuraa!!

### Gilgaala 15

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Ergaawan gurguddoon faaruu biyyolessaa keessatti hammataman maalfa'a?
2. Gaaleen "Waltajjii aadaa ajaa'ibsiisaa" jedhu maal ibsa?
3. Lammileen biyya isaanii kabajaan akka eegan gaaleen hubachiisu isa kami?

Alaabaan birmadummaa, bilisummaa fi aangoo Mootummaa fi ummata tokkoof mallattoo agarsiisu dha. Kanaafuu, alaabaaaf kabaja kennuu jechuun jaalala fi kabaja biyyaa fi ummata keenyaaf qabnu ibsuu jechuudha.

Alaabaa fi faaruun biyyolessaa jaalala biyyaa waliin baay'ee kan walitti hidhameedha. Fakeenyaaf ispoortastoota biyya keenyaa waltajjii addunyaa irratti argatanitti aanee alaabaa keenya yommuu olka'u miira gammachuutiin hudhamaa imimmaan isaanii dhangaalaasu.

Seenaa keenyarraa akkuma hubannu ummanni keenya alaabaa fi jaalala biyya isaaf jedhee dirreewan waraanaa adda addaa irratti lubbuu warreeguun birmadummaa isaa eegga-chaa jiraateera.

Har'as taanaan, lammiiin biyya koon jaalladha jedhu jaalala isaa muldhisuun kan qabu biyyicha kan bakka bu'u karaa alaabaa fi faaruu biyyolessaa, alaabichaan walqabsiisee faarsuun ta'u qaba. Sirna mootummoota darbanii keessatti akkuma amanamaa ture, alaabaa kabajamuu fi ummata hoo! jechisiisee sosochoosuu kan qabu weerartoota ofirraa ittisuuf qofa miti. Al-tokkoo fi isa dhumaaf hiyyummaa irratti duullee injifataa ta'uuf alaabaa biyyolessaa keenyatti naannofnee biyya keenya gara badhaadhummaatti ceesi-suutu nurraa eegama. Bulchiinsa gaa-rii babaldhisuuf waljaallachuu fi wakkabajuu gabbisuuf naannoo alaabaaatti walmari'achuun barbaachisaadha. Jaalala alaabaa yoo qabaanne jaalalli biyyaa ni cima; qooda lammummaa keenyaa ga'umsaan ba'uuf ejennoo gaarii nuuf ta'a.

### Gilgaala 16

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Jaalalli nuyi biyyaa fi ummata keenyaaf qabnu akkamitti karaa alaabaa fi faaruu biyyolessaa ibsuun akka danda'amu irratti mari'adhaa.
2. Lammileen alaabaa fi faaruu biyyolessaa hin jaallanne biyya koo nan jaalladha jechuu ni danda'aa? Waliin mari'adhaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Miirri jaalala biyyaa haaraan miira tokkoon tokkoon lammii keessatti akka guddatu gochuun kan danda'amu seenaa fi aadaawwan saboota, sablamootaa fi ummatootaa kabajuun yoo danda'ameedha. Seenaa fi aadaa biyya isaatiif namni keessummaa ta'e tokko miira jaalala biyyaaf inni qabu xiqqaa ta'a.

Seenaa fi aadaawwan sabootaa, sablamootaa fi ummatootaa beekuu qofti mataa isaatiin ga'aa miti. Mirgoonni namummaa fi dimookiraasii ummatootaa walqixxummaan kabajamee lammuin hunduu dhimma biyyaa irratti walqixa hirmaattuu yoo ta'u, badhaadhummaan biyyaa ni dhugooma. Lammuin dhimma biyya isaaf alagaa ta'e biyya jaalladhu yoo jedhameen hiika hin qabu.

Mirgi lammilee hojiidhaan yoo mirkanaa'e guutummaatti waliigalteen ni jiraata. Waliigaltee fi waliif yaaduun yoo jiraate immoo qabeenya muraasa biyyattiin qabduun meeshaaleen bitamanii tajaajila waliif oolan of eeggannoonaan qabamuu danda'u.

Lammii miirri jaalala biyyaa haaraan onnee isaa keessatti hundee jaboeffate tokko nageenya ummataaf yaaddessaa kan ta'an gochaawwan farraa fi badisaa

irraa of eega. Gochaawan farraa akka hin uumamne, uumamee yoo argames sodaa tokko malee qaamolee haqaaf dabarsee kenna.

Lammuin biyya koon jaaladha jedhu hundi kabaja biyya isaa eegsisuuf yaalii taasisa, alaabaa fi faaruu biyyolessaaf kabajaa fi jaalala addaa ni qabaata. Muldhistuu kabaja biyyaa kan ta'e naannoo alaabatti walga'uun seenaa boonsaa biyya isaa eegsisee tursiisuuf yeroo hundaa jecha isaa haaromsuutu irraa eegama.

Biyyi keenya hiyyummaa fi boodatti hafummaa keessaa baatee sadarkaa guddina fooyya'aarra akka geessuuf lammilee hundi hojiirra oolmaa imammataa fi tarsiimoo misoomaa mootummaan qiyyaaseef qooda isaanii ba'u qabu. Hiyyummaa balleessuuf tarssiimoowwanii fi karoorri misoomaa mootummaadhaan qiyyaafaman hirmaanna lammileetiin yoo deggaramuu baate bu'aan eegamu galmaa'u dhisuu danda'a.

Seenaa hiyyummaa biyya keenya jijiiruuf miira jaalala biyyaa haaraadhaan harka walqabannee hiyyummaa oduu durii gochuun misooma ittifufaa fiduuf dirmachuun itti gaafatamummaa lammilee hundaati.

## JECHOOTA FURTUU

**Biyya birmadooftuu:** Biyya bilisa kabajnii fi bilisummaan ishee weerartoota alaatiin  
hin sarmamne

**Bu'aawwan diimookiraasii:** Bu'aawwan dimookiraasii irraa argaman

**Bulchiinsa gaarii:** Bulchiinsa loogii hin qabne

**Gochaawwan badii:** Gocha nageenya biyyaa fi ummataa booreessuu danda'u

**Horata:** Qabeenya dhaabbataa fi socho'aa

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun hima sirrii ta'eef “Dhugaa”, sirrii kan hin taaneef “Soba” jechuun deebisaa.**

1. Biyyi keenya “Goda-hambaa sablammootaati” jedhamtee kan waamamtuuf aadaawwanii fi afaan hedduu waan qabduufidha.
2. Seenaa sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa beekuun kan danda’amu teessumma lafaa qo’achuu qofaani.
3. Alaabaa fi faaruun biyoyolessaa ibsitoota jaalala biyyaati.
4. Tajaajilli gocha gaarii sochiiwwan misoomaa mootummaadhaan geggeeffamu hin deggaru.
5. Asxaan alaabaa biyoyolessaa keenyaa ibsituu sabootaa, sablammootaa fi ummattootaati.

**II. Kanneen roga “A” jalatti tarreeffaman roga “B” jalatti kan eeraman waliin walittti firoomsi.**

**A**

1. Gocha kaka’umsa ofiitiin raawwatamu
2. Alaabaa biyoyolessaa
3. Asxaa biyoyolessaa
4. Dimookiraasii
5. Ibsituu kakuu lammilee
6. Gochaawwan badii
7. Aadaa fi afaan

**B**

- A. Faaruu biyoyolessaa
- B. Mallattoo biyoyolessaa
- C. Ibsituu ummattootaa
- D. Gochawwan biyyaa fi qabeenya miidhu
- E. Mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu
- F. Asxaa birmadummaa mootummaa tokkoo
- G. Tajaajila gocha gaarii

**III. Jecha sirrii ta’een bakka duuwaa guutaa.**

1. Ummanni naannoo tokkoo walqixxummaan kan itti fayyadamu \_\_\_\_\_ jedhama.
2. Tokko tokkoon lammii tajaajila \_\_\_\_\_ yoo hirmaate boqonnaa sammuu argata.

**IV. Deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Biyyi keenya bilisummaa ishee kabachiistee kan jiraate,
  - A. cimina humna waraanaa ishiitiini.
  - B. teessumma tarsiimawaa qabaachuudhaani.
  - C. wareegama gootota ijoollee ishiitiin godhameedha.
  - D. Hunduu deebii ta'u danda'u.
2. Seenaawwan sabootaa, sablamootaa fi ummattoota Itoophiyaa tokko tokko kan waldhahanii barreeffamuu danda'an,
  - A. seenaan hundi namoota biyya alaa qofaan waan barreeffamaniif.
  - B. seenaa barreessitoota biyya keessaatiin waan hin barreeffamneef.
  - C. seenaan waliin dhahame hin jiru.
  - D. barreessitoota alaa fi biyya keessaa tokko tokkoon yommuu barreeffaman ragaalee ga'aa ta'een waan hin deggaramneef
3. Qabeenya mootummaa fi ummataatiif eegumsa gochuu kan qabu,
  - A. tokkoon tokkoon lammii yeroo haalli mijatu qofa yoo eegan ga'aadha.
  - B. humni poolisii qofti eeguu qaba.
  - C. yeroo tokko tokko mootummaan, dabree dabree ummanni naannoo yoo eege ga'aadha.
  - D. mootummaa fi ummanni walgargaaree eeguu qaba.
4. Alaabaan biyyolessaa,
  - A. mallattoo bilisummaati.
  - B. waadaa tokkummaati .
  - C. mallattoo addaa mootummaa birmaduu ta'e kan agarsiisuudha.
  - D. Hunduu deebii ta'u danda'u.
5. Lammiin biyya koon jaalladha jedhu hundi.
  - A. dhimma biyyaa irratti kallattiin hirmaachuu qaba.
  - B. alaabaa fi faaruu biyyolessaaf kabaja ta'u qabu kennaaf.
  - C. meeshaalee waliin ittiin jiraataniif of eeggannoo gochuu qaba.
  - D. Hunduu deebii ta'u.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Hiyyummaa keessaa bahuuf tokkoon tokkoon lammii irraa maaltu eegama?
2. Lammileen tajaajila gocha gaarii akka kennaniif maaliif jajjabeeffamu?
3. Mirgi walqixxummaa lammilee yoo kabajame mirri jaalala biyyaa ni gabbata kan jedhamuuf maaliif?
4. Kabaja alaabaa fi faaruu biyyolessaaf qabnu akkamitti ibsina?

# BOQONNAA JAHA

## MIIRA ITTI GAAFATAMUMMAA

Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Waadaa kabajuun barbaachisaa ta'uu isaa hubatta.
- Gahee ittigaafatamummaa kee gahumsaan bahachuu akka qabdu amanta.
- Qabeenya uumamaa fi hafteewwaan seenaa eeguu fi kunuunsuun barbaachisaa ta'uu isaa hubatta.

### 6.1 Gahee Ittigaafatamummaa Gahumsaan Bahachuu

#### 6.1.1 Gahee Ittigaafatamummaa Bahachuun Faayidaa Inni Qabu



Fakkii 6.1. Hojjettoonni ittiisa balaa ibiddaa balaa ittisuun lubbuu fi qabeenya balaa jalaa yeroo baraaran.

- **Hojjettoonni ittiisa balaa ibiddaa garakuteenyaan ibiddicha ballees-suuf kan dhama'an maaliif?**
- **Fakkicha irraa akkuma mul'atu hojj-ettoonni ibiddicha osoo hin**

**to'anne ta'ee balaan mudhachuu danda'u maal ta'uu danda'a?**

### Aarsaa Ta'uu

Namoonni isaan gaafatani daangaa uumrii hundaa keessa kan jiraniidha. Hundumtuu kabaja isaanii kan ittiin muldhisan qabatanii dhufaniiru. Obbo Taammanaa Baqaaluu yoo ija baay'een ilaalamnis garuu isaan waan tokko hin argine, homaas hin dubbanne. Siree isaaniitti naanna'anii miira ajaa'-ibsiiifachuun qabamanii kan jiran, barattoonii fi namoonni kan biroon kutaan keessa jiran qabbanaawee ture.

Harki, miillii fi mataan Obbo Taammanaa shaashiin itti hidhamee enyummaa isaanii adda baasuun rakkiseera. Keessattuu fuulli isaanii dhiita'ee, dhiigni shaashii ittiin hidhaman keessa lo bahee isa ilaaluun nama suukanneessa.

Obbo Taammanaan balaa du'urraa yoo hafaniyyuu ija isaanii banatanii osoo hin ilaalinii fi osoo hin dubbatiiin guyyaa baay'ee turaniiru. Gaafa sana garuu akkuma tasaa afaan banatanii dubbatan. Ija isaanii banatanii gaaffiin saanii inni duraa, "Daa'imni sun hafaniiruu?" kan jedhu ture. Sagalee gammachuutiin "Hafneerra... Fayyin-

eera... galaatoomaa," yoo jedhan sagaleen isaanii kutaa isaaniirra darbee dhagahama ture. Ilillee fi harka walitti ruktuudhaan qilleensa kutaa sanaa ho'isani.

Sababni ka'umsa balaa ibidda sanaa qulqulleessaan tokko cittuu tamboo darbachuu isaatiin, ibiddi qabatee shuboo elektirikii waan guggubeefi. Kutalee hedduun yeroo gabaabaa keessatti gubachuu jalqaban. Hojjettooni ittisa balaa ibiddaa si'aayinaa fi garakutannoodhaan barattootaa fi meeshaa ibidda jalaa baasaniiru. Hundumaa caalaa immoo Obbo Taammanaan ibidda balbal jedhu keessaa gara-kutannoodhaan barattoota kutaa 7ffaa boodatti hafan ibidda keessaa baasuun hojii aarsaa kaffaluu hojjetaniiru. Obbo Taammanaan waan gubatanii fi aaraan waan ukkaamamaniif of wal'aalanii gargaarsa namootaan mana yaalaa gahuu danda'aniiru.

Hojjetaan qulqullinaa Obbo Kaachaan maal dhibdeedhaan rakkoo inni uumeen balaa mudateef to'annaa jala oolee adabame. Araada waan qabuuf qabeenya horatee hin qabu ture. Sababa kanaaf maatiin isaa battaluma inni to'anno jala ooletti bittinnaawe. Haat manaa isaa kadhaatti yeroo galtu, ijoollen isaa barumsa isaanii addaan kutanii jirenyaa karaarraaf saaxilamani. Obbo Taammanaan hojii isaaniif amanamoo waan ta'aniif, ittigaafatamummaa isaanii gahumsaan

bahatan. Barattoota baay'ee boru biyattii gaggeessan lubbuu isaanii waan oolchaniif guddaa galateeffaman. Dhabbilee adda addaa isaan gaafachuuf dhufanirraa galataa fi dinqisiifanna, akkasumas badhaasa argataniiru. Obbo Taammanaan waan aarsaa of godhaniif kabajaa fi jaalala argataniiru.

## Gilgaala 1

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Aarsaa jechuun maal jechuudha?
2. Gochaan Obbo Taammanaa maal agarsiisa?
3. Ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuu ilalchisee gochaa Obbo Taammanaa fi Kaachaa walbira qabuun garaagarummaa isaanii ibsaa.

Gahee ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuu faayidaan isaa bal'inaan yoo ilaalamu, badhaadhina dhuunfaa fi hawaasummaa argamsiisuu irra darbee guddina biyyaaf bu'uura murtees-saadha. Lammuin kamiyuu gahee ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuu dura bu'aa inni argatu gammachuu xin-sammuuti. Hojjetaa cimaa ta'uu isaatiin galiin argamu jirenya isaarratti jijiirama gaarii qabatamaa ta'e fida. Walumaagalatti, dalagaawwaan bu'aqabeessa namoota ittigaafatamummaa isaanii bahataniin hojjetamu ida'amaan guddina waliigalaa hawaasichaa dagaagsa.

Lammileen gahee ittigaafatamummaa isaanii gahumsaan bahatan amanamummaa qabu. Amanamummaa isaanii gochaa isaaniin mirkaneessu. Hawa-

asicha biratti jaalatamu. Gahee ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuun kaayyoo lammummaa isaanii fi bu'aan isaanii kan kabajamanii fi akka fakkeenyummaatti kan eeraman ta'u. Namoonni hojiiakkanaa jirenya mataa isaaniin yaalii isaaniin badhaadhu. Dabalataanis misooma biyyaa saffisisuuuf akka humna tarkaanfachiisoo ta'anii fayyadu.

#### **6.1.2 Gahee Ittigaafatamummaa Gahumsaan Bahachuun Dhiisuun Rakkoo Inni Geessisu**

- **Gahee ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuun dhabuun rakkoo maal geessisa?**

#### **Gilgaala 3**

##### **Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Gahee ittigaafatamummaa bahachuun jechuun maal jechuudha?
2. Ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuun bu'aa argamsiisu tarreessaa.

Ittigaafatamummaa itti kennname qulqullinaa fi amanamummaadhaan namni hin bahanne, mataa isaa fi hawaasa ni dadhabsiisa. Hojii isaa sababa miidheef gufuu misoomaa fi guddinaa ta'uudhaan faayidaa fi jijirama hawaasichaa boodatti harkisa. Hawaasichi kan amantaa irraa hin qabnee fi gocha adda addaaf kan bakka hin buufanne ta'a. Jirenya maatiirratti jijiramaa fi guddina fiduu hin danda'u.

Ijoolleen horatus seeraan ala waan guddataniif ba'aa fi balaa hawaasaa

ta'u. Waan kana ta'eef, namni kamiyuu ittigaafatamummaa itti kennname gahumsaa fi ciminaan bahachuu qaba.

#### **6.2 Waadaa Kabajuu**

- **Waadaan maali?**
- **Waadaa guutuun maal argamsiisa?**

#### **Waadaa Cabe**

Iffooyitaan dhaabbata mitimootummaa yatimaa, daa'ima maatii qabne, guddisuudha. Karoora dhiyeeffatee fi tarsimoo sochii hojiitiin lammilee deeggaruuuf waadaa waan galeef mootummaarrraa eeyyama argateera. Sababa HIV/AIDS fi kan biroon maatiin isaanii kan irraa du'an ijoollee dhibba lama caalan walitti qabee hojii erga jalqabee wagga toorba ta'eera. Biyya keessaas ta'e dhaabbilee gocha gaarii raawwatan waliin qunnamtii uumeen, waa'ee gud-dina daa'immanii fi fayyaa isaaniif jedhamee gargaarsa meeshaalee fi maaillaqaa baay'ee argata.

Kun ta'ees bulchitoota dhaabbatichaa fi hojjettoota irraa kan hafe ijoolleen dhaabbatichaa fuula isaanii irratti gammachuun muldhatu hin jiru. Miira hiyyummaan mufannaan irraa muldhata. Kanneen gurguddatan gaddaan qabamanii hamileen isaanii cabee hojii dhaabbatichi isaan irratti fe'e dalagu. Qaamaa fi hamileedhaan guddatanii, barumsaan qaroomina biyyattiif abdii ta'u kan jedhaman, carraa barumsaa osoo hin argatiin waggoonni baay'een darbaniiru.

Dhaabbatichi namootaa fi mootummaa fuulduratti waadaa gale waan hin eegneef, gargaaramtoota keessaa dargageeyyiin haalicha hubachuu danda'an dhiibbaa isaanirra gahaa jiru namoota biroo hubachiisuuf waliigalan. Ittifuf-unis bulchitooni gandaa fi wlaldaa dargaggootaa naannoo haala isaa akka hubatan taasisan. Dabalataanis guyyaa gaaffii dhiyeessan irratti akka argamaniif afeerani. Kana booda guyyaa murteessanitti bulchiinsa waajjirichaa fuulduratti hiriiruun barumsi barbaachisaa ta'e, gahee hojii sadarkaa isaa eeggate, nyaataa fi kafana sadarkaa isaa eeggate akkasumas yeroo qayyabannaa gahaa ta'e akka kennamuuf gaagafatan.

Hooggantoonni dhaabbatichaa haalichatti aaranii dargaggoota hoogganaa ta'an arii'uuf kan hafan immoo adab-uuf karoorfatani. Haata'u malee, gandii fi dhaabbileen isaan ilaallatu deeggarsaa fi qulqulleeffanna taasisaniin dhaabbatichi "Waadaa isaa kan cabse" ta'uu isaa saaxiluun bulchitoota waadaa isaanii hin eegne dhabamsiisan. Bakka isaanii lammilee ittigaafatamummaan ittidhagahamu ramadamanii dargaggoonni deegarsa barbaachisaa fi caarrraa barumsaa akka argatan taasisan.

**Gilgaala 4**

**Dubbisa armaan olirratti bu'ureefachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Dhaabbatichi akka waadaa galetti osoo hin hojjetiin hafuun isaa rakkoo maalii uume?
2. Dhaabbanni kun ittigaafatamummaa isaa sirriitti bahateera osoo tahee faayidaa akkamii argamsiisa ture?

Waadaa galan kabajuun dandeettiit ittigaafatamummaa bahachuu fi jabina hamilee qabaachuu kan agarsiisuudha. Bu'urumaan waadaan kan amantiin ittiin mirkanaahu jecha kabajamaadha. Waadaan namoota dhuunfaan, jaarmiyaalee mootummaa fi mitimootummaatiin kan galamu kan abdii nama ta'uudha. Qaamni waadaa gale immoo madaalliin isaa hojii fi bu'aa hojichaati. Waan kana ta'eef, lammilee ta'an dhaabbileen adda addaa akkasumas mootummaan waadaa galan raawwachuuf ittigaafatamummaa fudhachuuun gahumsa isaanii fi yaalii isaanii cimsuun jijjiirama waliigalaaf gumacha gochuu qabu.

Waadaa galan kabajuu dhabuun hat-tummaadha; amaanaa belleessuu waan ta'eef yakka ta'ee lakkaahama. Bu'aa fi amanamummaa dhabuun jalqaba kan miidhu nama dhuunfaa, dhaabbata yookaan hooggansa mootummaarra jiran kan gahee isaanii hin bahanne akka tuffatamuu fi akka balleefamu taasisa. Wanta raawwatamuu qabu yero-dhaanii fi haala barbaachisaa ta'een waan hin arganneef faayidaa fi yaada sammuu hawaasaarra miidhaa geesisa. Kun immoo guddina biyyaa boodatti harkisa

## Gilgaala 5

**Gaaffilee armaan gadii irratti ma-ri'adhaa.**

1. Waadaa fi ittigaafatamummaa fudhachuu faa-yidaan isaa maali?
2. Sadarkaa dhuunfaatti waadaa kabajuun maal argamsiisa?

### 6.3 Qabeenya Uumamaa fi Hambaalee Seenaa

#### 6.3.1 Qabeenya Uumamaa fi Hambaalee Seenaa Kunuunsuu Dhabuun Miidhaa Inni Geessisu



*Fakkii 6.2 Bosonni dhabamsiifamuu hin qabu.*

- **Fakkicharraa maal hubattani?**

#### **Dhimma Namoota Hundaa**

Biyyi keenya Itoophiyaan qabeenya uumamaan kan badhaatee fi lafti ishee bosonaan kan uwatifame waan tureef, bineensa bosonaa ajaa'ibsiisaa ta'an baay'inaa fi gosaan kan keessatti argaman ture. Har'a garuu haala sodaachisaa ta'een miidhaginni uumamaa ishee hir'aachaa deemee jijiiramaa waan dhufef rakkoo inni uumu muldhachaa jira.

Qabeenya uumamaaf eegumsa gochuu dhiisuun oomisha qonnaa hir'isa, mad-

aallii qilleensa uumamaa jeeqa; biyyeen qilleensaa fi lolaadhaan akka haramu taasisa. Kun lubbuu namootaa fi beeladoota baay'een baduu isaaniif sababa bu'uuraati. Rakkoo kana furuu fi qabeenya uumamaa kunuunsuun faayidaarra oolchuuf, bosona misoomsuu, kunuunsuu fi eegun hojii filannoo hin qabneedha. Dhabamiinsi bosonaa dhiqama biyyee waan fiduuf. Oomishtummaa midhaan nyaataa daran ni hir'ata. Bineensonnii fi sinbirrooni bosonaa fi mukatti galan ni godaanu yookiin ni dhumu. Kun immoo hojii tuurizimii ni dadhabsiisa. Jeequmsi madaallii qilleensaa waan mudatuuf, hoongee fi gammoojjummaan biyyatti bu'a. Qabeenya uumamaa eeguu fi kunuunsuu dhiisuun addunyaa guutuurratti namootaa fi bineensota bosonaa beelaan dhumu fi godaanuuf sababa guddaa ta'uun isaa muldhataa jira.

Kanaafuu, qabeenya seeraan ala badaa fi haphachaa deemaa jiru kanaan booda misoomsuuf tokkoon tokkoon lammii humnaa fi beekumsa qabuun tumsuu qaba. Cirma bosonaa ittisuun, biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuun, hubannoo namootaa guddisuun, waa'ee faayidaa qabeenya uumamaa barsiisuun hojii ittififiinsaan hojetamuu qabuudha. Faayidaa adda addaatiin dina-gdee biyyaa kan deegaru misoomni qabeenya uumamaa dhimma tokkoon tokkoon namaa ta'uun qaba. Kun immoo misoomaa fi jijiiramaaf ta'uun isaa kan nama walgaafachiisu miti.

## Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Qabeenyi uumamaa biyya keenya haala akkamii irratti argama?
2. Badiinsi bosonaa maal fida?
3. Badhaadhinni qabeenya uumamaa guddina turiizimiif kan fayyadu akkamiini?

Qabeenyi uumamaa fi hambaaleen seenaa bu'uura jirenya ummataa, mallattoo eenyummaa fi galmeewwan seenaati. Qabeenyi uumamaa, uumamaan kan argaman, bineensota bosonaa, sinbirroota, bushaayee, mukkeen, biyyee fi albuuda, bishaanii fi binneensota bishaan keessaa yoo ta'an, haala qabinsaa fi ittifayyadama seeraan alaatiin hir'achuu yookiin baduu kan danda'aniidha.

Qabeenyi bosonaa haphachuunii fi baduun qileensa baramaa addunyaa jeequudhaan gammoojjummaa babal'isa. Haalli kun uumamuun isaa jirenya namootaa rakkisaa fi yaaddessaa taasisaa jira. Hiyyummaa, godaansa, beela, walitti bu'iinsaa fi dhumiinsa fiduudhaan namoota rakkisaa kan jiruudha. Gammoojjummaan babal'achuuuf sababni bu'uuraa cirama bosonaati. Dabalataanis bosonaan uwwifamanii kan jiraatan binensooni bosonaa fi sinbirrooni bakka jirenyaa barbaacha bakka irraa bakkatti godaanaa waan deemanii fi waan dhumaniiif galiin tuuriizimiidhaan argamu ni geedarama. Kunis dinagdee biyyaa irratti miidhaa guddaa geessisa.

Namoonni keenya kanaan duraa bee-kumsaa fi ogummaa yeroo isaanitti tureen, haaftee hojii isaanii dhalootaa dhalootatti dabarsuun biyyi keenya biyya beekamtuu fi dinqisiifamtuu akka taatu godhaniiru. Hambaalee mallattoo eenyummaa kana eeguu fi kuntuunsuu dhiisuun dirqama ofii bahac-huu dhiisuudha. Hambaaleen seenaa yoo garmalee qabamanii fi badan, akkumas yoo hataman seenaan biyyaa ni hir'ata. Yaada daawwattootaa harkisuu fi turiizimii guddisuufis hin dand-a'amu. Hambaaleen seenaa yoo hin eegamnee fi hin kunuunfamne seenaa fi dinagdee irratti hir'ina geessisu. Akkuma qabeenya uumamaa hambaaleen seenaas faayidaa baay'ee waan qabaniif, lammii kamiinuu eegumsii fi kunuunsi taasifamuuf qaba.

## Gilgaala 7

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Sababni gammoojjummaan babald-hachuu maali?
2. Hambaalee seenaa eeguu dhiisuun rakkoo maalii akka dhaqqabsiisu ibsi.
3. Ibsitoonni seenaa ummataa maali?

### 6.4 HIV/AIDS

- **HIV/AIDSn lammii oomishu yoo miidhe rakkoo maalii fida?**  
**Ibsaa.**
- **Sababoota dhukubbicha saffisaan babal'isan ibsaa.**

## Eenyummaa Ofii Beekuu

Warshaan buddeena qopheessu tokko hojjettoota kuma sadii mindaa gaariidhaan giddugaleessaan maatii isaanii kuma sagal dabalatee gargaara. Barbaachisummaan isaa oomisha buddeena ittifufiinsaan dhiyeessuun waggaatti qarshii miliyoona kudhaaniin bu'aa guddaa argamsiise. Haata'u malee, bara itti aanutti dhibee HIV/AIDSn ogeeyyiin bakka murteessoo ta'an irra hojjetan dhibba lamaa fi shantamni waan du'aniif, deemsi hojii warshichaa jeqameera. Kanarraa kan ka'een galin warshichaa qarshii miliyoona sadiin gadi bu'eera.

Tamsa'inni dhibichaa babal'achaa wan deemeef, sababa dhukkubaan namoonni hojiirraa hafanii baay'achaa dhufaniiru. Kanaafuu, warshichi rakk-inichaaf furmaata barbaaduuf yaalii gochuu jalqabe. Jalqabatti hojjettoonni hundi waa'ee dhibee HIV/AIDS hubannoo gahaa tahe akka qabaataniif barumsa ittifufiinsaan akka argatanii fi akkasumas hundi sakkatta'amanii halal keessa jiran akka beekan godhe. Vaayirasichi kan keessatti argame yaalii barbaachisaa ta'e akka hordofan, vaayirasiin kan keessa hin jirre immoo of eeggannoogochuudhaan jirenya isaanii seeraan gaggeessuu waan jalqabaniif hojii fi bu'aan warshichaa yeroo gabaabaa keessatti gara duraan turetti deebi'eera.

## Gilgaala 8

Bu'ura seenaa armaan oliin gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Akka seenichaatti tamsa'inni dhibee HIV/AIDS haala akkamii irra jiraachuun isaa muldhata?
2. Humni baratee fi oomishaan deebee HIV/AIDSn du'uun isaanii dhiibbaa inni fide ibsi.
3. Yeroo ammaa furmaanni dhibee HIV/AIDS maali?

HIV/AIDS addunyaa irratti tamsa'ina saffisaan daddarbaa kan jiruu fi rakkoo yaaddessaa jirenya ilmaan namaati. Beektotaan yaalii guddaan taasifameyyuu, dawaan hin argamneef. Hanga yoonaatti sababa HIV/AIDStiin lubbuun namootaa miliyoonaan lakkaa'amanii darbeera. Yeroo kana vaayirasichaan namoota hubaman keessaa dhibbeentaan torbaatamni kan argaman biyyoota Afrikaa Sahaaraan gadi jiraatan keessa yoo ta'u, Itoophiyaanis dhukkuba kanaan kan hubaman keessaa gahee baldhaa qabatteetti.

Biyyoonni kunniin miidhaa dhukkuba kanaa fi karaa ittiin daddarbu barumsaa fi hubannoo gahaa ummata isaanii qabsiisuu waan hin dandeenyeef jedhamee dubbatama. Yeroo ammaa qo'annoo fi qorannoon akka mirkaneessutti, biyya keenya keessatti keessumaa immoo namoonni umuriin isaanii kudha shan ol jiran vaayirasichaan qabamanii dhibichaan hubamaa jiru. Daangaan umrii kanaa kan of keessatti hammatu, humna ijaarsa biyyaa fi jirenya hawaasummaa

## **BOQONNAA JAHA**

sochoosan oomishaa fi ogummaa adda addaan kan leenjifaman akkasumas lammilee barnootaa fi leenjirra jiraniihda. Lammileen kunniin haala salphaa fi yeroo gabaabaa keessatti kan bakka hin buunee fi duuni isaanii miidhaa kallattii baay'ee qabu fida. Rakkolee kanneen keessaa isaan gurguddoo haala armaan gadiin ilaalla.

### **1. Raakkoolee Hawaasummaa**

- A. Dhukubsataa sana wal'aanuuf matii irratti dhiibbaan ittigaafatamummaa itti cima, sirna awwaalchaa raawwachuun rakkoo dina-gdee itti fida.
- B. Warri daa'imaa yoo du'an ijooleen guddistoota malee hafu, ni hiyyomu, ni bittinnaa'u, jirenya hawaasummaaf jeequmsa uumtota ta'u.
- C. Irra caalaa kan miidhaman dargaggoota waan ta'aniif, sanyii isaanii bakka osoo hin buusiin waan du'aniif, lammuin biyyattiif abdii ta'u xiqlaachaa deema.
- D. Manguddoonti ijoolee isaanii du'an dhaban gargaarsa malee hafu.
- E. Afooshaaleen ni dadhabu; bakki awwaalchaas ni dhiphata.

### **2. Rakkoolee Dinagdee Sadarkaa**

#### ***Biyyaatti***

- A. Dhukubsattoota baay'eef hoospitaala baay'ee keessatti siren baay'inaan waan barbaachisuuf, baasiin mana yaalaa dabalataan akka ramadamu taasisa. Kun immoo dinagdee biyyaa irratti dhiibbaa taasisa.

## **MIIRA ITTI GAAFATAMUMMAA**

- B. Dhukkuboota AIDS waliin walitti dhufeenya qaban (tiibii, kaanserii fi kan kana fakkaatan) baasii dab-alataaf biyya saaxilu.
- C. Karaa warshaa fi industirii du'a namoota barataniin hojiin oomishaa ni dadhabata, bu'aan isaas ni hir'ata.
- D. Du'a qonnaan bultoota baadiyyatiin hojiin qonnaa yoo dadhabu oomishini warshaa fi jiraattota magaalaaf dhiyaatu ni hir'ata.
- E. Lammileen qabeenya biyyaa ta'an beekumsaa fi muuxannoo gabbataa kan qaban (barsiisota, ogeessota fayyaa, mahaandisootaa fi kan kana fakkaatan, beekumsi fi bu'aan isaanii faayidaa malee hafa.) Kanaafuu, lammilee beekumsa, dandeettii fi ilaalcha barbaachisaa ta'e qaban horachuuf rakkisaa ta'a.

### **Maaltu Ta'u Qaba?**

Dhimmi olaanaa fi inni jalqabaa waa'ee dhukkubichaa fi haala inni ittidaddarbu sirriitti beekuun mataa ofii bulchuudha. Vaayirasichaan kan qabame haala kamiinuu kan fayyisu hin jiru. Ofii kee dhukkubicharraa of eeguunii fi kan biroos akka hubatan gochuun ittigaafatamummaa lammummaa bahachuun fi tatamsa'ina dhukkubichaa dhaabuudha. Mootummaas ta'e dhaabbileen kan biroo barumsas ta'e sagantaa dadammaqinaa qopheessuu keessatti hirmaachuun gahee ittigaafatamummaa bahachuun barbaachis-aadha. Yaaliin waliinii kun bifaa qind-

oomina qabuun yoo itti hojjetame tamsa'ina dhukkubichaa hir'isuu danda'a.

Irra jireessa dhukkubbichi kan dadarbu walqunnamtii saalaa fi haadha irraa gara mucaa gadameessa keessa jirtuutti. Kanaaf tamsa'ina dhukkubichaa hir'isuuf,

- A. Gaa'ela dura qunnamtii saalaa raa-wwachuu dhiisuu (of abboomuu)
- B. Gaa'ela dura dhiiga ofii qorachiisuu
- C. Jirenya gaa'elaa keessatti (abbaan manaa haadha manaaf, haati manaa abbaa manaaf, amanamoo tahanii jiraachuu)
- D. Maatiin vaayirasichi gara daa'imaatti akka hin dabarreef ogeeyyii fayyaa mariisisuun gargaarsa isaanii argachuuf iftoominaan itti dhiya-achuu.

Kanneen armaan olitti eeraman daandiiwan gurguddoo HIV/AIDSn ittiin daddarbu dabalatee sababa barmaatilee boodatti hafootiin dhukkuba sanaaf saaxilamuu irraa ofeeguun barbaachisaadha.. Yaaliin aadaa fi dubara dhaqna qabuun, huuba qoonqoo muruun, ilkaan daa'immanii buqqisiisuun, tumaa tumachuun karaalee dhibee kana daddabarsan balaalfamoo waan ta'aniif, gochaalee akkasii ball-eessuun tamsa'ina dhukkubichaa ni hir'isa.

Rigaa ilkaanii, filaa, qarabaa, marfee, kan ittiin qeensa qoratan, qabduu fi kan kana fakkaatan waliin ittifa-yadamuun maaldhibdeedhaan rakkooof of dabarsuudha. Kanaafuu, akkeek-kannaan yeroon isaa gaafatu, amanamummaa, murannoo godhatanii ittigaafatamummaa lammummaa gahum-saan bahafachuuf karoorfachuun yeroon isaa har'a, amma ta'uun isaa bee-kuun barbaachisaadha.

### Gilgaala 9

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Biyyoota gammoojji Sahaaraan gad jiran keessaa yoo xiqqaate biyya lama eeruudhaan maaliif HIV/AIDSn achitti saffisaan akka dardarbu ibsaa.
2. Rakkoon HIV/AIDS akkamitti hiyyummaa babal'isa?
3. Ogeeyyii fi oomishtooni baratan baay'inaan yoo du'an rakkina fidu tarreessuun ibsaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Bu'urri guddinaa fi badhaadhummaa hojii yoo ta'u, hojiin bu'a-qabeessa ta'ee jijiirama kan fidu lammileen hojii irattii bobba'aniin ittigaafatamummaa isaanii gahumsaan bahachuu yoo danda'aniidha. Lammileen misoomaa fi guddina hawaasummaaf humna mootaraa cimoo ta'an waadaa isaanii kabajuun bu'aa argamsiisaniin, hawaasa biratti kan amanaman, kan kabajaman waan ta'aniif akka fakkeenyatti eeramu. Ittigaafatamummaa isaanitti kenname bahachuu kan hin dandeenye immoo ofii isaanii fi hawasicha osoo miidhanii ni argamu.

Qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa eeguudhaanii fi faayidaaf akka oolan gochuun ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuu fi waadaa kabajun tokoon tokkoon lammiraatii kan eegamuudha. Haftee seenaa kan ta'an qabeeniyi kun eegumsi yoo godhamuufii baate miidhaan uumamu olaanaadha.

Waadaa kabajuunii fi ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuu kan jalqabu mataa ofii waan gatii qabuuf qopheesssuun wantoota nama qoran kan akka rakkoo HIV/AIDSn dhufurraa of eeguni. Akka dhukkuba daddarbaatti daddarbbuurra kan jiru HIV/AIDSn qorichi kan hin argamneef aan ta'eef, vaayirasii kanarraa of eeguun dirqama lammummaa bahachuu keessaa tokko ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

Qaabeeniyi biyya tokkoo inni guddaan lammilee ishee waan ta'aniif ofiifis ta'e abdii biyyaa ta'anii argamuuf HIV-/AIDS ittisuun hojii fillannoo hin qabneedha. Haala dhukkubichi ittiin daddarbu beekuu fi of eeggannoogochuu, namoonni biroos akka bee-kanii fi eeggannoog akka godhatan gochuun, hojii lammii ittigaafatamummaan itti dhagahamuu ta'uu qaba. Kanaaf ittigaagatamummaa fi amaana-mummaadhaan dirqama bahachuuf har'uma waadaa galuun barbaachisaadha.

## JECHOOTA FURTUU

**Balaa ibiddaa:** Gubiinsa abiddaan balaa dhaqqabu.

**Hurgufuu:** Qorrisiisuu

**Aarsaa ta'uu:** Faayidaa namoota kan biroof dhimmuu

**Xin-sammuu:** miira yaada sammuu

**Dimshaasha:** Waan hunda kan qabatu, baay'ee, waan adda addaa

**Al-amanamummaa:** amantummaa dhabuu

**Gulantaa:** Sadarkaa

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Hirmoota armaan gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "Dhugaa", dogoggora yoo ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Lammileen ittigaafatamummaa isaanii gahumsaan bahatan amanamoo ta'uu fi ta'uu dhiisuu danda'u.
2. Jijiiramaa fi misoomaa tarkaanfachiisuuf barumsaa fi sirni jirenyaa barbaachisaadha.
3. Dhugoominni waadaa kan madaalamu hojii fi bu'aa isaatiini.
4. Qabeenya uumamaaf eegumsii fi kunuunsi yoo ta'uu baatellee lafarraa baduu hin danda'an.
5. HIV/AIDSni namootarratti malee miidhaa inni biyyarratti fidu hin baay'atu.

**II. Kanneen roga "A"jalatti tarreeffaman kan roga "B" jalatti tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.**

- | <b>A</b>                           | <b>B</b>  |
|------------------------------------|---|
| 1. Al- amanamummaa                 | A. Ciramuu bosonaan jeequmsa qilleensa baramaa mudatu     |
| 2. Jabina hamilee fi gahumsa hojii | B. Amanamummaadhaan bu'aa argamsiisuu                     |
| 3. Hoongummaa                      | C. Faayidaa namootaaf dabarsanii of kennuu                |
| 4. Gammoojuummaa                   | D. Ittigaafatamummaa bahachuu dhabuu                      |
| 5. Hambaalee seenaa                | E. Mukkeenii fi bosona misoomsuun jal'isiitti fayyaadamuu |
| 6. Aarsaa ta'uu                    | F. Sobduu ta'uu   |
| 7. Jecha ofii kabajuu dhabuu       | G. Haftee qaroomina durii                                 |
|                                    | H. Cirrachaawaa   |

**III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha yookiin gaalee sirrii ta'een guutaa.**

1. Namni faayidaa biyya isaa fi lammii isaaf arsaa ta'u \_\_\_\_\_ jedhamee beekama.
2. Guddinni dinagdee jijiirama kan fidu hundumtuu gahee isaa \_\_\_\_\_ yoo bahateedha.

3. Biyyee eeguun jijiirama qilleensa baramaa hanbisuuf \_\_\_\_\_ murtessummaa qaba.
4. Daandiiwan gurguddoон HIV/AIDS daddabarsan \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_.
5. Hawaasa seenaa hin qabne akka hin taaneef, \_\_\_\_\_ kunuunsuun dirqama.

#### **IV. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii filadhaa.**

1. Maaldhideedhaan namoonni balaa geessisan,
  - A. Kan si'aayina qabanidha.
  - B. Kan hin barannedha.
  - C. Gahee ittigaafatamummaa isaanii bahachuu kan hin dandeenyedha.
  - D. Itti gaafatamummaa isaanii kan hin beeknedha.
2. Ittigaafatamummaa gahumsaan bahachuun,
  - A. Faayidaa dhuunfaa hin qabu.
  - B. Gammachuу sammuu fi jijiirama jireenyaa fida.
  - C. Waadaa waliin walqunnamtii hin qabu.
  - D. Fakkeenyummaaf hin fayyadu
3. Industiriin turiizimii akka babal'atuuf,
  - A. Hambaalee gurguruu
  - B. Qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa sirriitti beekuu
  - C. Bosona balleessanii karaa hojjechuу
  - D. Qabeenya uumamaa fi meeshaalee durii badii irraa oolchuу
4. Vaayirasii HIV daddabarsuu danda'u kan jedhaman yaaliin aadaa,
  - A. Dhaqna dhidhiibbachuu
  - B. Dhaqna qabaa fi ilkaan daa'immanii baasuu
  - C. Cabaa wal'aanuu/ suphuu
  - D. Baala hancabbii fuunfachuu
5. Tamsa'ina HIV/AIDS biyyoota Sahaaraan gadii keessatti kan babal'ate,
  - A. Waa'ee dhukkubichaa hubannoo fi of eeggannoон waan hin jirreef.
  - B. Biyyoota kana gammoojsummaan waan miidhaа jiruuf.
  - C. Haalli qilleensichaа vaayirasichaaf mijawaa waan ta'eef.
  - D. Nyaanni madaalamaa ta'e waan hin argamneef.

#### **V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Gahee hoogantummaa gahumsaan bahachuun, dhuunfaan, hawaasa gidduutti, sadarkaa biyyaatti faayidaan argamsiisu maali?
2. Seena-qabeessummaan akka itti fufi Itoophiyummaatti boonuun akka danda'amuuf gaheen lammilee maal ta'uuf qaba?
3. Lubbuu ofiif gatii fi kabajni kan kennamu haala kamiini?

# BOQONNAA TORBA

## AADAA HOJII CIMAA

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Kabaja hojii fi yeroo hubatta.
- Hojiidhaaf karoora qopheeffatanii socho'uun gaarii ta'uu isaa beekta.
- Dhimma misoomaa fi dinagdee irrattii kaayyoowwan heera mootummaa hubatta.
- Dandeettii, ogummaa fi naamusa ogummaa guddisuun bu'uura oomishummaa fi misoomaa ta'uu isaa beekta.

### 7.1 Hojii Bu'a Qabeessa

#### 7.1.1 Yeroo Osoo Hin Qisaasessin Cimanii Hojjechuu

- **Yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjechuun faayidaa inni misoomaa biyyaaf qabu maali?**

Barreessaa Gaazexaa Naannessee

Gurguru

Barreessaan beekamaa Xankir Birbirraa mooraa keessatti osoo konkolaataa miiccaa jiruu, yeroo ijoollummaa isaa konkolaattota maamiltoota isaa akkamitti miidhagsee akka micaa turee fi walumaagalatti yeroo dabarsee fi sadarka ammaa irra ga'uuf bu'aa ba'ii isaa mudate yaadate. Yeroo hundaa kitaaba dubbisu of harkaa hin dhabu. Daabboo qamadii fi shaayii haati isaa ganama kaatee laattuuf dhamdh-

amuun maatii isaatti nagaa dhaamee ba'a. Namni Xankiriin barbaade kamiiyuu balbala Mana Maxxansaa Birhaaninnaa Salaam irra ganama ganama tarree dargaggoota dhabb-ataniitti arguu danda'a. Dabree dabree ijoolleen muraasni isa dursu malee, balbala mana maxxansichaa irra ga'u-un kitaaba jalqabe dubbisaa tokkoffaa irratti hiriira. Kitaaba malee hiriyaan baay'ee kan hin qabne Xankir, jireenyi isaa dubbisuudhaan baay'ee walitti hidhame. Yeroo dabaree eegu sanattillee taanaaan yeroo xiqqoo inni ball-eessu hin turre.

Gaazeexaa **Addis Zemen** guyyaatti maxxansamee ba'u, barruulee gara-agaraa fi gaazeexoota biroo fuudha. Achii booda suuqonni maamiltoota dhaabbatoo fi manneen hojii hanga banamanitti Arat Kiilotti kan argamu naannoo Hooteela Tuuristii naan-naa'a.

Kanneen shaayii dhugan, kanneen kophee haxoofsifatanii fi namoota geejjiba eeganitti gaazeexootas ta'ee barruulee akka dubbisan yeroo muraasaaf kireessa. Dhuma irratti saa'atiin hojii

Yeroo ga'u gara maamiltoota isaa adeemuun gaazexootaa fi barruulee itti kenna. Sana booda guyyaa guutuu achuma naannoo Arat Kiiroo naanna'ee kaardiiwanii fi poostaa gurguraa oola. Birbirraa jechuuf maqaa "Birraabirroo" jedhamuun hiriyoottaa fi naannoo Arat Kiiroo ittiin waamama. Hiriyootta isaa mana barumsaa malee maqaan isaa kan jalqabaa Xankir ta'uun kan beeku hin turre. Xankir akkuma maqaa isaa kashalabbummaa kan hin jaallanne hojjetaa cimaa waan ta'eef, umrii ijoollummaatti hojii gaarii hojjechuuf kan dandeessisu maallaqa kuufachuu danda'e. Yoom maal hojjechuu akka qabu kan beekuu fi faayidaa yeroo kan hubate Xankir, karoora hojii isaa qoqqoodee waan itti gargaaramuuf, yeroo inni qisaasesse hin jiru. Hojii isaa hojjete barumsa galgalaa bakka itti baratu adeema. Yeroo muraasa yoo argatu hin dhibaawu, ni dubbisa.

Gaazeexootaa fi barruulee harka isaa galan malee dabalataan barsiisotaa fi maamiltoota isaa irraa ergifachaa akkasumas bitachaa, kitaabolee dubbisuun suuta suuta fedhii addaa horate. Xankir guyyaa tokko barreessaa bee-kamaan ta'a jedhee abdi godhate. Dhugumayyuu jirenyi isaa bu'aa ba'iin kan itti baay'atuu fi mijaa'aa kan hin turre yoo ta'eyyuu dadhabe, dhibame osoo hin jedhin cimee waan hojjeteef, bakka hawwe ga'uu danda'eera. Kit-

aaba **Hojii fi Yeroo** jedhu jalqaba kan barreessetti dabalataan asoosamaa fi alasoosama afurii gad hin taane barreessuu danda'eera.

### Gilgaala 1

**Bu'uura dubbisa kanaatiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Cimina Xankir ijoollummaa isaatti agarsiise haala akkam akkamiin jirenya isaa irratti calaqqiseera?
2. Haala itti fayyadama yeroo Xankir irratti barreeffama gabaabaa barreessuu hiriyootta daree keessaniif du-bbisaa.
3. Xankir Birbirraa sadarkaa olaanaa har'aa irra akka ga'u sababoota taasisan keessaa lama ibsaa.
- 4."Jirenya ijoollummaa Xankiritti bu'aa ba'iin kan itti baay'ateedha," yoo jedhu maal ibsuu barbaade?

Yeroo osoo hin qisaasesin cimanii hojjechuun dhuunfaafis ta'ee waliif faayidaa olaanaa qaba. Yeroo hedduu haala baratameen hojjechuu irra yeroo muraasa keessatti qulqullinaan hojtamee hojiin xumuramu bu'aqabeessa ta'a jechuun ni danda'ama. Ummannii fi biyyi, yeroof xiyyeffannoo fi kabaja addaa kenuun cimee yoo hojjete, badhaadhuu fi toora biyyoota guddatanii hiriiruuf kan dhorku humni kamiyyuu hin jiru. Hojii hundumtuu yeroo keessatti waan raawwatamuuf tokko tokkoo daqiqiqaatiif tilmaama addaa kenuun haalaan itti fayyadamuun dhuunfaafis ta'ee biyyaaf abbaa imaanaa isa guddaa ta'uudha.

Namoонни abshaалонни hedduun yeroo dargaggummaa fi ga'eessummaa isaanii haala hin malleen osoo hin qisaasessin of eeggannoон hojiirra oolchuuun hojiwwan gurguddoo mataa isaanii fi lammii isaanii gargaaru rawwachuu danda'aniiru. Yeroo isaanii haala ta'uun waan gaarii irra waan oolchaniiif, bara dulluma isaanii ofii isaanii waan ceephaasisu hin jiru. Kanaafuu, yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjechuun mataa ofii, lammii fi biyya gargaaruu fi guddisuudha.

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Yeroo qisaasessuun haala maal maaliin ibsamuu danda'a?
2. Yeroof xiyyeffannoон addaa kenuun badhaadhina biyyaa waliin attamitti walqabata?

### 7.1.2 Hojii Fakkeenyummaa Qabuu fi Galataaf Geessisu Hojjechuun Guddina Biyyaaf Faayidaa Inni Qabu

- **Hojii fakkeenyummaa qabu yoo jedhamu maal ibsuuf dha?**
- **Namoонни hojii galata qabu hojjetan ummata biratti kabaja kennamuuf ibsaa.**

### Deessuu Jiituu

Ummataa fi biyya bakka bu'uun Itoophiyaанота walitti fufinsaan dirree fiigichaa irratti injifannoo boonsaa qaban keessaa Jaalateen ishee tokko. Yeroo tokko Federeeshiniin Atileetiksii Addunyaa dorgommii fiigichaa guddaa

wayita qopheesetti, daa'ima ishee han-gafa deessee guyyaa kudha shanaffaa irratti kan argamtu deessuu jiituu turte. Baay'ee hojjechuun malee baay'ee boqochuu kan hin barbaanne Jaalateen waamicha fiigicha gurguddoo Addunyaa kana akka dubbisteen boqonaa da'umsaaf fudhatte dhiistee dorgommicha irratti akka hirmaattu leenjisaa isheetti bilbilaan himte.

Leenjisaan ishees ajaa'ibsiifatee eeyyama da'umsaa irra jiraachuu ishee fi erga deessee guyyaa kudha shanaffaa ishee waan ta'eef, dorgoommicha irratti hirmaachuu danda'uu ishee gaafate. Isheenis ariitiidhaan shaakala jalqabuun dorgommicha irratti akka hirmaattu dabalatee murtoo ishee mirkanneessiteef. Leenjisaan ishees cimina ishee yeroon hambisuu akka hin daneeye ajaa'ibsiifachuun maqaan ishee dorgommiif akka galmaa'u taasisan. Bu'uruma kanaan maqaan atileetittii gootaa Jaalatee Burqaa, Itoophaanotaa fi dorgomtoota fiigicha Addunyaa tarree taa'e. Bu'uruma leenjisaan ishee sagantaa baasaniin shaakala ishees itti-fufte.

Bonas Aayiras irratti seenaa kan galmeessite gootittii fiigduun dorgommii Kiibaakiitti geggeeffamu irratti maqaa biyya ishee fi alaabaa lammaffaa waamsisuuf cimtee hojjette. Atileetittiin "Dubartiin deessuun takka da'umsa booda yoo xinnaate guyyaa soddomaaf siree irra boqochuu qabdi,

qofaa ishee ala baatee karaa dheeraa deemuu hin qabdu..." barsiifata jedhu cabsitee ba'uun naannoo fiigicha Addunyaatti injifannoo lammaffaatiin bee-kamtee muldhatte. Onneen mo'annaa fi jaalalli biyyaa walqabatee cimina argatteen, Atileetiin mo'achuuu amaleeffatte dorgommii kanattis sadarkaa ishee eegsistee xumuruun ishee addunyaaf deebi'ee ibsame. Ummannii fi mootummaan biyya ishee galata olaanaa dhiyeesseef.

### Gilgaala 3

**Bu'uura dubbisaoliitiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Faayidaa ofirra faayidaa biyyaa dursuu jechuun maal jechuudha?
2. Jaalatee Burqaa goota beekamtuu akka taatu kan godhan qabxiilee maal maal fa'a?
3. Leenjisaa Jaalatee dhimmi ajaa'ibsiifachiise maal ture?

Hojiiwan fakkeenyummaa qabanii fi galataaf kan geessisan hojjechuun faayidaa inni guddina biyyaaf qabu olaanaadha. Dhalli namaa bara jireenya isaatti gochaawan raawwatuun mataa isaa qofa osoo hin taane, hojii bu'a-qabeessa biyya isaa fi lammii isaa fayyadu galmeessisuu qaba. Biyya keenyattis ta'ee addunyaay irratti hojii hojjetaniin namoonni maqaan isaanii boollaa olitti jiraaataa ta'ee jiru hedduudha. Namoonni kunniin mootummaa biratti galataa fi kabaja gonfachuu danda'aniiru. Hojii fakkeenyu-

mmaa qabu hojjechuuf murannoon hammuma kaanu biyya keenya tajaajiluuf yeroo gahaa arganna. Lammii tokko qooda biyyi irraa eegduu fi hojii gaarii hojjechuu qabuun walbira qabmee yommuu ilaalamu, yeroo inni lubbuun jiraatu gabaabaadha jechuun ni danda'ama. Haata'u malee, yeroo gabaabaa kana osoo hin qisaasessin haalaan itti fayyadamuun hojii seenaan hin daganee fi hojii boonsaa kan galateeffachiisu hojjechuu yoo yaade, sababa bu'a qabeessa hin taaneef tokkoyyuu hin jiru.

### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Namni tokko naannoo isaafis ta'ee biyya isaaf hojii bu'aqabeessa ta'e hojjechuu kan danda'u akkamitti?
2. Hojiin tokko fakkeenyummaa kan qabuu fi kan galateeffachiisuudha kan jedhamu yoomi?

## 7.2 Karooraan Hojii Hojjechuu

### 7.2.1. Raawwii Hojii keessatti barbaachisummaa sagantaa

- **Sagantaa qopheessuun maaliif gar-gaara?**
- **Sagantaa qopheessuun faayidaa inni barataaf qabu ibsaa.**
- **Hojii karooraan qoqqoodanii hojjechuun maal jechuudha?**

### Godoo Aayyoo Baazginnaa

Barattooni Mana Barumsaa Dashet akkuma yeroo boqonnaa isaanii hunda kan raawwatan sagantaan mana suphuu fi bo'oo qulqulleessuu ba'eera. Ba-

rsiisaa Tuujubaa fi barattooni baranas mana dubartii umrii dheeraa qabdu takkaa akka suphaniif marsaa duraa maqaan isaanii maxxanfamee ture. Barsiisaa Tuujubaan qoranna dursanii dhiyeessaniin, mana Aayyoo Baazginnaatti waqtii gannaa waggaa waggaatti lolaa fi dhangala'aan itti dha-quun isaan rakkisaa tureera.

Barsiisaa Tuujubaan sagantaa mana Aayyoo Baazginnaa suphuuf dandeessisu erga qopheessan booda mariin irratti taasifame. Suphaan manichaa dursee osoo ganni hin seenin xumuramuu akka qabu yaada murtii irra ga'ame. Bu'uura sagantichaatiin hojichi jalqabame. Tokkoon tokkoon garee hanga danda'ametti sagantaa karoorfamee asitti hojicha xumuruuf yaalii akka godhu waadaa seene. Ramaddiin hojiis ba'e. Gariin bo'oo qulqulleessa, gariin dhagaa guura, gariin hojii suphaa manichaa raawwata.

Bu'uuruma kanaan hojii waliigalaa garee keessaa, barsiisaa Tuujubaa fi barattooni mana Aayyoo Baazginnaa haala gaariin suphanii yeroo gabaabaa keessatti xumuran. Miseenonni Garee Madaallii mana barumsichaa bakka hojichaa ga'anii akka ilaalanitti suphaan manichaa kan irra deebi'amu hin turre. Manni Aayyoo Baazginnaa haala gaariin sirreeffamee, ujummoon bishaan dabarsu qulqulla'u isaa qaamni hojicha madaale dhugumayyuu gareen kun haala sagantaa qophaa'een geg-

geeffamee, cimee hojjechuun yeroo qabame dursee hojicha xumuruun kan galateeffachiisu ta'uun isaa mirkanneesee.

### Gilgaala 5

**Bu'uura dubbisichaatiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Hojii tokkoof karoora qopheessanii socho'uun maaliif gargaara?
2. Walitti dhufeenyaa yeroo, karoora, hojii fi bu'aa ibsaa.

Hojii raawwatuuf sagantaa qopheessanii fayyadamuun osoo yeroo hin qisaasessin cimanii hojjechuu fi bu'aa gaarii irraa geessisuu caalaa qaama biroo biratti kabajaa fi ulfina argamsiisa. Namni maallaqa, humnaa fi beekumsa qabutti haalaan fayyadamee hojjechuun naannoofis ta'ee biyyaaf hojii gaarii kan raawwatu yeroo qabutti haalaan yoo gargaaramee fi karooraan yoo geggeeffameedha. Yeroon soores-saa fi hiyyeessa ykn gurraachaa fi adii jedhee osoo hin filatin dhala namaa hundumaa walqixa kan tajaajilu qabeenya uumamaan kennameedha.

Waa'ee yeroo mammaaksonni dubbataman hedduun yoo jiraataniyyuu keessumattuu "Yeroon warqiidha" kan jedhu ergaa guddaa kan qabuu fi kan hundumaa biratti beekameedha. Warqiin yoomiyuu gatii guddaan kan kennamuuf hangafa albuudaawan hundaa, gabaa addunya eessaattuu wabummaa kan qabu gosa albuudaati.

Akkuma kana, yeroo hunduu akka warqii kabaja kan qabu, kabajjuu isaa kan kabaju, karaa biraa immoo yoo itti fayyadamuu dhiisan harkaa kan miliquu fi kan boodatti hin deebine mee-shaa gatii guddaati. Waan hundumtuu kan ta'u yeroo keessatti waan ta'eef sochiiwan keenya yeroo fi karooraan qoqpoonnee itti fayyadamuu dandanya. Hojiin tokko bu'aa gaariin akka xumuramuuf, namni karoora karoorseef bitamuun yeroo osoo hin qisa-asessin cimee hojjechuutu irraa eegama.

## Gilgaala 6

### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

- Yeroo fi warqiin sababni walfakkeeffameef maaliifi?
- Hojii karoora hin qabne bu'aan isaa maal ta'a?
- Hojii sirriitti karoorfamee fi hojii hin karoorfamne gidduu garaagarummaan jiru maali?

### 7.3 Hojii Tuffachuu fi Osoo Hin Hojjetin Jiraachu

#### 7.3.1. Hojii Tuffachuu fi Osoo Hin Hojjetin Jiraachuun Guddina Dhuunfaa fi Biyyaa Irratti Miidhaa Inni Dhaqqabsiisu

- Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjetin jiraachuun miidhaan isaa maal?
- Hojii tuffachuuun guddina dhuunfaa fi biyyaa irratti miidhaa inni qabu maal isinitti fakkaata?

### Hiriyoota

Kiyyaa fi Beellechaan jaarmiyaa oomishaa tokkotti qacaramanii kan hoj-

jetan hiriyoota waliin guddataniidha. Dargaggooni kunniin umriin walitti dhiyaachuu irrayyuu jaarmiyicha keessatti hojii kan jalqaban walfaana waan tureef, akka gaariitti akka walbeekan haala mijawaa uumeeraaf. Haa ta'u malee, amala hojiitiin walitti dhiheenyaa hin qaban. Kiyyaan kan hojii jaallatu, kan saa'atii kabajuu fi namoota waliin hojjetan biratti akka fakkeenyaatti kan lakkaa'amu hojjetaa cimaa yoo ta'u, Beellechaan faallaa isaa kan hojii hin jaallanne, kashalabbummaa isaaf sababa hedduu kan tarreessu, osoo hin hojjetin jiraachuun kan filatu ilaalcha dadhabaa kan qabuudha. Kiyyaan mudaa hiriya isaa hambisuuf yaaliwwan adda addaa godheera. Guyyaa tokko akka tasaa garaagarummaa isaanii irratti yeroo baldhaa fudhatanii mari'atan. Dhuma marii isaaniitti waan Kiyyaan hubate yoo jiraate lamaanuu maatii isaanii waliin kan jiraatan waan ta'eef, Beellechaan hojii hojjechuuf akka hin dirqisiifamne nama cimee amanu ta'u isaa ture. Ilaalchi kun garuu dogoggoraa akka ta'e Kiyyaan fakkeenyaan hiriya isaaaf ibse. Kandumaan dargaggeessichi kallattii hojii hojjechuuf dandeessisu irratti bobb-a'ee biyyaa fi lammii isaa hojiidhaan misoomsuun akka irraa eegamuu fi lammii kamiyyuu caalaa dargaggeessichi osoo hin hojjetin jiraachuun cimsee akka balaaleffatuu fi hojjeteet hojjechiisuun fakkeenya ta'uun akka irraa eegamu tarreesee ibseef. Gorsa

hiriyaan isaatiin kan hawatame Bee-llechaan yaada dogoggoraan kana keessaa suuta suuta of baasuuf qabsaa'e. Hojii tuffachuu fi dogoggora osoo hin hojjetin nyaachuu sirreeffachuuf sammuu isaatiin qophaa'e. Dargaggeessicha qofa osoo hin taane tokko tokkoon lammii hamma humnaa fi dandeettii isaa hojjechuun biyya isaa misoomsuu irratti qooda isaa ba'uun akka irra jiru amanuun shoora isaa bahuuf hidhatee ka'e.

## Gilgaala 7

### Bu'uura dubbisichaatiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Dargaggoota tokko tokko irratti kan muldhatu yaadni osoo hin hojjetin nyaachuu maal irraa kan maddeedha?
2. Osoo hin hojjetin nyaachuu hambisuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti naannootti keessummaa tokko afeeraatii mari'adhaa.

Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjetin jiraachuun guddina dhuunfaa fi biyya irratti dhiibbaa inni dhaqqabsiisu salphaatti kan ilaalamu miti. Sadarkaa addunyaatti biyyoota hiyyummaan bee-kaman keessaa isheen tokko biyya keenya Itoophiyaadha. Haala kanaaf sababoota hedduu tarreessuun yoo danda'ameyyuu, gufuu tokkoffaa fi inni olaanaan aadaan hojii cimaan dhabamuudha. Sammuu lammii hundaa keessatti aadaan hojjetanii jiraachuun gabbatu malee biyyi gammachuu hojii ijoollee ishee irraa argachuu qabdu

waan dhabduuf guddinaan adeemuu hin dandeessu.



*Fakkii 7.1 Hojiin kamiyyuu mataa ofii fi faayidaa qaba.*

Ilaalcha tokkoon tokkoon namaa keessatti fedhiin hojii cimaan yoo jiraate, lammii hundumtuu hojjetee guddachuuf dhama'a. Kanaanis hawaasa biyyaa fi lammii tajaajilutu uumama. Yaadni hirkattummaa osoo hin hojjetin jiraachuun, jirenya dhuunfaas ta'ee misooma biyyaaf balaadha. Hojii tuffachuu fi hojii tokko kan biroo irra filachuun, osoo hin hojjetin jiraachuuf yaaluun, gatii dadhabpii namoota biroo butanii nyaachuutti kan lakkaa'amu gocha miidhaa qabuudha.

Kallattii hojii kamiiniyyuu bobba'uun mataa ofii fi maatii ofii irra dabruun biyyaa fi lammii gargaaruun osoo danda'amuu, namoonni tokko tokko humna osoo qabanii, osoo hin hojjetin jiraachuun filachuun gocha kadhannaaf fi k.k.f jibbisiisaa ta'e irratti bobba'anii argamu. Dabalataanis qaama miidhamtoota kadhannaaf waliin walqab-

siisuun harka hojjechuu danda'u kad-hannaaf kan diriirsan hedduudha. Halli kun ofiis ta'ee biyya kufaatii dinaagdee isa ol-aanaaf kan geessisu waan ta'eef cimsamee balaaleffatamuu qaba. Bakka isaammo aadaa hojjet-anii jiraachuu hawaasicha keessaa yeroo gara yerootti caalaatti guddisuun barbaachisaadha.

## Gilgaala 8

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Hojii osoo hin tuffatin ilaalcha cimaa hojjetanii jiraachuu gabbisuuf maal ta'uutu irra jira?
2. Osoo hin hojjetin jiraachuun, misoomaa biyyaatiif gufuu kan ta'u akkamitti?
3. "Gatii dadhabpii namoota biroo butanii nyaachuu" yoo jedhu maal jechuudha?

## 7.4 Kaayyoowwan Misoomaa fi Dinagdee

**7.4.1 Kaayyoowwan Misoomaa, Dinagdee fi Aadaa Heera Mootummaa  
Keessatti Tumaman Faayidaa Isaan Gud-dina Biyyaaf Qaban**

- **Kaayyoowwan dhimma misoomaa fi dinagdee guddina biyyaatiif faayidaa maal qabu?**
- **Kaayyoowwan dhimma misoomaa fi dinagdee Heera Mootummaa keessatti tumamuun bu'aa maalii qabu?**

Kaayyoo fi galmi sochii misoomaa kamiyyuu fedhii bu'uuraa lammiiwwanii guutuu fi sadarkaa jirenya isaanii kan ol kaasu ta'uu qaba. Biyyi keenya ulaagaa kamiinuu biyyoota biroo waliin yommuu ilaalamtu, yaa-

dawwan boodatti hafaa hedduun isaa hirkataa ta'e kan keessatti dagaagee fi hiyyummaa jibbisiisaan kan keessatti mul'atuudha. Sababa kanaaf biyyoota guddinaan boodatti hafan keessaa tarree dhummaa irratti argamna. Haata'u malee, kallattii guddina boodatti hafaa jijiiruun gara guddina fooyya'aatti ceesisuu kan danda'u kaayyoowwan dhimma misoomaa, dinagdee fi aadaa Heera Federaalaa keessatti xiyyeffannoon itti kennemeera. Kaayyoowwan dhimma dinagdee guruguayoo kan jedhamu kunis Heera Mootummaa keeyyata 89 irratti akka armaan gadiitti tarreeffameera.

1. Mootummaan karaa lammuin Itoophiyaa hundumtuu beekumsaa fi qabeenya biyyattii walitti kuufametti fayyadamuu danda'u qiyyasuuf itti-gaafatamummaa qaba.
2. Mootummaan lammuin Itoophiyaa dinagdee isaanii fooyyessuuf carraa walqixa akka qabaatan gochuu fi qabeenya karaa haqummaa qabuun haala ittiqoqqooddatan mijeessuuf dirqama qaba.
3. Balaan uumamaa fi namtolchee akka hin dhaqqabne ittisuu fi balaan yoo dhaqqabes miidhamtootaaf gargaarsi yeroon akka dhaqqabu gochuu.
4. Saboota,sablammootaa fi ummatoota guddinaan boodatti hafaniif motummaan deggarsa addaa taasisa.
5. Mootummaan lafaa fi qabeenya ummaa maqaa ummataatiin qabiyyee isaa gochuudhaan faayidaa fi gudd-

- ina ummatichaaf akka oolu gochuuf ittigaafatamummaa qaba.
6. Yammuu imaammattoonnii fi tarsiimoowwan misoomaa biyyaa qopha'aan mootummaan ummaticha sadarkaa sadarkaan hirmaachisuu qaba. Sochiiwwan misoomaa ummataas deggaruu qaba.
  7. Mootummaan sochii misoomaa dinagdee fi hawaasummaa keessatti halalaa dubartoonni dhiiran waliin walqixa hirmaatan mijeessuuf ittigaafatamummaa qaba.
  8. Mootummaan fayyummaa, nageenya fi sadarka jirenya hojjetootaa eeguuf carraaquu qaba.

Kallattiwwan misoomaa Heera MFDR Itoophiyaatiin ba'an kanneen hordofuun karaa ummanni sadarkaa sadarkaan irraa fayyadamu, biyyi keenya kadhaa keessaan baatuu fi guddina dinagdee ariifataan ittidhugoomu sirna dinagdee gabaa bilisaa gabbataa ijaaaruun ni danda'ama.

## Gilgaala 9

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Guiddinni biyyaa akkamitti dhugooma?
2. Biyyi keenya guddinaan boodatti haftuudha kan jedhamuuf maaliif?
3. Kaayyoowwan misoomaa Heera Mootummaatiin ba'an kannneen akka dhugooman gochuuf mootummaa fi ummata irraa maaltu eegama?

Kaayyoowwan misoomaa, dinagdee fi hawaasummaa Heera MFDR Itoophiyaatiin ba'an galmi isaanii ummaticha sadarkaa jirenya fooyya'aa irraan ga'uu fi bu'aa isaanii irraa ittifayyadamaa taasisuufi. Yoomiyuu guddina biyyaa fi sadarkaa jirenya ummataa fooyya'u lammii arguu hin barbaanne hin jiru. Ummatichi kaayyoowwan misoomaa fi dinagdee kanneeniin geggeeffamaa qooda irraa eegamu yoo ba'e, gara sadarkaa guddina yaadamee ga'uun ni danda'ama. Aadaa hojii cimaa gabbisuun hojii tuffachuu dhiisuu fi osoo hin hojjetin nyaachuu ciiga'uudhaan hundumtuu cimee yoo hojjete, Itoophiyaan sadarkaa misoomaa fi guddinaan biyyoonni biroo irra ga'an tarree hiriiruuf kan ishee dhorku sababni tokkoyyuu hin jiru.

## Gilgaala 10

**Gaaffilee armaan gadii irratti gareen hojjechuudhaan dareef dhiyeessaa.**

1. Maalummaa kaayyoowwan dhimma misoomaa irratti ogeessa dinagdee tokko gaafachuun gabaabinaan ibsaa.
2. Kaayyoowwan misoomaa fi dinagdee bu'uura heeraatiin faayidaa inni qabu gabaabinaan ibsaa.
3. Aadaan hojii cimaa namootaa gabbachuun misoomaa biyyaa waliin walitti dhufeenyaa inni qabu ibsaa.

## 7.5 Aadaa Hojii Cimaa

### 7.5.1. Aadaa Hojii Cimsuu Keessatti Barbaachisummaa Dandeettii Ogummaa fi Naamusa Ogummaa

- Gabbachuun aadaa hojii cimaatiif, gumaacha dandeettiin ogummaa fi naamusni ogummaa qabu ibsaa.**

#### Aadaa Hojii Cimaa Kurii

Finfinnee irra fageenya kiilomeetira digdamii shan irratti biqiltuu fi abaaboon bakka itti omishamu jira. Qonna abaaboo kanatti qacaramanii kan hojjetan hojjettoota hedduun jiru. Kuriiin guyyaa tokko akka tasaa gabatee beeksisa Ministeera Dhimma Hojjettootaa fi Hawaasummaa irraa beeksisa tokko dubbifatte. Beeksisichi Naannoo Oromiyaa, Magaalaa Sulultaa hojii biqiltuu abaaboo babaldhachaa dhufe irratti qacaruuf namoota barbaadan af eeruu ture. Kuriin hojii barbaachaa gara biyya alaa deemuuf yaada qabdu dhiistee hojii kanatti dorgomtee qacaramte.

Durayyuu taanaan aadaa hojii cimaa kan gabbifatte, hojii kabajaa kan turte Kuriin, yeroo gabaabaa keessatti hojjettoota ciccimoo keessaa takka ta'uu dendeesse. Kallattii kanaan yeroo yerootti leenjiin fooyeffannaa ogummaa isheef kennamu immoo caalmaatti akka hojjettuuf ishee gargaare. Naamusa ogummaa ishee gabbifachuun kallattii hojii isheetiin ejennoo cimaa fi miira ofitti amanamummaa cimsachuu dan-

deesseetti. Kuriin bu'aqabeessummaa hojii ishee fi naamusa ogummaa isheetiin hojjettoota hiriyoota isheef fakkeenya gaarii ta'uun barkumeetti maqaan ishee fakkeenyummaan eeramuuf ga'e.

Yeroo ammaa, hojjettoota akka ishee dhibba afurii fi shantama caalan kan bulchu buufanni oomisha abaaboo Sulultaa dubartii fakkeenya taate tana naamusa ogummaa fi jaalala hojii qabduun sadarkaa biyyolessaatti gootummaa misoomaatiin akka badhaafamtu gochuun isaa injifannoo dab-alataa biroof ishee kakaase. Buu-fatichi abaaboo mimmiihdagoo ta'an omishee gara biyyoota Awurooppaa garaagaraatti erguun sharafa biyya alaa gud-daa galmeessisiisuuf kan danda'e kanneen akka ishee fi hojjettoota namusa gaarii qabaniini. Kurii fi hojjettooni oomisha abaaboo biroon ogummaa gaarii kan gonfatani fi hojjetanii jir-aachuu kan barbaadan waan ta'aniif, jaarmiyichas ta'ee sadarkaan jirenya isaanii aadaa hojii cimaa fi amansiisaa ta'een ijaaramuu danda'eera.

#### Gilgaala 11

##### Bu'uura dubbisaatiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- Naamusni ogummaa bu'a qabeessummaa hojiif shoora inni qabu maali?
- Sababni Kurii badhaasaaf geessise maal isinitti fakkaata?
- Aadaan hojii cimaa akkamitti ijaarama?

Guddina dinagdee biyya tokkoo fi sadarkaa jirenya ummataa fooyessuuuf qabxiwwan bu'uuraa keessa tokko, aadan hojii cimaa hawaasaa gabbisuu fi dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa humna gonfachiisu cimsuun isaan hangafoota. Dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa hojjettootaa osoo hin gabbisin aadaa hojii cimaa ijaaruun kan hin danda'amne yoo ta'u, aadaan hojii cimaa osoo hin jiraatin boodatti hafummaa fi hiyyummaa keessa ba'uun sadarkaa biyya fooyoftuu fi dinagdeen badhaatuu ga'un Gonkumaa hin danda'amu. Kanaafuu, yeroo yerootti sadarkaa ogummaa fi beekumsaa fooyessuun, meeshaalee ammayyaatiin fayyadamuuf yeroo hunda barachuu fi sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha. Lammilee hunduu kallattii hojii irratti bobba'aniin cimanii oomishuun bu'aa ogummaa isaaniitiin biyya isaanii fi hawaasa ittifayyadamu haala gaariin gargaaruu akka danda'anitti dursa naamusa ogummaa gonfachuutu irraa eegama.

Aadaa hojii cimaa waliin dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa walqabsiisee hawaasni adeemu tokko humna dinagdee biyyaa guddisu waan qabuuf, sadarkaa jirenya fooyya'aa irra ga'uuf carraa baldhaa argata.

## Gilgaala 12

**Gaaffilee kanneen deebisaa.**

1. Aadaan hojii cimaa gabbachuun walitti dhufeenyi inni naamusa ogummaa waliin qabu ibsaa.
2. Sadarkaa ogummaa fooyessuun kan danda'amu akkamitti?
3. Naamusa ogummaa gabbisuuuf qoodni lammii hunda irraa eegamu maali?

### 7.5.2. Namoota Biroo Irra Barachuuf Ophaa'uu fi Bu'aa Ogummaa Namoota Biroo Ajaa'ibsiiifachuu



*Fakkii 7.2 Namoonni ooyiruu oomishaa yomuu daawwatamu*

- **Fakkicha irraa maal hubattan?**
- **Ogummaa namoota bis ajaa'ibsiiifachuun hojii irratti faayidaa maal qaba?**

### Barsiisota Lamaan

Barsiisaa Waantaamoo fi Barsiistuu Bashaadduun barsiisota mana barum-saa adda addaa keessatti barsiisanidha. Leenjii fooyeffanna ogummaa tokko irratti walarguu isaanii dura walhin beekan ture. Leenjii fooyeffanna ogummaa waliin hirmaatanii erga xumuranii booda, barattoonni isaanii akka muuxannoo waljijiiran beellama

qabantanii turan. Bu'uuruma kanaan barsiisaa Waantaamoon guyyaa tokko barattoota isaanii waliin gara mana barumsaa Barsiistuu Bashaadduu daawwannaaf deeman. Daawwannichaa fi ibsa taasifame irra muuxannoo hedduu argatan. Manni barumsichaa Mana Barumsaa Barnootaa fi Leenjii Tee-kinikaa fi Ogummaa waan tureef, barattooni hedduun hojii mukaa, hojii sibiilaa, hodhaa huccuu, elektiriikaa fi kan biroon leenjisee eebbisa. Mana barumsichaa keessatti barattooni ogummaa adda addaa kanneeniin leenji'an muuxannoo hojii fooyya'aa akka argataniif kolleejjota leenjii olaanaatti ergamu. Bakka sanatti leenjii ogummaa fi naamusa ogummaa barbaachisu erga gonfatanii booda, hojii mata mataa isaanii gurmeessuuf haalli danda'amu akka mijawu daawwannicha irraa hubannoo argatan.

Barsiisaa Waantaamoo fi barattooniisaanii gaaffilee adda addaa dhiyeessuun bis isaaniif kenname. Obbo Waantaamoon barattoota waliin mari'achuun ogummaa isaaniis hiruun muuxannoo argachuun yeroo gaarii dabarsan. Sana booda barsiisaa Waantaamoon maqaa isaanii fi barattoota isaaniitiin gammachuu itti dhaga'ame ibsuun, simannaa gaarii isaaniif godhameef galateeffatan. Wayita itti aanuttis Barsiistuu Bashaadduu fi barattooniisaanii mana barumsaa isaanii akka daawwatanu afeeruun gara mana barumsaa isaaniitti deebi'an.

### Gilgaala 13

**Bu'ura dubbisichaatiin gaaffilee armaan gadid ee debisaa.**

1. Barsiisonni lamaan beellama daaw-wannaa maaliif saganteffatan?
2. Barsiisaa Wantaamoo fi barattooniisaanii daawwannicha irraa maal fayyadaman?
3. Namni tokko ogumnaa nama biroo ilaaluu fi ajaa'ibsiifachuun faayidaan isaa maali?

Namoota biroo irraa barachuuf qop-haa'uu fi aadaa ogummaa namoota biroo ajaa'ibsiifachuun gabbisuun bu'uura aadaa hojii cimaati. Namoonni hedduun hojii namoonni biroon hojjetaniin yoo ajaa'ibsiifatamanis, namoonni kunniin ifatti ajaa'ibsiifachuun fi caalmaatti hojii isaaniitiin akka jajjabeffamaniif jabina hin qaban. Kana malees, ogeeyyiitti dhiyaachuun barachuuf fedhii fi qophii qaban ibsuun bu'aa ogummaa namoota kanaa hedduu ta'e irraa muraasa qoddachuuf iyyuu tole hin jedhani. Dhugumayyuu haalli kun amala namoota hundumaati jechuun yoo dadhabameyyuu, ilaalcha namoota hedduu waan ta'eef, balaaleffatamuu fi hafuu kan qabu yaada boodatti hafaadha.

Yoomiyuu namni hundumtuu ogummaa fi dandeettii walfakkaatu qabaachuun hin danda'u. Tokko barsiisaa yoo ta'e kan biraa ogeessa mukaa, ijaartuu ykn hojjetaa biroo ta'uun danda'a. Akkasumas tokko daldalaa, kan biroo injiinara yoo ta'e kan biraa immoo qonnaan bulaa ykn ogeessa fayyaa ta'a.

Biyyi hojiin misoomuu kan dandeessu ogummaan garaagaraa lammiileen ishee qaban tokkummaan waldeggaruun misoomaa fi badhaadhummaa isheef yoo oole qofa. Tokkoon tokkoon lammii ogummaa irratti bobba'een misoomaa dinagdee biyyaaf kan gumachu qooda olaanaa qaba. Waan ta'eef qooda misoomaa bu'aqabeessa taasisuuf, ogummaan kamiyyuu kabajamuu fi ajaa'ibsiifamuu qaba. Lammiileen oggeessota biroo irraa barumsa argachuun ogummaa isaanii fooyyessuu fi ofgargaaranii biyya isaanii gargaaruutu irraa eegama. Yaadawwan ceephilos ta'-ee ajaa'ibsiifaman haala barbaachiisummaa qabutti yoo kenname boru ogummaa sana caalmaatti guddisuuf gumaacha olaanaa qaba. Haala kanaan mootummaa fi hawaasichi ogummaa fi ogeessa jajjabeessuu, kabaja barbaachisu kennuu fi tokko kan biraan irraa karaa itti baratu mijeessuu qabu.

### Gilgaala 14

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Biyyi tokko hojiin kan guddachuu dandeessu akkamitti?
2. Ogummaa tokko ajaa'ibsiifachuu fi namoota biroo irraa barachuuf qophaa'uun bu'aan argamsiisu maali?
3. Ogummaa fi ogeessa ajaa'ibsiifachuurra dabree sadarkaa fooyya'aarra akka ga'an mootummaan maal gochuu qaba jettu?

## Cuunfaa Boqonnichaa

Aadaan hojii cimaa, dandeettii fi naamusni ogummaa misooma biyyaa waliin adda hin ba'an. Dinagdee biyya tokkoo bu'uura cimaa irratti ijaaruun hawaasni hirmaattuu jirenya fooyya'aa ta'uu danda'uuf jecha, hojjetaa aadaa hojii cimaa fi naamusa ogummaa gabbataa qabu uumuun barbaachisaadha. Hawaasni aadaa hojii cimaa gonfate ogummaa isaa fi ogummaa isaa kan itti raawwatu yeroo hojiif tilmaama guddaa waan kennuuf, kallattii hojii isaatiin gumaacha inni taasisu bu'a qabeessa ta'a. Yerootti halaan fayyadamuu fi hojiin bu'aa fooyya'aa galmeessisuuf wanti biraabarbaachisu hojii karooraan qajeelchuu fi yoo danda'ame yeroo murtaa'ee gaditti hojii bu'a qabeessa galmeesisuudha. Kaayyoowwan dhimma dinagdee Heera Itoophiyaa, xiyyeffannoon dursaa lammuin Itoophiyaa hunduu cimee hojjechuun mataa isaa fi naannoo isaa akka misoomsu yoo ta'u, dabalataanis qabeenya biyyaatti sirna walqixaan itti fayyadamaa ta'u ijaaruudha.

Aadaa hojii cimaa dagaagsuuf tarkaanfii murteessaa biroon osoo hin hojjetin nyaachuu ciiga'uu, mormuu fi

hojii argatan osoo hin tuffatin hojjechuudha. Hojiin xinnaa ykn guddaa hin qabu. Hojiin kallattii tokkoo kan biroo waliin yoo ilaalamu yeroo hojii walqixaa fi sadarkaa beekumsa walfakkaatuun raawwatama yoo jedhamuu baateyyuu, hojiin madaallii kamiiniyyuu biyyaafis ta'ee ummataaf gumaacha inni qabu olaanaadha. Lammileen biyya tokkoo aadaa hojii cimaa gabbifachaa caalmaatti hojii isaanii cimsachaa fi ogummaa isaanii fooyeffaachaa hammuma adeeman gara sadarkaa hojii fooyya'aa ga'uun haala baratame caalaa hojii galateeffannaaf geessisuu fi fakkeenyummaa qabu raawwachuu danda'u. Lammileen hojii akkasii bu'aa olaanaa qabu galmeeessisiisu jajjabeessuu fi ajaa'ibsiifachuun barbaachisaa yoo ta'u, ogeessota kanneen irraa barachuuf qophaa'uun mallattoo aadaa hojii cimaati. Sadarkaa qarooma ilmaan namaa irratti argamurra kan geessisee fi shoora olaanaa kan qabu tattaaffii olaanaa hojiidhaan agarsiiseedha. Bu'uuruma kanaan kaayyoowwan dhma misoomaa fi dinagdee heera MFDR Itoophiyaatiin tumaman hojiitti hiikuu fi gabbina aadaa hojii cimaa lammileen hunduu tumsa olaanaa taasisuu qabu.

## JECHOOTA FURTUU

**Kashalabbaa'uu:** Hojii hiikuu

**Bu'aa ba'ii:** qorumsa jireenyaa, rakkoo, gidiraa

**Faayidaa:** Bu'aa, gati-qabeessa.

**Hawatamuu** Yaadaa tokkoon qabamuu, waan tokkoon booji'amuu

**Mirreeffamuu:** Qindaa'uu, waliin ta'uu,

**Ija hin sukkummanne:** Of hin mi'eessine, gara boodaatti hin deebine

**Hirmaattuu:** Waliin qooda fudhannaa, fayyadamaa

**Gabbaruu:** Kennuu, gumaachuu

**Gowwoomsuu:** Sossobuu, mooksuu, doggoggorsuu

**Tattaaffii:** Dammaqina, kaka'umsa hojii

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun sirrii kan ta'eef "Dhuggaa" sirrii kan hin taaneef "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Ogummaa fi ogeessi kamiyyuu ilaalchaa fi kabaja walqixa argachuu qabu.
2. Biyya aadaan hojii cimaa gabbate keessatti dhiibbaan balaa nam-tolchee muraasa ta'uu danda'a.
3. Gudinni biyyaa kan dhufu, kallattiwwan ogummaa olaanaa gabbachuu qofaani.
4. Ogummaa ofii guddisuu malee ogeessota biroo irraa barachuu fi isaaniin ajaa'ibsiifachuu yaaluun sirrii miti.

**II. Kanneen roga "A" jalatti tarreeffaman kanneen roga "B" jalaa waliin walitti firoomsaa.**

**A**

1. Ajaa'ibsiifachuu
2. Ga'umsa
3. Gaabbuu
4. Bu'aa
5. Mucaa hangafa

**B**

- A. Eeba waan gaarii tokkorraa argamu
- B. Ga'ee hojii haalaan ba'uud dadhabuu
- C. Mucaa dura dhalate
- D. Bu'aa hojii tokkoof galata kennamu
- E. Muuxannoonis ta'ee barumsaan dand-eettii hojii ogummaa tokko irraa argamu
- F. Waan raawwatamee fi kan darbeef quuqamuu

**III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.**

1. \_\_\_\_\_ ogummaa fi ogeessa bu'aa fooyya'aaf qaqqabsiisa.
2. Hojii tokko yeroo yaadametti xumuruuf jalqaba \_\_\_\_\_ qophaa'uun barbaachisaadha.

**IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Guddina biyyaa qabatamaan mirkaneessuun akka danda'amuuf,
  - A. Osoo hin hojjetin jiraachuun barsiifata tuffatamaa ta'uu isaa hubannoo argachuun barbaachisaadha.
  - B. Lammileen hunduu walqixxummaan carraa hojii argachuun qabu.
  - C. Kaayyoowwan dhimma dinagdee gara hojjiitti jijjiruu qabu.
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'u.
2. Lammien tokko hojii fakkeenyummaa qabu raawwate jechuun,
  - A. Hojii maqaa biyyaa, ummataa fi alaabaa kan waamsisuu fi boonsu raawwachuu qaba.
  - B. Jaarmiyaa gargaarsaa hundeessuu qaba.
  - C. Dorgommii atileetiksiitti hirmaachuu qaba
  - D. Maqaan isaa raadiyoo fi gaazeexaan dafee dafee waamamuu qaba.
3. Biyya keenya keessatti aadaan hojii cimaa hundee cimaa irratti akka ijaaramuuf,
  - A. Ilaalcha hawaasni hojii irratti qabu sadarkaa fooyya'aatti ijaaramuu qaba.
  - B. Amala hojii tuffachuu fi quodinsi hojii dubartii fi dhiira jedhu baduu qaba.
  - C. Dandeettiin ogummaa fi naamusni ogummaa walitti hidhamuu qabu.
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'u.
4. Ka'umsi kaayyoowwan dhimma dinagdee,
  - A. Hawaasa qabeenya biyyaatti walqixa itti fayyadamaa taasisuufi.
  - B. Sabaa fi sablammoota guddinaan boodatti hafoo ta'aniif deggarsa addaa kenuufi.
  - C. Haalawan dinagdee Itoophiyaanotaa fooyyessuufi.
  - D. Hunduu deebii ta'u.
5. Rakkoowwan hawaasummaa biyya keenya baduu qaban keessaa tokko,
  - A. Osoo hin hojjetin nyaachuu fi kadhaa akka madda galiitti kan lakkaa'u ilaalcha miidha qabeessa.
  - B. Ogummaa namoota biroo ajaa'ibsiiifachuu fi namoota biroo irraa barachuuf qophaa'uu.
  - C. Tattaaffii hojiiti.
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'u

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaaboo kennaa.**

1. Hojiin xiqqaa/guddaa hin qabu jechuun maal jechuudha?
2. Hirkattummaa bifaa maal maaliin ibsuun danda'ama?
3. Yerootti haalaan fayyadamuu jechuun maal jechuudha?

# BOQONNAA SADDEET

## OF-DANDA'UU


Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Mataa kee hirkattummaa kamirraa iyyuu gadhiifachuun mataa ofiif kabaja kennuun faayidaa inni qabu ni hubatta.
- Miidhaa daldala kontorobaandii ni hubatta.
- Barbaachisummaa ofitti amanuu ni hubatta.

### 8.1 Hirkattummaa Irraa Bilisa Ta'u

#### 8.1.1. Hirkattummaa Irraa Bilisa Ta'uuf Ofiif Kabaja Kennuu



Fakkii 8.1 Qaama miidhamummaan ofdanda'uuf nama hin dhorku

- Mataa ofiif kabaja kennuun miira olaantummaa irraa maaliin adda ta'a?

Obbo Sintaayyoo Tashaalee jedhama. Qaamni isaa midhamaadha. Harki

isaa lamaanuu waa tokko hojjechuu kan hin dandeenyeedha. Miilli isaa lamaanis dhaabbatanii deemuu hin danda'an. Kanaafuu, bakkaa bakkatti kan deemu lafa irra foqoquudhaani. Warri isaa kadhatee nyaachuu irraan kan hafe carraa kan biraan hin qabu jedhanii akka baratuuf mana barumsaatti hin ergine. Dhalatee waggaan shan irraa jalqabee akka kadhatuuuf gara karaatti baasan.

Umriin isaa dabalaan yommuu deemu, “Ani hojjedhee nyaachuuf maaltu natti hir’ata?” kan jedhu amantii cimaan keessoo isaatti guddachaa dhufe. Biyya namoonni qaama guutuu tahanillee of madeessanii kadhaaf gara karaatti bahanitti, Sintaayyoon garuu mataa isaa kabachiisee kadhattummaa fi hirkattummaa ciiga’e/balfe. Ganda keessatti guddate keessaa bah-e gara magaalaa carraa fooyee qabu naaf argamsiisa jedhetti godaane.

Jalqaba nama raadiyoo fi saa’ati suphu cinaa taa’ee hubannoodhaan hordofuun muuxannoo isaa gabbifate. Ittifufee yeroo jalqabaa namicha garg-aaruun isa waliin jiraachuu jalqabe. Ittifufuunis ofii isaaf hojjeteet maallaqa

argachuu jalqabe. Haata'u malee, mana gaarii waan hin qabneef, mee-shaalee ittiin hojjetu hattoonni jalaasaman. Inni garuu abdii osoo hin kuttatiin saanqaa bituudhaan mismaara lafaa funaanee meeshaa namoonni qaama midhamoo ta'an bakkaa bakkatti ittiin deeman hojjechuu jalqabe.

Yeroo ammaa Finfinnee keessatti hojiidhaaf bakka mijawaa tahe osoo hin qabaatin yaalii mataa isaatiin hirkattummaa irraa bilisa tahee maatii godhatee, ijoolle afur horate. Ittidabalaanis mucaa firaatokko ofitti fudhachuu yeroo ammaa maatii torba bulchaa jira.

## Gilgaala 1

### Akka dubbisichaatti gaaffileearmaan gadii deebisaa.

1. Sintaayyoon hirkattummaa irraa bilisa akka ta'uuf wanti isa kakaase maali?
2. Naannoo keessanitti qaama miidh-ammo ta'anii garuu of danda'uudhaaf namoota yaalii godhan barbaaduun hirkattummaarraa bilisa ta'uun miira inni uumurratti mari'adhaa.
3. Isin hoo hojji keessanii kabaja kennituu? Gochaaleen keessan ak-kamiin ifa?

Ofiif kabaja kennuu jechuun haala kamiyyuu keessatti yoo ta'e of xiqq-eessanii ilaaluu dhiisuu fi iddo sirrii kan ofii tahe beekuudha. Eenyummaa ofii beekanii isumas fudhatanii barumsaa fi namoota biroo waliin jiraachuuun mataa ofii fooyyeessuun humna keenya guutummaa guututti fayyada-

muu fi kana caalaa gahaa ta'uuf yaalii gochuun ofiif kabaja kennuudha. Namoonni ofii isaaniitiif kabaja kennan yaada isaanii bilisaan ibsu. Yeroo baay'ee kan ofii beekan barsiisuuf qop-haa'oodha.

Haala kanaan bu'urri dinagdee fi walqunnamtii hawaasummaan kan of danda'anii fi kan ofitti amananiidha. Ofii isaaniif kabaja kan kennan hirkattummaa fi kadhattummaa cimsanii mormu. Sababni isaas eenyummaa isaanii isa isaan kabajan gad jalaa buusa. Dubbisni armaan olitti waa'ee Sintaayyoo dubbisne haala kana akka fakkeenyaatti ibsa.

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Amala namoota kabaja ofiif kennanii ibsaa.
2. Namni ofiif kabaja kenu dogoggora hojjetee jennaan dogoggorri isaa yoo itti himame maal kan godhu isintti fakkaata?
3. Namoonni kabaja ofiif qaban kadhaa fi gargaarsa maaliif jibbu?

### 8.1.2 Hirkattummaa Irraa bilisa Ta'uun Of Danda'uu

- **Hirkattummaa irraa bilisa ta'uun jechuun maal jechuudha?**
- **Of danda'uu jechuu maal jechuudha?**

### Baddiluu

Ganda Amsaale Gannat jedhamtu keessa mucaan Baddiluu jedhamu jirataa ture. Sababa maatiin isaa ijoollammaadhaan irraa du'aniif, dureessi

tokko gara mana isaatti isa fudhate. Sanaan booda Baddiluuf hambaa namoota birootu kennamaaf. Akkasumas bakki ciisicha isaas alawaada keessa handaqiin afameefii jiraachuu jalqabe. Baddiluuttis yaadni hirkattummaa dhagahamaa waan tureef, kan isaaf kenname nyaatee yoo rukutames boohee cal jedha ture.

Namoonni ollaa jiraatan dhiibbaa Badiluu irra gahaa jiru arganii, "Maaliif manaa baatee hin baddu?" jedhanii gorsaa turan. "Mana kana keessaa osoon badee daa'ima karaa irraa tahee hafuuun danda'a. Barumsi koos immoo nidhaabbata. Kanaaf, rakkoon keessa jiru obsaan danda'ee barataa cimaa ta'uun barbaada. Yoon baradhe hirkattummaa keessaa bahee ofin danda'a jedheen yaada ture." Akkuma jedhes, barumsa isaa cimee barate. Yuniversiitii seenees qabxii ol aanaadhaan eebbifamee ogeessa fayyaa tahe. Hojii argtee bakka fagoo deeme.

Sanaan booda boqonnaadhaaf gara ganda Amsale Gannatitti yennaa deemu, bakki ciisichaa qulqullina qabuu fi gaarii tahe qophaa'uufii jalaqabe. Nyaannis haala inni barbaadeen hojetamaaf. Ofitti waan amanuuf, gorsa warra isa guddisanii kabaja isaanii osoo hin hir'isiin sirrii akka tahe sodaa malee ibsuu jalqabe. Miira walqixxummaatiin isaan waliin taa'ee marniisia ture.

### Gilgaala 3

**Akkadubbisichaatti gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Mariisisaa tokkoo fi barreessaa tokko filadhaa. Ittifufuun Baddiluun akkamitti akka of danda'ee fi miira hirkattummaa irraa akkamitti akka bilisa ta'e irratti mari'adhaa.
2. Baddiluun akka namoonni tokko tokko ollaatii gorsanitti osoo manaat badeera tahee balaa isa mudachuu danda'u fakkeenyaa deeggaraatii irratti mari'adhaa.

Of danda'uu fi hirkattummaa irraa gadhiifachuun kan walirraa gargar bahuu hin dandeenyeedha. Namni kamiyyuu humna qabuu fi carraa argatutti fayyadamee hojjechuun mataa isaa danda'uuf kan isa dhibu hin jiru.

Asirratti kan nuti hubachuu qabnu humna keenyaa fi carraa gaarii beekuudha. Namni tokko har'uma ka'-ee dorgommii fiigicha Maaraatoonii mo'achuu nan danda'a yookiin hojii mahaandisummaa hojjechuun nan danda'a jedhee yoo murteesse, kun akkuma hurrii hammaarrachuu isatti ta'a. Sababni isaas, fiigicha Maaraatoonii dorgomanii addunyaarratti mo'achufis ta'e hojii mahaandisummaa hojjechuuf duraan dursanii waantonni barbaachisoo ta'an jiru.

Fakkeenyaaaf, dorgommii fiigichaa mo'achuuf qaama jabeeffachuu, fayyummamaa mirkanoeffachuu, leenjii fudhachuu fi shaakallii gochuun barbaachisaadha. Maandisii ta'uuf duraan dursanii ogummaa kanaan barumsa

barbaachisaa ta'e barachuu fi ragaa barumsaa qabaachuun barbaachisadha.

Karaa biroommoo namni yaalii yoo godhe, carraa argate yoo itti fayyadame fi rakkooowwan isa mudatan tooftaa fi obsaan yoo keessa darbe waan yaade sana irra osoo hin gahiin hin hafu.

Baddiluun hirkattummaa keessaa bahee mataa isaa danda'uuf tattaaffii taasise keessatti carraa dureessa nama isa guddisu argachuu isaatti siriitti itti fayyadameera. Rakkooowwan hedduu keessa obsaan darbeera. Kanaaf, hirkattummaa keessaa bahee of danda'e.

Hirkattummaa keessaa namni bahe ilaalcha walabaa qaba. Kanaaf, kan caalu hojjechuu fi jirenyaa fooyyee qabu jiraachuuf kaka'umsa godhata. Kan ija laafu waan hin taaneef fi murtii namoota biroo jala waan hin-jirreef yaada haaraa burqisiisuuf gah-umsa kan qabu lammii gaarii taha.

#### Gilgaala 4

##### Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Of danda'uuf waantoota barbaachisoo ta'an tarreessuun ibsaa.
2. Of danda'uuf fi hirkattummaa irraa gadhiifachuun kan waliraa adda bahuu hin dandeenyeedha. yoo jedhamu maal jechuudha?
3. Humnaa fi dandeettii beekuu jechuun maal jechuudha? Fakkeenyaan deeggaruudhaan ibsaa.

##### 8.1.3 Gummaacha Hirkattummaa Keessaa

Bahuun Guddina Diinagdee,  
Hawaasummaa fi Ijaarsa Lammii Gaariif  
Qabu

- **Hirkattummaa keessaa bahuun dinagdee biyyaa fi guddina hawaa-summaaf maal gargaara?**
- **Biyyi Jarman Kufaatii Hamaa Kufte Keessaa Akkamiin Bahuu Dandeesse?**

Jerman biyyoota Waraana Addunyaa Lammaaffaa keessatti hirmaatan keessaa tokkodha. Yeroo waraana kanaa Jarman kufaatii hamaa ta'e kuftee turte. Haleellaa humna Naaziirratti taasifamee fi jecha isaanii kan ture "Yoo ani du'e margi hin biqiliin" jedhu walitti ida'amme bu'uura misooma biyyattii, gamoon warshaa fi manaa baay'inaan barbadeessanii ture. Sababa kanaan xumura waraanaatti ummanni baay'een haala jirenyaa gar-gaarsaa fi kajeellaa irra bu'ee ture.

Haata'u malee, yeroo kana ilaalcha hirkattummaa keessaa kan bahanii fi mataa isaanii danda'uuf murannoo kan qaban muldhachuu jalqaban. Guddina gama hundaa biyya isaanii ariifachiisuuf miira cimaadhaan soc-ho'uu jalqaban.

Kanaaf waraanichi raawwatee waggaan kudhan keessaatti Jarman yaalii lam-milee isheetiin kufaatii waliigalaa keessaa bahuun dinagdee fi hawaasummaa cimaa gaggeessuu fi Awur-

oppaa keessatti biyya dinagdee olaanaa qabdu ta'uuf geesseetti. Haalli ajaa'ibsiisaa Jarmanootaa jedh-amee ibsamu kun, daandiiwwan inni ittiin argamuu danda'e keessaa tokkoo fi hangafni ilaalcha hirkattummaa keessaa kan bahanii fi mataa isaniif ulfina kan kennan lammilee ciccimoo waan qabduuqidha.

## Gilgaala 5

### Akka Dubbisichaatti Gaaffilee Armaan Gadii Deebisaa.

1. Lammileen Jarman biyya isaanii kufaati dinagdee fi hawaasummaa keessaa baasuu kan danda'an akk-amiini? Hirkattummaa keessaa bahuun lammileef ofii isaniifis ta'e biyya isaanif faayyidaa inni qabu ibsuudhaan irratti mari'adhaa.
2. Nuti lammiiwwan Itoophiyaa biyyi keenya sadarkaa addunyaatti bakka olaanaa qabaachuu kan ishee dan-deesissu maal gochuun nurraa eegama? Mariisaa tokkoo fi barr-eessaa tokko filadhaatii gadifageen-yaan irratti mari'adhaa.Qabxiilee ka'an yaadannoo keessan irratti barreessaa.

Guddinnii fi badhaadhinni biyya tokkoo idaa'ama waliigalaa bu'aa yadaa fi hojimaataati. Kanaafuu, ilaalcha hirkattummaa keessaa baha-nii ofitti kan amanani lammilee cimoo fi kaka'umsa qaban biyyi qabdu dinagdee fi jirenya hawaasummaatiin sadarkaa olaanaarra gahuu dandeessi. Lammileen kunniin hirkattummaa keessaa bahuun of danda'uuf ejjennoo isaan qaban mataa isaanii hirkattu-

mmaa dinagdee fi hawaasummaa irraa bilisa isaan godha. Bu'aan idaa'amaas biyyattiif guddina dinagdee fi hawaasummaa fida.

Biyyi tokko qabeenya uumamaa bay'ee waan qabdu qofaaf misoomuu hin dandeessu. Misoomaaaf wanti bu'-uura ta'u, lammileen yaada hirkattummaa irraa bahan jiraachuu isaaniti. Hirkattummaa irraa bahanii mataa isaanii dandahuuf namoonni yaalan, haala rakkisaa keessattilee mo'atanii dhimmoota dinagdee fi hawaasummaatiin sadarkaa isaanii guddisuu danda'u. Raajiin lammileen Jarman hojjetan, kan dhugaa kana muliseedha.

Karaa biraammo sadarkaa biyyaatti hirkattummaa keessaa bahuun birmadummaa kabachiisuuf bu'uura guddaadha. Biyyii gargaarsaa fi iiqii biyyoota biroo irraatti hirkattee jiraattu birmadummaan ishee balaa irratti kan kufedha. Sababni isaas, liqidhaa fi gargaarsicha dhaabuudhaan yaada isaanii irratti fe'uu waan danda'aniif yeroo hunda birmadummaa isaanii gaaffii keessa galchuu ni danda'u.

Walumaagalatti, hawaasa yaada hirkattummaa irraa gadhiifate, lammilee mataa isaanii danda'aniif fi ofitti amanan, hirkattummaa kan balaal-effatan horachuun ni danda'ama. Deebii kanaanis lammileen hawaasummaa biyya isaanii guddisuuf shoo-ra guddaa bahu.

### 8.1.4 Kontirobaandii fi Miira Hirkattummaa

- Daldalli kontiroobaandii dinagdee fi jirenya hawaasummaa biyyaa irratti miidhaa inni fidu maali?**



*Fakkii 8.2 Daldalli kontiroobaandii farra guddina biyyaa ti.*

#### Fallaqee, Daldala Seeraan Alaa

Fallaqeen daldala seeraan alaa (kontiroobaandii) irratti bobba'ee yeroo hunda yaaddoo fi dhiphinaan jiraata. Meeshaalee dhoksee gara biyya keessaatti galchuuf hojjettoota gumurukii irraa hojjetaniif matta'aa kenna. Haata'u malee, guyyaa tokko meeshaalee dhoksee dabarsuuf akeekkannoон inni godhe hundi fashalee harkaa fi harkarratti yoo qabame, maallaqa guddaa fi adabbii hidhaa akka ittifidu waan beekuuf ni yaaddaha. Haati manaa isaa Aaddee Ala-mnashii fi ijoolleen isaa dhiphina keessa jiraatu. Guyyaa tokko Aadde Alamnashii fi ijoolleen ishee waliin mari'atanii Fallaqee mariif waaman. Maricharratti

keessumaa immoo ijoolleen isaa barnoota isaanii kan lammummaa fi amala gaarii xinxaluudhaan kontirobaandiin bu'aa yaada hirkattummaa ta'u isaa ibsaniif. Ijoolleen Fallaqeen daldala kontiroobaandii irratti bobba'uun biyyaa fi ummata miidhaa akka jiru hadhee-fatanii isatti himan. Marii isaanii keessatti daldala kontiroobaandii, nama daldalu, mootummaa fi ummata kana miidhu malee eenyuunuu fayyadamaa akka hin goone irratti waliigalan. Dhumarratti Obbo Fallaqeenis yakka kana akka dhiisu waadaa gale.

#### Gilgaala 6

**Akkaataa dubbisichaan gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

- Barreessaa tokkoo fi mariisaa tokko fill-dhaatii, "Daldala kontiroobaandii irraa een-yuyuu fayyadamaa hin ta'u," yaada jedhu irratti mari'adhaatii gudunfaa irra gahaa.
- Nama naannoo keessan keessatti hojji kontiroobaandii ittisuu irratti bobba'ee jiru kutaa keessaniitti afeeraatii yaada waliigalaa kontiroobaandii irratti mari'adhaa.

Daldalli kontiroobaandii sadarkaa idil-addunyaatti nagaa, fayyaa fi jirenya hawaasummaa ummataa jeequurra jira. Keessumaa immoo biyyoota gud-datanitti qoricha sammuu hadoochuu fi meeshaalee waraanaa guguddaa biyyoota keessa daddarbarsuu irratti xiyyeffachuun biyyoota irratti yaa-doo olaanaa geessisaa jira.

Biyya keenyattis daldalli kontirobaandii yeroodhaa gara yerootti babal'-achaa jira. Namoonni hojii kanarratti boba'anii jiraan meeshaa waraanaa ammayyaa fi meeshaalee sabqunnamtiitti fayyadamuun, humna isaanii cimsachuun socha'aa jiru. Kanarra darbees ummata waa'ee kontirobaandii hubannoo gahaa hin qabne dogoggorsuun, qarshii xiqqoon gowwoomsanii bal'inaan socho'uurra jiru.

Sochiin kontirobaandii naannoowwaan baha biyya keenyaatti sadarkaa olaanatti gaggeeffama. Baay'inaan meeshaalee elektirooniksii, uffata haaraa adda addaa, dibata, meeshaalee miidhaginaa garaagaraa fi kan kana fakkaatan daandii kanaan kan galaniidha. Kontirobaandii alaa keessattis beeladoonni kumaatamatti lakka'aaman, jimaa, buna, midhaan, gogaa fi alatti akka bahan taasifama.

Naannoon kan biroo dalddalli kontirobaandii keessatti gaggeeffamu kaa-baa fi lixa kibbaa keessatti. Hammisiisa yoo xiqaateyyuu, daldalli seeraa alaa kuni kutaalee kan biro biyya keenyaa keessatti ni gaggeefama.

Yeroo ammaa guddina biyya keenyaaf gufuu kan ta'an kontirobaandii fi waliin dhahiinsa daldaalaa haala cimina qabuun dhorkuu fi gibraa fi ashaura siritti walitti qabuun akka danda'amuuf, hojii baay'een raawwatamaa jira. Hojiwwan kanneen kee-ssaa

Ministeerri Galii, Abbaa Taayitaa Galii Keessaa Federaalaa fi Abbaa Taayitaa Gumurukii Itoophiyaa walitti akka gurmaa'an taee, Waajirrii Abbaa Taayitaa Galiwwanii fi Gumurukii Itoophiyaa labsiidhaan hundeffameera.

Waajjira kana keessatti kontirobaandii dhorkuu kan dandeessisu, "Tarsiimoo Farra Kontirobaandii fi Waliin Dhahiinsa Daldala Gumurukii Biyyolessaa" wixineeffameera. Galmi guddaan tarsiimoo kanaa kontirobaandii fi daldalli waliin dhahiinsaa sadarkaa dinagdee keenyaaf gufuu ta'uu hin dandeenyetti gadi buusuu fi daldala seeraan alaa hambisuun dinagdichi burqisiisuu kan danda'u ashura gumurukii fi gibira walitti qabuun misooma biyya keenyaa deeggaruudha.

## Gilgaala 7

**Gaaffilee armaan gadiirratti mari'adhaa.  
Mariisaa tokkoo fi barreessaa tokko filadhaa.  
Ittifufuun,**

1. Daldalli kontirobaandii jirenya dinagdee fi hawaasummaa biyya tokkoratti miidhaa inni dhaqqabsiisu ibsaa.
2. Kontirobaandii hambisuuf tokkoon tokkoon keessan irraa maaltu akka eegamu tarreessuun irratti mari'adhaatii waliigalteerra gahaa.

## 8.2 Ofitti Amanamummaa

### 8.2.1 Barbaachisummaa Miira Ofitti

Amanamummaa Gabbifachuu

- **Ofitti amanuun maal fayyada?**
- **Miira ofitti amanuu guddisuuf maaltu ta'uu qaba?**

#### Ija Laafuu

Qaxalee jabaadhu jechuun faayida iasaa waan hin beekneef, yeroo da-a'imaa guddisani dogoggora baay'ee saaxilanii qaanessu. Kanarra kan ka'e dubbachuu fi hojjechuuf hamilee cimaa hin godhatan. Kuni immoo sodaa yoon dubbadhe immoo dogoggoree fi osoon hojjedhuu yoon yaraa dalage maal naan jedhu kan jedhu irraa kan dhufeedha. Ijoolleen haala kanaan guddatan hamileen isaanii waan hin cimneef kan beekaniin hojjetanii of osoo hin danda'iin hafu. Waan ija laafaniifis waan tokko cimanii hin yaalani.

Ijaan nama ilaaluu illee ni saalfatu. Kana malees ijoollee ija laafanii callisan akka nama naamusa gaarii qabuutti waan fudhatamuuf, ijoolleenis yaada kana akka waan gaarii ta'eetti fudhatu. Haata'u malee, ilaal-chi kuni ofitti amanuu irratti dhiibbaa waan geessisuuf ija laafuu dhi-isanii ija jabinaan of danda'anii jira-achuun barbaachisaadha.

## Gilgaala 8

Akkaataa dubbisa armaan oliitti gaaffilee araman gadii deebisaa.

1. Amaloota ija laafuu ibsan tarreessaa.
2. Nama ija laafu /qaanahu ta'uun miidhaa namarra geessisu tarreessuun irratti mari'-adhaatii waliigalteerra gahaa.

Nama ofitti amanu ta'uuf karaan murtaahaan filatamaa tahee fi gara fiixaan bahiinsatti kan geessu hin jiru. Akka aadaa hawaasa keessa jiraannuutti ilaalcha, sadarkaa barumsaa, yeroo fi kan kana fakkaataniin murta'a. Dabalataanis ofitti amanuun yeroo hunda guddachaa kan deemu malee yeroo murtaahaa keessatti murtteeffamee kan hafu hojji yeroo tokkoo miti. Wantoonni haaraan yeroo nuuf mudatan sodaan wallaalmmaa keenyaa miira ofitti amanummaa keenyaa qoruun isaa kan hafu miti. Yoon dadhabeehoo, yoo badehoo, fudhatama yoon dhabehoo kan jedhuu mirri faallaa ciminaa nu jeequu danda'u.

Haata'u malee, jirenya keenya keessatti haallawan haaraa numudatan mo'achaa ofitti amanuu keenya guddifachuuf qabxiileen armaan gaditti dhiyaatan baay'isee faayidaqabeeyyiidha.

#### Dandeettii ofii beekuu fi gabbbisuu:

Namni tokko abbaa beekumsa hundaa ta'uun isaaf hin danda'amu. Garuu namni tokkoon tokkoon isaa dandeettii kan ofii isaa tahe qaba.

Kanaafuu, namni eenyuyyuu dand-eettii qabu adda baasee beekuu, hir'ina beekumsaa qabu hubachuun barachuu, kitaabolee adda addaa dubbisuu, akkasumas namoota kan biroo waliin mari'achuun beekumsa ofii guddisuuf ni fayyada. Yeroo ammaa haallan addunyaa irra jiran saffisaan jijiramaa jiru. Kanaaf, yeroo hundu-maa haallan haaraa ta'an hordofuu fi mataa keenya haallan kanneen waliin adeemsisuuf gahumsa qabaachuun barbaachisaa-dha.

Namoota kana biroo irraa barachuuf dursa yaada namoota biroo kabajuu danda'uun bu'uura gaariidha. Yaada namoota biroof kabaja kenninee yoo dhaggeeffannu walitti dhiyeenya yaada keenya waliin qabuu fi garaagarummaa hubanna. Kanaan booda garaggarummaa keenya ifaan hubachiisuu fi ejennoo keenya agarsiisuu ni dandeenya.

**Dhugaa kutannoon fudhachuu:** Kana jechuun ciminaa fi laafina keenya adda baasnee beekuu jech-uudha. Kana waliin kan walqabatu namoonni kan biroos ilaalcha nuuf qabanii fi waa'ee keenya yaada kennan miira bilisaan fudhachuu ni dand-eenya. Yaadota argannu keessaas kan nuffayyadu fudhachuu mataa keenya ittiin guddisuuf ittifayyadamuu fi kan nu hin fayyadne immoo dhiisuun barbaachisaadha. Ciminaa fi laafina keenya adda baasnee yoo beekne

namoonni kana biroon yaada dogogoraa nuuf kennaniin hin dogoggoru; rakkoon yoo nu mudatu jeeqamuudhaan murtoii dogoggoraa hin ken-ninu.

**Karoora gopheessuu fi hojii madaaluu:** Kun ofitti amanuuf wantoota bu'uura tahan keessaa tokkodha. Fakkeenyaaf barattuun takka bara kana keessatti barattoota kutaa tokkoo keessaa tokkoffaan baha jettee karooraffachuu dandeessi. Karoora kana yaaddee yookiin waraqaa irrartti barreesitee yoo dhiifte kun hawwiidha malee karoora hin jedhamu. Kanaaf, karoora ishee kana kan fiixaan baasisuufii danda'u tarreessitee barreesuu qabdi. Fakkeenyaaf sagantaa guyyaa qayyabanna baasuu, mana barumsaa irraa hafuu dhiisuu, barsiistonni yeroo barsiisan sirriitti hordofuu, mana kitaabaa seenuuun kitaabolee dubbisuu fi kan kana fakkaatan kan jedhu, fiixaan bahiinsa karoora isheef waantoota meeshaa ta'an wixinneessuu qabdi. Hojiwwanis, guyy-aan, torbeen, ji'aan, waggaan, tilm-aamtee tooftaa raawwii baasuun ishee barbaachisa. Bu'uura tooftaa baasteen raawwachuu fi hojii yeroo yerootti hojjetamee fi firii isaa madaaluun barbaachisaadha. Barattuun tun yeroo akkas gootu miirri ofitti amanuu ishee guddachaa deema.

## Gilaggala 9

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Karooraan gaggeeffamuun akkamiin ofitti amanuuf gargaara?
2. Dhugaa kutannoон fudhachuu jec-huun maal jechuudha?

### Hojii Garee

Mariisisaa tokkoo fi barreessaa tokko filadhaa. Amaloota ofitti amanummaa fi miira olaantummaa muldhisan tarreessaatii irratti mari'adhaa. Yaada ijoo ta'an dabtara yaadannoo keessan irratti barreessaa.

#### 8.2.2 Faayidaa Ofitti Amanamummaan Ofiif,

Maatii Ofii fi Guddina Biyyaaf Qabu

- **Ofitti amanaummaan ofiif, maatii ofii fi guddina biyyaatiif maal faayada?**

### Milkaa'ina Aadde Zamzam

Aadde Zamzam hooggantuu dhaabbata oomisha meeshaalee ijaarsaati. Dhaabbatichi bu'aa kalaqaa baay'ee waan gumaacheef badhaafameera. Sababa kanaaf gaazeexaan tokko waa'ee daneettii hooggansaa qabu fi waa'ee jirenyaa dhuunfaa isaanii irratti namoota adda addaa waliin mari'-ateera.

Isaan kanneen keessaa maatii isanii keessaa abbaa manaa isaanii fi namoota wajjiniin hojjetan keessaa yaada isaan kennan muraasni haala armaan gadiitti dhiyaateera:

### Abbaa manaa Aadde Zamzam:

"Zamzam ofii keenyaa fi ijoolee keenya walumaagalatti maatii keenya ilaachisee waliin murteessuuf yaada dhiyeessiti. Irratti mari'annee kan nufayyadu yoo ta'e hojiirraa oolchina, yoo ta'u baatee garuu ni dhiifna. Yaadni koo kan isheerra foyyee qaba taanaan fudhattee hojiirraa oolchiti. Mormii yoo qabaate ifatti dubbatti. Haala kanaan walii gallee waan jiraannuuf ijoolee keenya seeraan guddisuu dandeenyerra. Jireenyi keenyas yeroodhaa gara yeerootti gara guddina gaariitti cehaa jira," jechuun dubbataniiru.

**Namoota wajjin hojjetan:** "Zamzam walirraa barachuutti amantii; beekumsa qabdu ifatti nuuf qooddi. Wantoota haarawaa fi hojimaata haaraa uumuuf ciminaan yaalti. Wanta hin beekne yeroo ishee mudatu kitaaba dubbisti, namoota kan biroo gaafatti. Nu waliinis mari'achuu jaallatti. Yoo dogoggorres ifatti nu sirreessiti. Ish-eenis yoo dogoggora ishee itti himne ni sirreesiti. Kanaafuu yeroo hundumaa hamileen keenya hojiif akka kaka'u gooteetti. Bu'aan hojii mana hojii keenyaa olaanaadha. Yeroo dhiyootti oomisha keenya gara biyya alaatti erguuf qorannoo gabaa gaggeessaa jirra," jechuun ibsaniiru.

## Gilgaala 10

**Akkaataa dubbisichaan gaaffilee araan gadii deebisaa.**

1. Yaadawwan kennaman keessaa amala ofitti amanuu Aadde Zamzam kanneen ibsan isaan kami?
2. Aadde Zamzam ofitti kan amanaan ta'uun isaanii, ofii saaniif, maatii isanii fi biyya isaaniif bu'aa inni argamsiise ibsaa.

Namni ofitti amanu yaada hirkattummaa irraa kan fagaateedha. Yeroo hundaa kan fooyyee qabu tahee argamuuf yaalii waan godhuuf guddina dinagdee fi jirenya hawaasummaan milkaa'a.

Yaada namoota biroo waan kabajuuf rakkolee mariidhaan hiikuuf qopha'aummaan ni jira. Yaada faayidaa qabeessa ta'e kan biroo irraa fudhatee faayidaarra oolcha. Beekumsa mataa isaa kan biroof quoduuf gara boodatti hin jedhu.

Kanarra darbees namoonni dhuunfaa bu'uura maatiiti. Maatiin immoo bu'uura hawaasaa biyya tokkooti. Kanaafuu, biyya misoomsuun lammii gaarii horachuu waliin walqabata. Bu'uura

kanaan jirenya Aadde Zamzam keessatti akkuma ta'e namoonni dhuunfaa amala ofitti amanamummaa hamma guddifachaa deeman, ijaarsa maatiif bu'uura gaarii ta'u. Maatii gaariin immoo dabaree isaa guddina biyyaaf lammilee waliigalanii hojetanii fi hojii uuman akka horataman dandeessisa. Biyyi lammilee isheetiin misoomtee fi birmadummaan ishee kan kabajame taati. Kanaafuu, tokkoon tokkoon namootaa keessatti kan guddatu amala ofitti amanamummaa jirenya maatii fi adeemsa ijaarsa biyyaa keessatti shorora olaanaa qaba.

## Gilgaala 11

**Gaaffilee araan gadii deebisaa.**

1. Yaada "Namoonni dhuunfaa guddinaa fi beekumsa biyya tokkoof sababa olaanaadha" jedhu ofitti amanumummaa gabbisuu waliin hubachuun mari'adhaatii waliigalteerra gahaa.
2. Qabxiilee ofitti amanumummaan milkaa'ina waliin walitti fidan tarreessuun ibsaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Hirkattumm iaarrraa namoonnii gadhiifatan jirenya hawaasummaa fi dinagdee keessatti mataa isanii kan danda'an ta'u. Yaadriimeen of danda'uu immoo sadarkaa nama dhuunfaa fi biyyaatti guddina jiru agarsiisa. Kanarra darbees ibsitooni hawaasummaa fi dinagdeetiin of danda'uu walii isaaniin waldeeggaru. Fedhiiwan bu'uuraa guuttatani jiraachuu danda'uun eenyummaa ofiitti boonuuf karaa bana. Of danda'uun birmaddummaa biyya tokkoo kabjajamuuf gahee qaba. Tooftaaleen of danda'uuf gargaaraan muuxannoo fi barumsa akkasumas gorsa ogeessotaas dabalaata.

Biyya keenya mataa ishee of dandeessisuuf ittigaagatamummaan lammilee irraa eegamu baay'een jiru. Fakkenyaaf seeraa fi dambii biyyattii

eeguu fi daldala kontirobaandii fi gochaa seeraan alaa kan biroo keessatti hirmaachuu dhiisuu, yakki yeroo raawaatamu qaama ilaallattuuf beeksisuu fi hojii yakkaa irratti hirmaachuu dhiisuuun isaan gurguddoodha. Kanarra darbees aadaa hojii gabbifachuun kan oomishuu fi hojii uumu ta'uun birmaddummaa biyyaa eeguun ittigaafatamummaa waliinii lammilee hundaati.

Gama kan biraatiin yeroo hundaa namoonni sirraahuuf of qopheessuu qabu. Barumsi kan argamu mana barumsaa irraa qofaa miti. Hiriyaa irraa, maatii irraa, naannoo irraa, manguddoota irraa beekumsi adda addaa faayidaa qabeessa ta'e ni argama. Hawaasni yaada hirkattummaa irraa gadhiifate qofti guddinni biyyaa ittififiinsa akka qabaatu gochuu danda'a.

## **JECHOOTA FURTUU**

**Birmaduu:** Bilisummaan isaa kan kabajame

**Keellaa:** Meeshaaleen karaa seeraan alaa gara biyya keessaatti akka hin gallee fi hin daddarbine to'annoon bakkatti ta'u.

**Ija laafuu:** Dhimma beekan tokko, gammachuu, gadda, mormii fi kan kana fakkaatan fuulduratti ibsuuf yookiin dubbachuuuf sodaachuu.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuun kan sirrii ta'e "Dhugaa" dogoggoraa kan ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Miirri oftiti amanuu al takkaa ijaaramnaan bara baraan jiraataadha?
2. Ciminaa fi dadhabina keenya adda baasnee yoo beekne yaada dogoggoraa namoonni nurratti dhiyeessaniin hin gowwoomfamnu.
3. Yaada ifaa fi kallattiin ibsuun amala ofitti amanamummaa keessaa tokko.
4. Mataa isaatiif kabaja kan kennu miira olaantummaatiin kan guutameedha.
5. Daldalli kontirobaandii namoota addunyaa irra jiran hundaaf diina waliiniiti.

**II. Kanneen roga "A" jalatti eeraman kan roga "B" jalatti eeramaniin walitti firoomsaa.**

**A**

1. Dogoggorasaa irraa nama baratu
2. Of kabajuu
3. Of danda'uu
4. Qaannoftuu

**B**

- A. Ofitti amanuu dhabuu kan ibsu
- B. Gamna / Abshaala
- C. Yaada ofii ibsuu sodaachuu
- D. Ofitti amanuu
- E. Walabummaa ofin of gaggeessu kenna

**III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii filadhaa.**

1. ofittiamanamummaa dagagasuuf
  - A. Dandeettii kee beekuu fi guddisuun barbaachisaadha.
  - B. Dhugaa kutannoodhaan fudhachuun barbaachisaadha.
  - C. Karoora qopheessuu fi hojii madaaluun barbaachisaadha.
  - D. Hundumtuu deebiidha.
2. Namoonni mataa isaanii danda'uuf yaalii godhan
  - A. Mataa isaanii qofa fayyadu.
  - B. Maatii isaanii qofa fayyadu.
  - C. Lammilee mataa isaanii, biyya isaanii, maatii isaanii fayyadaniidha
  - D. Bu'aa hin buusan.

## 3. Ofitti amanuun

- A. Yeroo hundaa beekumsaan kan guddatuudha.
- B. Qabeenya baay'ee walitti qabachuun kan guddatuudha.
- C. Namoota kan biroo tuffachuudha.
- D. Mataa ofii danda'uuf shoora guddaa qaba.

## 4. Namoonni ilaalcha maxxantummaa qaban

- |                    |                        |
|--------------------|------------------------|
| A. Ba'aa biyyaati. | C. Kan leeyya'aniidha. |
| B. Ba'aa maatiiti. | D. Hundi deebiidha.    |

## 5. Daldalli koontirobaandii (seeraan alaa)

- A. Kontiroobandii kan daldalan kan fayyaduudha.
- B. Jirenya hawaasummaa fi dinagdee kan jeequudha.
- C. Malaamaltummaan akka babal'atuuf sababa ta'a.
- D. A fi Cn deebiidha.

**IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kennaa.**

1. Yaanni "Mataa ofii kan hin dandeenye bilisummaa hin qabu," jedhu sadarkaa n dhuunfaa fi biyyaatti hiika inni qabu ibsaa.
2. Kabaja ofii kennuu jechuun maal jechuudha?
3. Daldala kontirobaandiitiin meeshaalee biyyaa keessaa bahan shan tarreessaa.

**V. Bakka duwwaa armaan gadii jecha yookin gaalee sirrii dhaan guutaa.**

1. Kontirobaandiin yookiin daldalli seeraan alaa osoo gaggeeffamuu arganii namoota saaxilaniif durgoon \_\_\_\_\_ kennamaaf.
2. \_\_\_\_\_ keessaa namni bahe bilisummaa yaadaa qaba.
3. \_\_\_\_\_ jechuun haala kamiyyuu keessatti mataa ofii xiqqeessanii ilaaluu dhiisuu fi bakka ofii sirriitti beekuudha.

# BOQONNAA SAGAL

## AADAA QUSANNAAM

### Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisu hubatta.
- Karoraa fi akka humna ofiitiin qajeelfamuun faayidaa qabeessa ta'uu isaa hubatta.

### 9.1 Qusannaam

#### 9.1.1 Barbaachisummaa Aadaa Qusannaam

Gabbisu

##### a. Aadaan qusannaam

**barbaachisaadha yoo jedhamu  
maal jechuu isinitti fakkaata?**

##### b. Aadaan qusannaam namoota

**dhuunfaa gabbachuun ofii  
isaanii irra dabree bu'aan inni  
biyyaaf qabu tarreessaa.**

### Kan Ijoolleen Bukeessite Irbaataaf

#### Yoo Ga'u

Yeroo ijoollummaa koo yommuun yaadu, yeroo hundumaa sammuu koo keessaa kan hin banne yaadannoo tokkotu jira. Namoonni ollaa keenyaa yeroo hundaa kan hawwan, qopha'anii hawwiin kan eegan qophii wag-gaa tokkotu ture.

Namoonni ollaa keenyaa walga'uun ayyaana Abidaarii kabaju ture. Kadhaan kan jiraattu Aayyoo (Likkeen osoo hin hafin ayyaana kanaaf lukkuu tokko,

daabboo tokkoo fi araqee qaruuraa tokko dhiyeessu ture. Hojii oolmaatiin kan jiraatan Obbo Balaachoon osoo hin hafin ayyaana Abidaariitiif tumalessi isaan dhiyeessaa turan biftii fi gud-dinni isaa hin dagatamu.

Guyyaa kabaja ayyaana Abidaarii keenyaa nyaachuun, dhuguun, muchaa'uun, yoomiyuu caalaa guyyaa quufaa turte. Dhuma qophii sanaa irratti tokkoon tokkoon hirmaataa fi afeeramaa wagga dhufutti maal qopheessuu akka danda'u ni wareega ykn waadaa seena. Yommuu yeroon ga'utti nyaata oolmaa isaanii irraa hirisanii, dhabanis liqeefatanii waan wareegan sanas baasii gochuun nyaataa fi dhu-gaatii guyyaa tokkoof dhangaa qophessu.

Yeroo tokko barattooni qaxaleen ganda sanaa lama yaada tokko maddisiisan. Barattuun Burtukaan jedhamtu yaada akkas jedhu dhiyeessite: "Anaa fi Yoonaas, maallaqa walitti qabdan keessaa muraasa nuuf kennitanii barattoota ollaa keenyaa qaxalee ta'aniif fuuldura keessanitti badhaasuu dhaaf yaadneerra," jette. Aayyoo Likkeen yommuu kana dhaga'an, "Maallaqni as

jiru wareega. Maallaqa Abidaarii waan ta'eef itti hin bu'amu. Abidaarittiin ni dheekkamti," jedhan. Namoonni hedd-uun Aayyoo Likkee hordofan yaada kennan. Yeroo kana Aadde Asteer, "Yaada isaatti gammadeera. Yoo ta'u baate yaada keessan har'aaf maallaqa nan kenna. Gara fuula dura-atti garuu waliin mari'annee itti yaad-uu qabna," jechuun dubbatan. Guyy-attiin sun kan eebbfamte turte.

Waggaa itti aanutti lakkofsi ijoolee badhaafamuu qabnii ni dabale. Ollanis gocha akka kanaatiif hamma dandeettii isaanii ramaduun qusataniit kuufachuu eegalan. Carraa kanaan Ob-bo Hayiluu fi Aadde Asteer yaad-icha gabbisuun dhiyeessan. Badhaasicha irratti dabalataan manguddoota gargaarsa hin qabne kan akka Aayyoo Likkee qophagaleessa ollaa isaa-nii dhukkubsatee siree irra ooluuf mallaqni dawaa itti bitatu kennameef. Bu'aan walgargaarsaa baldhinaan ni cime. Baasii akkasiitiif tokkoon tokkoon namoota ollaa sanaa hamma dandeettii isaanii ji'a lama lamaan akka buusan waliigalan. Aadde Asteer mallaqa qabduu, barattooni lamaan immo barreessaa fi odiitara ta'uun akka tajaajilaniif filataman.

Maallaqni haala kanaan walitti qabame wagga shanaffaa isaatti maallaqa guddaa waan ta'eef, kaayyoo cimaaf ooluu itti fufe. Walitti qabamni sun har'a afoosha, tajaajila liqii kan kennu ta'e.

## Gilgaala 1

**Bu'uura dubbisa armaan oliitiin gaaffilee kanneen deebisaa.**

1. Gocha armaan olii kan fakkaatu naannoo keessan yoo jiraate barreefamaan hiriyoota daree keessaniif dhiyeessaa.
2. Haalli walfakkaatu yoo hin jiraanne naannoo jiraattanitti rakkoo fi dhimma waliinii barbaaduun furmaata isaa dabalatee dareef dhiyeessaa.

Tokkoon tokkoon namaa guyyaattis ta'ee yeroo murtaa'aatti galii argatu ittiin jiraachuu irra dabree maallaqa jirenya isaa gara fuula duraaf ta'u kuufachuu qaba. Kana raawwachuudhan fedhii guyyaa guyyaa guuttachuu irrayyuu dirqama lammummaa irraa eegamu akka ba'u isa dandeessisa. Fakkeenyaa gibira kanfaluu eruun ni danda'ama. Manneen hojii mootummaa kan hojjetamu, dhaabbileen fayyaa kan ijaaramu, manneen barnootaa kan babaldhisu buusii ummata irraa sasaabamuuni. Kanneen keessaa gib-irri sassaabamu bakka olaanaa qaba. Hojjettooni mootummaa, daldaalt-ooni, hanga humna isaanii gibira kanfaluu. Qonnaan bultoonni, namoonni daldala xixiqqoon jiraatan gibira kanfaluu. Gibira yeroo isaa eeganii kanfaluun yoo dadhabame kuufamuun kanfaluuf dadhabsiisaa (rakkisaa) ta'a. Kanaafuu, namoonni hunduu qophaanii waan irraa eegamu kanfaluuf aadaa qusanna gabbifachuu qabu.

Qusannoonaan faayidaa adda addaa qaba. Kanneen keessaas of danda'uuf, namni tokko of danda'eera ykn dandeesseetti kan jedhamu jirenya dhuunfaas ta'ee kan hawaasaa keessatti wantoota barbaachisan harka namoota biroo osoo hin ilaalin guuttachuu yoo danda'u ykn dandeessuudha. Keessumattuu qusannaa waliin kan walqabatu of danda'uu haalli ibsu baasii barbaachisaa ta'e dhiphina malee guutuu, maatii rakkoof osoo hin saaxilin jirenya gaggeessuun yoo danda'ameedha. Maatiin of danda'e barumsaaf, nyaataa fi uffataaf akkasumas baasii yaalaaf barbaachisu humna isaatiin haguuguu danda'a. Miseensonni maatii rakkoowwan dinagdee fi hawaasummaa adda addaatiif hin saaxilaman.

Akkuma olitti ilaalamme, of danda'uun bifa adda addaatiin ibsama. Barumsaan, nyaataan, walumaagala fedhiwwan bu'uura jirenyaa guuttachuu dandeessisa. Garuu kanaaf furtuun dinagdeen of danda'uudha. Sadarkaa biyyaattis dinagdeen of danda'uun ummanni beelaa fi dhukkuba irraa bilista'e akka jiraatu taasisa. Haalli kun har'a biyyoota guddatanii fi biyyoota hin guddanne gidduu kan jiru sadarkaa jirenyaa walmadaalchisuun hubachuun ni danda'ama. Ummattoonni biyyoota guddatan keessa jiratan guutummaa guutuutti ittifayyad-amoo tajaajilawwan barumsaa, yaalaa fi bu'uuraa birooti. Ummattoonni biyyoota akka Itoophiyaa guddataa

jiran immoo dinagdeen waan hin guddanneef rakkolee hedduu of keessaa qabu. Of danda'uu biyya tokkoo kan mirkaneessan kuufamni midhaan dilbii jiraachuu fi eegumsi qabeenya uumamaa murteessaadha.

Kuufama midhaan qusatamee jechuun oomisha wagga waggaattii argamu irraa dhiyaana yeroo irraa hambisuun gombisaa fi magaazena mootummaa keessa bu'aa gara fuula duraaf akka ta'uuf kaa'uu jechuudha. Ibsa biraatiin qusachuu jechuudha.

## Gilgaala 2

**Yaadota falmii gaditti dhiyaate ka'umsa godhachuun gareen ta'uun mari'adhaa.**

1. Guddina qusannaatiif kan gumaacha qabu aadaadha.
2. Guddina aadaatiif gumaacha kan taasisu qusannaadha.

### **9.1.2 Aadaan Qusanna Gabbachuun Faayidaa Inni Misoomaa Biyyaaf Qabu**

- **Aadaan qusanna gabbachuun misoomaa biyyaaf akkamitti faayidaa akka qabaatu ibsaa.**

### **Misoomaaaf Ga'ee Lammummaa**

Aadde Zannabewarqi Alamaayyoo biyyoota Awurooppaa garaagaraa barumsaa fi hojiin waggoota 27f erga jiraatanii booda bara 1990tti gara biyyaatti yommuu deebi'an, hojii guddaaf of qopheessanii turan. Qabeenya hojjetanii horatan qabatanii dhufuun naannawa Walisootti buufata fayyaa beeladootaa dhaaban. Buufanni fayyaa kun dhaab-

bachuun Walisoo fi qonnaan bultoota naannawa sanaaf faayidaa gud-daa kennaajira.

(*Madda: Gaazeexaa Addis Zemen*  
“Yeseetoochi Ambaa” Guraandhala 1992)

### Gilgaala 3

Bu’uura dubbisa oliitiin gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Kan akka Aadde Zannabewaqi Alamaayyoo qusannaan hojji misoomaa kan hojjetaan gumaacha nama tokkoo hiriyoota keessan dareef dhiyeessaa.
2. Namni tokko aadaa qusanna gab-bifachuun ofii, maatii isaa fi naannoof bu’aa inni qabu ibsaa.

Aadaa qusanna gabbisuun badhaadhummaa dhuunfaa qofa kan fayyadumiti. Namoonni aadaa qusanna gabbataa qaban guddina biyyaaf gumaacha godha. Kallattii hojji uumuun hojiiw-wan misoomaa babaldhisuun hiriiruu danda’u.

### Gilgaala 4

Gaaffilee kanneen irratti mari’adhaa.

1. Aadaan qusanna akkamitti guddachuu danda’?
2. Aadaa qusanna gabbisuun akkamitti misooma biyyaa ariifachiisa?

#### 9.1.3 Qisaasummaa fi Barsiifattoota Boodatti Hafuu

- **Qisaasummaa fi barsiifata boodatti hafaan maal akka ta’an gareen irratti mari’adhaa.**

Barsiifata boodatti hafaa kan jedhamu tooftaa fi yaada jirenya ammayyaa waliin adeemuuf, yaadawan haaraa fi argannoowwan saayinsaawaa fudhachuuf gufuu kan ta’u hafte amantiiwwanii fi hojmaatotaati.

### **Barsiifattoota Boodatti Hafuu, Qisaasummaa fi Hiyyummaa Fidan Balleessuu**

Qisaasummaa jechuun qabeenya ak-aakuu fi callaan qabnu karoora malee balleessuu jechuudha. Kun immoo faallaa qusannaati. Qisaasummaaf kan geessisan kallattiin barsiifata boodatti hafaa hedduudha. Qisaasummaa fi hiyyummaaf kan geessisan barsiifata boodatti hafaa kan jedhaman keessaa cidha baay’isuu, yeroo qisaasesuu, qabeenya uumamaa naannootti haalaan fayyadamuu dhii-suu, hangafummaan kan eeramaniddha.

Qisaasummaaf kan geessisan barsiifanni boodatti hafaan waa’ee fuula duraa yaaduu irra kan guyyaa guyyaa qofaa ilaaluun karoora dhabeessa badiisa qabeenyaaf kakaasuudha. Qisaasummaan dursi kan kennamuu fi kan hin kennamneef barbaachisaa kan ta’ee fi barbaachisaa kan hin taane adda baasuu dadhabuudha. Qisaasummaan ittifayyadama yeroo tokkoof baasii humnaa ol baasuu dha. Walaumaagalatti, har’aat ykn gara fuuladuraaf jedhamee qabeenya taa’uu fi qusatamuu malu karooraan ala bu’aa har’aa qofaaf oolchuudha.

Sadarkaa nama dhuunfaatti qisaas-ummaaf kan geessisan jalqaba irratti ofii naamusa qabaachuu dhabuudha. Kunis araada gadheen qabamuun ibsamuu danda'a.

Qisaasummaan namaa jirenya hawa-asummaa keessatti kallattiin is ta'ee alkallattiin dhiibbaa inni qabu olaan-aadha. Nageenya namoota biroo diiga. Yoo rakkatanis gargaarsaa fi deggarsa biroo barbaadu. Maatii irratti dhiibbaa geessisu. Naamusni hojii isaanii cimaa waan hin taaneef amaloonni isaanii kun oomishtummaa irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaf konkolaataa hojettotoa deddeebisu tokko namni konkolaachisu kan yeroo hin kabajne yoo ta'e, ittigaafatamummaa hojettotoa mana hojichaah dhimma hojiif bakkaa bakkatti deddeebisu waan hin baaneef, hojiin yeroon akka hin hojjetamneef gufuu ta'a. Ofii isaas taanaan jereinya hawaasummaa keessatti kabaja dhaba.

### **Hojii Garee**

*Naannoo keessanitti hojmaattota boodatti hafoo hiyyummaaf geessisuu danda'an qo'achuudhaan daree keessatti irratti mari'adhaa.*

### **9.2 Karoraa fi Akka Humna Ofiin Buluu**

Weellisaa beekamaan Muhaammad Ahimad hojii muuziqaa tokko irratti, "Humna ofii beekanii jiraachuun gaariidha. Dandeetti guddaadha," buufattoonni jedhan jiru.

Walaloon kun ergaa akkamii akka dabarsu ibsaa.

### **«Liqeessaa yookiin Liqeeffataan**

#### **Du'a»**

Fiqirteen mana hojii hojettu keessatti of qaqqabuun beekamti. Barreessituututaa tokkoo taatee osoo jirtuu mii-nadaa argattu waliin sadarkaa walhin simanneen of miidhagsiti. Yeroo hundaan faashinoota haaraa, haaraa hor-dofti. Namoonni mana hojichaah kana ilaalan madda galii guddaa akka qabdutti shakku. Iccitiin isaa garuu kan biraadha. Fiqirtee irra liqii namoota hedduutu jira. Uffannii fi meeshaan ishee tokko tokko liqiin kan fuud-haman ykn liqiin kan bitamaniidha.

Akililuun nama biroo konkolaachisaa mana hojichaati. Ganama hojiif kutaa qajeelchaatii yoo barbaadamu hin argamu. Torbee miindaas ta'ee guyyota hin eegamne biroos hojii irraa

dhabamuun beekamaadha. Naannoo birootti kan argamu wayita miindaan ji'aa kanfalamuu fi yeroo miindaan liqii kennamuudha. Namoota inni dhokatu hedduudha. Sababni isaas "Miindaa yommuun fudhadhu nan kanfalaaf" jechuudhaan namoota irraa liqeeffate, nan deebisa guyyaa jedhutti yoo jalaa badu barbaachisuu jalqabu. Fiqirtee irraa adda kan ta'u uffanna fi of miidhagsuu irra dhugaatiitiin jirenya isaa kan geggeessuudha.

Ittigaafatamtuutaa kutaa maallaqaa, Alamituu qofatu iccitii lamaan isaanii beeka. Maaliif araada liqii kana kees-

saa akka hin baane yommuu gaafattu, "Liqeessaa ykn liqeeffataatu du'a" deebii jedhu deebisuuf. Liqichi osoo hin kanfalamin hafa jechuu isaaniiti. Ji'a itti aanuttis liqeeffachuuf deebi'anii dhufu.

### Gilgaala 5

**Bu'uura dubbisa armaan oliitiin gaaffilee kanneen deebisaa.**

1. Fiqirtee fi Akililuun humna isaaniitii olitti jiraachuu barbaaduun isaanii miidhaan isaan irra geessise maali?
2. Namoonni akka Fiqirtee fi Akililuu naannoo keessan humnaa oli kan jiraatan yoo jiru ta'e maal gootu?

### A. Akka Humna Ofiin Jiraachuu

Namni gita humna isaan jiraatu baasii barbaachisaa hin taane waan hin baa-sneef, gara fuula duraatti maallaqaa fi horata jirenya isaaniitiif fayyadu qu-sachuu danda'a. Kana gochuu isaatiin ofii isaas, naannoo isaas ta'ee biyyi isaa akka fayyadamu gumaacha godha. Gama biraatiin namoonni gita humna isaaniitiin hin jiraanne idaa keessa galuu fi gatii keessa galan keessaa ba'uun kan itti ulfaatuudha.

Gita humna ofii wallaaluun haalawwan baay'een ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaaf liqeeffatanii meeshaalee humna isaanii olii ykn wantoota yerootti barbaachisoo hin ta'in bituu, galii argamu caalaa fedhiwwan baasiif nama saaxilan keessummeessuu, kan namoonni biroon bitan ykn raawwatan

anis eenu gadi jechuun haala wal-fakkaatuun raawwachuu yaaluun eer-amuu danda'u. Kun barsiifata gadhee ta'uu irraan kan ka'e balaa olaanaa ta'e ni geessisa. Boqonnaa sammuu dhabuun isa tokko. Hanga gita humna ofii jiraachuu dhiisuun, miirri gadi aant-ummaa akka namatti dhaga' amu taasisa. Waan barbaadan guuttachuuf maallaqa hin qopheeffatin nama irraa liqeeffachuuf fida. Rakkoo kanatti akka hin galleef galii ofiitiin of daangessanii jiraachuun abshaalummaadha.

### B. Faayidaa Karoorri Qabu

- **Jirenya ofii karooraan gegge-essuun faayidaa inni qabu tarr-eessaa.**

### Mudannoo Tewodiroos

Tewodiroos maatii isaa irraa haala ittifayyadama maallaqaa ilaachisee muuxannoo homaa hin arganne. Kolleejji leenii barsiisotaa irraa eebfamee akkuma ba'een miindaa isaa jalqabaa akkamitti akka ittifayad-amuu qabu yommuu yaadu, guyyoota lamaa ol ittifudhatee ture. Hiriyoota eeba isaa irratti argamuun gamma-chuu ittidhaga'ame ibsuun kennaa kennaniif afeeruu fi uffata hojii birootiif ta'uu malu bituuf yaade. Miindaan isaa garuu isa hin geenye. Yeroo tokkotti yaadawwan walirra tuulamanii itti dhufan altokkotti raawwachuuun akka irra jiru ni amana. Miindaan ji'a itti aanuu walakkaan idaa kanfalame. Hafteen isaa immoo hanga miindaa ji'a itti aanuutti akka hingeneye hubate.

Tewodiroos waggaa isaatti hojjetee miindaa argachaa osoo jiruu waa'ee rakkinaa haasawuu jalqabe. Maatii isaa dhimma baay'ee barbaachisaa ta'e irratti gargaaruu haaturuutii waan isayyuu hanqateef aaruu baay'ise. Gidduutti hiriyaan gaarii jirenya isaa karooraan geggeessatu tokko argate. Tewodiroos fayyaaleessa waan ta'eef, tooftaa jirenya isaa hiriyaan kanaaf ibse. Hiriyaan isaas tooftaa ittifayyadama maallaqaa kan ofii isaa itti hime. Tooftichis namni kamiyyuu maallaqa argatu akkamitti akka ittifayyadamuu danda'u kan agarsiisuudha.

T.Lakk	Mataduree baasii	Hanga baasii dhubbantaan
1	Baasii manaaf	Dhubbantaa shantama
2	Baasii dhimma hawaasummaaf	Dhubbantaa torba
3	Uffataaf	Dhubbantaa kudha lama
4	Geejjibaaf	Dhubbantaa kudha torba
5	Tajaajila fayyaaf	Dhubbantaa sagal
6	Qusannaaf	Dhubbantaa kudhan
7	Bashannanaaf	Dhubbantaa lama
8	Barumsa fooyeffachuuf	Dhubbantaa shan

## Gilgaala 6

Gabatee kana bu'uura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- Lakkoofsa 1 hanga 8tti kan tarreeffaman keessaa baasiwwan sirna qabeessa ta'ee fi hin taane yoo jiraatan agarsiisaa. Akkasumas baasiwwan fooya'u qaban fooyyessaa.

- Miindaan Tewodiroos qarshii dhibba sadii fi shantama. Bu'uura armaan oliitiin hanga baasii isaa qoqqooduun agarsiisuu yaalaa.
- Miseensa maatii itti dhiyaattanii tokko gaafachuun tooftaan qusannaasisaanii akkam akka ta'e haasofsiisaa. Sana booda haala tilmaama baasii Tewodiroos waliin galii isaanii qoqqoodaatii agarsiisaa. Tooftichi namicha haasofsiistan sanaaf ni mijata moo hin mijatu? Maaliif?

Karoorri jirenya gara fuula duraatiin gocha raawwatamu dursanii karor-suu, humnaan, beekumsaa fi yeroon galiiwwan barbaachisan dursa murt-eessuudha. Sadarkaa kamittuu karorri jirenya dhala namaatiif murt-eessaadha. Karorri sadarkaa dhuun-faattis ta'ee sadarkaa biyyaatti daandii guddina biyya tokkoo kan hordofamuu qabuudha.

## Gilgaala 7

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- Sadarkaa mootummaatti walga'iwwan ykn murtiwwan karoora irratti geggeeffaman jiraachuu isaanii dhageessanii beektuu?
- Karorrawwan kunniiin maal maal irratti kan xiyyeffataniidha?

## C. Karoraa fi Qixa Humna Ofiitiin Geggeeffamuun Faayidaa Inni Guddina Biyyaatiif Qabu

- Guddinni namoota dhuunfaa guddina biyyaawaliin attamitti walq-abachuu akka danda'u ibsaa.**

**"Ijoolleen Carraa Isheen Guddatti"**  
 Obbo Badiruun, Aadde Shamsiyyaa haadha manaa sadaffaa fuudhanii wag-gaa isaaniitti mucaa saddeettaffaa dhalatu eegaa jiru. Qophii isaanii kanaaf immoo ollaan isaanii Obbo Hayila Iyyasuusii fi Aadde Askaalaan gargaaraa jiru. Yeroo Obbo Badiruun haadha manaa jalqabaa Aadde Nuuriyaa fuudhan, Obbo Hayila Iyyasuus gaa'ela raawwatanii ji'a sadaffaa ture. Har'a lamaanuu warra ijoollee hedduuti.

Obbo Hayila Iyyasuus lafa xinnoo qaban qotachaa ijoolleen isaan guddisan carraa barumsaa hin arganne. Obbo Badiruun haadholii manaa lamaan irraa ijoolleen saddeet qaban keessaa ijoolleen afur sababa daldalaa fi hojii humnaatiif gara naannoo garagaraatti deemaniiru.

Maatiiwwan lamaanuu kan walfakteessu wantoota hedduu qabu. Lamaanuu "Ijoolleen qabeenya," yaada jedhutti amanu. Yaada "Ijoollee baay'isanii horuun miidhaadha," jedhu ilaalcha seexanaati jedhanii yaadu. Walirraa fageessanii da'uun fayyummaa haddhaafis ta'e guddina daa'ima sanaaf gaarii ta'uun isaa yaadanii hin beekan. Miidhaa gaa'elli umrii malee geessisu, faayidaa karooraan da'uun fi kkf yaadni jedhu hin galuuf. Baasii maabaraaf, yaalaa fi nyaataaf barbaachisu dursee akka ittiyadamuu qabu hin hubanne.

Ijoollee dhalatanis ta'ee kan gara fuuladura dhalatan carraan akka isaan jiraachiftutti yaadu.

Torban kana faayidaa karoora maatii barsiisuuf gara naannawa isaaniitti kan bobba'an ogeessonni fayyaa maatiwwan lamaan biratti fudhatama hin arganne. Warrii lamaanuu barumsi kun ijoollee isaanii gaa'elaaf ga'anii fi gaa'elaaf hin geenye biratti akka dha-ga'amu hin barbaadan.

### Gilgaala 8

**Bu'uura dubbisa armaan oliitiin gaa-ffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Maatiiwwan lamaan kan walfakteessu maali?
2. Walirraa fageessanii da'uun fooyya'insa jirenya maatiif faayidaa inni kenu maal maali?

Ijoollonni kan guddatan carraadhaan osoo hin taane hanga galii maatiiwwanii fi ga'umsa guddisa isaaniitiini. Biyya keenyatti dubartiin takka giddu galeessaan hanga ijoollee shanii fi jahaatti da'uun kan barsiifameedha. Ijoollee torba da'uun immoo guutummaatti barumsaa fi tajaajila biroo akka argatan hin dandeessisu.

Lakkoofsi du'a haadholii dabaluu, jirenya daandii irraa fi haalawwan kanaaf geessisan karoora maatiitti fayyadamuu dhabuu irraa kan madduudha. Karoora maatiitti fayyadamuu dhabuu baay'ina ummataa olaanaa ta'e uuma. Baay'inni ummataa immoo

qabeenyi uumamaa walhin simne faa-yidaa irra akka ooluu fi dhaloonni dhufu akka rakkoo irra bu'u taasisa.

**Gilgaala 9**

**Gaaffilee kanneen hojjedhaa.**

Naannoo keessanitti baay'ina maatii waliin kan walqabateen rakkoon kan jiraatu/ jiraattu nama tokko barbaachisuun haasofsiisuun seenaa isaa/ishee barreeffamaan dhiyeessaa. Barreeffama keessatti kan eertan muu-xannoo seenaa isaa/ishee barnoota namoota birooof kennamu agarsiisaa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Aadaan qusannaan guddachuuun badha-adhummaa dhuunfaafis ta'ee hawaas-atiif barbaachisaadha. Sadarkaa biyyaatti faayidaa gabbachuu aadaan qusannaan yoo fudhanne, ummattooni taj-aajila barnootaa fi yaalaa amansiisaa akka argatan dandeessisa. Qabeenyaan uumamaa kunuunsuun aadaan qusannaan waliin walqabata. Kana gochuun dhaloota fuula duraaf yaaduudha. Bosona lalisuuf waggoota dheeraa fudhatu mancaasuun, biyyeen akka dhiqamuuf saaxiluu fi kkf gochaawwan uumu. Gochaawwan kunniin hiyyummaa kan geessisanidha.

Sadarkaa nama dhuunfaatti immoo haalli qabannaa maallaqaa fi itti-fayyadama qabeenyaaf jirenyaaaf wabii kenu. Kunis kan fayyadu of danda-uuf, hojii investimentii ykn misoomaa fi hirmaannaa hawaassaa gabbisuufi. Kanas kan gargaaran yaadb'uuraaleen qusannaan jiru. Fakeenyaaf baasiin akka galii hin caalle gochuu fi mud-anooowwan hin eegamneef maallaqa kaa'uun isaan muraasa.

Aadaan qusannaan guddisuuf tooftaalee garaagaraatu jiru. Maatii horachuuf

karoorsuu, faayidaa yeroo hubachuu fi kabaajuu, hamma gita humna ofii jiraachuu beekuu fa'a. Kanumaan wal-qabatee beekamuu kan qabu aadaan qusannaan akka hin dagaagne haalawwan taasisan jiraachuu isaanii qayyabachuudha. Isaan kunniinis qu-sannaan kan faallessu barsiifata miid-haa qabanii fi boodatti hafaa ta'an-iidha. Fakkeenaaf qisaasummaan qabeenyaaf, maallaqaa fi qabeenya uumamaa seeraan ala fayyadamuu, barbadeessuu jechuu yoo ta'u kanaafis kan kakaasan barsiifanni boodatti hafaa immoo tooftaa jirenyaa fi ilaalcha haaraa fudhachuuf qophaa'oo ta'uu hafuu, arganno saayinsaawaa fudhachuu dhabuu, barumsa dhabuu, hubannoo dhabuu fa'a. Hanqinoota kann-een immoo barsiisuudhaan jijiiruun ni danda'ama.

Qabeenyaan, maallaqas ta'ee qabeenyi uumamaa qabnu karooraan geggee-ffamaa, ittifayyadamuu qabna. Karoorri hamma gita humna ofii jiraachuuuf dandeessisa. Karooraan fi hamma gita humnaa jiraachuuun immoo jirenya biyyaa fi lammileetiif wabiidha.

## JECHOOTA FURTUU

**Buufata:** Walaloo sarara tokkoo

**Jechama :** Haala dubbii

**Dhaabilee bu'uura misoomaa:** Kan akka geejjibaa fi bilibila kkf tooftaa walquunnamtii, madda humnaa kan ta'e elektiriikii diriirsus ni dabalata.

**Investimentii:** Maallaqa oomisha dhaabbataa ykn hojii tajaajilaa irra oolchuu.

**Qabeenya qabatamaa:** Gosoota qabeenyaa muldhato fknf mana, konkolaataa, meeshaalee qonnaa, industirii, warshaa fi kkf.

**Qabeenya afuuraa:** Akka qabeenyaa qabatamoo kan hin muldhanne ta'ee falaasama naamusaa namni tokko qabu beekumsa, aadaa, muuqaa, amantii fi kkf.

**Afdaarii:** Sirna amantii aadawaa, muka guddaa jalatti waggaan geggeeffamudha.

**Muldhata:** Gara fuula duraatti kan dhufu ykn haala mudachuu danda'u dursanii akeekuu, kaayyoo fi galma dursanii baasuu.

**Liqii:** Yeroo murtaa'e keessatti gatii isaa kanfaluuf meeshaa ykn mi'a daldaaltoota irraa fudhachuu.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii kan ta'e "Dhugaa", sirrii kan hin taane immoo" Soba" jechuun deebisaa.**

1. Namni tokko aadaa qusaannaa yoo qabaates yoo dhabes kan fayyadamus ta'ee kan Miidhamu matuma isaati.
2. Namni tokko karaa kamiiniyyuu dureessa ta'uun akka danda'amu yoo amane, maalummaan aadaa qusannaa galeeraaf jechuudha.
3. Qabeenyi umamaa yeroo yerootti kan of haaromsuu fi akka meeshaalee dhumataa faayidaa irra oolee kan hin dhumneedha.
4. Bu'aa yeroo gabaabaatti muldhatuu fi yeroo dheeraa booda argamuuf baajeta qabnu walqixa hirree fayyadamuun ni qabna.
5. Tooftaa jirenya gaarii jechuun tooftaan galii fi baasii walmadaalee yoo jiraateedha.

**II. Yaadarimeewwan qusannaa roga "A" jalatti tarreeffaman filachuun kan roga "B" jala jiran waliin walitti firoomsaa.**

**A**

1. Qabeenya uumamaa
2. Karoora maatii
3. Yaada boodatti hafaa
4. Qisaasummaa
5. Waldaa qusannaa fi liqii

**B**

- |  |
|--|
| A. Albuudawwan   |
| B. Karoora   |
| C. Ofittummaa  |
| D. Hamma humna ofii jiraachuu                              |
| E. Duuti koo har'a galgala, garbuun kan gahu ji'a masqalaa |
| F. Fedhii daanga dhabeessa keessummeessuu                  |

**III. Bakkeewwan duuwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'aniin guutaa.**

1. Qabeenya akaakuunis ta'e callaan qabnu balleessuun \_\_\_\_\_ jedhama.
2. Aadaan qusannaa sadarkaa dhuunfaatis ta'ee biyyaatti jabeessuun tooftaawwanii fi muuxannowwan baramuu qaban keessaa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ eeruun ni danda'ama.

**IV. Gaaffilee itti aananii dhiyaataniif filannoowwan kennaman keessaa deebiiwwan sirrii ta'an filadhaa.**

1. Haalawwan guddina biyya tokkoo fiduu danda'an.
  - A. Ummanni barsiifata boodatti hafaa irraa hiikamuu.
  - B. Karoora yeroo dheeraa
  - C. Karoora yeroo gabaabaa
  - D. Hunduu deebii ta'u
2. "Dhaloota egereef yaaduu" jechuun kanneen armaan gadii keessaa yaadni tokko wal hin simu.
  - A. Aadaa qusanna gabbisanii dabarsuu
  - B. Dhaloota barnootaa fi beekumsaa gonfate qaruu jechuudha.
  - C. Qabeenyaa umamaa daguuganii fayyadamuu dhiisuu
  - D. Eegumsaa fi kunuunsa naannoo gochuu hin ilaallatu.
3. Kanneen keessaa tokko gocha qisaasummaaf geessisuudha.
  - A. Manneen fiilmii babaldhisuu
  - B. Ganda baadiyyaa keessatti raabsaa booba'aa dhaabuuf investimenti taasisuu
    - A. Lammilee hundaaf carraa barnootaa uumuu
    - D. Qusanna maatii baruu
4. Of danda'uu jechuun
  - A. Namarraa adda ba'uu jechuudha.
  - B. Kanneen biroon akka of danda'an deggarsa gochuu.
  - C. Hirkattummaa irraa hiikamuu jechuudha
  - D. Hunda "A" malee

**V . Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa.**

1. Seenaawan. barbaachisummaa aadaa qusanna guddisuuf fakkeenya ta'an itti dabaluun ibsaa.
2. Ilaalchawwan boodatti hafaa gabbachuu dhabuun aadaa qusanna irratti dhiibbaa kallattii qabu. Kanas haala qabatamaa naannoo keessan irraa ka'uun waan beektan ibsaa.

# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Faayidaa Hirmaannaan dhimmoota naannoo fi biyyaarratti qabu hubatta.
- Kutaaleen hawaasaa adda addaa gurmaahuni fi jabaachuun faayidaa qabu ni beekta.

10.1. Murteessummaa Hirmaannaan Lammilee Misooma Naannoo, Nageenyaa fi Ijaarsa Sirna Dimookiraasii Keessatti Qabu

10.1.1 Murteessummaa Hirmaannaan Lammilee Ijaarsa Dimookiraasii Waliigaltee fi Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuu keessatti



Fakkii 10.1. Misoomaasafisiisuuf waliin haa sochoonu.

- **Fakkichi waa'ee maalii akka ibsu walhubachiisaa.**
- **Yaadni warri hir'iira nagaa bahanii yoo hojii irra oole namoonni hir'iira nagaa bahan maal ta'uudan-daa'a.**



Fakkii 10.2 Gaaffii fi deebpii Obbo Qoric-hoo Amaan waliin taasifame

**Mancharree, Araddaa Dimookiraasii fi Bulchiinsa Gaarii**

**Sagalee Mancharree:** Duraan dursitanii osoo of beeksiftanii.

**Qorcho:** Maqaan koo Qorichoo Amaan yoo ta'u dhaladhee kaniin guddadhe Aanaa Tufaatee keessatti. Wagga digdamii jahaaf biyya alaa jiraadhee ergaan deebi'ee wagga lammaffaa kooti. Qabeenyan fidee dhufreen hojii jalqabee namoota 750f carraa hojii baneera.

**Sagalee Mancharree:** Jireenyii fi hojiin Mancharree keessatti maal fakkaata?

**Qoricho:** Gara biyya kootti akkumaan deebi'een misoomsuu fi keessa jir-aachuu kaniin barbaade aanaan keessatti dhaladhe Tufaatee keessa. Achitti garuu hojiidhaaf waan hin mijofneef hojii koo fi jirenyaa koo Mancharreen taasifadhe.

**Sagalee Mancharree:** Tufaateetti qabeenya keessaan misoomaaaf ool-chuu kan hin dandeenye maaliifi?

**Qoricho:** Muldhata misoomaan qabu Tufaateetti dhugoomsuu hin dandeenye. Dura bu'oони aanaa fi mana hojii mootummaa guyyaa fi halkan kan dhama'an dhimma dhuunfaa isaanii irratti xiyyeffataniiti. Misoomaa aanichaas ta'e jirenya jiraattotaa fooyyessuuf hin dhimmani. Ofii isaanii waan xixxiqqaaf osoo walhamatanii, waltuffatanii, waltuttuqanii fi wallolanii yeroodabarsu. Kaayyoo waleef walii galanii hojjechuu hin danda'an. Abbootiin dhimmaa tajaajila saffisaa hin argatani. Gibira mootummaa, akka sumas kan bishaanii, kan bilbilaa fi kaffal tiiwaantajaajilaa kana fakkaatan raawwachuufillee jiraattotarraa gidiraa guddaan gaha. Ittigaa fatamtoonnii fi hojjettoonni mana hojii mootummaa kaayyoo mana hojichaa raawachuuf ramad aman ummataa tajaajilamaa irraa matta'aa kan barbaadaniidha. Anis waggoottii

baay'eef qabeenyaan itti dhama'ee hore fidee nannoo koo ittiin misoomsuuf, ummataa koo fayyaduuf deggarsa argachuu hin dandeenye. Bakkan itti hojjedhu, eeyyama hojii, kan kana fakkaatan argachuuf baay'ee nagidirsaniiru. Kanas ta'ee fiixaan naaf bahuu hin dandeenye. Wagga tokko gidirfamee waan fiixaan hin baaneef, dhiiseen gara Mancharreetti dhufe.

**Sagalee Mancharree:** Mancharreetti hoo gidiraan kun isin hin mud-annee?

**Qoricho:** Waa'ee Mancharree gaarum-maa ishee yoon dhagaheyyuu amanuu hin dandeenye Dhufee yennaan mariisisu garuu qabeenya koo dhiisii lubbuu kooyyuu akkan kenu kan godhan itti gaafat-amtoota mana hojii mootummaa fi ummataa kan qabdu taateen arge. Guyyaa kudha shan keessatti bakkani itti hojjedhu, eeyyama hojii fi daldalaa, deggarsa adda addaa, carraa waggoottii muraasaaf taaksiirraa bilisa ta'uun naaf kennan. Asitti hooggantoonii fi hojjettoonni kan walceepha'an dogoggora isaaniirraa walsirreessuufi. Hojii maataa isaanii irra caalaa sirreessuuf, saffisaa taasisuu fi tajaajilamtootaaf miiaawaa taasi-suufi. Akkasumas dhugumaan Mancharree misoomsuuf gorsa sigaafatu, sidhaggeeffatu, barachuuf qophaa'oodha. Waldhaggeeffatu. Isaan kana waliin hojjechuun akkam naga-mmachiisa sitti fakkaata?

**Sagalee Mancharree:** Yaada naaf kennitaniif baay'een isin galatee-ffadha.

**Qoricho:** Anis sin galateeffadha.

### Gilgaala 1

**Gaaffii fi deebpii armaan olii bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Aanaalee Tufaatee fi Mancharree keessatti ijaarsi dimookiraasii, bulchiinsi gaarii fi walii galte uumuun maal akka fakkaatan walbira qabaa madaalaa.
2. Isin jiraattoota Aanaa Mancharree osoo taatanii maal gootu?
3. Osoo jiraattota Aana Tufaatee taatanii maal gootu?

Dimookiraasiin bakka hin jirretti walkabajuu, walamanuu fi waldhageeffachuu hin jiraatu. Kana osoo hin taane abbaa irrummaan namoota mur-aasaa waan cimuuf miidhamuun ummata bal'aa waan hin hafneedha. Kaka'umsi ummanni guddina waliiniif qabu ni quucara. Misoomni hawaasummaa ni quucara. Karaa biraa sirna dimookiraasii ijaaruun, ittifufees, walii galtee waliinii uumuu fi bulchiinsi gaarii mirkaneessuun, haqummaan hawaasummaa akka dhufuu fi itti fufees guddinni hawaasummaa akka dhufu waan godhuuf biyyi ni badhaadha. Waliigalteen waliinii fi bulchiinsi gaariin jiraachuun deebisee dimokiraasii waan jabeessuuf, guddinni itti fufiinsa qabaata.

Bu'aawwan kunniin garuu ofii isaanitiin kan dhufan miti. Hawaasicha ke-


essatti isaan kunniin akka dhugooman kan godhu hirmannaan hawaasaa si'aayina qabuu fi cimaa ta'e barbachisaadha. Hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu malee sirni dimokiraasichaa cimee hin ijaaramu, bulchiinsi gaariin ittifufiinsa qabu mirkanaahuu hin danda'u. Isaan kunniin bakka hin guutamnetti misoomnii fi badhaadhummaan mirkanaahuu hin danda'u.

### Gilgaala 2

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Mirkanahuu dimokiraasiitti fufee dhufuu kan danda'an wantoota gaarii ta'an keessa lama eeraa.
  2. Ummatichi ijaarsa sirna dimoo-kiraasii keessatti si'aayinaan hirma-annaa taasisuu yoo baate maaltu dhufuu danda'a.
- Dammaqinaa Hirmaannaa

### 10.1.2 Dammaqinaan Hirmaannaa Lammilee Hiyyummaa Xiqqeessuu fi Misooma Ariifachiisaa Mirkanneessuuf



**Fakkii 10.3 Jallisiin lafa bal'aa misoo-msuu danda'a.**

- **Fakicharraa maal hubattani?**

## Jallisii, Tooftaa Amansiisaa Misooma Qonaa

Bu'uura dinagdee biyya keenyaa kan ta'e hojiin qonaa rooba waliin kan walitti hidhameedha. Hangi uwvisa roobaa guddaa yoo ta'u, dinagdeen keenya guddina gaarii agarsiisa. Uwwisni roobaa hanga xiqaateen jireenyi keenya gara gadadummaatti kan gadi deebi'e ta'a. Hirkattummaan roobarrattii kun hamma yoomiitti akka ittifufu eeyyamnaaf? Keessumaa immoo abbaa qabeenya laggeen daangaa darbanii deemanii taanee, hirkattummaa roobarrattii cichuun keenya nama hin dinqisiisuu?

Tibbana gara Godina Hadiyyaatii oduun dhageenye kana keessa bahuu akka dandeenyu fakkeenya agarsiiseedha. Godinicha keessa qonnaan bultoonni jiraatan kaka'umsa mataa isaanitiin karaa aadaa laggeen lama jallisanii hojii misoomaa hojjetaniiru. Haala kanaan kan misoomsan keessa lafitti heektaarri 88 oomisha olaanaa kenneera. Ashaakiltii oddoo, kuduraa fi fuduraa fi midhaan saffisaan gahan gurguruudhaan qonnaan bultoonni galii ol aanaa argatanii jirenya isaanii fooyeffachaa jiru.

Jallisii akka filannootti fayyadamanii jirenya isaanii irratti jijiirama waan fidaniif, wantoota bu'uura hubannoo ta'an lamarratti jijiirama agarsiisa jiru. Tokkoffaan rooba qofaa eeganii hojjechuun ittififiinsa isaatiin aman-

siisaa akka hin taanee fi hirkattummaa kanaraa gadhiifachuu akka qaban amanuu isaaniiti. Lammaaffaanimmoo haala baratamee amansiisaa hin taanee haala oomishaa fooyya'aa ta'e kan biroon bakka buusuun akka dandaamu mirkaneeffachuu isaaniiti.

Qonnaan bultoonni fayyadamoo jallisii tahan kun kaka'umsaa fi yaalii mataa isaanitiin gargaaramurraa gadhiifachuu jalqabuu isaanii dinqisiifachuu qabna. Irra jireessa yaalii kana fakkatu deegarsa ogeessotaa fi mootummaatiin gara qonaa waliigalaa fi gara walmakaa akkasumas gara ammayummaati jijiiruun barbaachisaadha. Haala kanaan sochii qonaa waggaatii gara waggaatti ittiin oomishan gurmeessuuun barbaachisaadha. Oomishitummaan dhuunfaa fi faayidaa maatii, naannootti osoo hin murtaaifiin fedhii gabaa bal'aaf akka ta'u gochuun barbaachisaadha. Jijiiramni kana fakkatu taasifamuun isaa qofaa osoo hin tahiin, jijiiramichi saffisaa fi kan walirraa hin cinne ta'u isaa mirkaneessuu qabna. Duraan dursa yaalii hiyyummaa xiqqeessuu keenya kan fiixaan baasisu tahee ittifufuudhaan immoo misoomaa ittififiinsa qabuu fi guddina saffisaa ta'e kan mirkaneessu ta'u qaba.

(Gaazeexaa **Addis Zemen** Amajji 7, 95 Ijoo Dubbiif Fuula 3 irraa kan fu-dhatame.)

## Gilgaala 3

Akkaataa dubbisichaan gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Hojiin misoomaa Hadiyyaatti qonnaan bul-tootaan taasifame hiyyummaa xiqqessuuf akkamiin gummaachuu danda'a?
2. Sochii guddinaa gaarii ta'ee qonnaan bultootaan jalqabame akkamiin gara sochii misoomaa ariifachiisaa fi ittifufaa ta'etti ceesisuun danda'ama?
3. Jijjiiramni qonnaan bultoota Haadiyyaa taa-sisan hangam si'aayina qaba? Gara guddina saffisaa ittifufiinsa qabutti tarkaanfachiisuuf akkam gochuuti isaanirraa eeggama?

Biyyonni hiyyummaan baay'ee isaan miidhee kan akka Itoophiyaa sochii misoomaa baratameen qofaan gadadoo keessa jiran keessaa bahuun hin danda'amu. Tooftaa hiyyummaa xiqqessuu cimaa ta'etti fayyadamuun guddina dinagdee saffisaa fi ittifufiinsa qabu galmeessisuun ni danda'ama. Akka kun ta'uufimmoo ummanni bal'aan hubannaah gahaa tahe qabatee karaa karaasaa humna isaa, qarshii isaa fi beekumsa isaa qindeessuun barbaachisaadha. Misoomni arifachii-saan kara fakkaatu mirkanaahuu kan danda'u lammileen hundi kan irratti bobba'an irratti hirmaannaa si'aayina qabu taasisuun yoo bu'aa argams-iisaniidha.

## Gilgaala 4

Gaaffilee armaan gadii deebisaa.

1. Biyya keenyatti misooma ariifachiisaa mir-kaneessuun kan barbaachise maaliif isinitti fakkaata?
2. Itoophiyaa keessatti misoomni arii-fachiisaa fi ittifufiinsa qabu akka argamuuf murtee-ssummadhaan jiraachuu kan qabu maali? Maaliif?

**10.1.3 Dammaqinaan hirmaannaa lammilee Iftoominaa fi Ittigaafatatummaa Mirkaneessuuf**

- **Hirmaannaan lammilaasi si'aayina qabu attamiin iftoomaa fi ittigaafatatummaa mirkaneessuuf fayyada?**

**Gabaasa Dura Bu'aa Mana Barumsaa**

Kabajamtoota barsiisotaa, hojjetootaa baratoota jaalatamoo: Bara darbee mana barumsaa keenyatti hojimaata iftoominii fi ittigaafatatummaan keessatti mirkanaahe diriirsuuf karoora qopheessinee mirkaneessuun keenya ni yaadatama. Bara kana karoori kun hojii oolaa tureera. Walgahii har'aarratti karoora kana hojiirra oolchuun bu'aa argame isiniifan dhiyeessa.

Akkuma beektan mana barumsaa kanatti kan kennaman tajaajilli hedduun jiru. Maalummaa tajaajiloota kanaa, eenyuuf akka kennaman, haala kamiinii fi yeroo kam kennamuu akka danda'an adda baasnee tarreedhaan qopheessinee akka turre ni yaadattu.

Fakkeenyaaf barattoota lammii gaarii kan taasisu barumsa qabatamaa kenuu fi firii isaanii madaallii walitti fufaan mirkaneessuun tajaajila guddaa akka tahe keenyeerra. Barattoota keenyaaf tajaajila gorsaa gaarii fi faayidaa qabeessa ta'e kennuuf waliigalleerra. Barattooni keenya kutaatii alatti barumsa qabatamaatiin akka cimaniif carraa barumsa walm-addeessaa mijessuun hirmaachisuuf karoorfanneerra. Maatii barattootaa yookin kan isaaniin guddisan haala qabiinsa barumsaa ijoollee isaanii beekuu waan fedhaniif deebii saffisaa fi barbaachisaa ta'e kennuuf karoorri qabameera.



*Fakkii 10.4. Hojimaati manneen barno-otaa iftoomaa fi ittigaafatamummaa kan qabu ta'uun qaba.*

Mana barumsichaarraa ragaalee adda addaa kan barbaadan seerrummaa kan qaban qaamoleen adda addaa fi namoonni dhuunfaa akkasumas qorannoo fi qo'annoof yookiin sababa adda addaaf ragaa kan barbaadaniif tajaajila saffisaa ta'e kennuun tajaajila kan biroo nurraa kan eegamu akka ta'e

keenyerra. Barsiisotaa fi hojjettoota mana barumsichaaf tajaajila si'ataa fi quubsaa ta'e karaa bulchiinsaa kenuun kan barbaachisuuf fi kan ta'uun qabu ta'uun isaa tarreeffamaa tajaajilaa keessa keenyeerra. Kunis hojiin keenya iftoomina akka mir-kaneessu amanamu isaa agar siisa.

Akkuma yaadatan tajaajila eeraman kamiyyuu namni barbaadu duraan dursa dirqama guutuu qabu akka guutu amanuun tajaajilamaa tokkoon tokkoof tarreeffamaa kana bakka ifaa ta'e keenyeerra. Kana walqabsiisnees tajaajilamtooni dirqama isaanii guuttatan tajaajila saffisaa, barbaachisaa fi kabaja qabeessa kan ta'e yoo kennuudhaa baanne yookiin gidiraan kamiyyuu yoo uumne, ceepha'amuu, ittigaafatamuuf, himatamuuf akka ta'e walii galleera. Karaa biroon yaadbu'uura ittigaafatatummaa hordofuuf murtees-sineerra.

Raawwii wagga keessatti karoora karoorfanne kana hojiirra oolchuuf yaalleerra. Hir'inaalee xixiqqoon barsiisotaa fi hojjettoota murasaan mudachuurraan kan hafe akka waliigalaatti bu'aa gaarii arganneerra. Fakkeenyaaf barsiisaan tokko madaallii walitti fufaa seeraan gaggessee firii isaa galmeesee bartootatti waan hin beeksfnuef adabameera. Hojjetaan bulchiinsaa tokko barataa mana barumsaa gadhiiseef ragaa barnootaa kennuuf waan baay'ee gidirseef, dhummarrattis ragaa

dogoggoraa waan kenneef adabameera. Rakkolee kanaan alatti irra jireessaan bu'aa cimaan galmeeffameera. Iftoominaa fi ittigaafatamummaan kan keessatti mirkanaa'e waan ta'eef hojiin keenya kan waggaa kanaa milkaa'aa akka ture tilmaamameera.

### Gilgaala 5

**Gabaasa armaan olitti dhiyyaate bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebsaa.**

1. Gabaasa dura bu'aan mana barumsaa dhiyeessan irraa maal hubattani?
2. Adeemsi hojimaata mana barumsichaa hanga yoonaatti hojimaata iftoominaa fi ittig-aafatamummaa mirkaneesse qabaa? Fakkenya qabatamaa dhiyeessuun ibsaa.
3. Mana barumsaa keessan keessatti iftoominaa fi ittigaafatamummaan barbaachisa kan jettan dhimmoota lama sababa isaa waliin dhiyeessaa.
4. Mataduree "Mana hojii taajaajilli hawaasummaa kennamu tokkotti

"Hojimaatni iftoominaa fi ittigaafatamummaa jiraachuun isaa bu'aa isaarratti jijiirama ni fida moo hin fidu?" jedhurratti gareedhaan ta'uun kutaa keessatti waliin falmaa. Falmii sana booda adeemsicharraa yaada faayidaa qabu argatan barsiis-aa keessaniif dhiyeessaa.

Hawaasa tokko keessatti sirni dimookiraasii yoo ijaarame ummatichi yaada isaa bilisaan tarkaanfachiisuu danda'a. Kun immo walhaggeeffachuu waan dandeessisuuf waliigalteen akka uumamu godha. Qaamoleen mootummaa

taj-aajiltoota ummataa ta'uu isaanii mirkaneessuuf bulchiinsa gaarii diriirsu. Haalli akkasii immoo ummanni misoomaaaf akka cimu waan godhuuf misooma ni saffisiisa. Ummaticha biratti hubannoon akka gabbatu yoo tahe sadarkaa guddinaa barbaachisaa ta'e gahuuf, misooma ittififiinsa qabuu fi saffisaa ta'e galmeessisuuf hirmaannaan hawaasaa olaanaa fi si'aayina qabu taasisuuf danda'ama.

Ijaarsi sirna dimookiraasii fi bulchiinsi gaariin mirkanaahuun karaa ittiin ibsamu keessaa tokko hojimaata mootummatiin yaadb'uuraaleen iftoominaa fi ittigaafatamummaa hojiirra oolanii argamuudha. Qaamni mootummaa eenyuyyuu tajaajila ummataaf kenu, tajaajilichi bu'aa inni argamsiisuu danda'u, kanaafis toftaan hojimaataa inni hordofu, kanaaf kan kana fakkaatan ifa gochuun kanumaan madaaluun irra jiraata. Hojimaata ifaan taa'e kana hordofuun yoo hin hoijennee fi bu'aa barbaachisaa kan hin argamsiisne, kan ittigaafatamu, kan itti ceepha'amuu fi sirni ittihimatamu jiraachuu qaba. Isaan kuniin kan dhugooman yoo sirni dimookiraasii jiraateedha. Kana waan ta'eefis sirni dimookiraasichaa eeggamuu qaba. Hirmaannaal lammiilee si'aayina qabu malee waliigalteen, bulchiinsi gaariin akkasumas misoomni ariifachiisan mirkanaahuu hin danda'u.

## Gilgaala 5

Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Iftoominni fi ittigaafatamummaan bulchiinsa keessatti kan mirkanahee ta'uun akkamiin beekama?
2. Misooma dinagdee ariifachiisaa jechuun maal jechuudha?
3. Bulchiinsa gaarii fi misooma ariifachiisaa mirkaneessuuf ijaarsi sirna dimookiraasi haala dureedha yoo jedhame irratti walii-galtuu? Maaliif?
4. Bulchiinsa gaariif, ijaarsa sirna dimookiraasiif fi misooma ariifachiisaa mirkaneessuuf ummata irraa maaltu eegama?

## 10.2 Waldaalee Siivikii

### 10.2.1 Waldaalee Siivikii Keessatti Hirmaachuun

Faayidaa Inni Misooma Biyyaaf Qabu



Fakkii 10.5 Walgahii waldaa dubartootaa

### Qimamiitii fi Hiriyoota Ishee

Qimamiit waldaa hojjettoota dubartoota warshaa huccuu keessatti sadarkaa miseenummaatii hanga hooggansatti si'aayinaan hirmaatteetti. Dubbattee kan amansiistu, hojii qabata-maatti kan amantuu fi kutattuu mise-

ensa waldichaa waan taateef, maqaan Qimamiit jedhu kennameeraaf. Maqaa ishee isa dhugaadhaan kan ishee waamu hin jiru.

Hojjettoota warshichaa keessa harki 2/3 dubartoota. Kanaan dura dubartoota hojii walfakkaaturratti bobba-anii jiraniif kaffaltii kan warra dhiiraa irraa gadi aanaa ta'e isaaniif kaffalamaa ture. Haalli hojiis ta'ee faayidaan adda addaa haala dubartootaa kan ilaalcha keessa galche hin turre. Kanarratti dubartoota hedduurratti sababa saala isaaniif rakkoleen adda addaa isaanirra gahaa ture. Yeroo baay'ee miidhaan kornayaa/saala irratti hundaa'e isaan mudata ture.

Warshichi kan argamu handaara maagaalaa irratti waan ta'eef, hojjettoota dubartotarra warshaatii alattis rakkoo hedduun isaanirra gaha. Warshichi tajaajila geejjibaa gahaa tahe waan hin qabneef, hojjettooni dubartootaa karaa dheeraa deemuuf ni dirqamu ture. Dadhabpii hedduu booda hojiirraa bahanii akka miilaan deeman taasifamuun rakkoo tokko ture. Halkanis ta'e guyyaa karaa waan tokko irra hin jirrerra yennaa deeman kashalabboota balaafamoodhaan saamichii fi miidhaan saala irratti hundaa'e isaanirra gahu jira ture.

Qimamiit rakkolee dubartootaa qabatamaa ta'an kanneen walitti qabdee qayyabachuunii fi soschii waldaa hoj-

jettootaan furmaata fiduuf yaalii gooteetti. Waldichi garuu isheen akka eegdetti rakkoo dubartootaaf xiyyeefannoo addaan ilaalee furmataa is-aaf qabsahuu hin dandeeny. Waan kana ta'efis waldaan hojjettoota dubartootaa akka dameetti garmaahuu akka qabu amante. Gidiraa baay'ee fi qabsoo booda hojjettooni dubartoota ciccim-moon waan ishee deggaraniif fiixaan isheef baheera. Qimamiit dura teessuu taatee filatamte. Kanaan booda waldaan hojjettoota dubartootaa, dubartoota hundaa sochooseera. Sochii isaniitiin waan gaarii agarsiisanii rak-koon hojjettoota dubartoota warshichaa akka furmaata argattu taasiseera.

Har'a dhiiraa fi dubartoota gidduutti garaagarummaan faayidaa fi mirgaa hin jiru. Warshaatii alattis rakkolee mudachaa turan bulchiinsa warshichaa, poolisii, qaamolee mootummaa fi qaamolee mitimootummaa, akkasumas hawaasa naannichaa waliin qind-oomanii akka furmaata argatan ta-asifameera.

Har'a warshicha keessa nageenya amansiisaan jira, hojjettooni dubartootaa yaaddoo malee bakka hojii warshaatii ala socho'uu, akka fedhanitti bahanii galuu danda'aniiru. Bulchiinsa warshichaa keessattis hirmaannaa qaba. Mirgaa fi faayidaa hojjettootaa mirkaneessuu, hojii oomishtummaa ilaalchisee, murtii kamiyyuu

keessatti dubartoonni hirmaachaa jiru. Warshichis caalmaatti oomishtummaan isaa guddachaa dhufuun isaa dinagdee biyyattii siritti deggaraa jira. Kun hundumtuu hirmaannaa misesensa waldaa hojjettoota dubartootaa waldaa hojjettoota hunda hammatu cinaa dhaabbachuun ciminaan socho'-uun bu'aa argameedha.

### Gilgaala 7

**Dubbisa armaan olitti bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Seenicha keessatti dhaabbanni siivikii shoora guddaa bahe jiraa? Yoo jiraate gahee maalii fi maal bahateera? Bu'aa maal argamsiise?
2. Akka seenichaatti sochiin warshichaa ijaarsa dimookiraasii, misoomaa fi gama nageenyaan bu'aa argamantarreessuudhaan dhiyeessaa.
3. Jijiirama warshichaa keessa hirmaannaan lammilee si'aayina qabu jira turee? Faayidaa yookiin miidhaa inni qabu ibsaa.
4. Ati osoo hojjetaa warshichaa taatee yeroo qabsoo sana maal goota turte? Maaliif?

Biyyi tokko misoomaan akka tarkaanfattuuf bu'urri isaa nageenya mirkaneessuu fi sirna dimookiraasii ijaaruudha. Kunis akka dhugoomuuf hirmaannaan ummataa si'aayaan murtessaa ta'uun mirkanaa'eera. Ummannis nageenyaaf, dimookiraasii fi misoomaaaf adda bahee sochiin taasifamu caalaa gurmaa'ina adda addaan kan raawwatamu bu'aa olaanaa argamsiisa. Gaheen waldaaleen sivikii ifa bahee kan dhufu asirratti. Hooggansa cimaa, miseensota kutatoo fi qaxalee tahaniin,

muldhata misoomaa ifaa tahe kan qaban, waldaan hawaasa siivikii cimaan rakkoleen hawaasummaa fi dinagdee hiikuu hin dandeenye hin jiru. Kana waan taheef, waldaan siivikii akkasii dimookiraasii ijaaruuf, nageenya kaba-chiisuu fi guddina dinagdee mirka-neessuuf humna hin shakkisiisre qabu.

## Gilgaala 8

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Nageenya biyya tokkoof, dimookiraasii fi misooma mirkaneessuun guddina fiduuf, ummanni bifa kamiin yoo socho'e wayya?
2. Waldaan siivikii nageenya, dimookiraasii fi misooma mirkaneessuu keessatti shoora inni qabu maal fakkaata?

### 10.1.4 Dhimmoota Yeroo Irratti Mootummaa

Cimsuu fi To'achuuf Hirmaannaa Waldaalee Siivikii

- **Waldaala siivikii keessatti hirm-aachuun akkamiin mootummaa cimsuu fi to'achuun danda'ama?**

### Fooramii Jiraattota Magaalaa Finfinnee



**Fakkii 10.6 Walgahii waliigala fooramii jiraattota Magaalaa Finfinnee**

Gurmaa'ina kutaalee hawaasaa adda addaa kanaan duraa irratti hundaa'-uun Magaalaa Finfinneetti bara 1999 waltajiin /fooremiin jiraattoota waliin ganda gandatti hundeeffameera.

Bu'urri olaanaan waltajjichaa/-fooremichaa waldaalee dargaggoottaa fi dubartootaati. Boodas gara sadarkaa hunda galeessa magaalichaatti waltajji jiraatootaan xumurameera . Waltajjichi irra jireessaan rakkolee dubartootaa, dargaggoottaa akkasumaas kutaalee hawaasaa gadaanaa gidduu galeessaa godhachuuun sochii isaa ittifufeera. Rakkolee hojii dhabbummaa, nageenyaa fi tasgabbiin dhibamuu bulchiinsa gaarii, qaalahuun jirenyaa cimaa deemuu fi rakkolee kana fakkataan dhimmoota ijoo godhateera. Walumagalatti, sochiin misoomaa Magaala Finfinnee qabbanaa'uun dhimma xiyyeffannoo kan biroodha. Waltajjichi bulchitoota magaalaattii fi itti gaafatamtoota olaanaa ta'an waliin walitti dhufanii isa qorree ture dhammqsuuf danda'eera. Mana hojii adda addaa bulchinsichaa keessatti malaamma-ltummaa fi hojimaanni loogii babal'-achuun isaa ifa gochuun qabsaa'eera. Ittigaafatamtoota mootummaaf rakkolee ummataa qabatamaa ta'an dhag-eessiseera.

Dadhabina mootummaa agarsiisuu danda'eera. Marii waliin gaggeeffame irratti furmaata gaariin akka fudhatamu gahee isaa gumaacheera. Rakk-

oolien kunnin bu'uuraan hanga maqfamanitti fooremichi qabsoo cimsee itti fufuu kan qabu yoo ta'es, yaalii hanga yoonaatti rakkoleen haala ifa ta'een hir'achaa fi sochiin magaalaattii inni qorraan lubbuu horachaa dhu-feera.

### Gilgaala 9

**Duubbisa araan oliirratti bu'ureetfachuun gaaffiilee araan gadii deebisaa.**

1. Waltajjiin/fooremiin jiraattota Maga-alaa Finfinnee kan waldaa sivikiitii? Maaliif?
2. Fooremichi magaalaattii keessatti nageenya, misoomaa fi dimookiraasii cimsuuf akka-sumas mootummaa jajjabeessuu fi to'achuuf shoora inni gumaache maal fakkaata? Bu'aa maalii argamsiiseera? Kana caalaa maal raawwachuu danda'a ture?
3. Fooremicha keessatti namoonni dhuunfaa hirmannaak akkamii taasisuu qabu?
4. Waltajji jiraattoota Magaalaa Finfinnee irraa magaalaawan biroo fi naannoleen muuxannoo fi barumsi gaariin isaan argachuu dand-a'an yoo jiraate ibsaa.

Dhaabbileen siivikii to'anno mootummaa jalaa bilisa kan ta'anii fi bu'aaf kan hin hojenne dhaabbilee hawaasaati. Isaan kunnin faayidaa hawaasichaa gama hawaasummaan, siya-asaanii fi dinagdeen gumaacha gochuuf kan hundeffamanii fi sochii deggarsaa akka taasisaniif hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu barbaadu. Keessattuu haala dimookiraatawaa keessatti rakkowan hawaasaa kan akka rakkoo dinagdee fi hawaasummaa guyyaadhaa

guyyatti hiikuuf gaheen isaan qaban guddaadha. Waldicha keessatti hirmaannaa bilisaa taasisuun, hooggantoota filachuu, amantaa yeroo irraa dhabanitti buusu fi kanneen kana fakkaatan hojiimaata dimookiraatii ittiin gaggeessu. Ummaticha mootummaa waliin qunnamssiisuun, mootummaan itti gaafatamummaa isaa, dir-qama isaa haalaan akka raawwatu taasisuuirratti shoorri isaan qaban kan tuffatamu miti. Mootummaan kan gochuun osoo irra jiraatu hin raawwanne jechuun beeksisuun to'achuwaan danda'aniif, gumaacha ummatummaa isaanii bahuuf gahee guddaa qabu.

### Gilgaala10

**Gaaffilee araan gadiirratti mari'adhaa.**

1. Waldaan siivikii waldaalee kan biroo irraa maaliin adda baha?
2. Waldaaleen siivikii faayidaa maalii argamsiisu?
3. Waldaalee siivikii keessatti hirmaachuu barbaachisaadha? Maaliif?
4. Mana barumsaa keessanitti waldaaleen siivikii kan akkamitu jiraachuu danda'u?
5. Waldaalee siivikii keessattii gaheen tokkoon tokkoon keessanii maal ta'uu qaba?

## Cuunfaa Boqonnichaa

Hawaasa tokko keessatti waliigalteen akka jiraatuuf, bulchiinsi gaariin akka mirkanaahuuf, qaamolee mootummaa keessatti hojimaanni iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabu akka mirkanaahuuf, sirna dimookiraasii ijaaruun akka irra jiraatu ilaalleera. Misooma saffisaan akka mirkanaahu gochuuf haal-dureewwaan barbaachisoo ta'uu isaanii hubanneerra. Hundumtuu akka dhugoomaniif ittififiinsaan tarkaan-ffachuu akka danda'an kan kunuunsuu fi eegumsa walirraa hin cinne taasisuu, hirmaannaan hawaasaa si'aayina qabu jiraachuu akka qabu bal'inaan ilaallee jirra.

Egaa hirmaannaan hawaasa kana fakkaatu bu'aa qabeessa kan ta'u sochii qindaahina hin qabneen osoo

hin tahiin, ummatichi haala adda addaatiin gurmaa'ee sochii taasisuun akka ta'e shakkiin tokkollee hin jiru. Waldaaleen siivikii kabajamuu nageenyaa, guddina dimookiraasii, guddina saffisaan mirkaneessuuf hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabuun kan gaggeeffamu waltajjiin qophaa'uu qaba. Waldaaleen kunniin takka takkaa dhimmoota yeroorratti, ummatichi mootummaa to'achuu fi wantoota murtteessaa tahanirratti akka cimu hubachiisuuf waltajjii gargaaraniidha. Waan kana taheef, waldalee siivikii keessatti tokkoon tokkoon keenya hirmannaan si'aayina qabu taasisuun nageanya keenya ittififiinsaan mirkaneessuuf, sirna dimookiraasii cimsuuf akkasumas misooma ittififiinsaan mirkaneessuuf carraaquin barbaachisadha.

## JECHOOTA FURTUU

**Bulchiinsa gaarii:** Bulchiinsa loogiin keessa hin jirre, malaammaltummaarraa kan qulqullaah, tajaajila si'ataa fi barbaachisaan kan keessatti argamu.

**Iftoomina:** Itt gaafatamtooni mootummaa fi hojjettooni seera qofaa hordofanii hojiimaata seera qabu ta'uun isaa kan ittiin mirkanaahu hojimaata raawatanii fi murteessanidha.

**Dhiibbaa saalaa:** Namoonni dubartoota irratti dhiibbaa adda addaa karaa qaamaa fi xinsammuu geessisanidha.

**Waliigaltee:** Garaagarummaan akkuma jirutti tahee mari'achuu fi waldhaggeeffachuun dhimmoota waliigaluu danda'an irratti kaayyoo walee ittifufaa ta'eef waliin hojjechuu

**Waltajjii/fooremii:** Kaayyoo waliinii gareewwan qabaniin waliin socho'uun tokkummaa hundeessan.

**Ittigaafatamummaa:** Qaamolee ittigaafatamtoota mootummaa fi hojjettoota kan raawwataniif fi kan murteessaniif akka haala isaatti kan itti galtoomfamanii fi kan itti badhaafaman yookaan kan ittigaafatamanii fi kan ittiin himataman jechuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Yaadota armaan gaditti dhiyyaatans irrii kan ta'e "Dhugaa", dogoggora yoo ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Haalli dimokiraatawaa hir'achuu isaa wantoota ibsuu danda'an keessaa tokko abbaa irrummaa ittigaafatamtoota namoota dhuunfaati.
2. Hiyyummaa xiqqeessuuf misooma saffisiisuun gahee guddaa qaba.
3. Misooma ariifachiisaa mirkaneessuuf murteessaan hirmaannaa ummataa osoo hin tahiin qabeenyi uumamaa baay'achuudha .
4. Bulchiinsi gaariin akka jiraatuuf iftoominaa fi ittigaafatamummaa keessaa inni tokko qofti mirkanaahuun gahaadha.
5. Waldaaleen siivikii dimookiraasii fi nageenyaaf faayidaan isaanii murtaahaa yoo ta'eyyuu faayidaan isaanii karaa dinagdee garuu daran olaanaadha.

**II. Kanneen armaan gaditti roga "A" jalatti tarreeffaman kan roga "B" jalatti tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.**

**A**

1. Ittigaafatamummaa
2. Waldaa siivikii
3. Hirmaannaa kallattii
4. Hirmaannaa bakka bu'iinsaan
5. Hojiwwaan waldaalee siivikii

**B**

- A. Karaa nama filatanii buluu/ hojjechuu
- B. Waan raawwatani fi murteessaniif itti gaafatamummaa fidhachuu
- C. Wanta raawwatan iccitii gochuu dhiisuu
- D. Mootummaa cimsuu fi to'achuu
- E. Dhimma siyaasaa keessatti dhuunfaan socho'uu
- F. Wantoota raawwataniin bu'aa qabeessa ta'uu
- G. Gurmaayina hawaasaa tokkoo

**III. Bakka duwwaa himoota armaan gadii irratti jecha yookiin gaalee sirrii ta'e guutaa.**

1. Ummanni tokko dhimmoota dinagdee fi siyaasaa irratti hirmaannaa kan taasisu kara lamaan yoo ta'u, isaanis hirmaannaa \_\_\_\_\_ fi hirmaannaa \_\_\_\_\_ jedhama.
2. Hirmaannaa ummataan deggaramee raawwachuu kan qabu misoomni saffisaa qofaa osoo hin tahiin \_\_\_\_\_ ta'uun irra jiraata.

**IV. Gaaffilee armaan gaditti jiraan filannoo kennaman keessaa sirrii kan ta'e filadhaa.**

1. Bulchiinsi gaariin hir'ateera jechisiisuu kan danda'an keessaa tokko \_\_\_\_\_ dha.
  - A. Mallanmaltummaan jiraachuu
  - B. Gidiramuu abbootii dhimmaa
  - C. Hojii loogummaa
  - D. Hunduu sirriidha
2. Hojiwwan waldaaleen siivikii raawwatan keessaa tokko
  - A. Imaamata mootummaa raawwachiisuu
  - B. Ummata sochii misoomaa, nageenyaa fi dimookiraasii keessatti hirmaachisuu
  - C. Mootummaaf ummata to'atuuf meeshaa ta'anii hojjechuu.
  - D. Hunduu deebiidha
3. “Gaheen kutaalee hawaasaa tokkoo kan biroodhaan bakka bu'uu hin danda'amu” yoo jedhamu \_\_\_\_\_ jechuudha.
  - A. Hawaasicha biratti qoodinsi hojii jiraachuu qaba.
  - B. Kutaan hawaasaa tokko kan raawwatu keessa kan biroon keessa seenuu hin qabu.
  - C. Tokkoon tokkoon kutaa hawaasaa amala adda tahe qabaachurraan kan ka'e garee kan biroon kan hin guutamne qaba.
  - D. Hundumtuu sirriidha.
4. Guddina dimookiraasii gufachiisuu kan danda'an keessatti kan fudhatamu
  - A. Wal ceepha'uu fi tuttuqqaa walii baay'isuu
  - B. Ceephoo ijaarsaa fudhachuu dadhabuu
  - C. Waldhaggeeffachuu fi waldandahuu dhabuu
  - D. Hunduu sirriidha.

5. Waldaaleen siivikii mootummaa cimsuu fi to'achuuf
  - A. Haalli dimookiraasi kan jiru keessatti argamuu qabu.
  - B. Mootummaa irraa qajeelfama argachuu qabu.
  - C. Mootummaa irraa aangoo olaanaa argachuu fi to'annoo mootummaa irraa bilisa ta'uu qabu.
  - D. Hunduu deebiidha.

**V. *Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa.***

1. Dhabamuu bulchiinsa gaarii irraan kan ka'e rakkooowwan uumamuu danda'an sadii eeraa.
2. Bulchiinsa gaariin akka jiraatuuf hirmaannaan hawaasaa si'aayina qabu, wantoota inni gumaachuu danda'u lama ibsaa.

# BOQONNAA KUDHA TOKKO

## BEEKUMSA FEDHUU

Kaayyoolee Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Karaawan beekumsi itti dagaagu beekta.
- Karaawan beekumsi hojiirra oolu ni beekta.
- Barbaachisummaa fi faayidaa odeeffannoo ni hubatta.
- Yaadawwanii fi ilaachota boodatti hafuu dhabamsiisuun barbaachisaa ta'uu isaa hubatta.

### 11.1. Karaawan Beekumsi Itti Gabbatu



Fakkii 11.1 Arba Afrikaa



11.2 Xuruneesh Dibaabaa fi Qananiisaa Baqqalaa

Fakkiwwan armaan olii ilaachisee beekumsa keessan dagaagfachuu yoo barbaaddan karaa maal maaliin fayyadamuu akka dandeessan ibsaa.

- **Beekumsi ragaa odeeffannoo eessa eess-aa argamuun gabbbachuu kan dan-da'u isinitti fakkaata?**

### Hojii Garee

Barsiisaa Ujuluun barattooni karaa beekumsa isaanii itti gabbifachuu danda'an irratti mata dureewwan afur akka dhiyeessan gaafatan. Barattoonis gareen mataduricha hiratanii karaa dagaagfachuu danda'an sakkatta'uutti bobba'an. Hojii kennameefis ji'a tokko keessatti xumuranii deebisan.

Matadureewwan barsiisichi kennan kanneen armaan gad ii ti.


- **Injifannoon Aduwaa akkamitti argamuu danda'e?**  
**(Mataduree garee Kadijjaatiif kennname)**
- **Teessummaa fi qilleensa baramaa Naannoo Gaambeellaa (Mataduree garee Baraheef kennname)**
- **Gamtaan jireenyi kanniisotaa maal fakkaata (Mataduree garee Boontuuf kennname)**

- Faalamni bishaanii dhuguma rakk-oo fayyaa ni ta'aa?**

(Mataduree garee Addunyaaf kennname)

Wayitii itti aanutti barattoonni yaad-awwan gahaa qabxiilee kanneen gabb-

isan garee gareen qabatanii dhiyaatan. Qabxiilee kanneen maddoota garagaraa argachuu isaanii haala itti aanu irratti muldhata.



*Fakkii 11.3 Haalawwan beekumsa gabbatan keessaa muraasa*

1. Fakkicharraa akka hubattanitti, tokkoon tokkoon garee naannoo mataduree kennameef irratti beekumsa qaban haala itti gabbifachuun dandeesisu maddoota maal maal irraa argatan ?
2. Akka waliigalaatti yommuu ilaallu maddoota beekumsaa keessaa beek-

umsi amansiisaa fi dhaabbataa hunda caalu eessaa argama? Maaliif isinitti fakkaata?

Dhalli namaa baay'isee beekumsa fedhuun amala umamaati. Of fooy-yessuufis ta'ee biyya isaa misoomsuuf kan danda'u beekumsaan yoo badh-aadhe ta'u isaa hubata. Kanaafidha

namni umriin isaa yeroo dabalu mana barumsaa akka galu kan gorfamu. Namni hammuma beekumsa gabbifataa adeemu yaadaan bilchaachaa, dandeettii rakkoo hiikuu cimsachaa adeema.

Dhalli namaa beekumsa isaa kan gabbifatu, maddoota beekumsa adda addaatti akka meeshaatti fayyadamu-udhaani. Walumaagalatti, karaawwan beekumsi itti dagaagu bakka afuritti hiramu. Isaanis barnoota idilee, barnoota alidilee, sabquunnamtii fi dubbisa fa'a. Namoonni beekumsa cimaa fi itti-fufiinsa qabu argachuuf jalqaba irratti mana barumsaa filatu. Mana barumsaatti barsiisota ogummaa kanaan haala gaariin leenji'antu argamu. Meeshaaleen barnootaa haala adda ta'een qindeeffamanii dhiyaatu. Haalli dhiyeessa barnootaa haala qabatamaa barattootaa bifa hubateen, sirna barnootaa saayinsaawaa ta'een kan qiyyaafame waan ta'eef amanamum-maa kan qabuudha.

Dabalataan beekumsi hedduun muux-anoo ofii keenyaa fi namoota biroo irraa akka argamu amanamaadha. Kunis wantoota gadi fageenyaan ilaaluun, namoota waliin dubbachuu ykn falmuun, walga'ii garaagaraa irratti hirmaachuu ta'uun danda'a. Fakkeenyaaaf magaalaa xiqqoo keessa jiraannu keessatti daa'imman argaman dhibee garaa kaasaatiin dhiphachuu isaanii ilalla ta'a. "Ka'umsi isaa maal?" jennee

of gaafanna. Tarii namoonni hedduun magaalattii dhugaatiif bishaan lagaatti fayyadamu ta'a. Dhukkubni deddeebi'ee uumamu kun ka'umsi isaa faalama bishaanii ta'uu isaa hubanna; hubannaarganne jechuudha. Achumaanis ummanni akka irratti mari'atu taasiisna. Dhumarrattis jiraattonni "Bishaan qulqullinni isaa eegame dhiyeessuun daa'imma dhibee bishaan irraa uumamuu danda'u irraa bararuu qabna!" ejjennoo jedhu qabata. Guyyaa sanarrraa eegalee bishaan qulqulluu dhiyeessuuf yaalii barbaachisaan yommuu godhamu argina. Yaalii kanarrraa yoo xinnaate wantoota lama baranneerra. Gama tokkoon bishaan faalame fayyaaf balaa ta'uu isaa; gama biraatiin immoo ummanni yoo walgurmeesse ittigaafatamummaa gud-daa tokkoof waliin akka ka'uun danda'u hubanneerra. Egaa inni kun karaa alidilee ta'een beekumsa gabbisuu agarsiisa.

Namoonni maddawan akka raadiyoo, televijinii, gaazeexaa fi barruulee fafakkaatan hordofan waa'ee naannoo isaanii, waa'ee biyya isaanii fi walumaagalatti waa'ee addunyaa hubannoo baldhaa argata. Barbaachisaa yoo ta'es, dhimmoota hubachuu barbaannu ykn gaaffilee bilbilaa fi xala-yaadhaan qaamolee kanatti yoo dhiyeessine ogeessota garaagaraa mariisisanii ykn maddawan barbaachisoo ta'an dubbisuun deebii nuuf dhiyeessu. Fakkeenyaaaf waa'ee gamtaan jirenya

kanniisotaa gaaffii yoo qabaannee fi buufata Raadiyoo Itoophiyaatti yoo barreessine gaazeexessitoonni abbootii ogummaa haasofsiisuun ykn naannoo dhimmichaa irratti odeeffannoo barr-eeffamaan dhiyeessuun deebii quubsaa nuuf kennuu danda'u.

Tooftaawwan beekumsa badhaadhaa argamsiisan keessaa tokko dubbisa. Fakkeenyaaaf waa'ee injifannoo Aduwaa baldhinaan beekuu yoo barbaanne, naannoo dhimma kanaatti kitaabileen hedduun barreffamanii waan jiraniif dubbisuu dandeenya. Haaluma kanaan naannoo kallattii beekumsa hundaan baldhinaan dubbisuu beekumsa gadi fageenyaan horachuuf qooda inni qabu dorgommii hin qabu.

## Gilgaala 1

### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

Naannoo mataduree kanneeniitti bee-kumsa gahaa horachuuf tooftaawwan shanan keessaa isa kamtu caalmaatti akka gargaaru murteessaa. Murtiiwan keessaniifis sababoota keessan tarreessuun dhiyeessaa.

1. Mi'aa jirenyaa wagga dabree fi bara kanaa yoo waldorgomsiisnu walumaagalatti garaagumaa fi tokkummaan isaa maali?
2. Haasaan namootaa raadiyoon daree adeemsa saayinsaawaa ta'een dhaggeeffattootaa kan dhaqqabu akkamitti raawwatamuu danda'a?
3. Lagni naannoo keessanii akkamitti moggaafamuu danda'e?

4. Dhukkubni saree ka'umsa maaliitiin uma-muu danda'a? Ittisni isaa maali?
5. Baatiin osoo iftuu ilaala, akka-mitti ifa ofii ishee hin qabdu jechuu dandeenya?

### 11.2. Karaawwan Beekumsi Tajaajila Irra Oolu

- **Gara fuula duraatti beekumsa olaanaa yoo argattan beekumsa keessan kana, tajaajila maal maaliif oolchuuf yaaddu?**
- **Isin keessaa barattuun takka "Beekumsa kiiyya hojii qorannaatiif oolcheera," jette haa jennu. Barataan biroo immoo ishee mormuudhaan, "Beekumsa kiyyaa mataa koo fooyyessuuf oolcheera," yoo jehde barattoota lamaan keessaa siriin kami jettu? Maaliif?**
- **Barsiisaan keessan beekumsi daandiwwan tajaajila kanatti aanee jiru akka qabu osoo isiniif tarreessee, akka irratti mari'attaniif yoo isin afeere, tokkoon tokkoon tajaajilaa akkamitti ibsitu?**

### Karaa Gurguddoo Beekumsi Hojii Irra Ittioolu

- A. Qorannoof
- B. Kalaqaaf
- C. Of fooyyessuuf
- D. Misooma biyyaaf

### A. Beekumsi Hojii Qorannoof

Hammuma beekumsi keenya dabalaadadeemu fedhiwwan qorannoo keenyaas ni dabala. Hhayyooni biroon waan tokko qorannee bira geenyeerra yoo nuun

jedhan iyyuu guutumaa guutuutti amanuu irra, ofii sakattaanee mirka-neeffachuuf fedhii nuyi qabnu olka'a. Waan kana ta'eef, beekumsi naannoo wantootaatti qo'anno fi qorannoo dab-alataa akka geggeessinuuf balbala bana jechuudha. Fakkeenyaaf isin bar-noota keessaniin guddachaaakkuma-deemtan, akka fedhii keessaniitti qoran-noo geggeessuu dandeessu. Tokko tokko seenaa Itoophiyaa ykn Afrikaa hanga har'aatti jiru qorachuuf ni barbaaddu ta'a. Kanneen biroo immoo tooftaa qonaa fi oomishni biyya ke-nyaa itti fooyya'u danda'u ila-al-chisee qo'anno fi qorannoo geg-ees-su dandeessu. Kana irraan kan ka'e beekumsi hojii qorannoof kan fayyadu yoo ta'u, qorannoonis beekumsa dabalataa argachuuf fayyada.

### ***B. Beekumsi Hojii Kalaqaatiif***

Tokkoon tokkoon keessan fedhii kalaqaa maal maal akka qabdan yaa-daa. Baay'een keessan ogummaa fak-kii, mahandiosummaa, muuziqaa, hog-barruu, bocawwan, hodhaa, ogummaa gogaa fi hojii suphee ykn gosa biroo keessaa fedhii tokko ykn tokkoo ol qabaachuu dandeessu. Namoonni addunyaa biroo kan kalaqan kan akka konkolaataa, xiyyaara, maashinii oomi-shaa ykn komputaraa fi kkf bu'aawwan teeknolojii burqisiisan ajaa'ibsiifachuuf barbaaddu ta'a. Ammas wantoota tokko tokko yaalaa jirtu ta'u danda'a. Ogummaawan kanneenii fi kan fafakaatan dandeettii kalaqaatiin kan

burqisiifamaniidha. Gama kanaan namoonni ajaa'ibsiifamoon biyya keen-yattis ta'ee sadarkaa addunyaatti jiru. Biyya keenyatti fakkii kaasuun kan akka Meetir Afawarqi Takilee, barr-eessitooni kan akka Looret Tsag-gaayee G/Madiin ni eeramu. Kana-afuu gama ogummaa hogbaruu qofaan osoo hin taane, saayinsii umam-aatiin kan akka Akililuu Lammaa, akkasumas kalaqa teekinoloojii qusan-noo qoraaniitiin seera qabeessummaan kan mirkanaa'eef namoonni kalaqaa hedduun jiru.

Beekumsi nuyi qabnu waan biraadabalataan akka uumnu nu dandees-sisu qaba. Beekumsi kun ofii isaatii galma osoo hin taane, waan haaraa ta'e kalaquuf (uumuuf) akka ta'e hubac-hiisa. Fakkeenyaaf bilbila mobaayilaa kalaqne yoo jenne kanaan callisnee hin teenyu; ammo sanarra kan caalu mala quunnamtii biroo akka kalaqamuuf carraaqna/yaalla.

### ***C. Of Fooyyessuuf Ga'ee Beekumsi Qabu***

Barachuun keenya of jijiiruuf akka ta'e hin haalamu. Ammumaa eegallee bar-umsa keenya haala gaariin yoo baran-nee fi qo'anee hanga dhumaatti bu'a qabeessa yoo taanee, galii fooyya'aa akka argannu ykn jaarmiyaa ofii keenyaa hundeessuun namoota galii fooyya'aa aragatan ni taana. Yeroo sana wantota jirenya keenyaaf bu'uura ta'an salphaatti guuttachuu dandeenyaa.

Lammiiwan keenya rakkatanii fi hawaasa nuun barsiise haala gaariin gargaaruuf humna arganna. Waan kana ta'efis beekumsa argachuun of fooyessuuf dhimma bu'uuraati yoo jedhame jechichi soba hin ta'u.

### **D. Gama Biyya Guddisuutiin Shoora Beekumsi Taphatu**

Itoophiyaan sadarkaa irra jirtu irraa, ummanni hiyyummaa keessaa ba'uun kan danda'amu jirenyi kamiyyuu beekumsa irratti yoo hundaa'eedha. Biyya guddisuu fi hiyyummaa keessaa baasuuf yoomiyuu itti gaafatamammaan hunda keessan irra akka jiru hubachuu hin haftan. Kanas kan hubattanii fi imaanaa isinitti kenname ba'uuf kaayyoo qabaannaan immoo wanti bu'uuraa beekumsa ta'uun isaa dagachuu hin qabdan. Beekumsi mana barumsaa irraa argannu rakkoo biyyattii kan balleessuu fi guddina ishee arifachiisuuf kan fayyadu ta'uun qaba. Kallattii hojii isaaniitiin lammileen beekumsa amansiisaa qaban yoo jiratan, naannoo rakkowwan biyyaa itti hiikamu, qorannoowwan furmaata agarsiisan ni geggeeffamu. Hojiwwan kalaqaa haaraan ni burqu. Ilaalchawwan saayinsaawaa hundee gadi fageeffatu. Dhimmoonni kunniin immoo beekumsa baldhaa irraa kan argamu waan ta'eef, galmi isaanii waliigalaa biyya misoomsuu irratti kan xiyyeefutan ta'u. Walumaagalatti, lammien kamyuu ibsaa hubboo keessaa ba'ee, biyyaaf hojii boonsaa raawwachuu kan

danda'u beekumsa qabu guddina biyyaaf yoo oolcheedha.

### **Gilgaala 2**

#### **Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Namni tokko beekumsa argate mataa isaa ittiin fooyessuuf yoo oolche karaa alkallatiin Biyya isaa gargaaruu isaati yoo jedhame dhugaa moo soba? Maaliif?
2. Beekumsi hojii kalaqaa gabbisun shoora akkamii qabaachuu danda'a?
3. Namoonni dhimma tokkoratti qorannoo gadi fageenyaan gageessuuf beekumsi isaanb-arbaachisaa? Maaliif?

### **11.3 Rakkoolee Odeeffannoon Ragaan Hin Deggeramne Dhaqqabsiisan**

“Gala malee dhaqa hin aaddatan”

“Ossoo hin hubatiin qubaa hingubatiin”

Mammaaksi armaan olii dhimmoota ragaa irratti hin hundoofne ilaalchisee maal agarsiisa?

### **Waashoo**

Bara durii maatii tokko keessa nama Waashoo jedhamu tokkotu jira ture. Gaaf tokko haadha warraa fi abbaa warraa wallolchiisuuf yaade. Haati warraa fi abbaan warraa nagaadhaan osoo rafaa jiranii bishaan ho'isee suuta jedhee lamaan isaanii gidduutti dhangalaase.

Akkuma bishaanichi dhangala'een lamaanuu dabareedaan dammaqani. Haata'u malee, dhimmicha irratti hin mari'anee. Abbaan warraa, haati war-

raa isaa fincaan kan isheen gadhiifate itti faakkaatee gaafachuuf qaanahee dhiise. Haati warraas “akkam abbaan warraa koo har'a fincaan isaa gadhiisuu danda'e? Faayyaa miti tahaa?” jechuun gaafachuun waan ishee qaanesseef itillee jijiidhe obsaan dandeessee ciiste.

Ganama isaa abbaan warraa qonnaan bultoota baay'ee daboo kadhatee qotisa qotaa jira. Haati warraas warra qotaniif nyaata qopheessuuf namoota ollaa wajjiin dhama'aa jirti. Namichi Waashoo jedhamu kun duraan dурсее gara haadha warraa deemee, “Har'a abbaan warraa kee namoota qonna qotaa jiranitti waa'ee kee waan gadhee itti odeessani. Odichis ”Haati warraa koo eda galgala fincaan ishee natti fincoofte kan jedhuudha,” jechuun isheetti him. Haati warraas abbaan warraa ishee qonnaan bultootatti waan nama yellaasisu waa'ee ishee dubbachuun isaa baay'ee ishee mufachiise. Dafee osoo isheef dhufe loluuf arifateetti.

Waashoon ittifufee gara abbaa warraa deemuun, “Haati warraa keessan mana keessatti dubartoota waliin maqaa isin balleessaa jiru,” jedhe. “Maal jettee?” jechuun gaafate abbaan warraa. “Eda galgala fincaan isaa gadhiifatee siree jiisee bule' jette,” jedhee deebiseef. Abbaan warraa ofii ishee fincooftee deebitee akkam maqaa koo balleessiti jechuun baay'ee mufate. Achumaan kallattiid humaan meeshaa qabatee gara manaatti si'ate.

Haati warraas yeroo isa argitu haasaa hamaatiin isa simatte. Innis waan baay'ee mufatee tureef dhimmicha otuma hin qulquleeffatiin haadha warraa isaa rasaasan ajjeese.

### Gilgaala 3

**Dubbisa armaan olii bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Namoonni lamaan gara mufanna osoo hin galiin dura maal gochuutu isaan irra ture?
2. Sheekkoon kun dhimmoota ragaa irratti osoo hin hundaahiin dhiyaatanii maal barsiisa?
3. Isinoo yaada “Barana barattoota kutaa saddeetii taatanii asoo jirtanii odeeffannoon mootummaan qorumsi biyyooleessa akka hin kennamnee murteessera,” kan jedhu akka tasaa osoo dhaggeessan dubbicha fudhachuufis ta'e fudhachuu dhiisuuf maal gootu?

Carraa adda addaatiin odeeffannoon adda addaa dhufuu danda'u. Odeeffanno nu dhaqqaban keessaa garuu dhugaan isa kam sobni immoo isa kam akka ta'e adda baasuuf rakkisuu danda'a. Dhuguma tokko tokko sirrii ta'uun danda'u. Kaan immoo soba yoo ta'anis miidhaa hangas ta'e nurra geessisu dhiisu danda'a.

Odeeffanno murtaahan garuu namoota dhuunfaa irratti, naannoo irratti yookiin biyya irratti rakkoo olaanaa wuumuu kan danda'an ta'uunsaanii kan hin hafneedha. Daldaltoontni tokko tokko meeshaa gatiin isaa hin qaalofne kan qaalahe fakkeessuun hir'inni dhiyeessa meeshaalee akka uumamuu danda'u odeessisuun gati meeshaalee haala haqa qabeessa hin

taaneen dabalu. Kanneen biroo immoo oduu shorokeessummaa odeessisisuu taggabbii ummataa jeequ.

Waan kana ta'efis haala argameen oduu tamsa'u hundi dhugaadha jedhanii gudunfuun dura,

1. Madda odeeffannoo bilisaa fi dhim-michaaf abbaa kan ta'an irraa dhufuu isaanii mirkaneeffachuu.
2. Qaama tokko irraa qofa osoo hin ta'iin madda odeeffannoo dhugaa tahan irraa dhufuu isaanii mirkaneeffachuu.
3. Odeeffannoowwan amansiisaa ta'uu isaanii yogguu muldhachuu didan akkuma jiranitti fudhatanii tamsa-asuu irra dhimmichi dhugaa ta'uu isaa siritti mirkaneeffachuu, qaamolee seeraa amanamoo ta'an irraa odeeffannoo dabalataa argachuuf yaaluu.
4. Odeeffannoo jechaan kennamu caalla gal mee irratti barreeffamanii kan dhiyaatan akka filannootti fudhachuun dhimma barbaachisuudha.

Kuni yoo ta'uu baate garuu namoota dhuunfaa tokko tokko yookiin qaa-moleen nageenyaa fi tasgabbii xinsammuuf kan mataa keenyaas ta'e nageenya ummataa naannoo keenyaas jeequu danda'u. Kanarra darbees ummataa fi gareewwan gidduutti walit-tibu'iinsaa fi jeequmsa kaasuu dand-a'uun isaanii kan hafu miti. Kun hunduu yoo hafe waan qabatamaa hin taane nuuf kennanii nuyis dhugaadha jennee akka odeessinuufi soba ta'ee

yoo argame immoo taajjabiirratti akka kufnu nugochuu danda'u.

#### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Odeeffannoon tokko amansiisaadha kan jedhamu yoo maal taheedha?
2. Odeeffannoo hin mirkanoofne fudhachuuf ariifachuun miidhaa maalii qaba?
3. Odeeffannoon dhugummaan isaanii shakkisiisaa ta'e yoo nu mudatu maal gochuun nu barbaachisa?
4. Dhimmooni hin mirkanoofne nannoo tokkoratti midhaa kan akkamii dhaqqabsiisuu danda'u?
5. Ummanni naannoo keessanii odeeffannoo hin mirkanoofneen akka waliin hin dhahamne isin shoora akkamii bahuu qabdu?

#### 11.4 Yaadotaa fi Ilaalchoota Boodatti Hafuu

- **Yaadni boodatti hafaan maalirraa kan ka'e dhufuu danda'a?**
- **Naannoo keessannitti yaadota boodatti hafuu akkamiitu jira? Akkamiinis ilaalcha hammayaatti jijji-ruun danda'ama?**
- **Ilaalchi boodatti hafuu kana dhabamsiisuu keessatti gaheen kees-san maal ta'uu qaba?**

Yaadonni boodatti hafuu ta'an ilaalcha aadaa irraa fudhatamanii ta'ee akka haala adda addaatti dhaalamani dhalootaa dhalootatti kan darbaniidha. Kana jechuun dhaloota amma jiruun duratti dhaloonni turan barsiifataan kan itti amananii fi kan ittiin gaggeeffaman ilaalchoota fi qajeelfamoota

hawaasummaa bara haaraa kana keessatti akka barbaachisummaa isaatti osoo hin fooyya'iin yookiin osoo hin badin haala tti jiraataniidha. Ilaalchonni kunis bara durii sana keessa fudhatama hamma tahe kan argatan ta'uun danda'u. Amma sadarkaa guddinaa jiru keessatti garuu fudhatamni isaanii hir'ateera yookiin miidhaa kan geessisaniidha. Fakkeenyaaf ogeesso-nni hojii harkaa adda addaa gadi qabanii ilaaluu fi ogummaa isaanii tuffachuun bara durii keessa kan barata-me ture.

Bara kana garuu ogeessotas ta'e ogummichi daran barbaachisoodha. Namoonni tokko tokko ofii isaanii sanyii nama guddaa godhanii yerootti ilaalantu ture. Har'aas darbee darbee ilaalcha kana kan qaban hin dhibamani. Har'a dandeettiin yaadu namaa dabala fi guddachaa waan deemeef, ilaalchi kun baay'ee boodatti hafaa fi mallattoo of tuulummaa akkasumaanii ta'eera.

Akka barsiifataa fi amantaa duraan tureen mucaan dubarri kan maatiin ishee nama filanitti fi ofii ishee nama hin beeknetti akka heerumtu taas-ifamaa tureera. Bara keessa jirru kana keessatti garuu jirenyi gaa'ela ishee filannoo mataa ishee irratti hundaahuu qaba ilaalchi jedhu guddachaa waan dhufef qofa osoo hin tahiin mirga heeraan kennameefi. Kanaafuu, fala-asamni hawaasummaa bara tokkoo

kan biroofis hojjeta jechuun hin dan-da'amu; bara darbee waliin dulloomuu fi dhumuun danda'a.

Kanarraa kan ka'e ilaalachotaa fi yaadota boodatti hafuu ta'an dhabamsiisuun barbaachisa jechuu dha. Ilaalchoota boodatti hafuu dhabamsiisuuf bu'urri guddaan immoo ilaalcha sababeessuu fi beekumsaan dee-ggaramee hundeffame taasisuudha. Sababeessuu irratti hundaa'e namni yaadu dhimmootaaf ilaalcha gadi fagaataa tahe waan qabuuf, tilmaama qarummattiin murtii irra hin gahu yookiin ilaalcha dukkanaahatti gara namoota amananiitti hin harkisamu. Fakkeenyaaf ilaalcha dukkanaaharratti hundaahanii namoonni jiraatan hojii namoota meetii dheedhii baqsanii gara warqee miidhagaatti jijiiranii kan tuffatan sababa saayinsaawaa tahe hin qaban. Sababa saayinsaawaatti namni amanu garuu kabajummaa ogummaa kanaa sababan deeggaree nama hubachiisuuf ragaa gahaa tahe dhiyeessuu danda'a. Tokkoon tokkoon namaa meeshaalee miidha-ginnaa kanaan miidhagee kan jiraatu ta'uun isaa fi kan hojjetu immoo abbaa ogum-michaa ta'uun isaa ibsee galchuufii hin dadhabu. Haala kanaan yaadni yoo kan falaasamni jirenyaa ragaa qabatamaa irratti hundaa'anii fudhachuu yookiin fudhachuu dhiisuu malee abb-aan koo yookiin haati koo itti amanu ture jedhanii fudhachuu of fooy-yessuufis ta'e guddina biyyaaf fayy-

aduu hin danda'u. Walumaagalatti, biyyi keenya akka badhaatuuf, ummanni keenya beekumsa fooyya'aa akka qabaatuuf yaadotaa fi ilaalchota boodatti hafoo dhabamsiisuun barbaachisaa ta'a.

**Gilgaala 5**

**Gaaffilee armaan gadii gareedhaan ta'uudhaan irratti mari'adhaa.**

1. Ilaalchonni boodatti hafoon akkamiin uumamuu danda'u?
2. Ilaalchi boodatti hafaan misooma ummataa tokko irratti dhiibbaa akkamii qaba?
3. Ilaalchi sababeessuun gabbate tarkaanfachii-suun ilaalchota boodatti hafoo irraa fageessuuf akkamitti fayyada?

## Cuunfaa Boqonnichaa

Beekumsi karaa gurguddoo afuriin qabachuu danda'a. Isaan keessaa barumsa idilee, barumsa al- idilee, sabqunnamtii fi dubbisa. Namni tokko karaa afran kanaan yookiin arfan kana keessaa muraasaan beekumsa naannoo isaa gabbifachuu danda'a. Haata'u malee, haala kamiyyuu keessatti mataa ofii jijiiruuf lammii fi biyya ofii sadarkaa olaanaatti fayyaduuf manneen barnootaa gahee guddaa qabu.

Dhalli namaa beekumsaan guddachaa yogguu deemu hanguma sana immoo fedhiin qorachuu isaa ni dabala. Qorannoodhaanis rakkolee naannoo isaa fi biyya isaa hiikuu danda'a. Beekumsi dandeettii kalaquu isaa haalaan akka ittifayyadamuuf gargaara. Kalaquun adda addaa beekumsaan kan deegg-

aramanidha. Ogummaa ogbarruu fi hojii mahaandisummaa qabaachuuf beekumsa ogummaa kanaa gadi fag-eenyaa qabaachuun barbaachis-aadha. Beekumsi ofijijiruuf faayidaa inni qabu salphaatti kan ilaalamu miti. Hanga sadarkaa olaana-atti nam-ni baratee fi beekumsaa isaan kan badhaadhe, qacaramee ofisaaf hojii uumee argamuun irra caalaa fayyadamaa ta'-uun isaa kan hin haalamneedha. Kanarra darbees lammileen barumsa saammuutiin yeroo deemanifi biyyatti namni barate yoo baay'atu beekumsi isaanii guddina biyyaaf kan tajaajilu ta'a. Humni nama baratee osoo hin jiraatiin badhaadhina biyyaa yaaduun baay'ee ulfaata. Kanaafidha waa'ee badhaadhina biyyaa mootummaan yaadu, dursee babal'ina barnootaa irratti hojechun irra jiraata kan jedhamu.

## JECHOOTA FURTUU

**Odeeffannoo amansiisaa:** Waan sirrii ta'e qaama dhimmicha sirriitti beekur irraa odeeffannoo haqa qabeessa ta'e jechuudha.

**Odeeffannoo jechaan:** Barreeffamaan kan hin qixoofne yookiin meeshaalee kan biroon waraa bamee kan hin teenye, sadarkaa nama dhuunfaatti jechaan kan daddarbu dhugummaan isaa kan shakkisiisu jechuudha.

**Saayinsii:** Dhugummaan isaa kan odeeffannoo qoratamee fi beekumsa irratti kan bu'uureffate haala jirenyaa fi yaada jirenya hammayyummaa dhala namaa.

**Qorannoo:** Beekumsa wantoota, odeeffannoona deddeebisanii sakatta'anii hubachuu,  
(mirkaneessuu)

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii kan sirrii ta'e "Dhugaa" kan dogoggora ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Ilaalcha boodatti hafaa keessaa tokko hojji kalqaatiin qabamuudha.
2. Ilaalchi saayinsaawaa yeroo babal'atu, ilaalchonni boodati harkifatoo ta'an badaa deemu.
3. Jirenya fooyyessuuf wanti guddaan barbaachisu beekumsa caalaa qabeenya.
4. "Karaa beekumsi guddatu keessaa inni guddaan barumsa idileeti" sababni jedhamuuf beekumsa sirna barumsaa qindaa'aa ta'een barumsa gaggeeffamuu kan giddu galeeffateedha.
5. Buufataalee raadiyoo hundi madda ragaa amansiisaa ta'uud danda'u.

**II. Kanneen roga "A" jalatti argaman kan roga "B" jalatti argamaniin walitti firoomsaa.**

**A**

1. Madda beekumsaa olaanaa
2. Sabqunnamtii ummataa
3. Ragaa amansiisaa
4. Nageenya ummataa jeequu danda'u
5. Miidhaa ragaa waliin dhahamaa agarsiisa

**B**

- A. Gurri hin qulqulleeffanne olla waliin wal nama lolchiisa.
- B. Kan seera qabeessa ta'anii fi madda amanamoo irraa kan argaman
- C. Raadiyoo
- D. Ragaa dhugaa ta'e irratti kan hin hundoofne
- E. Mana barumsaa

**III. Gaaffilee armaan gadii dubbisaatii deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Ilaalchawwaan boodatti hafoo ta'an kan jijiiramuu danda'an yoomi?
  - A. Ilaalchi saayinsaawaan yoo babal'ate.
  - B. Ragaa afaanifiif xiyyeefannoон yoo kennamu.
  - C. Barumsi aadaa yoo babal'ate.
  - D. Hunduu sirriidha.

2. Tajaajila beekumsaa ilaalchisee sirrii kan ta'e isa kami?
  - A. Hojii qorannoof ta'uun danda'a.
  - B. Aadaa keenya akka jibbinu kan nugodhu hafuura nutti gadhiisa.
  - C. Muuxannoo keenya hunda akka gannu kan nu godhu ta'uun qaba.
  - D. Hunduu deebiidha.
3. Beekumsi mataa ofii fooyyessuuf kan gargaaru akkamitti?
  - A. Gara biyya alaa deemnee akka hojjennuuf carraa yoo banu.
  - B. Daldalaab shaala taanee bu'aa hin yaadamne akka argannu gochuun.
  - C. Hojii gosa tokko qofaaf lammilee jaalala qabnu yoo taanu.
  - D. Deebii hin qabu..
4. Kanneen armaan gadii keessaa sadarkaa gahaa taheen madda beekumsaa ta'uun kan dandahu isa kami?
 

A. Televijinii	C. Marii walgahii irrattii
B. Ragaa jechaa	D. Mana barumsaa
5. Gaaffilee armaan gadii keessaa ilaalchi boodatti hafaan kan keessatti hin muldhanne isa kami?
  - A. Dubara barsisuun hundaa fayyada.
  - B. Dubartiin yoo beektes dhiiraan mirkanaaha.
  - C. Ijoollee fi hagabuu haadhabani.
  - D. B fi Cn deebiidha.

#### **IV. *Gaaffilee kanaaf deebii sirrii kennaa.***

1. Maddi beekumsaa saayinsaawaa isaan kami?
2. Dubbisni akka beekumsa gabbisutti sababni itti fudhatamu maali?
3. Yaadni boodatti hafaan kan miidhaa qabu ta'uun isaa sababoota maal maaliini?
4. Yaadni abbootii fi haadholii hundi boodatti hafoodha jedhamanii fudhatamu? Akkamiin?
5. Ilaalchota boodatti hafoo dhabamsiisuu keessatti barattoonni gahee maal gumaachuu danda'u?

**Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa  
Rippiubilikii Itoophiyaa.**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippiubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.